

Seera Daldalaa

Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippabiliika Itoophiyaa

Labsii Lakk 1243/2013

Seera Daldalaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippabiliika Itoophiyaa

Seensa

Bu'uura seeraa cimaa hojiiwwan daldalaa ittiin hoogganamu kaa'uun guddina dinagdee fi faayadamummaa ummataa mirkaneessuuf haaldureedha. Seerri Daldalaa bara 1952 tti bahe kaayyoo kana galmaan gahuuf haala mijataa kan uume ture. Sadarkaa guddinaa Itoophiyaa yeroo sana irraa turteen yemmuu madaalamu baayyee dursee ture jechuun ni danda'ama.

Haata'u malee, yeroo seerichi bahee kaasee waggoottan jahaatama darban keessatti wantonni baay'een jijjiiramaniiru. Sochiin daldalaa fi maallaqaa haalaan dabaluu caalaati amala daangaa qaxxaamuu hurataa dhufaniiru. Taateewwan kun, keessattuu yeroo Itoophiyaan sirna gabaan durfamu hordofuu eegalte irraa kaasee seerichi hojiidhaan akka sakatta'amu carraa uumaniiru. Kanarraa kan ka'e seericha keessa qaawwaafi hanqinoonni tokko tokko mul'ataniiru. Tumaaleen hedduun raawwiidhaaf mijataa hintaanee fi hiika adda addaatiif saaxilaman akka qabus ifa ta'eera. Gabaabumatti, waggoota kurnan dhufaniif sochiiwwan daldalaa hoogganuu fi bituun haa hafuutii, sadarkaa sochii dinagdee Itiyoophiyaan amma irra geesseef iyyuu seerichi guutuu fi gahaa ta'ee hin argamne.

Kanaafuu, mirgoota daldaltootaa, abbootii qabeenyaa fi qooda fudhattoota seerichaan kallattiin faayidaan isaanii tuqamuu karaa madalawaa ta'een keessummeessuuf; dorgomtummaa idil-addunyaa Itiyoophiyaa mirkaneessuun sochii dinagdee babal'isuu fi sadarkaa jireenyaa lammiilee guddisuuf seera daldalaa ammayyeessuun dirqama barbaachisaa ta'ee argameera.

Haaluma kanaan, akkaataa Heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippabiliika Itiyoophiyaa keewwata 55 Keewwata Xiqqaa (4) tiin kan armaan gadii labsameera.

1. Mata Duree Gabaabaa

Seerri kun “Seera Daldalaa Itoophiyaa Labsii Lakkofsa 1243/2013” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Seerotaa fi Hojimaata Haqamamanii fi Raawwatiinsa Hinqabne

- 1) Labsii Lakkoofsa 166/1952 tiin kan bahe Seerri Daldalaa kitaabni tokkoffaa, lamaffaa fi shanaffaa guyyaa Labsiin kun hojiirra oole irraa eegalee haqamaniiru.
- 2) Labsiin, dambii, qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Labsii kanaan wal faallessu kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

3. Tumaalee Ce’umsaa

- 1) Seerri kun hojiirra osoo hin ooliin dura dhimmi mana murtiitti yookiin qaamolee aangoo abbaa seerummaa walakkaan qabaniin ilaalamaa jiru akkaataa seera duraatiin ni murta’a.
- 2) Seerri kun hojiirra osoo hin ooliin dura bu’uura Sabsii kana keewwata 2tiin seerota haqamaniin murtiin kenname kan ragga’e ta’a.
- 3) Labsii biraa keessatti tumaan ifatti faallaa kanaa yoo jiraate malee, Seera Daldalaa Labsii Lakk.166/1952 hanga Seerri (Koodii) Tajaajiloota Faayinaansii bahutti Kitaabni sadaffaa fi afraffaa raawwatiinsa kan qabaatan ta’a.

4. Aangoo Seera Baasuu

Manni Maree Ministirootaa Dambiiwwan Labsii kana hojiirra oolchuuf barbaachisan baasuu ni danda’a.

5. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Ministeerri Daldalaa fi Industirii Labsii kanaa fi Dambiiwwan akkaataa Labsii kana Keewwata 4tiin bahan hojiirra oolchuuf qajeelfama baasuu ni danda’a.

6. Seera Kana Fooyyessuu

Labsii kana fooyyessuuf yaadni fooya'insaa dhiyaatu kamiyyuu qaamolee dhimmi ilaallatu waliin marii barbaachisaa ta'ee taasifamee Mana Maree Ministirootaaf kan dhiyaatu karaa Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaatiin ta'a.

7. Yeroo Seerichi Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa Gaazexaa Negarit Federaalaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, 2013 ALI

Sahileworq Zawudee

Pirezidaantii Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippabiliika Itiyooophiyaa

Kitaaba Tokkoffaa

Waa'ee Daldaltootaa, Hojiiwwan Daldalaa fi Dukkaana Daldalaa

Mata duree Tokko

Tumaalee Waliigalaa Daldaltoota Irratti Raawwatiinsa Qaban

Boqonnaa Tokko

Namoota Hojiiwwan Daldalaa Hojjetan Irratti Seera Raawwatiinsa Qabu

Keewwata 1 Waa'ee Raawwatiinsa Seera Hariiroo Hawaasaa

Labsii kana keessatti haala addaatiin hanga hin tumamiinitti, namoota hojii daldalaa hojjetan fi waldaalee daldalaa irratti seerri hariiroo hawaasaa raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 2 Waa'ee Raawwatiinsa Seera Galaanaa

Namoota yookiin waldaalee daldalaa hojiin daldalaa isaanii hojii daldala Galaanaa waliin walqabataa ta'e irratti tumaaleen Seera Galaanaa (Martime Code) roqummaa qaban raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 3 Waa'ee Daldaltoota Dhuunfaa fi Waldaalee Daldalaa

Tumaaleen namoota uumamaa qofa irratti raawwatiinsa qaban akkuma eegamanitti ta'ee, tumaaleen labsii kanaa daldaltoota dhuunfaa irratti raawwatiinsa qaban waldaalee daldalaa irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 4 Dhaabbilee Seerri kun Raawwatiinsa Irratti Hinqabne

- 1) Qaamoleen bulchiinsaa seeraan hundeeffamanii qaama seerummaa qaban, dhaabbileen amantaa, dhaabbileen hawaasa siivilii fi waldaaleen hojii gamtaa tumaalee hojiiwwan Labsii kana keewwata 5 jalatti tumaman hojjetaniyyuu, seeraan haala biraatiin ifaan yoo tumame malee, tumaaleen seera kanaa irratti raawwatiinsa hinqabaatu;
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame yoo jiraate iyyuu, Qaamoleen bulchiinsaa seeraan hundeeffamanii qaama seerummaa qaban, dhaabbileen amantaa, dhaabbileen hawaasa siivilii fi waldaaleen hojii gamtaa

waldaa daldalaa akkaataa seera kanaatiin hundeeffame keessatti abbaa aksiyoona yookiin shariika kan ta'an yoo ta'e, tumaaleen labsii kanaa abbootii aksiyoona yookiin shariikota ilaalchisee rogummaa qaban raawwatiinsa ni qabaatu.

- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, seeronni addaa rogummaa qaban akkuma eegamanitti ta'ee, seerri kun dhaabbilee misoomaa mootummaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Boqonnaa Lama

Daldalaadha Namoota Jedhaman

Keewwata 5 Daldaltoota Namoota Jedhaman

Hojii ogummaa ofii taasisuun faayidaa argachuuf hojiiwwan armaan gadiitti tarreeffaman yookiin hojiiwwan wal fakkaatan biroo namoonni hojjetan daldalttotadha:

- 1) Qabeenyota socho'u yookiin hin sochoone bituun haaluma jiruun yookiin jijjiiruun yookiin fooyyessuun deebanii jumlaan yookiin qinxaaboon biyya keessatti yookiin akka barbaachisummaa isaatti biyya alaatti kan gurguran;
- 2) Qabeenyota socho'u yookiin hin sochoone bituun kan kireessan;
- 3) Lafa seeraan kaayyoo daldalaaf akka ooluuf kenname irratti abbaa mirga ta'uun hojii qonnaa fi misooma bosonaa kan hojjetan;
- 4) Namoota akkaataa seeraatiin lafa baadiyyaatti fayyadamuuf abbaa mirgaa ta'aniin ala, namoota biroo sadarkaa xiqqaa ta'een ol hojii horsiisa beeyladaa fi oomishaalee bu'aa beeyladaa oomishuu hojjetan;
- 5) Sadarkaa xiqqaa ta'een ol qurxummii kan kiiyessanii fi kan horsiisan;
- 6) Bu'uura Seera Hariiroo Hawaasaa fi seerota rogummaa qaban birootiin tajaajila kuusaa meeshaa kan kennan;
- 7) Ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol karaa ta'een hojii barbaacha albuudaa, zayitii boba'aa, yookiin gaazii kan hojjetan, kan qofforan yookiin kan baasanii fi kanneeniif tajaajiloota deeggaru kan kennan;
- 8) Ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol haala ta'een hojii gamoof, daandiifis ta'ee tajaajila hojiiwwan ijaarsaa biroo dhagaa oolu baasuufi falaxuu kan hojjetu.

- 9) Ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol karaa ta'een albuuda soogiddaa kan baasan;
- 10) Meeshaalee nyaataa, uumamaan kan argamanis ta'ee meeshaalee dheedhii biroofi meeshaalee walakkaan hojjetaman dabalatee gosoota meeshaalee waantota qabatamoo socho'oo kamiyyuu irraa ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol taasisuun gosoota meeshaalee waantota qabatamoo socho'oo biroo kan oomishan, jijjiiru, fooyyessan fi kanneen kan suphan;
- 11) Ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol haala ta'een mana, gamoo, daandii fi gosa hojii ijaarsaa biroo kamiyyuu fi kutaalee xiqqaa hojii ijaarsaa hojjachuu, suphuu; hojii qulqulleessuu kan hojjetan;
- 12) Ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol haala ta'een qabeenya hin sochoone kan nama biraa ta'e irratti hojii lafa walqixxeessuu, gadi tumuu fi bo'oo yaa'a bishaanii muruu kan hojjetan;
- 13) Ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol haala ta'een, meeshaalee yookiin namoota karaa ergaawwan akka poostaa dabalatee hojiiwwan geejjibsiis, meeshaalee qabduutti gochuun saamsuu(qarqabuu) fi hojiiwwan kanaan walqabatan kan hojjetan;
- 14) Hojiiwwan tooftaalee adda addaatiin bishaan kuusuu fi raabsuu;
- 15) Ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol haala ta'een, balfa jajjaboo fi dhangala'oo dabalatee balfa kamiyyuu geejjibsiisuu, maqsuu yookiin deebisanii faayidaaf akka oolan taasisuu kan hojjetan;
- 16) Hojii humna ibsaa, gaazii fi qilleensa ukkaaffamee qabame, hoo'isiisaa fi qorriisaa kan hojjetan, kan maddisiisan, kan tamsaasan, kan raabsanii fi kan gurguran;
- 17) Ogeessi ogummaa harkaa sadarkaa hojjetuun ol haala ta'een, hojiiwwan meeshaalee socho'oo fi hin sochoone suphuu, dhiquu fi qulqulleessuu kan hojjetan;
- 18) Hojiiwwan maxxansaa waraqaa irratti maxxanfaman gosa kamiyyuu mana maxxansaa hundeessuun maxxansuu; haala kamiinuu sagalees ta'ee suuraa socho'u (vidiyoo) dabalatee hojii suura waraabuu kan hojjetan;

- 19) Maxxansa waraqaatiin, fotogiraafiin, waraabbii sagaleetiin yookiin sagaleefi viidiyoodhaan yookiin televijiinii, raadiyoo, interneetii yookiin karaa biroo hojiin ummata bira ittiin dhaqqabu kamittiyyuu fayyadamuun hojii maxxansuun kan dhiyeessan;
- 20) Agarsiisa bashannanaa ummataaf qopheessanii kan dhiheessanii fi bakkeewwan taphaafi bashannanaa tajaajila ummataatiif kan banan;
- 21) Agarsiisawwan daldalaa yookiin hojiiwwan kanan wal fakkaatan kan hojjetan;
- 22) Buufata raadiyoo yookiin televijiinii hundeessuun sagantaalee kan tamsaasan;
- 23) Tajaajila oduu yookiin odeeffannoo gosa kamiyyuu dabarsuu kan hojjetan;
- 24) Tajaajila sab-qunamtii karaa shiboo fi shiboo-maleessa ta'een akkasumas teeknooloojii saatalaayitii fi interneetii fayyadamuun kan hojjetan;
- 25) Teeknooloojiiwwan kompiitaraa fi sooftiweerii fayyadamuun hojiiwwan odeeffannoowwan keessumeessuu(qabachuuf), qindeessuu, dhiheessuu yookiin kuusuu hojjetanii tajaajila ummataaf interneetiidhaan kan dhiyeessanii fi odeeffannoowwan kanneen irraa maamiltoonni isaanii interneetiidhaan akka argataniif bakka(iddoo) fi kompiitara kan dhiyeessan;
- 26) Baankii daldalaa, baankii invastimantii, inshuraansii, hojiiwwan tajaajila faayinaansii jedhamanii ramadamanii fi tajaajiloota kanneeniin walitti hidhamiinsa qabanii fi kanneeniif hojii deeggarsa kennuu kan hojjetan;
- 27) Tajaajila mana ciisisichaa yookiin keessumeessaa kennuu, mana nyaataa, nyaata qopheessanii dhiyeessuu, kaaffee, mana dhugaatii, mana bashannanaa halkanii yookiin hojiiwwan kana fakkaatan biroo kan hojjetan;
- 28) Namoota biroof walgahiiwwan, qophiiwwan bashannanaa yookiin affeerraawwan kan qopheessanii fi qindeessan; bakkeewwan tajaajila kanaaf oolan kan faayan (miidhagsan);
- 29) Hojii bakka bu'ummaa imalaa(daawwachiisummaa) kan hojjetan fi imaloota kan qindeessan;
- 30) Bareedinaa fi kunuunsa qaamaa, rifeensa sirreessuu, gosa ispoortii kamiyyuu fi qaama sukkuumuu dabalatee tajaajiloota eegumsa fayyaa gosa hundaa kan kennan;

- 31) Beekumsaawwan saayinsii, teeknikaa yookiin ogummaa fayyadamuun sadarkaa xiqqaa ta'een oliitti tajaajiloota gorsaa, odiitii yookiin beekumsa kana fakkaatu kan kennan;
- 32) Sadarkaa xiqqaa ta'een oliitti gurmaa'uun tajaajila sakatta'iinsaa fayyaas ta'ee yaala namaafi beeyladaa kennuu; akkasumas eegumsa fayyummaaf yookiin ittisuuf kan gargaaran tajaajiloota gorsaa, hordoffii fi kunuunsaa kan hojjetan;
- 33) Sadarkaa xiqqaa ta'een oliitti, hojiiwwan tajaajila barnootaa kennuu, beekumsa qooduu fi tamsaasuu kan hojjetan;
- 34) Bakka bu'aa daldalaa, bakka bu'aa komishinii, dallaalaa daldalaa, dallaalaa aksiyoona ta'uun kan hojjetan; hojii walqunnamsiisuu namootaa gosa kamiyyuu kan hojjetan;
- 35) Sadarkaa xiqqaa ta'een oliitti, tajaajila eegumsa qabeenyaa fi nageenya dhuunfaa kan kennan;
- 36) Sanada qopheessuu, baay'isuu dabalatee tajaajiloota hojii waajjiraa deeggaran kamiyyuu sadarkaa xiqqaa ta'een oliitti kan kennan;
- 37) Tajaajila awwaalchaa fi hojiiwwan kanaan walqabatan kan hojjetan.

Keewwata 6 Waa'ee Namoota Sadarkaa Xiqqaa Hojjetanii

- 1) Namoonni Seera kana Keewwata 5 keewwata xiqqaa (4);(5); (31); (32); (33); (35) fi (36) jalatti hojiiwwan ibsaman sadarkaa xiqqaan hojjetan daldaltoota hinjedhaman.
- 2) Namni tokko sadarkaa xiqqaan hojjete kan jedhamu hojicha kophaa isaa yookiin hojjettoota qacaraman yookiin hojjettoota leenji'aa hojii sadii hin caalle osoo hinqabaatiin yoo hojjetee fi hojicha gaggeessuuf kan isa barbaachisuun alatti galtee osoo hin kuusiin muuxannoo horateen yookiin beekumsa karaa barnootaatiin argateen yookiin lamaan isaatti fayyadamuun hojicha kan hojjetu yoo ta'edha.
- 3) Namoota sadarkaa xiqqaadhaan hojjetan ilaalchisee seerri addaa bahuu ni danda'a.

Keewwata 7 Ogeeyyii Ogummaa Harkaa

- 1) Tumaaleen Labsii kanaa daldaltoota ilaallatan kamiyyuu ogeessota ogummaa harkaa irratti raawwatiinsa hin qabaatan.
- 2) Ogeeyyii ogummaa harkaa jechuun namoota ogummaa harkaa qabaatanii kophaa isaanii yookiin miseensota maatii isaaniitiin deeggaramaa hojjetoota qacaraman yookiin hojjetoota leenji'an sadii ol osoo hinqabaatiin hojiiwwan hojjetan raawwachuuf kan isa barbaachisuun alatti galtee yookiin meeshaa dheedhii osoo hin kuusiin hojii akkasii of danda'e gaggeessaa hojii harkaa isaaniitiin qofa kan jiraataniidha.
- 3) Ogeeyyiin ogummaa harkaa irra caalaan harka isaanii fayyadamuun kan hojjetan yemmuu ta'u, haala irratti hundaa'uun meeshaalee xixiqqoo yookiin maashinii fayyadamuu ni danda'u.
- 4) Hojii ogeeyyii ogummaa harkaa ilaalchisee seerri addaa bahuu ni danda'a.

Keewwata 8 Hojiiwwan Qonnaa fi Misooma Bosonaa

- 1) Seera kana keewwata 5 Keewwata Xiqqaa (4) fi (5) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hojiiwwan qonnaa, misooma bosonaa yookiin biqiltuu biqilchuu, beeylada horsiisuu yookiin marga dheedichaa oomishuu waliin kan walqabatu kamiyyuu kan hojjetan, lafa ittifayyadaman irraa oomisha argatan kan gurguran yookiin lafa ittifayyadaman irraa alaabaa(haftee) argataniin sooranii beeylada horsiisan namoota gurguran; barmaatilee idilee bu'uura taasisuun lafa misoomsan yookiin kan irratti ajajan irraa midhaan yookiin bu'aalee beeyladaa argatan qindeessanii namoonni gurguran daldaltoota hin jedhaman;
- 2) Hojiiwwan Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame namoota dhuunfaa, waldaalee hojii gamtaa yookiin waldaalee kana fakkaataniin yoo hoo hojjetamanis daldaltootaa isaan hin taasisu.

Keewwata 'Hooldiing kampaanii'

- 1) Hojiiwwan seera kana keewwata 5 jalatti tumaman irratti bobba'uun ofii isaatiin kallattiin oomishaa fi tajaajila yoo hin dhiyeessine illee, kubbaniaa waldaalee daldalaa hojiiwwan kana irratti bobba'an keessatti maallaqa invasti gochuun qooda qabaatu (*hooldiing kampaanii*) akka daldalaatti lakka'ama;

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, *hooldiing kampaaniin* oomishaa fi tajaajila kallattiin dhiyeessuu ni danda'a.

Boqonnaa Sadii

Waa'ee Namoota Dandeettii Hojii Daldala Hojjechuu Hin Qabnee

Keewwata 10 Namoota Dandeettii Hin qabne

- 1) Namoonni akkaataa tumaalee seera rogummaa qabuutiin dandeettii hinqabne daldalaa ta'uu hin danda'an;
- 2) Seera kana keewwata 12 fi 13 jalatti kan tumame raawwatiinsa qabaachuun isaa akkuma eegametti ta'ee, namoonni dandeettii hin qabne kunneen hojii daldalaa hojjetanis daldalaa hinjedhaman; Hojiin hojjetanis akkaataa seeraatiin akka diigamu gaafachuun ni danda'ama.

Keewwata 11 Waa'ee Eegduu

- 1) Namni eegduu ta'e maqaa daa'ima umuriin hin geenyee ta'ee fi bakka bu'aa isaa ta'ee hojii daldalaa hojjechuu hin danda'u;
- 2) Qabeenya nama umuriin isaa hin geenyee keessatti waldaan daldalaa yoo argame, eegdichi hojii waldaa daldalichaa kan itti fufu ta'uu fi dhiisuu isaa seera rogummaa qabuun akkaataa ibsameen ta'a.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 kan tumaman eegduu nama murtiin dhorkame irrattis raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 12 Waa'ee Daa'ima Eegduun Buluu Jalaa Bilisa Bahee

Bu'uura seera rogummaa qabuutiin daa'imni umuriin isaa hin geenye eegduu jalaa bilisa bahe hojii daldalaa irratti bobba'uu ni danda'a.

Keewwata 13 Bu'aa Qaama Sadaffaa Irratti Daa'ima Umuriin Hingeenyee Ta'uun Hordofsiisu

Seera kana keewwata 103 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, tumaan faallaa jiraatullee, daa'imni umuriin isaa hin geenye akka waan umuriin isaa gaheetti galmee daldalaa irratti of-galmeessee yoo argame, umuriin gahuu dhabuun akka sababa falmiitti qaamolee sadaffaa irratti dhiyaachuu hin danda'u.

Keewwata 14 Seeraan Kan Dhorkame Ta'uu Beeksisuu

Seera kana keewwata 103 jalatti kan tumame jiraatus, nama murtiin dhorkame ta'uun galmee daldalaa irratti yoo galmaa'e malee, qaama sadaffaa irratti akka mormiitti dhiyaachuu hin danda'u.

Boqonnaa Afur

Waa'ee Hojii Daldalaa Namoonni Walfuudhan Taasisan

Keewwata 15 Mirga Namoonni Walfuudhan Hojii Daldalaa Hojjechuuf Qaban

Abbaan warraa yookiin haati warraa yoo morman malee hojiin daldalaa hiriya gaa'elaa tokkoon hojjetamu hojii daldalaa waliinii abbaa warraa fi haadha warraatti laakka'ama.

Keewwata 16 Mormii Beeksisuu

- 1) Bu'uura Labsii kana keewwata 15tiin abbaa warraa fi haadha warraa gidduutti mormiin ka'u kamiyyuu abbaa warraa yookiin haadha warraa daldalu akka dhaqqabu taasisuuf karaa kamiinuu beeksisuun ni danda'ama;
- 2) Mormiin akkanaa galmee daldalaa irratti yoo galmaa'e malee, qaamolee sadaffaa irratti mormii ta'uu kan danda'u namoota mormiin sun jiraachuu isaa beekan irratti dha.

Keewwata 17 Mormii Kaasuu

- 1) abbaan warraa yookiin haati warraa daldalu, mormiin sun dantaa maatii kan miidhu ta'ee yoo itti mul'ate, mormii sun akka ka'uuf dhimmicha *jaarsolii araaraatiif* dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Jaarsoliin araaraa mormiin sun akka ka'u yoo murteessan, daldalaan abbaa warraa yookiin hadha warraa mormiin sun ka'eef kanuma galmee daldalaa irratti akka galu taasisuu qaba.

Keewwata 18 Idaa Hiriyyaan Gaa'elaa Daldalu Waliigale

Waliigalteen idaan hiriyyaan gaa'elaa daldalu raawwatame idaa waloo abbaa warraafi haadha warraatti fudhatamee, qabeenya dhuunfaa abbaa warraa yookiin haadha warraa fi qabeenya waliinii irraa akka kaffalamu gaafatamuu ni danda'a.

Keewwata 19 Bu'aa Mormiin Qabaatu

Bu'uura seera kana keewwata 15 tiin mormiin abbaan warraa yookiin haati warraa dhiyeesse akkaataa barbaadamuun galmee daldalaa irratti kan galmaa'e yoo ta'e yookiin akkaataa keewwata 16 keewwata xiqqaa (2)tiin tumameen mormiin jiraachuun kan beekame yoo ta'e, idaan abbaa warraa yookiin haadha warraa daldala hojjetuu kan kaffalamu qabeenya dhuunfaa nama sanaa qofa irraa ta'a.

Keewwata 20 Hojii Abbaan Warraa fi Haati Warraa Gamtoomanii Hojjetan

Inni tokko hojjetaa isa kaanii ta'uu ragaan yoo dhiyaate malee, abbaan warraa fi haati warraa tokkummaan mana daldalichaa keessatti gamtoomanii yeroo hojjetanitti idaan abbaan warraa yookiin haati warraa daldalaa sanaa waliigalte akka idaa waloo abbaa warraa fi hadha warraatti fudhatamee qabeenya waliinii fi qabeenya dhuunfaa abbaa warraa fi haadha warraa irraa akka kaffalamu gaafachuun ni danda'ama.

Boqonnaa Shan

Mirga Hojii Daldalaa Hojjechuu

Keewwata 21 Bilisummaa Hojii Daldalaa Hojjechuu

Waantonni seeraan addatti dhorkaman yookiin dhorkaawwan dorgommii daldalaa hinmalle ilaallatan akkuma eegameenitti ta'ee, namni kamiyyuu hojii daldalaa kamiyyuu hojjechuuf mirga qaba.

Keewwata 22 Dhimmoota Seeraan Dhorkaman yookiin Murtaa'an

- 1) Namoonni tokko tokko hojiiwwan daldalaa murtaa'an yookiin hojii isaanii wajjiin hojii daldalaa wal hin simne akka hin hojjenne seeraan dhorkuun ni danda'ama;
- 2) Daldaloota tokko tokko gaggeessuuf haal-duree addaa yookiin dirqamoota barbaachisan kan akka umurii, madaallii gahumsaa, lammummaa yookiin hayyama addaa fudhachuu kanneen fakkaatan seeraan murtaa'uu ni danda'a.

Keewwata 23 Bu'aa waan seeraan Dhorkame Darbuun Hordofsiisu

- 1) Seeraan kanneen dhorkaman yookiin hojii qabatan waliin kan wal-hinsimne waan ta'eef kan dhorkame ta'ee osoo jiruu yookiin dirqamoota addaa seera qabeessa ta'an yookiin haal-dureewwan osoo hinguutiin namoonni hojii daldalaa osoo hojjetanii argaman bu'uura seera daldalaa rogummaa qabuutiin kan ittigaafataman ta'u.

- 2) Daldaltoota ta'anii hojii hojjetan raawwatiinsa akka hinqabaannee gochuuf, seerri osoo hinhayyamiin kanan hojjedhe waan ta'eef narratti raawwatiinsa hinqabaatu jechuun akka mormiitti dhiyeeffachuu hindanda'an. Dirqamoota namni daldalaa ta'e qabaatu hundaaf ni dirqama. Haata'u malee, maqaa daldalaatiin qaama sadaffaa waliin waliigaluuf dubbachuu yookiin wal-falmuu hin danda'au.

Keewwata 24 Waa'ee Waldaalee Hawaasa Siiviilii

Haalli waldaaleen siiviilii bu'aa maallaqaa argachuuf hin hundeeffamne yookiin waldaaleen biroo kaayyoo daldalaaf hin hundeeffamiin hojii daldalaa itti hojjechuu danda'anii fi bu'aan isaa seeraan murtaa'uu ni danda'a.

Keewwata 25 Waldaalee Daldalaa

Waldaaleen daldalaa hojiiwwan daldalaa akka hojjetan hin hayyamamneef yookiin hojiiwwan daldalaa hojjechuuf dirqamoota seera qabeessa akkaataa seeraan barbaachisaa ta'an osoo hin raawwatiinii fi osoo hin guutiin hojjechuun hin hayyamamuuf.

Keewwata 26 Qaamolee Seera Mootummaatiin mirgi Namummaa Kennameef

Haalli qaamni bulchiinsa mootummaa, dhaabbileen amantaa yookiin jaar-miyaan ummataa hojii daldalaa itti hojjechuu danda'uu fi bu'aan isaa seeraan murtaa'uu ni danda'a.

Mata Duree Lama

Hojjetoota Daldalaa fi Bakka Bu'oota

Boqonnaa Tokko

Waa'ee Hojjetoota Daldalaa

Keewwata 27 Hiika

- 1) Hojjetoota daldalaa jechuun namoota bu'uura waliigalteetiin hojii daldalaa tokkootiif kan qacaramanii fi hojjetaa hojii humnaa kan hintaane hojjetaa gurgurtaa, barreessaa, hojjetaa herregaa, qorataa, yookiin hojii bulchiinsaa ta'uun daldalicha waliin waldeeggaruun kan hojjetanii fi daldalichaa kan gargaaraniidha.
- 2) Hojjettoonni daldalaa sanaa daldaltoota miti.

Keewwata 28 Seera Waliigaltee Hojii Irratti Raawwatiinsa Qabu

Tumaalee seera kanaa akkuma eegametti ta'ee, hojjettoonni daldalaa akkaataa seera hojjechiisaa fi hojjetaa rogummaa qabuutiin kan bulan ta'a.

Keewwata 29 Daldala Dhuunfaa Hundeessuu Dhorkuu

- 1) Hojjetaan daldalaa tokko ofiifis ta'ee qaama sadaffaa bakka bu'ee kan daldalaa isa qacareen hojii daldalaa wal fakkaatu akka hojjetu hin hayyamamuuf;
- 2) Hojjetichi dhorkaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame cabsee yoo argame, hojjechiisaan kisaaraan gaafachuu ni danda'a; waliigaltee hojii haquuf yookiin waliigaltee hin haaromsu jechuuf sababa gahaa ta'a.
- 3) Seera hariiroo hawaasaa keewwata 2589; 2590 fi 2592 irratti akkaataa ibsameen yoo ta'ee fi daldalaan hojjetichaaf beenyaa gahaa kaffaluuf yoo waliif hingalle malee, hojjettaan hojii daldalaaf qacarama yeroon waliigaltee erga xumurameen booda waliigaltee hojii keessatti jechi waliigaltee hojii daldalaa dorgomaa ta'u hinhojjetu jedhu waliigaltee hojii keessa galchuun hindanda'amu.

Keewwata 30 Bakka Bu'ummaa

- 1) Hojjettoonni daldalaa waliigaltee ifa ta'een yookiin callisuun bakka bu'aa daldalaa ta'uu ni danda'u;
- 2) Aangoo bakka bu'ummaa haquun haqamuu waliigaltee hojii hojjetichaa hordofsiisuu hin danda'u.

Keewwata 31 Aangoo Hojjetaan Ittigaafatamaa Gurguruuf Itti

Gaafatamummaa Qabu

- 1) Hojjetaan itti gaafatamaa gurgurtaa meeshaalee suuqii tokko keessatti qabu akkaataa maalummaa suuqichaa fi adeemsa hojii idileetiin daldalaatiin meeshaalee gurguruu fi simachuuf bakka bu'ummaa kan qabu ta'ee fudhatama;
- 2) Herrega addaatiif akka kaffalamu kan taasifame yoo ta'e malee, gatii meeshaalee gurguraqmanii na biratti kaffalaa jechuu ni danda'a.

- 3) Haala addaan aangoon yoo kennameef yookiin daldalichi nagahee irratti mallatteesse yoo dhiyeesse malee hojjetichi suuqiin alatti gatii gurgurtaa meeshaa akka kaffalamuuf gaafachuu hindanda'u..

Boqonnaa Lama

Waa'ee Hojii Gaggeessaa

Keewwata 32 Hiika

- 1) Hojii gaggeessaa jechuun maqaa daldalaan ta'ee bakka bu'ummaan akka mallatteessuu fi akka bulchuuf nama aangoo karaa ifa ta'een yookiin callisuun kennameeffidha.
- 2) Hojii gaggeessaan daldalaa miti.

Keewwata 33 Hojii Gaggeessicha Beeksisuu

- 1) Daldalaan hojii gaggeessaa yeroo muudu galmee daldalaa irratti akka galmaa'uu taasisuu qaba;
- 2) Daldalaan hojii gaggeessaa aangoo kenneef akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin galmee daldalaatti galchuu baatus, hojii gaggeessaan yeroo mudame irraa eegalee hojii isaa raawwachuu ni danda'a.

Keewwata 34 Aangoo Hojii Gaggeessichaa

- 1) Dhimmoota qaama sadaffaan walqunnamsiisan hunda keessatti, hojii-gaggeessichi dirqamoota hojii daldalichaa waliin hariiroo qaban kamiyyuu mallatteessuu fi sanadoota daldalaa dabarfamuu danda'an mallatteessuuf aangoo guutuu akka qabutti fudhatama;
- 2) Aangoon ifatti yoo kennameef malee hojii gaggeessaan qabeenyota hin sochoone akka qabsiisaatti, gurguruu yookiin jijjiiruu, dukkaana daldalichaa gurguruu, kireessuu, yookiin idaaf qabsiisuu hin danda'u.

Keewwata 35 Aangoo Hir'isuu

- 1) Aangoon hojii-gaggeessaa hojii damee daldalaa tokko qofa irratti akka daangeffamuu taasisuun ni danda'ama; Ta'us, beeksisni aangoo hir'isuu haala kanaan jiru galmee daldalaa irratti yoo galfame malee akkaataa Labsii kana keewwata 103 jalatti tumameen qaama sadaffaa irratti akka mormiitti dhiyaachuu hin danda'u;

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumameen alatti aangoo hir'isuun kamiyyuu qaama sadaffaa irratti akka mormiitti dhiyaachuu hin danda'u.

Boqonnaa Sadii

Waa'ee ergamtoota fi Bakka Bu'oota daldalaa

Keewwata 36 Waa'ee Ergamtoota Daldalaa

- 1) Ergamtoota daldalaa jechuun namoota jireenyi isaanii iddoo waajjirri muummee dukkaana daldalaa itti argamu ta'ee fi akkaataa waliigaltee hojii daldalichaa waliin waliigalaniin daldalichaa waliin kan hojjetan, ajaja daldalichaatiin bakka maamiltoonni daldalichaa itti argamanitti socho'anii maqaa fi bakka bu'aa daldalichaa ta'uun meeshaalee kan dhiyeessan yookiin tajaajila kan kennaniidha;
- 2) Waliigalteen biraa yoo jiraate malee, waliigalteen ergamtoonni daldalaa waliigalan daldalichi akka mirkaneessuuf dhiyaachuufii qabu;
- 3) Ergamtootni daldalaa daldaltoota miti;
- 4) Tumaaleen seera kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, ergamaa daldalaa biyya alaa ilaalchisee tarreeffamni isaa seera rogummaa qabuun murtaa'a.

Keewwata 37 Waa'ee Bakka Bu'oota Daldalaa

- 1) Bakka bu'oota daldalaa jechuun namoota jireenyi isaanii iddoo waajjirri muummee dukkaana daldalaa itti argamu hin taanee fi akkaataa waliigaltee hojii daldalichaa waliin waliigalaniin daldalichi akka hojjetan ajaja kennaafii iddoo murtaa'etti oomishaalee fi tajaajiloota daldalichaa kan beeksisan, qorannoo gabaa fi hojiiwwan walfakkaataa babalina hojii daldalichaatiif gargaaran hojjetanidha;
- 2) Bakka bu'oonni daldalaa daldaltoota miti;
- 3) Tumaaleen seera kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, bakka bu'ummaa daldalaa biyya alaa ilaalchisee tarreeffamni isaa seera rogummaa qabuun murtaa'a.

Keewwata 38 Daldala Dhuunfaa

- 1) Waliigaltee hojii isaaniitiin haala biraatiin yoo waliigalame malee, ergamtoonni daldalaa fi bakka bu'oonni daldalaa ofii isaaniitiifis ta'ee qaama sadaffaa bakka bu'uun daldalaa isaan qacaree kan hojjetuun hojii daldalaa dhuunfaa walfakkaatu hojjechuu hin danda'an. Hojii daldala dhuunfaa irratti bobba'anii yemmuu argaman mirga kaffaltiis ta'ee beenyaa argachuu isaanii seera kana Keewwata 40 fi 41 jalatti tumame ni dhabu;
- 2) Ergamtoonni daldalaa fi bakka bu'oonni daldalaa, hojii daldala dhuunfaa akka hin hojjenne yeroo hin hayyamamneefitti tumaaleen seera kana keewwata 29 (2) jalatti tumaman raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 39 Daldaloota Biroo Bakka Bu'uun Hojjechuu

- 1) Waliigaltee faallaan yoo jiraate malee, ergamtoonni daldalaa fi bakka bu'oonni daldalaa, daldalaa dirqama waliigaltee seenaniif malee daldalaa biraa bakka bu'uun hojjechuu hin danda'an; daldaloota biroo bakka bu'uun hojjechaa yemmuu argaman mirga beenyaa argachuu isaanii seera kana Keewwata 40 fi 41 jalatti tumame ni dhabu;
- 2) Haala kamiiniyyuu yoo ta'e, meeshaa daldalaan isaan hojjechiisaa jiru gurguruun yookiin tajaajila inni kennaa jiruun walfakkaatu irratti meesha walfakkaataa gurguruuf yookiin tajaajila walfakkaataa kennuuf daldalaa biraa bakka bu'anii hojjechuuf hin hayyamamuuf.

Keewwata 40 Waa'ee Kaffaltii

- 1) Kaffaltiin ergamtoota daldalaa fi bakka bu'oota daldalaa mindaa yookiin komiishinii yookiin lamaan walitti makuun ta'uu ni danda'a;
- 2) Kaffaltiin isaanii akkaataa waliigaltee hojii isaaniitiin kan hin murtoofne yoo ta'e, akkaataa barsiifataatiin murtaa'a.

Keewwata 41 Beenyaa Yeroo Waliigalteen Haqamu Argatan

- 1) Waliigalteen ergamtoota daldalaa fi bakka bu'oota daldalaa yeroo hin murtoofneef yoo ta'ee fi daldalichi sababa gahaa malee waliigalticha yoo haqe akkaataa seera rogummaa qabuutiin mirga beenyaa argachuu ni qabaatu;
- 2) Ergamtoonni daldalaa yookiin bakka bu'oonni daldalaa kamiyyuu badii tokko hin raawwatin yeroo hin murtoofneef yookiin yeroo murtaa'eef waliigaltee

waliigalan daldalichi kan haqe yoo ta'e maamiltoonni fidan yookiin gabaan babal'isan yookiin bu'aawwan walfakkaatoo fidan tilmaama keessa galanii beenyaa haqa qabeessaa ta'e argachuuf mirga qabu.

Boqonnaa Afur

Waa'ee Bakka Bu'oota Daldalaa

Keewwata 42 Hiika

- 1) Iddoomaa daldalaa jechuun nama daldalaa tokko waliin hojjechuuf waliigaltee hojiitiin kan qacarame osoo hinta'iin of danda'ee kan hojjetu; Bakka murtaa'e tokkotti yookiin maamiltoota daldalaa murtaa'aniif yeroo hunda bakka bu'aa yemmuu ta'u, maqaa daldalichaa fi bakka isaa akka hojjetu yookiin waliigaltee akka raawwatu nama yookiin waldaa daldalaa bakka bu'edha.
- 2) Waliigaltee bakka bu'ummaa keessatti haala addaatiin yoo ibsame malee, iddoo maan daldalaa daldalicha bakka bu'uun waliigalteen waliigale daldalaan mirkanaa'uu osoo hinbarbaachisiin kan ragga'anidha.
- 3) Iddoo maan daldalaa hojii bakka bakka bu'ummaa hojjechaa hojii faddaalummaa hojjechuu ni danda'a; Hundaafis daldalaa jedhama.

Keewwata 43 Bakka Bu'aan Daldalaa Bakka Bu'aa Tokkicha Ta'uu Isaa

Waliigaltee bakka bu'ummaa keessatti haala addaatiin yoo ibsame malee, iddoo maan daldalaa naannoo waliigaltee keessatti ibsamettii bakka bu'aa tokkichadha.

Keewwata 44 Dirqamoota Bakka Bu'aa Daldalaa

- 1) Iddoo maan daldalaa of eeggannoo daldalaan gaarii gochuu qabu hunda taasisuun dantaa bakka buusaa ciminaan eeguu qaba;
- 2) Kanneen armaan gadii ni raawwata:
 - (a) Ajajoota bakka buusaa hunda ni raawwata;
 - (b) Waliigalteewwan raawwate yookiin waliigaltee raawwachuuf mar'ate hunda bakka buusaa ni beeksisa;
 - (c) Hojicha ilaalchisee yeroo yeroon bakka busaadhaaf gabaasa ni dhiyeessa; Akkasumas haala gabaa iddoo hojichaa ilaalchisee odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an hunda ni beeksisaaf.

- 3) Waliigalteen bakka bu'ummaa erga xumuramee booda illee ta'u, iddooamaan daldalaa iccitii daldalaa bakka buusaa irraa argate yookiin sababa hojii isaa icciitiwwan daldalaa baasuu yookiin ittifayyadamuu hin danda'u.

Keewwata 45 Daldala Dhuunfaa Walfakkaatu Hundeessuun Dhorkaa Ta'uu

Isaa

- 1) Iddooamaan daldalaa tokko, hojiiwwan daldalaa bakka buusaan hojjetuun kan wal hinfakkaanne kamiyyuu dhuunfaan hojjechuu ni danda'a; haata'u malee, daldala bakka buusaan hojjetu waliin hojii daldalaa walfakkaatu hojjechuu hin danda'u; iddooamaan dhorkaa kana kan cabse yoo ta'e aangoon bakka bu'ummaa akka haqamu ni taasifama; beenyaa akka kaffalus ni gaafatama;
- 2) Waliigaltee bakka bu'ummaatiin haala biraatiin yoo waliigan malee, iddooamaan daldalaa tokko iddoo itti bakka bu'ettii daldaltoota biroo hojii daldalaa kan bakka buusaan hojjetuun wal fakkaatu hinhajjenneef iddooamaa ta'uu ni danda'a;
- 3) Haala kamiiniyyuu yoo ta'e, iddooamaan daldalaa tokko iddoo itti bakka bu'eetti hojiiwwan daldala bakka buusaan hojjetuun hojiiwwan daldalaa wal fakkaatan daldaltoota hojjetaniif iddooamaa ta'ee hojjechuun hin hayyamamuuf; iddooamaan daldalaa dhorkaa kana cabsee kan argame yoo ta'e waliigalteen isaa haqamee beenyaa akka kaffalamu ni taasifama.

Keewwata 46 Dirqama Bakka Buusa

Bakka buusaan hanga danda'ametti hojiin iddooamaa milka'aa akka ta'uuf waan danda'u hunda ni taasisaaf; Odeeffannoowwanii fi gosootni meeshaa akka dhaqqaban ni taasisa.

Keewwata 47 Baasiiwwan kaffaluu

Waliigaltee biraa kan taasisan yoo malee, hojii bakka bu'ummaan gaggeessuuf baasiiwwan idilee baasee fi baasii biroo dhimma tokko tokkoof baase akka naaf deebi'u jedhee gaafachuuf mirga hin qabu; Haa ta'u malee, hojiiwwan bakka buusaan hojjechiiseef maallaqa iddooamaan kaffale akkasumas baasiiwwan addaa ajaja bakka buusaatiin inni baase bakka buusaan iddooamaaf kaffaluu qaba.

Keewwata 48 Waa'ee Durgoo

- 1) Iddoomaan daldalaa tokko hojiiwwan karaa isaatiin mari'atame yookiin hojjetame hundaaf durgoon kaffalamuuf qaba; murtiin haala biraatiin yoo jiraate malee, iddoo inni bakka bu'etti yookiin waliigaltee bakka bu'ummaa keessatti maamiltoota daldalichaa waliigalteen haguugame waliin, bakka buusichaan yookiin nama biraa bakka buusichi bakka buuseen yoo ta'ellee, hojiiwwan isaan hojjetaniif mirga durgoo argachuu qaba.
- 2) Iddoomaan daldalaa waliigalteewwan seenee fi xumure, sababa gocha bakka buusaatiin xumura kan hinargatiin yoo ta'ellee, kaffaltiin durgoo iddooaadhaaf raawwatamuu qaba; Haa ta'u malee, waliigaltichi karaa bakka buusaatiin xumura kan hin argatiin sababa balleessaa iddooaatiin yoo ta'e, iddoomaan mirga durgoo argachuu kan dhabu ta'a.
- 3) Kaffaltiin durgoo akkaataa waliigaltee bakka bu'iinsa isaaniitiin kan murtaa'u ta'a; waliigalteen kan hinjirre yoo ta'e akkaataa barsiifataatiin murtaa'a.

Keewwata 49 Bakka Bu'aan Hojicha Ofiin Raawwachuu Kan Qabu Ta'uu Isaa.

Waliigalteen bakka bu'ummaa kan taasifamu gahumsaa fi dandeettii dhuunfaa iddooamaa tilmaama keessa galchuu fi bu'ureeffachuun waan ta'eef iddoomaan daldalaa tokko waliigaltee bakka bu'ummaa nama biraaf dabarsuu yookiin bakka ofii isaa qaama sadaffaan bakka buusuunn hin hayyamamu.

Keewwata 50 Waliigaltee Bakka Bu'ummaa Addaan Kutuu

- 1) Bakka Bu'ummaan daldalaa kan addaan citu:
 - (a) Barri waliigalanii waliigalteen murteessan kan jiru yoo ta'e, barri waliigaltichaa yemmuu xumuramu;
 - (b) Namni daldalichaaf iddooamaa ta'e yoo du'e, dandeettii yoo dhabe yookiin yoo kiisare;
 - (c) Waldaan daldalaa iddooamaa ta'ee hojjetaa ture yoo diigame;
 - (d) Waliigalteen addaa yoo jiraate malee, daldalaan yeroo du'e, dandeettii yoo dhabe, yoo kasaare yookiin murtiin baduu yoo irratti kenname; ta'a.
- 2) Waliigalteen bakka bu'ummaa yeroo hin murtoofneef taasifame, gareewwan waliigalan keessaa tokko akeekkachiisa kennuun addaan kutuu ni danda'a;

bakka bu'ummaa addaan kutuuf sababni gahaan yoo jiraate akeekkachiisa kennuun hin barbaachisu.

- 3) Yeroon akeekkachiisaa waliigaltee bakka bu'ummaatiin kan murtaa'u ta'a; yemmuu kun hin jiraanne barsiifata irratti kan hundaa'u ta'a; Waggaa jalqabaa keessatti yoo ta'e ji'a tokko gadi kan hintaane fi waggaa jalqabaa booda yoo ta'e ji'a lamaa gadi kan hintaane ta'uu qaba.

Keewwata 51 Beenya Yeroo Waliigalteen Adda Cituu Kaffalamu

Waliigaltee bakka bu'ummaa yeroo hin murtoofneef taasifame bakka buusaan sababa gahaa malee waliigalticha kan addaan kute yoo ta'e, iddoo maqaa bakka buusaatiin yeroo tajaajilaa turetti, maamiltoota inni hore (fide) yookiin gabaa inni uume yookiin babal'ise, yookiin maqaa gaarii yookiin bu'aawwan walfakkaataa inni kenne herregamanii beenyaa haqa qabeessaa ta'e argachuuf mirga qaba.

Keewwata 52 Yeroo Waliigaltichi Addaan Citutti Hojiiwwan Hin Xumuramiin

- 1) Yeroo waliigalteen bakka bu'ummaa adda citutti, namni iddoo ta'ee hojjetaa ture yookiin dhaltonni isaa yookiin waldaa daldalaa waliigaltichi osoo adda hin citiin dura waliigalteewwan waliin dubbate yookiin xumure yookiin seene hundaaf durgoon ni kaffalamaaf;
- 2) Waliigalteen akkuma addaan citeen, bakka buusaan durgoo fi baasiiwwan kaffalamu qaban kamiyyuu battalumatti kaffaluu qaba.

Keewwata 53 Waliigaltee Bakka Bu'ummaa Yerga Adda Citee Boodas Hojii

Daldalaa Dhuunfaa Hojjechuun Haala Itti Dhorkamu

- 1) Waliigalteen bakka bu'ummaa erga addaan citee booda, iddoo daldalaa hojii daldalaa bakka buusaan hojjetuun walfakkaatu akka hin hojjenne yookiin daldalaa bakka buusaa waliin hojii walfakkaataa hojjetuuf iddoo yookiin bakka bu'aa ta'ee akka hinhojjenne waliigaltee bakka bu'ummaa keessatti waliigaluun ni danda'ama.
- 2) Waliigalteen faallaa ta'e yoo jiraatellee, dhorkichi kan ragga'u barreeffamaan yoo ta'e, iddoo dhorkichi raawwatiinsa itti qabaatu yookiin maamiltoota daldalichaa yookiin meeshaalee yookiin tajaajiloota ifatti adda baasuun kan

kaa'e yoo ta'e, beenyaan iddoomaaf malu kan cite yoo ta'ee fi dhorkichi yeroo waggaa sadii hin calleef kan taasifame yoo ta'edha;

Boqonnaa Shan

Waa'ee Faddaltootaa

Keewwata 54 Hiika

- 1) Faddaalaa jechuun namoota waliigaltee seenan keessumatiyyuu namoota kanneen akka gurgurtaa, kiraa, inshuraansii, fe'insa fi kan walfakkaatan irratti namoota waliigaltee raawwatan barbaadanii kan walqunnamsiisanii fi kan waliigalchiisiisan; hojii ogummaa of danda'e taasifachuun faayidaa argachuuf namoota hojjetan yookiin waldaa daldalaa hojii faddaalummaa walfakkaatu hojjetudha.
- 2) Gosaa fi kaayyoo waliigalteewwan gidduu seenuun raawwachiisanii yookiin eenyummaa yookiin haala namoota walqunnamsiisanii osoo hin ilaalamiin faddaalonni daldaltoota jedhamu;
- 3) Faddaalaan gareewwan lamaan waliigaltee isaanii keessatti tumaan ifaan teessisan yoo jiraate malee, gareewwan lamaan bakka bu'ee gareewwan lamaan bakka bu'uun isaan bakka bu'ee maallaqa fudhachuus fi sochii gara raawwiitti galchu gochuu hin qabu.

Keewwata 55 Waliigaltee Seentota Beeksisuu

- 1) Barsiifataan kan beekamu yoo ta'e yookiin waliigalteen biraa kan taasifame yoo ta'e malee, gareewwan dhimmicha irratti waliigaltee raawwachuuf yoo waliigalan faddaalichi haala waliigaltichi ittiin taasifamu gareewwan waliigalan hundaaf battalumatti beeksisuu qaba.
- 2) Barsiifataan kan beekamu yoo ta'e yookiin waliigalteen biraan yoo jiraate malee, waliigaltee haala kanaan qophaa'e gareewwan kan mirkaneessan yoo ta'e malee isaan irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

Keewwata 56 Ittigaafatamummaa Faddaalaa

Faddaalaan miidhaa gareewwan lamaan irrann gahuuf ittigaafatamaa ni ta'a.

Keewwata 57 Durgoo Faddaalaa

- 1) Faddaalaan waliigalchiisaa ta'ee waliigalticha erga xumursiisee yookiin waliigalchisiisee booda, waliigaltichi raawwatamuus, raawwatamuu baatus durgoon kaffalamuufii qaba.
- 2) Barsiifataan kan beekamu yoo ta'e yookiin waliigalteen biraa kan taasifame yoo ta'e malee, durgoo kan kaffalu garee tajaajila faddaalichaa gaafate qofa ta'a.
- 3) Durgoon isaa waliigalticha keessatti kan murtaa'u ta'a; yookiin yeroo hin murtoofnetti akkaataa barsiifataatiin murtaa'a; durgoon waliigalan ulfaataa ta'ee yoo itti mul'ate yookiin tajaajila faddaalichi kenneen kan wal hinmadaalle ta'uu yoo hubate manni murtichaa hir'isuuf aangoo ni qaba.
- 4) Faddaalichi dirqamoota maamilli isaa yookiin gareen tajaajila gaafate irraa qabu kan cabsee fi inumaayyuu haala dantaa maamila isaa miidhuun faayidaa qaama sadaffaatiif kan hojjete yoo ta'e yookiin yookiin maamilli isaa osoo hin beekiin qaama sadaffaa irraa kaffaltii kan fudhate yoo ta'e mirgi durgoo argachuu isaa haffaa ta'a.

Boqonnaa Jaha

Waa'ee Bakka Bu'oota Komishinii

Keewwata 58 Hiika

- 1) Bakka bu'aa komishinii jechuun nama yookiin waldaa daldalaa of-danda'ee, hojii ogummaasaa taasifatee, faayidaa argachuuf, bakka buusaa bakka bu'uun maqaa isaatiin meeshaalee (shaqaxaalee) yookiin meeshaalee socho'aa yookiin qabeenya walfakkaatan kamiyyuu maqaa isaatiin kan bitu yookiin kan gurguru yookiin akka bakka buusaa ta'uun maqaa isaatiin waliigaltee geejjibsiisuu kan raawwatu dha.
- 2) Bakka bu'aan komishinii, gareewwan waliigalchiisuu fi maalummaa fi kaayyoon waliigaltichaa tilmama keessa osoo hin galiin daldalaa jedhama.

Keewwata 59 Seerri Hariiroo Hawaasaa Raawwatiinsa Qabaachuu Isaa

Tumaaleen Seera Hariiroo Hawaasaa keewwata 2234 hanga 2252 tumaman waliigaltee bakka bu'ummaa komishinii irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 60 Waa'ee Faddaltoota Aksiyoona

- 1) Faddaaltonni gabaa aksiyoona irratti bobba'an bakka bu'oota komishiniiti.
- 2) Seera biraatiin haala addaatiin yoo tumame malee, faddaaltonni aksiyoona akkaataa dambii bakka bu'oota komishiniitiin kan bulaniidha.

Mata Duree Sadii

Waa'ee Herregaa

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 61 Herrega Qabachuun Dirqama Ta'uu Isaa

Daldalaan yookiin Waldaan daldalaa hojii daldalaa hojjetu kamiyyuu akkaatuma bal'inaa fi gosa hojii hojjetuu akkaataa muuxannoo fi seera hojii daldalaatiin galmeewwanii fi sanadoota herregaa barbaachisan qabaachuu qaba.

Keewwata 62 Waa'ee Daldaltoota Daldala Xixiqqaa

- 1) Daldaltoonni daldala xixiqqaa galmee herrega qabachuu irraa bilisa dha.
- 2) Hojimaannii fi hanga maallaqaa hojii daldala xixiqqaa seeraan kan murtaa'u ta'a.

Keewwata 63 Galmeewwanii fi Sanadoota Herregaa Daldaltoonni Qabachuu Qaban

Galmeewwanii fi sanadoota herregaa daldaltoonni qabachuu qaban, akkasumas sirnoota qabannaa galmee herregaa ilaalchisee tarreeffamni isaa seeraan murtaa'a.

Keewwata 64 Tumaalee Addaa Waldaalee Daldalaa

Waa'ee waldaalee daldalaa ilaalchisee tumaaleen addaa Kitaaba Lammaffaa Seera kanaa keessatti tumaman akkuma eegamaniitti ta'a.

Keewwata 65 Galmeewwan Herregaa Teeknooloojii Ammayyaatiin Galmeessuu

- 1) Daldaltoonni hojii herregaa waliigalaa isaanii teeknooloojii ammayyaatiin galmeessuu ni danda'u.
- 2) Galmeewwan herregaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin qabatan, akkaatu galmeewwan herregaa barreeffam harkaatiin qabamanii

yookiin galmeewwan walmadaalchisa herregaa foormalitiiwwan guutamuu yookiin hammatamuu qaban of keessatti qabachuu qaba.

- 3) Galmeen teeknooloojii ammayyaatiin taasifame akka galmee barreeffamaan qabameetti lakka'amee, daldalaan yeroo kamiyyuu akka ragaatti itti fayyadamuu ni danda'a.

Keewwata 66 Kunuunsa Galmeewwanii

Galmeewwan herregaa fi sanadoonni herregaa kamiyyuu guyyaa yeroo dhumaaf irratti barreeffaman irraa eegalee yookiin guyyaa sandootni kun barreeffaman irraa eegalee waggoota kurnan itti aananiif eegamanii tursiifamuu qabu.

Keewwata 67 Waa'ee Xalayaawwan Baahii fi Galii Ta'anii

Xalayaawwan, ergaawwan, telegiraamiiwwan galii ta'an orjinaala isaanii, akkasumas, xalayaawwan, ergaawwan, telegiraamiiwwan bahii ta'an hafteen isaanii, faayila keessa galee hanga waggaa kudhaniitti qabamuu qaba.

Boqonnaa Lama

Waa'ee Ggalmeewwan Herregaa Ragaa Taasisuu

Keewwata 68 Galmeewwan Abbaa Galmichaatiif Ragaa Ta'uu Isaanii

Manni murtichaa tumaalee Seera Hariiroo Hawaasaa Keewwata 2016 jalatti kan tumame ilaaluuf dirqama osoo hinqabaatiin, falmiin daldaltoota yookiin waldaalee daldalaa gidduutti kan ka'e dhimma daldala isaanii irratti yoo ta'e, akkaataa sirnoota qabiinsa galmeewwan herregaa seera kana keessatti barreeffamaniitiin galmeewwan qopha'an yoo ta'an, galmeewwan daldalaa faayidaa abbaa galmeetiif akka ragaatti fudhachuu ni danda'u.

Keewwata 69 Galmeewwan Abbaa Galmichaa Irratti Ragaa Ta'uu Isaanii

- 1) Galmeewwan daldalaa abbaa galmee irratti ragaa ni ta'u.
- 2) Namni galmichatti fayyadamuu barbaadu jechoota dubbii isaa faallessan galmeerraa hambisuu hin danda'u.

Mata-Duree Afur

Waa'ee Galmee Daldalaa

Boqonnaa Tokko

Hundeeffama Galmee Daldalaa

Keewwata 70 Waa'ee Galmee Daldalaa Federaalaa

- 1) Ministeerri Daldalaa fi Industirii galmee sadarkaa biyyaalessaatti raawwatiinsa kan qabu Galmee Daldalaa Federaalaa ni hundeeessa; ni bulcha;
- 2) Ministeerichi akkaataa seera kanaatiin galmee daldaltootaa fi waldaalee daldalaa raawwachuuf ittigaafatamummaa ni qabaata.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatus, Ministeerichi ittigaafatamummaa galmee daldalaa qoodee dhaabbata mootummaa federaalaa biraaf bakka bu'ummaan kennuu ni danda'a.

Keewwata 71 Waa'ee Galmeewwan Daldalaa Naannolee

- 1) Naannoleen, akkasumas Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee fi Bulchiinsi Magaalaa Dirree Daawwaa galmee daldalaa mataa isaanii hundeeessuun galmee daldalaa gaggeessuu ni danda'u.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin Galmeewwan daldalaa naannooleetti hundeeffamanii fi bulchiinsi isaanii akkasumas qaamni galmee daldalaa gaggeessuuf aangeffame, aangoo fi hojiin akkaataa seera naannoleen baafataniitiin kan murtaa'u ta'a.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatus, qaamni mootummaa naannoo galmee daldalaa raawwatu kamiyyuu hojii galmeessuu raawwachuu kan qabu tumaalee seera kanaa mata-duree 4 jalatti ibsame sirnaan hordofuun ta'uu qaba.

Keewwata 72 Waa'ee Daataa Giddugala Odeeffannoo Galmee Daldalaa

- 1) Ministeerri Daldalaa fi Industirii sadarkaa biyyaalessaatti raawwatiinsa kan qabu daataa beezii giddugaleessaa galmee daldalaa ni gurmeessa; ni bulcha.
- 2) Daataa beezichi teknooloojii odeeffannoo ammayyaatiin kan gurmaa'ee fi karaa marsariitii Ministeerichaa ummataaf banaa fi dhaqqabamaa ta'uu qaba.
- 3) Ministeerri Daldalaa fi Industirii hojiiwwan dabalataa armaan gadii ni raawwata:

- (a) Ragaalee tokkoon tokkoon nama galmaa'ee ilaallatan kan galmeewwan adda addaa tokkoon tokkoon Naannoo keessatti barreeffaman hunda fudhachuu fi daataa beezicha keessatti galmeessuu yookiin galchuu;
- (b) Seera kana kitaaba Lammaffaa keessatti Waldaalee ibsaman kan ilaallatan barreeffamoota, sanadoota, beeksiisaawwan fudhachuu fi daataa beezicha keessatti galmeessuun ol kaa'uu;
- (c) Seerotaa fi dambiiwwan waa'ee galmee daldalaa ilaalchisee bahan sirnaan hojiirra akka oolan hordofuu fi mirkaneessuu.

Keewwata 73 Waa'ee Beeksisuu

- 1) Beeksisni karaa galmee daldalaatiin taasifamu kan raawwatamu daldalichi ittigaafatamaa galmee qabachuuf aangoo qabu biratti dhiyaatee ibsa kennu galmeessisuun ta'a; galmee daldalaa irratti galmeessuun taasifames akka ragga'etti kan fudhatamu guyyaa hojii guyyaa galmeeffametti fufee jiru irraa eegaleeti.
- 2) Ibsaalee waldaaleen daldalaa kenname galmeessuun walqabatee tumaaleen Kitaaba Lammaffaa seera kanaa raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 74 Waa'ee Ittigaafatamummaa

Qaamni galmeessaa daldalaa raawwatu, miidhaa hojjettoonni isaa galmeen walqabatee geessisaniif hojjetota isaa waliin waloo fi qiinxeen kan gaafatamu ta'a.

Keewwata 75 Galmeen Daldalaa Ummataaf Banaa Ta'uu

- 1) Galmeen daldalaa ummataaf banaa ta'uu qaba; namni kamiyyuu kaffaltii murtaa'e kaffaluun odeeffannoo galmee keessatti galfame ilaalu yookiin waraabbii isaa fudhachuu yookiin jecha gabaabaa galmee irraa fuudhamu akka kennuuf yokiin dhimmi barbaadamu kan hin galmoofne yoo ta'e, ragaa galmaa'uu dhabuu isaa ibsu akka kennamuuf galmeessaa aangoo qabu gaafachuu ni danda'a.
- 2) Galmeessaan tajaajila gaafatame kennuudhaaf dirqama qaba.

Keewwata 76 Waraqaalee Daldalichaa Irra Waantota Galuun Barbaachisan

Daldaltoonni galmee daldalaa irratti galmaa'an kamiyyuu waraqaalee ittiin hojjetan hunda irratti bakka galmee fi lakkoofsa galmee isaanii ibsuu qabu.

Keewwata 77 Odeeffannoo Fi Sanadoota Galmee Gara Giddu Gala Odeeffannoo Galme Daldalaa Giddugaleessaatti Dabarsuu

Dhaabbanni federaalaa yookiin naannoo bu'uura seera kanaatiin galmeessa daldala gaggeesse kamiyyuu tokkoon tokkoon daldalaa yookiin waldaa daldalaa galmeesse ilaalchisee odeeffannoo fi sanadoota hatattamaan Ministeera Daldalaa fi Industiriidhaaf ni dabarsa; Ministeerichis, odeeffannoo sana battalumatti daataa beezii Galmee Daldalaa Giddugaleessaa keessa ni galcha.

Boqonnaa Lama

Dhimmoota Galmee Daldalaa Keessatti Galfaman

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 78 Dhimmoota Galmee Keessatti Galfaman

Muummee yookiin dabalata yookiin deeggaraa ta'uun kan galma'an kamiyyuu, akkasumas, jijjiiramni taasifaman yookiin dhimmoonni haqaman hundi galmee daldalaa keessatti galmaa'uu qaba.

Keewwata 79 Adeemsa Galmee Keessatti Galchuu

- 1) Galmee keessatti galchuun kan danda'amu namni galmaa'uuf iyyatu ibsa barreeffamaa yeroo dhiyeessu qofaadha.
- 2) Adeemsi galmee keessatti galchuus ta'ee ibsi barreeffamaa, kaayyoo galmeessa daldalaatiif jedhamee haala addaatiin kan qophaa'ee fi marsariitii qaamni galmeessu bulchuun karaa neetwoorkii odeeffannootiin raawwatamuu ni danda'a.
- 3) Wanti galmee irraa haqamu yoo jiraate, seera kana keewwata 96 jalatti abbaa taayitaa ibsameen haqamuu ni danda'a.

Keewwata 80 Sirrummaa Jecha Ibsichaa To'achuu

- 1) Galmeessaan iyyanni iyyataan galmeedhaaf dhiheesse sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu qaba; namni tokko daldalaa ta'ee galmaa'uuf yoo iyyate,

iiyyataan hojii daldalaa galmeen itti gaafatame hojjechuuf ulaagaalee seeraa hunda guutuu isaa galmeessaan mirkaneessuu qaba.

- 2) Galmeessaan waantonni seeraan ajajaman hundi ibsicha keessatti barreeffamuu isaanii akkasumas ragaan barreeffamaa ibsa sana deeggaruuf dhiyaatan jecha ibsichaa waliin kan walsimu ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.
- 3) Galmeessaan barbaachisaadha jedhee yoo itti amane, sanadoonnii fi odeeffannoon dabalataa biroo akka dhiyaataniif iiyyataa gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 81 Falmii Qaama Galmeessuu fi Iyyataa Gidduutti Ka'u

Falmii aama galmeessuu fi qaama galmaa'uuf iiyyataa gidduutti ka'u kamiyyuu mana murtii aangoo qabuun murtaa'a.

Kutaa Lamaffaa

Waa'ee Galmee

Keewwata 82 Galmee Daldalaa Irratti Galmaa'uun Dirqamaa Ta'uusaa

- 1) Seerota biroottiin galmee daldalaatti akka galmaa'an namoonni yookiin dhaabbilee taasifaman galmaa'uun isaanii akkuma eegametti ta'ee, lammii Itoophiyaa yookiin biyya alaa yookiin waldaan daldalaa Itiyoophiyaa keessatti hojii daldalaa hojjetu kamiyyuu galmaa'uu qaba.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame keessumattuu namoota armaan gadii irratti ni raawwatama:
 - (a) Bu'uura Labsii kana Keewwata 5tiin nama daldalaa Itoophiyaa yookiin biyya alaa ta'e kamiyyuu;
 - (b) Waldaa daldalaa seera kana keewwata 9 jalatti ibsame;
 - (c) Dhaabbilee daldalaa biyya alaa hojii daldalaa kamiyyuu hojjetan fi bakka bu'ootaa fi bakka bu'oota mootummaa biyya alaa yookiin waldaalee yookiin dhaabbilee mootummaa kamiyyuu irratti;
- 3) Dhaabbilee keewwata kana keewwata xiqqaa (2) (c) jalatti ibsaman irratti seerri addaa raawwatiinsa qabaatu ni baha.

Keewwata 83 Galmee Daldalaa Irratti Galmaa'uuf Iyyata Dhiyeessuun Dirqama Ta'uu

- 1) Namni tokko ofii isaatiin yookiin karaa bakka bu'aa isaatiin akka daldalaatti galmaa'uuf yoo iyyate malee daldalaa ta'ee galmaa'uu hin danda'u.
- 2) Daldalaan hojii daldalaa jalqabuu isaatiin dura iyyata dhiyeessuu fi galmaa'uu qaba.
- 3) Iyyannichi akkaataa Seera kana keewwata 79 (2) jalatti tumameen marsariitii qaamni galmeessuu bulchuu fi to'atuu irratti karaa neetwoorkii odeeffannootiin dhiyaachuu ni danda'a.

Keewwata 84 Daldalaa Duraan Galmaa'e Haquu

- 1) Dukkaanni daldalaa yoo gurgurame yookiin yoo kireeffame, galmeen daldalaa duraan ture hanga hin haqamnetti bitataan yookiin kireeffataan galmaa'uu hin danda'u.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, daldalaan dukkaanicha gurgure yookiin kireesse dukkaana tokkoo ol kan qabuu yoo ta'ee fi dukkaanni daldalaa lakkoofsaan murtaa'e qofa kan gurgure yookiin kan kireesse yoo ta'e, daldalichi galmee daldalaa irraa hin haqamu; Odeeffannoo waa'ee dukkaana gurgurame yookiin kireeffame ilaalchisee gale qofatu haqama.

Keewwata 85 Waa'ee Iddoo Galmee

- 1) Daldalaan yookiin waldaan daldalaa kamiyyuu galmee daldalaa keessatti kan galmeeffamu bakka waajjiirra muummee hojii daldalaatti qaama galmeessuuf aangoon kennameef biratti dha; Mirgi teessoo waajjira muummee daldalaa filachuu kan daldalaati.
- 2) Seeraan haala biraatiin yoo tumame malee, daldalaa yookiin waldaan daldalaa waajjirri muummee hojii daldalaa biyya alaa ta'e iddoo dameen yookiin bakka bu'aan waldaa daldalaa jirutti qaama galmeessuuf aangoon kenname biratti galmaa'u.

Keewwata 86 Irra-Deebiin Galmaa'uun Muummen Dhorkaa Ta'uu

- 1) Daldalaan yookiin waldaan daldalaa kamiyyuu naannolee adda addaa keessatti hojiiwwan adda addaa kan hojjetu yoo ta'ellee, muummeedhaan galmee daldalaa keessatti galmaa'uu kan danda'u bakka tokko qofatti dha. galmaa'uun ni danda'ama; Galmee tokko keessattis lakkoofsi galmee tokkoo ol kennamuufii hin danda'u.
- 2) Daldalaan iddoo galmee muummeetti dabalataan naannolee adda addaatti kan daldalu yoo ta'e, yookiin dameewwan yookiin waajjiraalee bakka bu'aa kan qabu yoo ta'e, galmee muummee jalqaba ittiin galmaa'e caqasuun jecha gabaabaadhaan tokkoon tokkoon naannootti galmaa'uu qaba.

Keewwata 87 Daldalaan Yeroo Jalqabaaf Galmee Haadhoo Seenu Waanta

Barreessisuu Qabu

Daldalaan tokko jalqaba galmee haadhoo taasisuuf yeroo iyyatu kanneen armaan gadii ibsuu qaba:

- 1) Maqaa guutuu daldalaa hanga akaakayyuutti; kan qabu yoo ta'e maqaa maatii dabalatee;
- 2) Guyyaa fi bakka dhalootaa;
- 3) Lammummaa isaa;
- 4) Teessoo dhuunfaa isaa;
- 5) Kan umriin hin gahiin yoo ta'e, hojii daldalaa akka hojjetu guyyaa guddiftuun hayyame;
- 6) Gaa'ela kan qabu yoo ta'e, guyyaa fi iddoo gaa'ili itti raawwatame akkasumas jiraachuufi dhiisuu waliigaltee gaa'ilaa; waliigalteen gaa'ilaa yoo jiraate iddoo waliigaltichi taa'e yookiin maqaa nama qabatee jiruu;
- 7) Kaayyoo daldalichaa;
- 8) Nama daldalicha hundesse yookiin kan bite yookiin kan kireeffate isa ta'uu isaa; kiraa yoo ta'e maqaa kireeffataa fi odeeffannoowwan biroo galmeef barbaachisan;
- 9) Maqaa daldalichaa;
- 10) Mallattoo daldalaa (yoo jiraate);
- 11) Teessoo dukkaana daldalichaa, .

12) Iddoo daldalaan itti galmaa'etti yookiin iddoo biraatti dukkaanawwan, dameewwan, yookiin bakka bu'oonni biroo kan jiran yoo ta'e teessoo itti argaman;

13) Hojii-gaggeessitoonni dameewwanii kan jiran yoo ta'e aangoon isaanii damicha bulchuu qofa irratti kan daangeffame ta'uu fi dhiisuu;

14) Kan qabu yoo ta'e, guyyaa hayyamni daldalaa itti kenname.

Keewwatni 88 Kan Galmeeffamu Jecha Gabaabaatiin Yeroo Ta'utti Waanta Barreeffamuu Qabu

Daldalaan galmee jecha gabaabaan galmaa'uuf iyyatu kanneen armaan gadii ibsuu qaba:

- 1) Maqaa guutuu daldalaa hanga akaakayyuutti; kan qabu yoo ta'e maqaa maatii;
- 2) Lammummaa isaa;
- 3) Teessoo dhuunfaa isaa;
- 4) Dukkaana daldalaa, maqaa damee yookiin bakka bu'aa;
- 5) Teessoo dukkaana, dameen yookiin bakka bu'aan itti argamau
- 6) Kaayyoo daldalichaa;
- 7) Maqaa hojii-gaggeessaa fi aangoon isaa damicha bulchuu qofa irratti kan daangeffame ta'uu fi dhiisuu;
- 8) Guyyaa hayyamni daldalaa itti kennameef, yoo jiraate;
- 9) Bakka galmee muummee fi lakkoofsa galmee.

Keewwata 89 Waldaalee Daldalaa

Seera kana Kitaaba Lammaffaa keessatti tumaaleen rogummaa qaban galmeessa waldaalee daldalaa irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Kutaa Sadii

Odeeffannoo Galmee Keessatti Galfame Jijjiiruu Yookiin Odeeffannoo

Dabalataa Galmee Keessatti Dabaluu

Keewwata 90 Kan Galmaa'e Jijjiiruu

- 1) Namni galmaa'e kamiyyuu odeeffannoo galmee keessatti galfame irratti haalli yookiin taateen jijjiirsisu yoo dhufe, haalli sun guyyaa mudate irraa

eegalee guyyoota walitti aanan jaatama keessatti odeeffannoon galmeetti galfame akka jijjiiramu iyyachuu qaba.

- 2) Iyyata akkaataa keewwata xiqqaa (1) tiin dhiyaatu dhimmichi seeraan na galcha namni jedhu kamiyyuu dhiyeessuu ni danda'a.
- 3) Keessumatiyyuu yeroo hojii-gaggeessaan jijjiiramutti kan galmaa'e akka jijjiiramu taasifamuu qaba.

Keewwata 91 Waa'ee Namoota Dabalataa Galmeessisuu

- 1) Daldalaan nama uumamaa ta'e kanneen armaan gadii dabalataan akka galmaa'uuf gaafachuu ni danda'a:
 - (a) Gaa'ilaa isaa; iddoo fi guyyaa gaa'ilaa, akkasumas waliigalteen gaa'ilaa yoo jiraate, guyyaa fi bakka itti walii mallatteessan; yookiin kan jiru yoo ta'e, iddoo waliigaltichi taa'e yookiin maqaa namaa;
 - (b) Manni murtii gaa'ilichi akka diigamuuf kan murteesse yoo ta'e murticha, .
 - (c) Daldalaan dandeettii kan hin qabnedha jedhamee murtiin kan dhorkame ta'uu manni murtii kan murteesseef;
 - (d) Haati manaa yookiin abbaan manaa kan morman yoo ta'e mormii waa'ee hojii daldalichaa dhiyeessan;
 - (e) Akkaataa seera kana keewwata 17tiin mormiin kan irratti ka'e (haffaa kan ittiin ta'e) ;
 - (f) Hojii-gaggeessaan haaraan muuduu.

- 2) Iyyata akkaataa keewwata xiqqaa (1) tiin dhiyaatu dhimmichi seeraan na galcha namni jedhu kamiyyuu iyyachuu ni danda'a.

Keewwata 92 Dhimoota Waldaaleen Daldalaa Dabalataa Galmeessisan

Galmeewaldaalee daldalaa ilaalchisee akkaataa Seera kana kitaaba lammaffaa tumaalee rogummaa qabaniitiin waantonni dabalataa galmaa'uu qabu.

Keewwata 93 Waa'ee Kisaaruu Irratti Murtii Kennamu

Bu'uura kitaaba sadaffaa seera kanaatiin adeemsi irra deebiin gurmeessuu, adeemsi kisaaruu, adeemsa kisaaruu salphaa yookiin adeemsa idaa irraa bilisa ta'uu banamu dabalataan galmaa'uu qaba.

Kutaa Afur

Waa'ee Galmee Irraa Haquu

Keewwata 94 Daldaluu Dhiisuu

- 1) Daldalaan kamiyyuu hojii daldala isaa sababa kamiinuu kan dhiisee yookiin mana daldalaa kireeffate kamiyyuu guyyaa daldala gadhiisee yookiin dukkaana isaa kan kireesse yoo ta'e, yeroo hojii daldalaa isaa dhiise yookiin dukkaana isaa yeroo kireesse irraa eegalee guyyoota walitti aanan jaatama keessatti galmee irraa akka haqamu iyyachuu qaba.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, daldalaan dukkaana dhiise yookiin kireesse dukkaanawwan tokkoo ol kan qabu yoo ta'ee fi kan dhiise yookiin kan kireesse dukkaanawwan muraasa qofa yoo ta'e daldalichi dukkaana dhiise yookiin kireesse ilaalchisee sirreeffamni barbaachisu galmee daldalaa keessa akka galu iyyachuu qaba.

Keewwata 95 Du'a Daldalichaa

- 1) Daldalaan du'ee guyyoota walitti aanan jaatama keessatti sababni humnaa oliitiin yoo ta'e malee, haati warraa yookiin abbaan warraa yookiin dhaaltoonni nama du'ee galmeen akka haqamuuf iyyachuu qabu.
- 2) Abbootiin mirgaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman daldalicha abbaa qabeenyummaa waliiniitiin kan itti fufan yoo ta'e gosa waldaa daldalaa filataniin galmeen haaraa akka taasifamuuf iyyachuu qabu.

Keewwata 96 Waa'ee Galmee Ajajaan Haqsiisuu

- 1) Manni hojii galmeessaan daldalaan hojii daldalaa dhaabuu isaa yookiin daldala galmaa'e gaggeessuu dandeettii hin qabu jedhamuu kan itti murtaa'e ta'uu yeroo hubate yookiin seera biraatiin galmee haquuf sababa gahaa jedhamanii kan tumaman kan guutaman yoo ta'e kaka'umsa mataa isaatiin galmee ni haquu qaba.

- 2) Waldaan daldalaa akka diigamu itti murtaa'ee hojiin qulqulleessuu osoo hin xumuramin adabbii bulchiinsaaf galmeen yeroof akka haqamu seerri tumu kamiyyuu hin ragga'u.
- 3) Murtiin bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin kenname daldalichi ofii isaatii fi qaamoleen dhimmi ilaallatu biroo akka beekan taasifamuu qaba.

Boqonnaa Sadi

Waa'ee Adabbii

Kutaa Tokko

Waa'ee Adabbii Yakkaa

Keewwata 97 Waa'ee Osoo Hingalmaa'in Hafuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera kanaatiin osoo galmaa'uu qabuu yoo galmaa'uu dhabe yookiin wanta galmaa'uu qabu yoo galmeessisuu dhabuun balleessaa ta'ee yoo argame seera yakkaa rogummaa qabuun itti gaafatamummaa ni qabaata.

Keewwata 98 Ta'e Jedhee Ibsa Sirrii Hin Taane Kennuu

Namni kamiyyuu dhimmicha galmaa'u ilaalchisee itti yaadee ibsa sirrii hin taane kan kenne balleessaa ta'ee yoo argame bu'uura seera yakkaa rogummaa qabuun itti gaafatamummaa ni qabaata.

Kutaa Lama

Dirqamsiisa Hariiroo Yookiin Adabbii

Keewwata 99 Galmee Irratti Galmaa'uun Bu'aa Hordofsiisu

- (1) Ragaan faallaa yoo irratti dhiyaate malee namni yookiin Waldaan daldalaa galmaa'e kamiyyuu akka daldalaatti tilmaamama;
- (2) Namni yookiin waldaan daldalaa galmaa'e kamiyyuu daldalaa ta'uu dhabuu isaa ragaa akka dhiyeessu hin hayyamamuuf; Itti gaafatamummaa daldalaa ta'uu waliin dhufu hunda ni fudhata.

Keewwata 100 Galmee Keessatti Galuu Dhabuun Bu'aa kennu

- (1) Namni daldalaa ta'e kamiyyuu bu'uura seera kanaatiingalmaa'uun osoo irra jiraatuu osoo hin galmoofne yoo hafe akka daldalaatti lakkaa'amee itti gaafatamummaa ni qabaata
- (2) Tumaaleen seera kanaa Kitaaba Lammaffaa rogummaa qaban waldaalee daldalaa irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 101 Galmeessuu Haquu Dhabuun Bu'aa Fidu

Daldalaan dukkaana isaa dabarse yookiin kireessae, galmeerraa haquun dura idaan dukkaanichaan walqabatee jiru nama dukkaanni itti darbe yookiin kireeffate waliin waloo fi baaqqeen itti gaafatamummaa ni qabaata.

Keewwata 102 Bu'aa Dhimma Galmaa'e Keessa Gale Hordofsiisu

- (1) Namni kamiyyuu dhimmi galmee daldalaa keessatti akka galmaa'u taasise sirrii yoo hin taanes, namoota bu'uura jecha galmaa'een hojjatan irratti dogongora uumame akka mormiitti haa dhiyeessuuf hin hayyamamuuf;
- (2) Qaamoleen sadaffaan dhimmicha galmee daldalaa keessatti sirritti galmaa'uu hin beekne jechuun ragaa akka dhiyeessan hin hayyamamuuf.

Keewwata 103 Dhimmoonni Nama Daldalaa Ta'e Ilaallatan Qaamolee Sadaffaa Biratti Mormii Kan Hin Taane Ta'uu

Dhimmoonni armaan gadii nama daldalaa ta'e ilaalchisee galmee daldalaa keessatti hanga hin galmoofnetti qaamolee fayyaaleyyii qaban irratti mormii ta'anii dhiyaachuu hin danda'an:-

- (1) Daldalaan gaa'elaaf kan hin geenne ta'uu;
- (2) Daldalaa fuudhuu yookiin heerumaa;
- (3) Waliigaltee fuudhaa fi heeruma daldaltichaa,
- (4) diigamuu gaa'ela daldaltichaa ;
- (5) Dandeettii dhabuu daldaltichaa;
- (6) Mormii bu'uura seera kana keewwata 15tiin dhiyaate;
- (7) Aangoon hogganaa damee yookiin waajjira bakka bu'aa bulchuu qofa irratti kan daangeffame ta'uu;
- (8) Hogganaa aangoorraa kaasuu yookiin hojiirraa gaggeessuu

Keewwata 104 Dhimmoonni Waldaalee Daldalaa Ilaallatan Qaamolee Sadaffaa Irratti Mormii Kan Hin Taane Ta'uu

Galmee daldalaa keessatti jecha galmaa'e keessatti yoo jiraate malee, Waldaalee daldalaa ilaalchisee dhimmoonni akka mormii mirga qaamolee sadaffaa ta'uu hin dandeeny seera kana kitaaba lammaffaa keessatti tumamaniiru.

Keewwata 105 Dhimmoota Daambiin Murtaa'an

Seera kana keewwata 71 (2) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, tumaalee mata duree kana jalaatti tumaman raawwachiisuuf Manni Maree Ministirootaa dambii baasuu ni danda'a.

Mata duree Shan

Waa'ee Dukkaana Daldalaa

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 106 Hiika

Dukkaana daldalaa jechuun qabeenya socho'aa ta'ee hojiiwwan daldalaa akkaataa seera kana keewwata 5 jalatti ibsaman raawwachuuf walitti qabamee fi gurmaa'e hunda kan hammatudha.

Keewwata 107 Daldalootaa Fi Dukkaana Daldalaa

- (1) Daldalaan Kamiiyyuu dukkaana daldalaa tokko ni gaggeessa;
- (2) Daldalaan tokko hojii daldalaa adda addaa hojjechuuf dukkaana daldalaa hedduu sochoosuu ni danda'a.
- (3) Daldalaan tokko mana daldala isaa kan gaggeessu: abbummadhaan, akka yagutootti (usufructuary) yookiin akka kireeffataatti fayyadamuun hojii isaa gaggeessuu ni danda'a; akka daldalaatti kan ilaalamu dukkaana daldalaa keessatti kan daldalu qofa dha; Dukkanichi kaan kireeffame yoo ta'e abbaan qabeenyaa yookiin kireessaan daldalaadha jechuun hin danda'amu.

Keewwata 108 Waa'ee Mana Daldalaa Guddaa Fi Dameelee Yookiinwaajjiraalee Bakka Bu'aa

- (1) Manni daldalaa daldalaa waajjira muummee qofa irratti daangeffamuu danda'a. Akkasumas waajjiraalee damee yookiinwaajjiraalee bakka bu'ummaa qaama waajjira guddichaa ta'anii fudhataman qabaachuu ni danda'a;
- (2) Waajjira muummee suuqii daldalaa osoo hin gurguriin yookiin liiziin hin kenniin waajjira damee yookiin bakka bu'aa gurgurtaa yookiin liiziin raawwatame gurgurtaa yookiin liizii mana daldalaa daldalaa ta'ee fudhatama.

Boqonnaa Lama

Waantota Dukkaanni Daldalaa Ittiin Dhaabbatu

Kutaa Tokko

Waa'ee Wantoota Dukkaana Daldalaa Keessa Jiranii

Keewwata 109 Waa'ee Maqaa Gaarii Fi Waantota Al Kiliyaa

- (1) Dukkaanni daldalaa adda durummaan maqaa daldalichaa gaarii ni qabata
- (2) Dukkaanni daldalaawantoota al kiliyaa keessattuu:
- (a) Maqaa Daldalaa
 - (b) mallattoo daldalaa fi ibsa addaa hojiin daldalaa ittiin gaggeeffamu biroo
 - (c) mirga bakka daldalli itti gaggeeffamu kireeffachuu;
 - (d) qabeenya kalaqa sammuu;
 - (e) Mirga addaa daldalaa wajjin kan walqabatan osoo hin taane kan dukkaana daldalaa wajjiin walqabatan; Of keessatti hammachuu danda'a.

Keewwata 110 Waa'ee Waantota Kiliyaa

Meeshaalee daldalaa al kiliyaaa kanneen akka meeshaalee yookiin meeshaalee fi qinxaaboo of keessatti qabachuu danda'a.

Keewwata 111 Mirgaa Fi Itti Gaafatamummaa Gaafachuu

- (1) Dukkaanni daldalaa mirga kireeffachuu irraa kan hafe Mirga daldalaan maallaqaa fi liqaa gaafachuu qabu hin dabalatu;
- (2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, akkaataa seera roggummaa qabuun tumaaleen mirga hojjettootaa, itti fufiinsa waliigalteewwan hojjettootaa fi mirga nama qabeenyi inshuraansii fudhateef dabarfamee ilaallatan kan eegamani dha.

Kutaa Lama

Waa'ee Maqaa Gaarii Fi Eegumsa Isaa

Kheewwata 112 Hiika

Maqaa gaarii jechuun gatii akkaataa daldalli tokko itti socho'uun kan uumamu ta'ee, gatiin kun qaama sadaffaa daldalaa irraa meeshaalee, qinxaaboo yookiin tajaajila barbaadan waliin walitti dhufeenya taasifamu hunda irraa kan argamudha.

Keewwata 113 Eegumsa Maqaa Gaarii

Maqaan gaariin daldalaa hojiin dorgommii hin malle akka hin raawwanne dorgommiin hin malle hambisuuf keessattuu seera kana keewwata 29, 39, 53, 118, 130, 131, 166, 167 dorgommii kan dhorkan tumaalee fi waliigalteewwan irratti hundaa'uun ni eegama.

Keewwata 114 Dorgommii Hojii Daldalaa Hin Malle

- (1) hojii dorgommiitiin namni kamiyyuu daldalticharratti miidhaa dhaqqabsiisee yoo argame itti gaafatamummaa waliigaltee alaa akkaataa seera hariirootiin tumame keewwata 2057tiin kasaaraa argachuuf himachuu ni danda'a;
- (2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, tarreeffamni hojii dorgommii daldalaa hin mallee fi bu'aan hordofsiisu seeraan murtaa'u ta'a.

Keewwata 115 Maqaa Daldalaa, Mallattoo Fi Qabeenya Kalaqa Sammuu

Bulchiinsa maqaa daldalaa fi mallattoo daldalaa akkasumas qabeenya kalaqa sammuu ilaalchisee tumaaleen seera Hariiroo Hawaasaa fi seerota addaa rogummaa qaban raawwatiinsa ni qabaatu.

Kutaa Sadi

Waa'ee Waliigaltee Mirga Kiraa Iddoo Daldalaa

Keewwata 116 Seerri Hariiroo Hawaasaa Raawwatiinsa Qabaachuu

Tumaaleen kutaa kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, tumaaleen seera hariiroo hawaasaa waliigalteewwan kiraa qabeenya dhaabbataa ilaallatan mirga kiraa iddoo daldalaa irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 117 Gosa Daldalaa

Waliigaltee kiraa iddoo daldalaa keessatti gosti hojii kireeffataan hojjetu kan ibsameyoo ta'e, kireeffataan iddoo kana keessatti gosa hojii biraa kamiyyuu raawwachuu hin danda'u; Daldala gosa biroo hojjatee kan argame yoo ta'e waliigalteen haqamuu ni danda'a.

Keewwata 118 Kireessaan Hojii Daldalaa Walfakkaataa Akka Hin Hojjenne Kan Dhoorkame Ta'uu

- (1) Abbaan qabeenyaa iddoo daldalaaf oolu waliigalteedhaan erga kireessee booda iddoo kana irratti hojii daldalaa kireeffataan raawwatuun wal fakkaatu raawwachuu hin danda'u;
- (2) Kireessaan kan keewwata xiqqaa (1) jalatti dhorkame yoo cabse beenyaa kafaluun dukkaanni akka cufamu ni taasifama.

Keewwata 119 Waa'ee Ahaadii Waliigaltee Kiraa Dabarsuu Yookiin Kan Kireeffate Kan Biraatiif Kireessuu Dhorku.

- (1) Seera hariiroo hawaasaa keewwata 2959 jalatti kan tumame jiraatus, ahaadiin waliigaltee dukkaana daldalaa namni bite daldala akka itti raawwatuuf waliigaltee kiraa hin dabarsu yookiin kireeffataa kireeffataa taasisuun kireessuun fedhii abbaa qabeenyichaa ni barbaachisa jedhu hundinuu gatii hin qabaatan.
- (2) Tumaan kamiyyuu tumamawwa Kitaaba Sadaffaa seera kanaa kasaaraa kireeffataatiif aangoo nama irra deebiin gurmeessu yookiin abbaa imaanaa dhoorkan yookiin daangessan bu'aa hin qabaatan.

Keewwata 120 Waliigaltee Kiraa Addaan Kutuu

- (1) Dukkaanni daldalaa wabii liqaatiif yoo kenname ta'e, kireeffataan akkaataa waliigalteen yookiin Waliigaltee kiraatiin waliifalticha addaan kutuuf tumaa hayyamu fayyadamuun waliigaltee addaan kutuuf yaada kan qabu yoo ta'e, dukkaana daldalaa qaboo taasisuun namoota maallaqa liqeessaniif guyyaan liqichi xumuramuu malu dura yoo xiqqaate guyyoota soddoma walitti aanan dursee barreeffamaan beeksisuu qaba;

- (2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin beeksisni yoo bahe malee waliigalteen addaan cituuna moota dukkaana daldalaa akka qabootti qabachuun maallaqa liqeessan irratti mormii hin ta'u.

Keewwata 121 Waa'ee Adeemsaalee Kitaaba Sadii Kireeffataa Irratti Banamanii

- (1) kireeffataan adeemsaaleen kitaaba sadii irratti banamanii adeemsaaleen banamuun mataasaanii waliigaltee kiraa addaan ni kuta waliigalteen jedhu bu'aa hin qabaatu;
- (2) Kireeffataan adeemsaalee Kitaaba sadaffaa jala yoo jiraate, namni aangoo irra deebiin gurmeessuu yookiin imaanaan bulchuu qabu mirgoota Kitaaba sadaffaa jalatti tumaaman fayyadamuu ni danda'a.

Boqonnaa Sadi

Waa'ee Gurgurtaa Dukkaana Daldalaa

Kutaa Tokko

Tumaalee waliigalaa

Keewwata 122 Seerri Hariiroo Hawaasaa Raawwatiinsa Qabaachuu

Tumaaleen boqonnaa kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, tumaaleen seera hariiroo hawaasaa 2266-2367 ibsaman gurgurtaa daldalaa daldalaa irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 123 Daangaa Raawwatiinsa Boqonnaa Kanaa

- (1) Tumaaleen boqonnaa kanaa gurgurtaa daldalaa ilaalchisee:
- (a) Dukkaana Daldalaa irratti gurgurtaa yookiin dabarsa kamiyyuu keessatti; Waan biraa fakkeessuun yoo ta'ellee.
 - (b) Gaafii abbootiin qabeenyaa waloo dhiyeessaniin gurgurtaa caalbaasiin taasifamu;
 - (c) beenyaa dabalatee qoqqoodama, taasifamu kamiyyuu;
- Akkasumas, gurgurtaan yookiin jijjiirraan yookiin qoqqoodinsi daldalaa yookiin maqaa gaarii isaa kan ilaallatu yoo ta'u; yookiin waajjira damee yookiin
- Waajjira bakka bu'aa wajjin kan walqabatu ta'ee, maqaa gaarii mana daldalaa muummee yookiin waajjira damee yookiin waajjira bakka bu'aa osoo hin dabalatin, gurgurtaa yookiin dabdarsa taasifamu;

irratti raawwatiinsa ni qabaata;

- (2) Tumaaleen boqonnaa kanaa gurgurtaa matayyaa maqaa gaarii daldalaatiin ala jiran irratti raawwatiinsah hin qabaatan, Yoo gurgurtaan kun dhoksaan yookiin irra-dibaan kan taasifamu yoo ta'e malee qaamolee daldalaa qoqqooduun gurguruu ilaalchisee raawwatiinsa hin qabaatan.

Kutaa Lama

Waa'ee Sirnoota Guutamuu Qabanii

Keewwata 124 Gurgurtaan Barreeffamaan Ta'uu

Gurgurtaan daldalaa barreeffamaan yoo hin taane bu'a maleessaa fi alseerawaa dha.

Keewwata 125 Wantoota Waliigaltee Gurgurtaa Keessatti Ibsamuu Qaban

waliigaltee gurgurtaa daldalaa kanneen armaan gadii eeruu qabu:-

- (1) Waggoota baajataa sadan darban keessatti yookiin hojii daldalichi erga hundeeffamee yookiin bitamee waggaa sadii gadi kan hin guunne yoo ta'e, gurgurtaa fi bu'aa waliigalaa erga daldalichi hundeeffamee yookiin bitamee kaasee argate;
- (2) Daldalli iddoo kireeffame keessatti kan raawwatamu yoo ta'e, guyyaa waliigalteen kiraa itti raawwatamee fi guyyaa xumura isaa, akkasumas maqaa fi teessoo kireeffataa;
- (3) Daldalli mirga wabiitiin kan wabii ta'e yoo ta'uu, yoo jiraateef.

Keewwata 126 Waa'ee Waliigaltee Diiguu

- (1) Seera kana keewwata 125 jalatti waantotni ibsaman guutamuu dhabuu isaaniitiin miidhaan bitataa irra ga'uu Manni Murtichaa yoo hubate gaaffii bitaatiin waliigaltee diiguu ni danda'a;
- (2) Sababa odeeffannoo dogoggoraa bu'uura seera kana keewwata 125tiin kenname irraa kan ka'e bitataa miidhaan irra ga'uu Manni Murtiichaa yoo hubate, gaaffii bitaatiin waliigaltee diiguu yookiin gatii hir'isuu ni danda'a;
- (3) Himannaan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) bu'uura taasisan guyyaa waliigalteen taasifame irraa eegalee waggaa tokko keessatti dhiyaachuu qabu.

Kutaa Sadii

Dirqama Gurguraa

Keewwata 127 Dirqama Kennuu

- (1) Gurgurataan bitataadhaaf daldala dabarsee kennuu qaba;
- (2) Yoo haala birootiin waliigalame malee, gurgurtaan daldalaa meeshaalee mana daldalaa keessatti hammadaman hunda bitataaf gurguruu ni ilaallata;
- (3) Gurgurataan maqaa gaarii daldalaa gara bitaatti dabarsuudhaaf sanadootaa fi odeeffannoo barbaachisoo ta'an hunda bitatuuf kennuu qaba;
- (4) Dabarsa mirga qabeenya kalaqa sammuu ilaalchisee tumaaleen seera siviilii fi seera addaa dhimmi ilaallatu raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 128 Waa'ee Galmee Herregaa

- (1) Guyyaa gurgurtaatti, Gurgurataa fi bitataan galmee herregaa hunda mirkaneessuu galmeewwanii fi sanadoota ilaalchisee barreeffama tarreeffamaa ni qopheessuu:
- (2) Gurgurataan galmee herregaa; ragaalee, Xalayaawwan waljijjiire ni hambifata. Waliigalteen faallaa jiraatus, galmeewwanii fi sanadoota hanga wagga lamaatti tursiisuun yemmuu bitataan barbaadetti akka argu hayyamuu qaba.

Keewwata 129 Xalayoota Waa'ee Hojii Daldalaa Barreeffamu

Erga daldalli gurgurameen booda gurgurataan xalayaa daldalicha ilaalchisee fuudhe hunda bitataaf dabarsee kennuu qaba.

Keewwata 130 Waa'ee Gurgurataan Akka Hin Dorgomne Dhorku

- (1) Gurgurataan guyyaa gurgurtaa irraa eegalee hanga waggaa 5tti sochii dorgommii bitataa miidhuu danda'u kamiyyuu irraa of qusachuu qaba; Keessattuu naannawa daldalaa gurgurameetti gosa daldalaa bitataan hojjetu hojjechuu hin danda'u;
- (2) Waliigaltee gurgurtaa keessatti gurgurataan daldalaa akka hin banneef iddoon dhorkame fi gosa daldalaa dhorkaa ta'e adda baasuun ni danda'ama. Ta'us, yeroon gosa waliigaltee kanaa waggaa saddeet caalu hin danda'u.

Keewwata 131 Mirga Namoota Bitaa Irraa Bitatanii

Dhorka seera kana keewwata 130tiin akka gurgurataan hojii dorgommii akka hin hjijsanneef irra kaa'ame akka qaama daldalichaatti fudhatama. Kunis faayidaa bitataa fi dhaaltota isaatiif qofa osoo hin taane, namoota daldala sana bitataa irraa bitatan hundaaf raawwatiinsa ni qabaata.

Dirqama Bitataa

Keewwata 132 Dirqama Gatii Kaffaluu

Bitataan gatii akkaataa waliigaltee gurgurtaa irratti waliigaleen kaffaluu qaba. Akkaataa kaffaltii haala biraatiin waliigaltee keessatti yoo waliigalame malee gatiin maallaqa dheedhiin kan kaffalamu ta'a. Waliigalteen faallaa jiraatus, tumaan seera kanaa keewwata 134 raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 133 Dirqama Gurgurtaa Beeksisuu

Bitataan akkaataa seera kanaatiin keewwata 136 hanga 142 irraa eegalee gurgurtaan beeksisaan akka ba'u taasisuu qaba.

Keewwata 134 Kaffaltii Gatii Gurgurtaa Addaan Kutuu

- (1) Gurgurtaan erga xumuramee booda, hanga guyyaan mormiin itti dhiyaatu xumuramutti, yookiin mormiin kan dhiyaate yoo ta'e hanga mirgi Yaanattoota maallaqaa waliigalteedhaan yookiin mana murtiitiin fala argatutti yaanattoota maallaqaatiif hanga gaafa kaffalamutti galiin gurgurtaan gurgurataaf osoo hin kaffalamiin harka bitatatti dhoorkamee kan turu ta'a;
- (2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1)ibsame osoo hin raawwatamin dura kaffaltiin yookiin dabarsi mirga yookiin mirga yaanachuu kamiyyuu dhiisuun yaanattoota gurgurataa irratti akka mormiitti dhiyaachuu hin danda'u
- (3) Waliigaltee gurgurtaa keessatti bitataan maallaqa gurgurtaa tokko sadaffaa imaanaahaan ni kaa'e jedhamee waliigaluun ni danda'ama; Akka waliigaltichaatti maallaqni kun imaanaan yoo taa'e bitataaf itti gaafatamummaa irra jiraatu irraa bilisa ta'a; bitataan kaana taasisuudhaan idea gurgurataan irraa qabu irraa bilisa kan taasisu ta'us ta'us, bitataan liqeessitoota gurgurataatiif itti gaafatamummaa ni qabaata.

Keewwata 135 Wabiiwwan Gurgurataa

Gurgurataan hanga gatiin guutuun kaffalamutti qabeenya gurgurame irratti akkaataa tumaalee keewwata 145 hanga 147tiin kaffaltii gatii ilaalchisee wabii seerawaa ta'e kan qabu yoo ta'u, waliigalteen naaf haa diigamu jedhee himachuuf mirga qaba.

Kutaa Shan

Waa'ee Gurgurtaa Beeksisaan Baasuu Fi Mirgoota Gafatoonni Maallaqaa

Gurguraa Irraa Qaban

Keewwata 136 Gurgurtaa Beeksisaan Baasuu

- (1) Bitataan gurgurtaan daldalaa kamiyyuu naannoo waajjira muummee daldalli sun itti argamutti gaazexaa tamsa'ina bal'aa qabu irratti maxxanfamee bahu isaa mirkaneeffachuu qaba;
- (2) Daldalli gurgurame waajjira damee yookiin waajjira bakka bu'aa bakka adda addaatti kan qabu yoo ta'e, akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin beeksisni gaazexaa tamsa'ina bal'aa naannaawa waajjira damee yookiin waajjira bakka bu'aa tokkoon tokkoon isaa jirutti ta'a kan argamu irratti ta'a.

Keewwata 137 Waantota Beeksisaan Ibsamuu Qaban

Beeksisni bu'uura seera kana keewwata 136tiin ba'u:

- (1) Maqaa fi teessoo gurgurataa fi bitaa;
- (2) gosaa fi teessoo daldalaa;
- (3) Waajjiraalee damee yookiin dhaabbilee bakka buutata daldalaa wajjin gurguraman, gosa hojii fi teessoo isaanii;
- (4) gosa gurgurtaa, guyyaa fi wagga;
- (5) Gatii gurgurtaa;
- (6) teessoo naannawa waajjira daldalaa muummichaatti waanicha mana murtii fudhachuuf teessoo filate; Ibsuu qaba.

Keewwata 138 Yeroo Beeksisni Itti Bahu

- (1) Bu'uura seera kana keewwata 136tiin beeksisni guyyaa gurgurtaa irraa eegalee guyyaa walitti aanan soddoma keessatti bahuu qaba.
- (2) Beeksisni turee bahu raawwattiinsa ni qabaata, ta'us sababa beeksisni kennuu irratti harkifachuu isaatiin miidhaa gurgurataa irratti yookiin namoota gurgurataa irraa liqii qaban irratti qaqqabuuf bitataan itti gaafatamummaa fudhachuu ni danda'a.

Keewwata 139 Maallaqni Gurgurtaa Gurgurataaf Akka Hin Kaffalamne Mormiiwwan Dhiyaatu

- (1) Yaanattoonni hundinuu yeroon yaanuu yoo hin geenyellee, guyyaa beeksisni dhumaa maxxanfame irraa eegalee guyyoota soddoma walitti aanan keessatti

gurgurataaf gatiin akka hin kaffalle gochuuf mana murtiitti iyyachuun mormiin akka waldeensisu taasisuun bitataa teessoo itti argachuu qabutti akka dhiyaatu gochuu qaba;

- (2) Beeksisni mormii maqaa fi teessoo mormichaa, hanga maallaqa gaafatamee fi sababa ka'umsa isaa ifatti ibsuu qaba;
- (3) Bu'uura seera kana keewwata 136 beeksisni osoo hin bahin yoo hafe yookiin beeksisni waantota keewwata 137tiin ibsaman kan hin ibsine yoo ta'e mormii dhiyeessuun yeroo murtaa'ee eeguun osoo hin barbaachisin mormicha yeroo kamittuu dhiyeessuun ni danda'ama.
- (4) Mormicha irratti murtiin hanga kennamutti harka bitataa yookiin qama sadaffaa imaanaan kaayu biratti maallaqa gurgurtaa dhoorkamee ture kafaluu yookiin dabarsuun hin danda'amu. Akkasumas tumaaleen seera kana keewwata 134 raawwattiinsa ni qabaatu.

Keewwata 140 Mormii Kufaa Taasisuu

Gurgurataanmormii guutuu hin taane yookiin yeroon hin dhiyaanne yookiin sababa gahaa malee dhiyaatan manni murtii akka kuffisu gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 141 Waa'ee Maallaqa Gurgurtaa Qooduu

Sababni dhiyaate Yoo hafe ykn

- (1) Galiin gurgurtaa daldalaa irraa argamu, akkaataa waliigaltee yookiin murtii mana murtiitiin, yaanattoota wabii daldalaa fi maallaqichi dhoorkamee akka turu yaanattoota iyyannoo dhiyeessan giduu waliigalteedhaan yookiin murtii mana murtiitiin akka qoodamu ni taasifama.
- (2) Qoodinsa booda caalmaan yoo jiraate gurgurataaf ni kennama.

Keewwata 142 Gaafatoonni Maallaqaa Gatii Calbaasii Olitti Kennuu

- (1) Maallaqni gurgurtaa daldalaa daldalicha irratti yaanattoota daldalaa keessatti wabii qabaniifi akkaataa seera kana keewwata 141 keewwata xiqqaa (1) maallaqni dhoorkame akka turuuf yaanattoota gaafii dhiyeessan gurgurtaan daldalaa kaffaltii barbaadan uwwisuuf gahaa yoo hin taane daldalichi caalbaasiidhaan akka gurguramu Mana Murtii gaafachuu ni danda'u.

- (2) Manni murtii gatii waliigaltee irratti ibsame harka kurnaffaa dabalamee caalbaasiin akka gurguramu ni ajaja;
- (3) Qaamni sadaffaan caalbaasii ol dhiyeessuun bitu yoo hin jirre, daldalichi yaanataa gatii olaanaa kennetti kan gurgurmu ta'a.

Boqonnaa Afur

Waa'ee Dukkaana Daldalaa Wabiidhaan Akka Qabamu Taasisuu

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 143 Wabummaan Qabsiisuun Kan Danda'amu Ta'uu

- 1) Daldalli tokko wabii ta'uu ni danda'a; Qabsiisni kunis mirga wabummaan is kenna.
- 2) daldala wabii taasisuun seeraa yookiin waliigalteedhaan uumamuu ni danda'a;
- 3) Qabsiisni mana daldalaa bu'uura seeraa yookiin waliigaltee irraa madduun irratti raawwatamu kamiyyuu akkaataa seera dhimmi ilaallatuun yoo galmaa'e malee qaama sadaffaa irratti akka mormiitti dhiyaachuu hin danda'u;
- 4) Wabii qabeenya socho'aa irratti hundaa'e ilaalchisee tumaaleen seera rogummaa qabaniin tumaman akkuma eegamanitti ta'ee, wabii daldalaa irratti hundaa'e irratti tumaaleen seera kanaa raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 144 Wabii Seera Irraa Madde Qabsiisuu

- (1) Namoonni armaan gadii daldalaa irratti wabii seeraa ni qabu;
 - (a) gurgurataa daldalaa galiin gurgurtaa isaa guutummaatti yookiin gartokkeen isaa hin kaffalaminiif;
 - (b) daldaltichi yoo kasaare daldaltichaa irraa mallaqaa yaanattoota;
- (2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)(b) jalatti kan ibsame wabii seera irraa maddee irratti tumaaleen seera kana Kitaaba Sadaffaa rogummaa qaban raawwatiinsa ni qabaatu.

Kutaa Lama

Gurgurataan Mirga Wabummaa Seera Irra Maddeen Daldala Irratti Qabuu Fi

Mirga Waliigalteen Akka Diigamu Qabu

Keewwata 145 Wabummaa Seera Irraa Madde Qabsiisuu

- (1) Gurgurataan daldalaa gatii gurgurtaa isaa guutummaatti yookiin gartokkoon hin kaffalamiif gatii isaaf hin kafalamneef daldalicha irratti mirga wabummaan qabachuu seera irraa madde ni qaba;
- (2) Gurgurtaan daldalaa barreeffamaan kan hin raawwatamnee fi wabummaan seeraa akkaataa seera dhimmi ilaallatuun kan hin galmoofne yoo ta'e, wabummaan seeraa keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame seera qabeessa hin ta'u;
- (3) Bal'inni tarreeffama galmee wabii seera irraa maddu seera addaatiin murtaa'a.

Keewwata 146 Mirga Waliigalteen Akka Diigamu Gaafachuu

Gurgurataan gatiin gurgurtaa isaaf hin kafalamne, waliigalteen akka diigamu gaafachuuf mirga ni qabaata. Gurgurataanis qaamolee sadaffaa kan ittiin mormuu danda'u akkaataa wabummaa seera irraa maddeetiin galmaa'ee fi galmee keessatti waliigaltee diiguuf mirgi addatti kan eegameef yoo ta'e dha.

Keewwata 147 Himata Waliigaltee Diiguuf Dhiyaatu

- (1) Sababa gatii gurgurtaa kaffalamuu dhabuutiin waliigaltee akkaataa seera kana keewwata 146tiin gurgurataan gurgurtaan akka haqamu gaafatu, hanga maallaqa gatii irraa hafe osoo hin ilaalin Qabeenya haaraa dabalamee waliigaltee keessatti hin ibsamne irraa kan hafe, yeroo himanni dhiyaatutti qabeenya daldalaa akka jirutti deebisee fudhachuu qaba.
- (2) Mirga gurgurataa fi bitaa ilaalchisee murtii yeroo kennamu gatii qabeenya daldalaa gurgurame irratti dabaluu yookiin hir'isuu ilaalcha keessa galuu qaba.

Kutaa sadi

Wabii Waliigaltee Mana Daldalaa Irratti Taasifame Irraa Maddu Qabsiisuu

Keewwata 148 Haala Wabii Waliigaltee Irraa Maddanii

- (1) Namni daldala qabu kamiyyuu, ofii isaatii hojii daldalaa yoo hin gaggeessinellee daldalaa san waliigalteen wabii gochuu danda'a;
- (2) Waliigaltee wabii akkasii barreeffamaan kan hin raawwatamne yoo ta'e, gareewwan waliigaltoota gidduutti kan raawwatamuu miti; Waliigaltee wabii akkaataa seera rogummaa qabuutiin kan hin galmooofne yoo ta'e qaama sadaffaa irratti akka mirmootii dhiyaachuu hin danda'u;
- (3) Bal'inni tarreeffama galmee wabii seera irraa maddu seera addaatiin murtaa'a.

Kutaa Afur

Waa'ee Gaafattoota Maallaqaa Dukkaana Daldalaa Irratti Mirga Wabummaa

Qabsiisuu Qabanii

Keewwata 149 Gurgurtaa, Dabarsuu Yookiin Kireessuu Daldala

- (1) Waliigalteen faallaa kamiyyuu jiraatus, Abbaan liqaa daldalicha gurguruu yookiin haala birootiin daldalicha dabarsuu yookiin kireessuuf mirga qaba;
- (2) Abbaan idea Daldalicha yoo gurgure yookiin karaa biraatiin yoo dabarsee yookiin kireesse bu'uura wabummaatin waliigalticha keessatti Abbaan liqaa maallaqa wabii barbaachisu battalumatti akka kaffalu waadaa galuun ni danda'ama; Ahaadiin kunis yeroo waliigaltichi galmaa'u galmee keessatti yoo hin eeramne ta'e gatii hin qabaatu.

Keewwata 150 Gatii Wabummaa Qabsiisuu Hir'isuu

Abbaan idaa gatii daldalaa kan hir'ise yookiin hir'isuuf yoo ta'e, keessattuu iddoo daldalaa yoo jijjiire, kiraa manaa daldalichaa kan hin kaffalle yoo ta'e; yookiin baay'ina meeshaa daldalaa yoo hir'ise abbaan liqaa wabii haaraa gaafachuu ni danda'a; Abbaan idaa wabii haaraa yoo hin kennine, manni murtii hatattamaan maallaqa irraa barbaadu akka kaffaluuf taasisuu ni danda'a.

Keewwata 151 Dukkaana Daldalichaa Gara Iddaa Biraatti Jijjiiruu

- (1) Nama liqii qabu mana daldalaa isaa bakka biraatti jijjiiruu yoo barbaade Namoota maallaqa liqeessan beeksisuu qaba. Yaanattoonni iddoo jijjiiruu kan hin beeksifamne yoo ta'e yookiin guyyaa jijjiirraan beeksifame yoo xiqqaate ji'a tokko dursee yoo raawwatame hatattamaan kaffaltii gaafachuu ni danda'u;
- (2) Abbootiin liqaa daldalicha bakka biraatti jijjiiruun gatii daldalaa ni hir'isa jedhanii kan tilmaaman yoo ta'e bu'uura keewwata 150tiin mirga isaaniitti fayyadamuu ni danda'u.
- (3) Abbootiin liqaa daldalicha bakka biraatti naannessuu kan hayyaman yoo ta'ee fi kan naannefames daangaa itti galmaa'etti yoo ta'e naanneffama bu'uura taasisun galmeeffamni akka sirraa'u gaafachuu qabu; Daldalli iddoo dduraan galmaa'ee kan naanna'e yoo ta'e gaafattoonni maallaqaa iddoo waajjirr

daldala haaraa itti argamutti wabummaa akka haaraatti galmaa'uu isaa mirkaneessuu qabu.

- (4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (3)tiin galmeen yoo sirreeffame yookiin galmeen haaraan raawwatame yoo ta'e sirreeffamni yookiin galmeeffamuun haaraa yeroo galmeen duraa itti raawwate irraa eegalee hojiirra oola.

Keewwata 152 Waa'ee Mirga Hordofuu Ilaalchisee

- (1) daldalli liqii qabu nama biraatti yoo dabarfamee, maallaqni wabii kan hordofu yoo ta'u gaafataan maallaqa wabummaa qabu wabummaan qaama sadaffaatti dabarfamee yoo argamu qabsiisuu ni danda'a
- (2) Qaamni sadaffaan kana qabe qabsiisa gaafattoonni maallaqa wabummaa maallaqni guutummaatti kan hin kafalamneef yoo ta'e malee daldalichi akka qabamu taasisuun hin danda'amu.

Keewwata 153 Daangaa Raawwii Wabii Qabsiisuu

- (1) Daldalli wabii ta'ee akka kabajamuuf yookiin akka qabamu yemmuu ajajamu yeroo kanatti haalli daldalichi irratti argamu; akkasumas xiqqeenya yookiin olka'iinsa gatii qabeenya qaama daldalichaa ta'e tilmaama keessa osoo hin galin wabummaan akkuma jiranitti irratti ni rawwata.
- (2) Wabummaan raawwatiinsa kan qabaatu qabeenya galmee keessatti haala ifa ta'een ibsaman irratti dha

Keewwata 154 Mirga Dursaa

- (1) Abbootii wabii liqaa maallaqa qaban gatii gurgurtaa daldalaa irratti mirga dursa ni qabaatu;
- (2) Abbootii wabii liqaa maallaqa qaban akkaataa tartiiba itti galmaa'aniin kan murtaa'u ta'a. Haa ta'u malee, himattoonni wabii isaanii guyyaa tokko keessatti galchan sadarkaa walqixaa ni qabaatu;
- (3) Ta'u, gurgurataan daldalicha irratti wabummaa seera irraa madde wabummaaa wabummaa waliigalteerra caalaa dursa ni qabaata.

Keewwata 155 Abbaa Idaa Dukkaana Daladalaatiin Galmaa'anii Adeemsa Kitaaba Sadi Irratti Banamanii Wabummaa Qabsiifaman

Wabummaa daldala abbaa idaa adeemsi tumaalee kitaaba sadaffaa irratti banamanii ilaalchisee tumaaleen barbaachisaa Kitaaba Sadaffaa Labsii kanaa raawwatiinsa ni qabaatu.

Boqonnaa Shan

Waa'ee Dukkaana Daldalaa Kireessuu

Keewwata 156 Seerri Hariiroo Hawaasaa Raawwatiinsa Qabaachuu

- (1) daldalaa kireessuu ni danda'ama;
- (2) Seera kana keewwata 157 hanga 167 jalatti kan tumamaman akkuma eegametti ta'ee, daldala kireessuu ilaalchisee tumaaleen hariiroo hawaasaa lakkoofsa 2896-2974 jiran raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 157 Waliigaltee Kiraa Gaazexaa Irrat Beeksisuu

- (1) Waliigaltee liizii mana daldalaa tokkoo barreeffamaan yoo hin taanee iyyannoo gareewwan waliigaltee keessaa tokko gaazexaa uwwisa bal'aa naannoo waajjirri muummee daldalaa jirutti qabu irratti maxxanfamnee kan hin baane yoo ta'e, qaama sadaffaa irratti mormii ta'uu hin danda'u;
- (2) Beeksisa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin kenname:-
 - (a) Maqaa fi teessoo kireessaa fi kireeffataa;
 - (b) guyyaa fi maalummaa waliigaltee,
 - (c) kaayyoo fi teessoo daldalaa, fi
 - (d) Yeroo waliigalteen kiraa itti raawwatu; Ibsamuu qaba.

Keewwata 158 Galmee Daldalaa Sirreessuu

- (1) abbaa qabeenyaa daldalaa kireesse maqaa isaa galmee daldalaa irraa haquu qaba; Ta'us, kireeffataan daldalaa biroo waliigaltee keessatti hin hammatamne kan qabu yoo ta'e, maqaa galmee daldalaa irraa osoo hin haqamin, mana daldalaa kireeffame ilaalchisee jijjiiramni barbaachisaan galmee daldalaa keessatti ni galfama;
- (2) Kireeffataanis akkaataa tumaalee seera kanaa Mata duree Afuriitiin maqaa isaa galmee daldalaa keessatti galmeessuu qaba.

Keewwata 159 Waa'ee Itti Gaafatamummaa Kireeffataa Dukkaana Daldalaa

Abbaan qabeenyaa daldala adeemsa akkaataa seera kana tumaalee keewwata 157 fi 158tiin waantota barbaachisu hanga guututti, kireeffataan adeemsa daldalichaa gaggeessuu keessati idaa seenuuf abbaa daldalichaa waliin itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaata.

Keewwata 160 Waa'ee Waraqaa Daldalaa Irratti Kireeffataa Ta'uu Caqasuu

Sanadoota kireeffataan barreesse hunda irratti jechi "kireeffataa" jedhu yoo hin ibsine waliigalteen kiraa sun kan diigamu ta'uu danda'a.

Keewwata 161 Waa'ee Dirqamoota Kireeffataa

Kireeffataan kiraa itti waliigalame yoo hin kaffalle yookiin akka daldalaa gaariitti daldalichaa kunuunsa yoo hin taasifne yookiin akkaataa gosa mana daldalaa daldalaatiin hojii daldalaa sirnaan kan hin gaggeessine yoo ta'e; Liiziin ni xumurama.

Keewwata 162 Maallaqa Wabummaa Kaa'uu

- (1) Kireeffataan kireessaad dirqama abbaa qabeenyaa yookiin qaama sadaffaaf qabu akka ba'uuf kiraa waliigaltee keessatti ibsame caalaa wabii akka kennuuf waliigaltee keessatti gaafatamuu ni danda'a;
- (2) Waliigaltee faallaa kanaa ta'e yoo jiraate iyyuu, kireessaan dirqama kireeffataa irraa qabu kan raawwate yoo ta'ee fi abbootiin liqaa yeroo seera kana keewwata 164(3) jalatti ibsame keessatti akka qabamuuf kan iyyatan yoo ta'e, waliigalteen kiraa akka addaan citueen wabummaan guutummaatti isaaf ni deebi'a.

Keewwata 163 Kireeffataan Daldalicha Ofii Isaatii Kan Raawwatu Ta'uu

Waliigaltee kiraa dandeettii dhuunfaa kireeffataa irratti kan hundaa'e waan ta'eef, kireeffataan hayyama barreeffamaa kireessaa osoo hin argatin waliigalticha nama biraatiif kennuu hin danda'u.

Keewwata 164 Yeroo Waliigaltee Kiraa Itti Xumuramuu Gaazexaa Irratti Beeksisuu

- (1) Bu'uura tumaalee seera kana keewwata 157(1)tiin tumameen waliigaltee kiraa gaazexaa irratti maxxanfamuu qaba.
- (2) Beeksisni bu'uura keewwata xiqqaa (1)tiin bahu:

- (a) maqaa fi teessoo kireeffataa fi kireessaa;
 - (b) gosaa fi teessoo daldalaa;
 - (c) guyyaa kiraan itti xumuramu;
 - (d) Maallaqa bu'uura keewwata 162tiin wabii ta'ee kuufame yoo jiraate hanga jiraate barreessuun ta'uu qaba;
- (3) Maallaqni akkaataa keewwata 162tiin wabummaan qabame guyyaa dhumaa beeksisicha irraa eegalee guyyota soddoma walitti aanan osoo hin guutin kireeffataaf kan deebu'e yoo ta'e qaamolee sadaffaa irra miidhaa gahuuf abbaan daldalichaa itti gaafatamummaa ni qabaata

Keewwata 165 Waa'ee Dirqisiisummaa Kafaltii Idaa Kireeffataa

Yeroon kiraaa yemmuu xumaramutti namoota gaafattota maallaqaa kireeffataa ta'aniif idaan irra jiru hatattamaan akka kaffalamuni dirqisiisa.

Keewwata 166 Kireeffataan Hojii Daldalaa Dorgomaa Ta'e Akka Hin Gaggeessine Dhorku

- (1) Abbaa daldalicha kireesse yeroo waliigalteen kiraa raawwatiinsa qabu keessatti daldalaa biroo kaayyoo daldalaa walfakkaataa qabu hundeessuun yookiin bituudhaan ykn karaa biraatiin akka isaaf darbu gochuudhaan, kireeffataa daldalaan dorgomuu hin danda'u.
- (2) Abbaan qabeenyaa dirqama keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame cabsee yoo argame kasaaraan akka kaffalamuuf ni taasifama. Daldalichis akka cufamu ni taasifama.

Keewwata 167 Kireeffataan Daldala Dorgomaa Ta'e Akka Hin Hojjenne Dhoorkamuu Kan Danda'amu Ta'uu

- (1) Yeroon waliigaltee kiraa erga xumuramee booda, kireeffataan abbaa daldalichaa waliin akka hin dorgomne waliigalteedhaan walii galuu ni danda'ama;
- (2) Uggurri keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame waggaa shan hin caalu.

Boqonnaa Jaha

Waa'ee Daldala Qooda Waldummaadhaaf Gumaata Gochuu

Keewwata 168 Waa'ee Gumaata Beeksisa Ifaatiin Labsuu

daldalli Waldaa hundeeffamaa jiruuf gumaata akka ta’u yoo taasifame, akkaataa seera kana keewwata 157 (1) jalatti ibsameen beeksisni gaazexaa irratti maxxanfamuu qaba.

Keewwata 169 Wantoota Beeksis Irratti Labsaman

Beeksisni bu’uura keewwata 168tiin ba’u:-

- (1) Maqaa fi teessoo gumaataa;
- (2) kaayyoo fi teessoo hojii daldalaa gumaatni itti godhame
- (3) maqaa waldaa daldalaa gumaachi taasifameef;
- (4) Guyyaa dambiin hundeeffama waldichaa guyyaan itti maxxanfame

Keewwata 170 Gumaata Mormii

- (1) Akkaataa keewwata 168tiin guyyaa dhumaa beeksisichi bahe irraa eegalee guyyoota walitti aanan soddoma keessatti nama waldichi akka gumaataatti kennameef irraa maallaqa kan gaafatan hundi, yeroon kaffaltii liqichaa yoo hin geenyellee, gumaata taasifamaa jiru barreeffamaan waajjiricha beeksisuudhaan mormuu ni danda’u;
- (2) Beeksisni osoo yoo hin bahin yookiin beeksisni sun seera qabeessa kan hin taane yoo ta’e, abbaan idaa yeroo murtaa’e eeguu osoo hin barbaachisin yeroo barbaadetti mormuu ni danda’a.

Keewwata 171 Tarkaanfii Miseensonni Waldichaa Fudhachuu Danda’an

- (1) Miseensi kamiyyuu bu’uura keewwata 170tiin guyyaa mormiin dhiyaate irraa eegalee ji’a tokko keessatti waldaan hundeeffama irra jiru akka diigamu yookiin gumaacha waldaa hundeeffamaa jiruuf taasifame akka haqamu mana murtii gaafachuu ni danda’a;
- (2) Bu’uura keewwata xiqqaa (1)tiin mormiin kan hin dhiyaanne yoo ta’ee fi gumaachi sun kan hin haqamin yoo ta’e, waldaan daldalaa fi gumaacha taasisaan waliinii fi qeenxen itti gaafatamummaa ni qabaatu.

Kitaaba Lammaffaa

Waldaalee Daldalaa

Mata Duree Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 172 Hiikkaa

- (1) Waldaa daldalaa jechuun waldaa namoonni buusii walitti buusuun waldaadhaan ijaaramanii bu'aa hojii sochii diinagdee irraa argamu qoodamuuf bu'uura dambii hundeeffamaatiin waldaa dhaabanii dha.
- (2) Keewwata Xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus shariikummaa icciitii (Joint Venture) walta'iinsa waliigaltee miseensota gidduutti taasifameenn uumame qaama sadaffaatti kan hin ibsamne ta'a.
- (3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, kaayyoo seera kanaattif jecha, dhaabbati dhuunfaa Nam-tokee itti gaafatamummaan isaa murtaa'e waldaa daldalaati.

Keewwata 173 Barreeffama Hundeeffamaa

- (1) Barreeffama Hundeeffamaa jechuun sanada waldaa daldalaa hundeeessuuf qophaa'u dha;
- (2) Saamudni barreeffama hundeeffamaa Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin abbaa taayitaan qaama mootummaa seeraan kennameefiin qophaa'uu danda'a;
- (3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsame jiraatus, bilusummaan waliigaltee miseensota waldaa ni eegama, keessattuu waliigaltee waldichaatiin saamuda waajjira mootummaatiin qophaa'e qofaan akka daangeffamu seerri yookiin hojimaanni ajaju kamiyyuu seera qabeessa hin ta'u.

Keewwata 174 Gosoota Waldaa Daldalaa

Gosoonni waldaa daldalaa kanneen armaan gadiiti.

- (1) Waldaa hojii gamtaa, .
- (2) Waldaa hojii gamtaa itti gaafatamummaa gosa lama qabu,
- (3) Waldaa itti gaafatamummaa daangeffame qabu, .
- (4) shariikummaa Icciitii, .
- (5) Dhaabbata aksiyoonaa, .
- (6) Dhaabbata itti gaafatamummaa murtaa'e, .
- (7) Dhaabbata miseensa tokkoo itti gaafatamummaan isaa daangeffame.

Keewwata 175 Haala Argannaa Qaama Seerummaa Waldaa Daldalaa

Shariikummaa Icciitii irraa kan hafe waldaaleen daldalaa galmee daldalaa keessatti galmaa'an hundi namummaa seeraa ni argatu.

Keewwata 176 Maqaa Waldaa Daldalaa

waldaa daldalaa maqaa qabaachuu qaba; Maqaan kunis daldalaa yookiin faayidaa waldaa biraatiin waliin kan walitti bu’u akkasumas faallaa seeraa fi safuu ummataa ta’uu hin qabu.

Keewwata 177 Haala Hundeeffama Waldaa Daldalaa

Waldaa ishmur irraa kan hafe waldaan daldalaa kamiyyuu yoo barreeffama hundeeffamaa malee yoo hundeeffame bu’a hin qabaatu.

Keewwata 178 Waliigalteewwan Haqamuu Danda’an

Bu’aan waldichaa miseensa tokko yookiin muraasa qofaaf akka ta’utti waliigalteen taasifamu kan haqamu ta’a. .

Keewwata 179 Waa’ee Bakka Bu’ummaa

- 1) Shariikummaa Iccitii irraa kan hafe akkaataa seera bakka bu’ummaatiin namootni bakka bu’ummaan kennameef hojii hojjataniif abbaan mirgaa fi abbaa idaa ni ta’a
- 2) Waldichi karaa namoota aangoo bakka bu’ummaa kenneetiin himachuu yookiin himatamuu ni danda’a;
- 3) Waamichi barreeffamaan waldaa daldalaaf dhiyaatu kamiyyuu waajjira muummee waldichaa yookiindamee dhimmi ilaalutti dhiyaachuu qaba.

Keewwata 180 Waraaqaalee wabummaa Dabarfamuu Danda’an

Waldaalee aksiyoonaatiin alatti waldaalee daldalaa **Waraaqaalee Wabummaa** baasuu hin hin danda’an..

Keewwata 181 Sababoota Diigamuu Waldaa Daldalaa

waldaan daldalaa kan diigamu:-

- (1) Kaayyoo itti hundeeffameef yommuu raawwatu yookiin osoo hin raawwatamin yoo hafe, .
- (2) Miseensonni waldichaa akka itti fufuuf yoo waliigalan malee yeroon turtii waldichaa yemmu xumuramu, .
- (3) Miseensonni waldichaa akka diigamuuf yeroo waliigalan, .

- (4) Miseensota waldichaa gidduutti walii galteen faallaa ta'e yoo jiraatellee, bu'uura gaaffii miseensota waldichaatiin manni murtii sababa gahaadhaan waldichi akka diigamuuf yoo murteesse; Yookiin
- (5) Waldichi kasaa'uu mana murtiin yemmuu murtaa'u.
- (6) Kaayyoo keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiif sababa gahaa jechuun waliigaltee dhabuu cimaa miseensota waldichaa gidduu waan jiruufn waliigaltee dhabuun kunis kaayyoon waldichaa akka galma hin geenye kan gufachiisu yoo ta'e dha.
- (7) Keewwata kana keewwata xiqqaa 6 jalatti kan tumame jiraatus, miseensonni waldichaa tokko tokko qooda isaanii qabatanii waldicha keessaa akka bahan taasisuun, miseensota hafaniin waldichi kaayyoo isaa akka fiixa baasu haalli kan dandeessisy yoo ta'e walii galtee dhabuun waldicha diiguuf akka sababa gahaatti hin fudhatamu.

Keewwata 182 Waa'ee Galmee Daldalaa Irraa Haquu

1) Waldaan daldalaa tokko yeroo diigameetti akkuma herreegni qulqullaa'ee xumurameen qulqulleessitoonni herregaa waldichi galmee daldalaa irraa akka haqamuuf qaama waldaa waldaa daldalaa galmeessuuf iyyachuu qabu; Waldichi guyyaa galmee daldalaa irraa haqametti guyyaa itti aanu irraa eegalee qaama seerummaa hin qabaatu.

Mata duree Lama

Waldaa Hojii Gamtaa

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

keewwata 183 Hiikkaa

Waldaa hojii gamtaa jechuun waldaa daldalaa tokkoon tokkoon miseensaa dirqama waldichaatiif waliinii fi matayyaan itti gaafatamummaa qabaatan jechuudha. Waliigaltee faallaa kamiyyuu qaama sadaffaa irratti akka mormiitti dhiyaachuu hin danda'u.

Keewwata 184 Maqaa Waldichaa

(1) Waldichi maqaa shariikotaa hunda yookiin yoo xiqqaate maqaa shariikota lama of keessaa qabu ni qabaata; Maqaa shariikotaa booda "Waldaa Gamtaa Shariikotaa"

jedhamee barreeffamuu qaba; maqaan waldichaa maqaa shariikotaan malee maqaa biraa qabaachuu hin danda'u;

- (2) Shariikni maqaan isaa maqaa waldichaa keessatti caqafame waldicha keessaa yoo ba'e maqaan waldichaa jijjiiramuu qaba;
- (3) Namni shariika waldichaa hin taane maqaan isaa maqaa waldichaatiin yommuu barreeffamu osoo beekuu yoo hin mormine akkuma miseensota biroo dirqama waldichaatiif itti gaafatamummaa ni qabaata.

Boqonnaa lama,

Akkaataa Hundeeffama Waldichaa

Keewwata 185 Barreeffama Hundeeffama

Barreeffamn Hundeeffama waldaa kanneen armaan gaditti tarraa'an of keessaa qabaachuu qaba:-

- (1) Maqaa waldichaa, .
- (2) Waajjira muummee waldichaa fi dameelee isaa, .
- (3) Maqaa, teessoo fi lammummaa tokkoo tokkoo shariikotaa;
- (4) Kaayyoo waldichi itti hundeeffameef, .
- (5) Hanga maallaqa tokkoon tokkoon shariikonni gumaachan; Kaffaltiin akaakuun yoo ta'e tilmaama maallaqaa fi mala tilmaama;
- (6) Miseensi tajaajila ogummaa gumaache yoo jiraate dirqama isarraa barbaadamu.
- (7) qooda kaffaltii bu'aa fi kasaaraa, fi akkaataa qoqqooddii bu'aa.
- (8) hogganaa fi bakka bu'aa waldichaa yoo jiraate, akkasumas aangoo fi hojii hogganaa fi bakka bu'aa .
- (9) Yeroo turmaata waldichaa, .
- (10) Dhimmoota biroo seeraan yookiin waliigaltee shariikotaatiin murtaa'an hammatamuu qabu.

Keewwata 186 Gosaa Fi Hanga Buusii

- (1) Tokkoon tokkoon shariikaa maallaqaa dheedhii, qabeenya socho'aa yookiin hin sochoone, tajaajila ogummaa, mallattoo daldalaa, maqaa gaarii, paatientii, mirga

waraabbii, mirga liizii, fayyadama-bu'aa yookiin gumaacha gosa biroo ni kaffaluu qaba;

- (2) Buusichi qabeenya waldichaa akka ta'uuf yookiin waldichi akka itti fayyadamuuf kaffalamuu danda'a;
- (3) WaliigalteeN faallaa yoo jiraate malee, gumaachi kaayyoo waldichaatiif barbaadamu galmaan ga'uuf shariikotni waldichaaf gosaa fi akaakuun taasisan hammi isaa walqixa ta'uu qaba.
- (4) hammi gumaachi akaakuu kan murtaa'u waliigaltee shariikotaatiin ta'a;
- (5) Tilmaamni buusii akaakuun kaffalame garmalee ol ka'ee yoo argame, shariikni gumaacheef garaagarummaa gatii qabatamaa fi tilmaamaa gidduu jiru maallaqaan kaffaluu qaba; Garaagarummaa jiru maallaqaan kaffaluu yoo dadhabe qoodni isaa tilmaama sirrii ta'e irratti kan hundaa'u ta'a.

Keewwata 187 Wabummaa

- 1) Tajaajila ogummaa osoo hin dabalatin shariikni gumaacha akaakuu kaffale akkaataa tumaalee kutaa seera hariiroo hawaasaa dirqama gurgurataatiin ta'uu qaba;
- 2) Buusiin kaffalame mirga qabeenyichatti fayyadamuu qofa yoo ta'e, shariikni gumaaticha kafale kaffale wabummaan isa irra jiru akkaataa tumaalee hariiroo hawaasaa kutaa waliigaltee kiraa dirqama kireessaa ilaallataniin ta'a;
- 3) Gumaachi taasifame mirga maallaqa fuudhuu yoo ta'e shariikni gumaacha taasise wabummaa isa irra jiru akkaataa tumaalee seera hariiroo hawaasaa kutaa waliigaltee liqaatiin dirqama liqeeffataa ilaallatiin kan durfamu ta'a.

Keewwatni 188 Balaa Ga'uu Danda'u

- 1) Gumaachi waldichaaf taasifame qabeenya yoo ta'e qabeenyicharra balaa gahuu malu akkaataa tumaalee seera hariiroo hawaasaa gurgurtaa ilaallataniin gara waldichaatti kan darbu ta'a
- 2) Gumaachi waldichaaf taasifame mirga qabeenyatti fayyadamuu qofa yoo ta'e balaa faayidaa qabeenyichaa irra gahuu malu balaan sun sababa waldichaatiin kan gahe yoo ta'e malee shariikichi gumaache itti gaafatamummaa ni qabaata.

Keewwata 189 Itti Gaafatamummaa Buusii Yeroon Kaffaluu Dhabuu

shariikni buusii waldichaa yeroon hin kaffalle guyyaa itti kafaluu qabu irraa eegalee waldichaaf dhala yookiin adabbii adabbii kaffaluu qaba.

Boqonnaa Sadii

Mirgaafi Dirqama Shariikota Waldichaa

Keewwata 190 Mirga Shariikota Waldichaa

Tokkoon tokkoon shariika waldichaa mirgoota armaan gadii qaba:

- 1) Walgahii waldichaa irratti hirmaachuu fi sagalee kennuuf;
- 2) Bu'aa waldichaa iraa gahee isaa qooddachuuf;
- 3) Hojimaata waldichaa ilaalchisee gaaffilee dhiyeessuuf, ibsa herregaa fi sanadoota ni ilaaluuf; yaadannoo fudhachuuf;
- 4) Yeroon turtii waldichaa waggaa tokkoo ol yoo ta'e dhuma waggaa waggaatiin gabaasa raawwii hojii akka dhiyaatu gaafachuuf;
- 5) Waldichi yoo diigame qooda qabeenya waldichaa irraa gahee isaa qooddachuufi
- 6) Mirgaa fi faayidaa kanneen biroo dambii hundeeffama waldichaa yookiin miseensummaa waldichaa irraa maddan argachuuf.

Keewwata 191 Dirqama Shariikota Waldichaa

- 1) Tokkoon tokkoon shariika waldichaa dirqama armaan gaditti tarreeffaman qaba:-
 - (a) Busii waldichaa yeroon kaffaluu;
 - (b) Kaayyoo waldichaa galmaan ga'uuf ciminaafi of eeggannoodhaan hojjechuu;
 - (c) Faayidaa dhuunfaaf yookiin qaama sadaffaaf jecha gochaa faayidaa waldichaa miidhu raawwachuu dhiisuu
 - (d) Idaa waldichaatiif itti gaafatamummaa waliinii fi dhuunfaa ni qabaata;
 - (e) Dirqamoota biroo Dambii Ittiin Bulmaataa fi miseensummaa waldichaa irraa maddan ni raawwata;
- 2) Namoonni waldicharraa maallaqa gaafatan waldichi idaa irra jiru akka kaffalu dursanii akeekkachiisa yoo kennan malee shariikota waldichaa gaafachuu hin danda'an. Haa ta'u malee, shariikonni bu'aan osoo hin jiraatiin gaheewwan akka bu'aatti maallaqa dhaabbaticha irraa kan argatan yoo ta'e, yeroo kamiyyuu shariikonni maallaqa argatan akka deebisan kallattiin gaafachuu ni danda'u.

Keewwata 192 Bu'uura Raabsa Bu'aafi Kasaaraa

- 1) Waliigalteen adda ta'e yoo jiraate malee tokkoon tokkoo miseensaa gosaafi gatiin buusii waldichaaf galii godhe maaliyyuu haa ta'u bu'aafi kasaaraa waldichaa irraa qoodama qixa ta'e qaba,
- 2) Waliigalteen taasifame qooddii bu'aa yookiin qooddii kasaaraa qofa kan ilaallatu yoo ta'e, murtiichi bu'aas ta'e kasaaraa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 193 Waa'ee Shariika Haaraa Seensisuu

Dambii hundeeffama waldichaa keessatti tumaan adda ta'e yoo jiraate malee shariika haaraa gara waldichaatti seensisuun kan danada'amu shariikonni waldichaa hundinuu yaa itti waliigalan qofa ta'a.

Keewwata 194 Gahee Waldichaa Miseensa Waldaa Kan Biraatti Dabarsuu

Dambii hundeeffama waldichaa keessatti tumaan adda ta'e yoo jiraate malee, shariikni tokko qooda isaa miseensa waldichaa kan birootiif dabarsuu ni danda'a.

Keewwata 195 Waa'ee Qooda Shariika Waldicha Keessaa Bahee Kaffaluu

- 1) Shariikni tokko gahee isaa miseensa birootiif yookiin qaama sadaffaadhaaf osoo hin dabarsiin waldicha keessaa yoo baheefi waldichi hojii isaa kan itti fufe yoo ta'e bu'uura waliigaltee miseensa waldichaatiin kanfaltiin murtaa'u ni kennamaaf,
- 2) Dhimma kana irratti walii galteen yoo hin jiraanne buusiin waldichatti galii taasifame qabu; idaawwan waldichaa erga kaffalee booda qabeenya hafee yookiin bu'aa kuufame keessaa qooda isaa fi hanga bu'aa hojiiwwan yeroo inni waldicha keessaa bahu adeemsifamaa turan irraa argamu tilmaama keessa galchuun shallagamee maallaqni kan kaffalamu ta'a.

Keewwata 196 Itti Gaafatamummaa Shariika Waldicha Gadhiise

Shariikni waldicha keessaa bahe idaa fi itti gaafatamummaa waldichi osoo inni keessaa hin bahiin dura seeneef itti gaafatamummaa waliinii fi dhuunfaa waldicha waliin ni qabaata. Haa ta'u malee, namoonni maallaqa waldichaa irraa gaafatan yoo hayyaman itti gaafatamummaankun nama bakka isaa bu'eetti darba.

Keewwata 197 Faayidaafi Mirga Gahee irraa Argamu Qaama Sadaffaatti Dabarsuu

- 1) Shariikni tokko hayyama shariikota biroo osoo hin gaafatiin qaamni sadaffaan qooda inni waldicha keessatti qabu irraa mirgaafi faayidaa argamu akka fayyadamu hayyamuu ni danda'a;
- 2) Waliigaltee qaamni sadaffaan mirgaa fi faayidaa qoodicha irraa argamu akka itti fayyadamu hayyamu waldicha hin dirqisiisu; akkasumas mirga miseensummaas hin goonfachiisu.

Boqonnaa Afur

Gaggeessummaa Waldichaa

Keewwata 198 Hoji Gaggeessaa Waldichaa

- 1) Waldichi hoji-gaggeessaa tokko yookiin tokkoo ol kan shariika waldichaa ta'an yookiin hin taaneen hoogganama;
- 2) Yeroo baay'inni Hoji gaggeessitootaa tokkoo ol ta'u gaheen hojii isaanii barreeffamaan ibsamuu qaba.

Keewwata 199 Aangoofi Hojii Hoji-Gaggeessaa

- 1) Hoji-gaggeessaan, kaayyoo waldichaa galmaan ga'uuf jecha, maqaa waldichaatiin hojii seera qabeessa ta'e kamiyyuu ni raawwata.
- 2) Waliigalteewwan aangoo Hoji-gaggeessaa daangessan qaama sadaffaa facisuuf(mormuuf) kan fayyadan; galmee daldalaa keessatti galmaa'uu isaanii yookiin qaamni sadaffaan gahee hojichaa kan beeku ta'uun yoo mirkanaa'eedha.
- 3) Yeroon turtii waldichaa waggaa tokkoo ol yoo ta'e, Hoji-gaggeessaan gabaasa hojii waldichaa dhuma waggaa tokkoo tokkoo irratti qopheessee shariikotaaf dhiyeessuu qaba.

Keewwata 200 Aangoo Hoji-gaggeessummaatti Garmalee Fayyadamuu

- 1) Hoji-gaggeessaan maqaa waldichaatiin faayidaa dhuunfaa isaaf kan hojjate yoo ta'e qaama sadaffaa fayyaalumaan Hoji-gaggeessicha waliin walitti dhufeenya uumaniif waldichi itti gaafatamummaa ni qabaata; Haa ta'u malee, qaamni sadaffaan kun Hoji-gaggeessaan maqaa waldichaa gar-malee akka fayyadame beekuun isaanii yoo mirkanaa'e, Hoji-gaggeessichi qoti itti gaafatamummaa qaba;
- 2) Hoji-gaggeessaan maqaa waldichaa osoo hin caqasiin qaama sadaffaa waliin waliigaltee yoo godhe dhimma dhuunfaa isaatiif akka raawwatetti fudhatama; Haa

ta’u malee, waliigalteen Hoji-gaggeessaan qaama sadaffaa waliin godhe faayidaa waldichaa yoo ta’e waldichi itti gaafatamummaa ni qabaata;

- 3) Hojii Hoji-gaggeessaan aangoo isaatiin ala hojjatu hundaaf itti gaafatamummaa kan waldichaa osoo hin taane, kan Hoji-gaggeessichaa qofa.

Keewwata 201 Waldichaa Waliin Waliigaltee Taasifamu

Hoji-gaggeessaan hayyama shariikota waldichaa hundaatuu yoo argate malee dhimma dhuunfaa isaatiif yookiin faayidaa qaama sadaffaatiif jecha waldicha waliin waliigaltee uumuu hin danda’u.

Keewwata 202 Dorgommii Dhorkuu

Hoji-gaggeessaan waldichaa kamiyyuu hayyama shariikota biroo malee hojii waldichaan hojii wal fakkaataa ofii isaatiif yookiin faayidaa qaama sadaffaaf raawwachuu hin danda’u; Akkasumas waldaa walfakkaataa itti gaafatamummaa waliinii fi dhuunfaa hordofsiisu keessatti shariika ta’uu hin danda’u.

Keewwata 203 Hoji-gaggeessummaa Irraa K’uu

- 1) Hoji-gaggeessaan miseensa waldichaa ta’ee dambii hundeeffamaatiin yookiin fooyya’iinsa dambiitiin muudame sirna hojimaata dambiin hundeeffamaa yookiin fooyya’iinsi isaa raggaasisuutiin Shariikotaan Hoji-gaggeessummaa irraa ka’uu ni danda’a;
- 2) Hoji-gaggeessaan miseensa waldichaa hin taane, akkasumas Hoji-gaggeessan miseensa waldichaa bu’uura keewwata kana keewwata xiqaa (1)tiin hin muudamne sagalee caalamaa Shariikotaatiin Hoji-gaggeessummaa irraa ka’uu ni danda’a;
- 3) Gaaffii shariikni kamiyyuu dhiyeessuun sababa gahaadhaan manni murtii Hoji-gaggeessaa Hoji-gaggeessummaa irraa ni kaasa.

Keewwata 204 Sirna waldichaa Murtii Itti Kennu

- 1) Dambii hundeeffama waldichaa jijjiiruuf yookiin abukaatoo muuduuf yookiin hojii waldichaa baramaan ala hojjachuuf hayyamni guutuun shariikota waldichaa ni barbaachisa;
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, Shariikonni sagalee caalmaan murtii dabarsuudhaaf waliigaluu ni danda’u;

Shariikonni waliigaltee akkasii kan hin qabne yoo ta'e, murtoon kan darbu sagalee guutuudhaan ta'a;

- 3) Waliigaltee adda ta'e yoo jiraate malee, tokkoon tokkoon shariika sagalee walqixa ni qabaatu.

Boqonnaa Shan

Diigamuu Waldaafi Herrega Qulqulleessuu

Keewwata 205 Sababoota Diigamuu Waldichaa

- 1) Tumaaleen waliigalaa Kitaaba kanaa akkuma eegamanitti ta'ee waldichi kan diigamu Sababoota armaan gadiitiin ta'a:
 - (a) Waldaan yeroo hin murtoofneef yookiin hanga umurii guutuu Shariika tokkoof kan hundeeffame yoo ta'e yookiin mirgi waldicha diiguu dambii hundeeffama keessatti kan caqafame yoo ta'e, shariikni kamiyyuu fayyaalummaadhaan beeksisa dursaa ji'a jaha kennuudhaan waldichi akka diigamu yoo gaafate;
 - (b) Shariikota waldichaa keessaa tokko sababa miidhaa qaamaatiin yookiin dhukkubaan yookiin sababa biroo kamiinuu hojii waldichaa raawwachuu kan hin dandeenye yoo ta'e;
 - (c) Shariikota waldichaa gidduutti wal-dhabdeen waliin hojjechuuf hin dandeesiifne yoo uumame;
 - (d) Shariikota waldichaa keessaa tokko yommuu du'u yookiin kasaaraan isaa murtiin yoo labsame yookiin shariika ta'uuf dandeettii yoo dhabe;
 - (e) Shariika waldichaa irraa maallaqa dhuunfaa gaafattoonni qooda inni qabu guutuu yoo fudhatan yookiin qooda hafeen akka itti fufuuf shariikonni waldichaa kanneen biroo yoo itti walii hin galle;
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, sababoota armaan gadiitiin waldichi osoo hin diigamin itti fufuu ni danda'a:-
 - (a) Shariikota keessaa tokko gaaffii waldichi akka diigamu yoo dhiyeessufi Shariikonni hafan qooda shariikaa kaffaluun waldichi akka itti fufuuf yoo waliigalan; ykn
 - (b) Shariika du'eef dhaaltonni yookiin shariika dandeettii dhabeef eegduun yookiin shariika kasaareef eegduun qabeenyaa qooda du'aa yookiin shariika dandeetti

dhabee yookiin kasaaree kafaluun waldichi akka itti fufu waliigaltee irra yoo gahame.

Keewwata 206 Adeemsa Waldicha Diiguu Keessatti Aangoofi Gahee Hojii Hoji-Gaggeessitootaa

- 1) Hoji-gaggeessitoonni waldicha diiguuf Ooditarri hanga muudamutti angoo qaban akkuma qabatanitti turu; Haa ta'u malee waldichi akka diigamu erga murtaa'e booda hojii haarawa jalqabuu hin danda'an;
- 2) Hoji-gaggeessitoonni qabeenya waldichaa fi sanadoota barbaachisoo ta'an kamiyyuu odiitarootaaf dabarsuu fi hojii hanga guyyaa wal-harkaa fuudhiinsaatti hojjetan ibsuu qabu;
- 3) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jiraatus ooditarri kan gaafate yoo ta'e hojiin herrega waldichaa qulqulleessuu erga calqabee booda hojii bulchiinsaa diigamuu waldicha xummuruuf barbaachisan qofa raawwata.

Keewwata 207 Muudama Oodiitarootaa

- 1) Waldicha diiguuf herregni xumuraa odiitara tokkoon yookiin tokkoo ol dambii hundeeffamaatiin ramadamaniin yookiin waliigaltee guutuu Shariikota waldichaatiin odiitii ni taasifama;
- 2) Shariikonni waldichaa yoo walii hin galle manni murtii odiitara tokko yookiin tokkoo ol ni muuda.

Keewwata 208 Aangoo fi Gahee Hojii Oodiitarootaa

- 1) Oodiitaroonni herrega xumuraa waldichaa akka qulqullaa'u hojiiwwan barbaachisaa hunda ni raawwatu. Aangoo fi hojiin isaanii kanneen armaan gadii ni dabalata:
 - (a) Hojiiwwan jalqabaman xumuruuf,
 - (b) Ibsa qabeenyaafi idaa waldichaa qopheessuuf, .
 - (c) Herrega waldichaa walitti qabuuf; Qabeenya waldichaa gurguruuf; idaa waldichaa qabeenya waldichaa irraa yookiin akkuma barbaachisummaa isaatti maallaqa biroo Shariikota irraa walitti qabe kaffaluuf;
 - (d) Maqaa waldichaatiin Mana Murtii, qaamolee bulchiinsaa yookiin murtii araaraa keessatti falmuu fi dhimmoota xummursiisuuf
 - (e) Qabeenya waldichaa Shariikotaaf ni qooduuf;

- (f) Waldicha diiguuf hojiiwwan biroo barbaachisoo ta'an raawwachuu;
- 2) Tumaalee seera kanaa itti gaafatamummaa Hoji-gaggeessitoota ilaalchisee tumaman ooditaroota irrattis raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 209 Haala Odiitarri Ittin Haqamuu

Odiitaroonni waliigaltee guutuu Shariikotaatiin yookiin gaaffii shariikni tokko mana murtiitti dhiyeessuun haqamuu danda'u.

Keewwata 210 Waa'ee Buusii Deebisuu

- 1) Yeroo waldichi diigamu, idaan waldichaa erga kaffalamee booda tokkoon tokkoo shariikaatiif buusiin kaffalan ni deebi'a.
- 2) Shariika waldichi akka itti fayyadamuuf qofa Buusii akaakuun galii taasise yeroo waldichi diigamu gumaachi akaakuun taasifame ni deebi'aaf;
- 3) Shariika qabeenya waldichaa akka ta'uuf buusii akaakuun galii taasise yeroo waldichi diigamu buusii akaakuun galii taasise deebisee fudhachuu hin danda'u; Haa ta'u malee, tilmaama mallaqaa yeroo buusii akaakuu galii taasisu argachuuf mirga qaba;
- 4) Miseensi tajaajila akka buusiitti dhiheesse tilmaama yeroo tajaajila kennutiin tajaajilli kenne mallaqaan shallagamee ni deebi'aaf.

Keewwata 211 Haala Qooddii Bu'aafi Kasaaraa

- 1) Idaan waldichaa erga kaffalamee fi buusii tokkoon tokkoon shariika kaffale erga deebi'ee booda bu'aan yoo jiraate miseensotaaf ni qoodama.
- 2) Idaafi baasiiwwan waldichaa erga kaffalamanii booda mallaqni waldichaa buusii shariikotaaf deebi'u kafaluuf gahaa yoo hin taane kasaaraan shariikotaaf qoodama,
- 3) Dambii Ittiin Bulmaataatiin haalli kafaltii biroo yoo murtaa'e malee bu'aa fi kasaaraan shariikota gidduutti walqixa qoodama.

Mata Duree Sadii

Waldaa Shariikotaa Itti Gaafatamummaa Gosa Lama Qabu

Keewwata 212 Hiika

Waldaa shariikotaa itti gaafatamummaa gosa lama qabu jechuun itti gaafatamummaa miseensota waldichaa adda addaa kan ta'e

jechaudha.Shariikotniitti gaafatamuummaan isaanii hin murtoofne dirqama waldichaaf hunda waldicha waliin waloofi qeenxeen itti gaafatamummaa kan qabaatan ta'e sariikotni itti gaafatamuummaan isaani murtaa'e ammo hanga buusii taasiissuuf waadaa seenanin dirqama waldichaaf itti gaafatamaa kan ta'anii dha.

Keewwata 213 Maqaa Waldichaa

- 1) Waldaan itti gaafatamummaa gosa lama qabu maqaa waldaa ni qabaata;
- 2) Maqaan waldichaa yoo xiqqaate maqaa shariikotaa itti gaafatamummaa hin qabne lama of keessaa kan qabaatu ta'e .maqaa shariikoota booda "waldaa shariikotaa itti gaafatamummaa gosa lama qabu" jadhamee barreeffamuu qaba;
- 3) Dhaabbanni itti gaafatamuummaan isaa murtaa'e maqaan isaa maqaa waldichaa keessatti akka hangatamukan hayyame yoo ta'esababa qaamni sadaffaan fayyaalummaa gaariin hariiro waldicha waliin qabaniin hanga dirqama waldichaa dhufuuf, isaanisakkaatuma shariikota itti gaafatamuummaan isaanii hin murtoofne waliin waldichaaf waloo qeenxeen itti gaafatamaa ta'u.

Keewwata 214 Barreeffama Huundeeffama Waldichaa

Barreeffamni hundeeffama waldichaa dhimmoota Labsii kana keewwata 185 jalatti tarreeffaman dabalataan maqaan shariikaa itti gaafatamuummaan isaanii murtaa'eefi ittigaafatamuummaan isaani hinmurtoofne adda baase qabachu qaba.

Keewwata 215 Buusii Waldichaa

- 1) Buusii ilaalchisee tumaaleen Labsii kana keewwata 186 jalatti tumaman raawwatiinsa ni qabaatu;
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame jiraatus waldaanitti gaafatamuummaan isaa murtaa'eshariikonni gumaacha ogummaa gumaachuu hin danda'an.

Keewwata 216 Mirgaa Fi Dirqama Shariikotaa Itti Gaafatamuummaan Isaanii

Hin Murttoofne

- 1) Labsii kana keessatti tumaaleen mirgootaa fi dirqama waldaa shariikotaa ilaalatan shariikota itti gaafatamummaan isaanii hin murtoofne irratti raawwattiinsa ni qabaatu;
- 2) Barreeffama huundeeffama keessattiyookiin murteeshariikotaatiin hojii gaggeessaan sharika waldichaa hin taane yoo muudamemalee hojii gaggeessaa ta'u kan dandaa'anshariikotawaldaa itti gaafatamummaan isaanii hin murtoofne dha.

Keewwata 217 Walitti Buu'insa Faayidaa

Sharikonni waldichaa kanneen biroo yoo hayyaman malee shariikini itti gaafatamummaan isaa murtaa'e hojii waldichi ofii isaatiif yookiin qaama sadaffaaf hojjatu raawwachuu akkasumas waliin ta'uun itti gaafatamaa kan biraa kaayyoo walfakkaataa qabu keessatti Miseensa waldichaa ta'uu hin danda'u.

Keewwata 218 Mirgaa Fi Dirqama shariikotaa Waldaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

- 1) Waldicha irraa gaafatooni maallaqaa shariikota itti gaafatamummaan isaani murtaa'e buusii waldichaaf kaffalan galii akka taasiisan gaafachuu ni danda'u.
- 2) Shariikota itti gaafatamummaan isaani murtaa'e waldicha akkaataa herraga baalansii mirkanaa'een fayyaalummaa gaariin Bu'aa (dividend) argatan deebisuuf hin dirqaman.
- 3) shariikonni waldaa itti gaafatamummaan isaaanii murtaa'e waldicha bakka bu'ummaan yookiin haala biraa kamiinuu hojii gaggeessaa waldichaa ta'uu hin danda'an; hojii gaggeessaan shariikotaa waldaa shariikotaa itti gaafatamummaan isaa hin murtoofnedhorkaa kana darbe dirqama sababahojii irraa maddanwaldaa shariikotaa itti gaafatamummaan isanii hin murtoofne waliin waloo qeenxeen itti gaafatamummaa ta'a; dhorkaan kun Yeroo barbaachisaa ta'etti sababa baay'ina yeroo dabarfamee fi ulfaatina

dhimmichaa irraa kan ka'edirqama waldichaa hundaaf yookiin dirqama waldichaa murtaa'eef qofaaf Waldicha waliinis ta'ee qeenxeetti itti gaafatamaa dha jadhame murtaa'u ni danda'a;

- 4) shariikoni waldaa itti gaafatamummaan isaani murtaa'e hojiiwwan armaan gadii yoo raawwatan akka hojii gaggeessa ta'anii hojjetanitti hin lakka'amu:
 - (a) waldicha keessatti marii gaggeeffamuu irratti hirmaachuu;
 - (b) Waldicha waliin dirqama seenuu;
 - (c) hojii hojii gaggeessaa to'achuu;
 - (d) Waldichaaf yaadaafi gorsa kennu;
 - (e) hojii gaggeesiitoni aangoo isaanii ol ta'anii akka hojjetan hayyamuu.
- 5) Shariikotni itti gaafatamummaan isaani murtaa'e hojii gageessaatii n ala qacaramanihojjechuu ni danda'u.
- 6) Waliigaltee faallaan jiraatus shariikotawaldaa itti gaafatamummaan isaanimurtaa'e waa'eeadeemsa waldichaa gaaffiii dhiyyeessu, sanadootaafi ibsa faayinaansii ilaaluufi yaadannoo fudhachuuf mirga qabu.
- 7) Waliigalteen faallaan yoo jiraates shariikni waldaaitti gaafatamummaan isaani murtaa'e du'u, kasaaru, dandeetti dhabuufisababoonni walfakkaatan waldichi akka diigamuuf sababa ta'uu hin danda'an.

Keewwata 219 Aksiyoona Dabarssu

- 1) shariikotaitti gaafatamummaan isaani hin murtoofne hundaafi shariikota itti gaafatamummaa isaani murtaa'e caalaan yoo walii galan malee qooda waldichaa qaama sadaffaaf dabarsunhin danda'amu;
- 2) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame jiraatus barreeffama hundeeffama waldichaa keessatti shariikonisagalee adda ta'e qabaachuu akka qabu irratti walii galuu ni danda'u;
- 3) Maallaqa gaafatoni waldichaa yoo hayyaman malee shariikni itti gaafatamummaan isaani hin murtoofne qooda isaa dabarsuun dura liqaa waldichaa waliin walqabatanii jiranbuufachuuf hin danda'u.

Keewwata 220 Tumaaleen Seera Kanaaf Raawwatiinsa Qabaatan

Tumaaleen armaan olitti ibsaman akkuma eggamanitti ta'e seerakana keewwata 187 hanga 211 jalatti tumaaleentumaman waldaa shariikotaa itti gaafatamummaa gosa lama qabanirratti akkaataa barbaachisummaa isaatti raawwatiinsa ni qabaatu.

Mata Duree Afur

Waldaa Shariikotaa Itti Gaafatamummaan Isaani Murtaa'e

Keewwata 221 Hiika

- 1) Waldaa shariikaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e jechuun namoota lamaa fi isaa ol ta'an ogumaafi ogumichaaf tajaajila deeggarsaa kennuuf kan hundeeffameitti gaafatamummaan miseensoonni isaahanga busii isaaniitiin kan daanga'e waldaa daldalaa.
- 2) Kaayyoo waldaa kanaatiif "tajaajila ogummaa" jechuun buu'ura hayyama tajaajila ogummaatiin tajaajila kennamu dha.
- 3) Tajaajila deeggarsa ogummaa jechuun Ogummaawwan tokko yookiin tokkoo ol waliin kan walqabatu fi tajaajila ogummaa kennuudhaaf barbaachisaa ta'e dha.

Keewwata 222 Amala Waldichaa

- 1) Waldichi shariikota isaa irraa qaama seeraa adda ta'e niqaba;
- 2) Du'a shariikotaa, kasaaraa, waldaa keessaa bahuu yookiin tarkaanfii jijjiirama biroo shariikotaa irratti raawwatamu kamiyyuu mirga yookiin dirqama waldichaa irratti dhiibbaa hin qabaatu.

Keewwata 223. Maqaa Waldichaa

Waldaa shariikotaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e kan dantaa daldalaa yookiin waldaa biroo waliin wal hin faallessine; Waldaalee mirga qaama sadaffaa hin tuqnee fi kaayyoo hundeeffama isaanii ibsu maqaa miseensoonni isaa moggaasuni qabaata;

xumura maqichaa irrattigaaleen"Ittigaafatamummaan isaa murtaa'e."itti dabalamu qaba.

Keewwata 224 shariikotaWaldichaa

- 1) Shariika waldichaata'u kan danda'an tajaajila ogummaa kennuuf ogeesota qaamarogummaa qabu irraa tajaajila ogummaa waldichaaf kennuudhaaf ogeesota hayyama kennameef yookiin yookiin tajaajila waldicha waliin walfakkaatu yookiin walqabatu kennan waldaalee sharikota itti gaafatamummaan isaa murtaa'e dha.
- 2) Hojii gaggeessaan waldichaaOgummaa waldichaaf tajaajila itti kennu keessatti hayyama ogummaa kan qabunama uumamaa ta'uu qaba.

Keewwata225 Qabiyyee Barreeffama Hundeeffamaa

Barreeffamnii hundeeffama waldichaa seera kana keewwata 185 jalatti tarreeffaman dabalatee gosa ogummaa fi lakkoofsa hayyamaa tokkootokkon shariika tajaajila ogummaa kennu qabachuu qaba.

Keewwata 226 BuusiiWaldichaa

Buusii waldaa kanaaf taasifamu ilaalchisee tumaaleen seera kana keewwata 186 akkaataabarbaachisummaa isaattiraawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 227Waliitti Bu'iinsa Faayidaa

Ogummaa ilaalchisee seerota rogummaa qabanakkuma eeggamaniitti ta'ee, shariikni kamiyyuu hojii waldichi ofii isaatiif yookiinqaama sadaffaaf hojjatu raawwachuu yookiin miseensota waldichaa waldaa kaayyoo walfakkaatuuf hundeeffame keessatti shariikata'uu kan danda'usharikoonni hundiinu yoo walii galan qofa dha.

Keewwata 228 Daangaa Itti Gaafatamummaa Waldichaa

- 1) shariikni yookiin hojjataan isaa hojii waldichaa yeroo raawwatuitti yaadee Yookiin gochaa gawamsuu raawwatuutiinyookiin dagannoon badii raawwatuufyookiin miidhaa geesiisuuf hojjataa yookiin shariika miidhaa geesiise waliin waldiichiwaliiinii fi qenxeenkan itti gaafatamu ta'a.

- 2) Namni miidhaan irra gahe shariika yookiin hojjataa miidhaa geesise hojicha raawwachuuf itti gaafatamummaan akka hin kennamnee yoo beekewaldichi itti gaafatamaa hin ta'u.
- 3) Keewwata kana keewwataxiqqaa (1) fi (2) tiin alattiwaliigalteedhaanyookiin haala biraa kamiinuu waldichi dirqama dhufuuf waldichi itti gaafatamummaa ni qabaata;
- 4) Badii ogummaa shariikotaayookiin hojjattoota waldichaa raawwataniif miidhaa ga'eef uwwisa inshuraansii qabaachuu qaba; hangii isaas qaama roguummaa qabuun ni murta'a.

Keewwata 229 Haala Sharikni Waldaa Keessaa Itti Bahu

- 1) shariikni tokkoo waldicha keessaa bahu kan danda'usababota armaan gadiitiin ta'a:
 - (a) barreeffama hundeeffamaatiin haala addaatiinyoo ibsamen ala fedhii isaatiin; beeksisa baatii sadii dursanii barreeffamaan Waldichaaf kennuudhaan;
 - (b) Yeroo du'u yookiin qaama qaaamni namummaa seeraan qabu yeroo ta'utti yeroo diigamu;
 - (c) Maallaqa Gaafattootadhuunfaa qooda jiru hunda fudhatanii yeroo gurguruchiisanyookiin murtiin kasaaraa shariikichairratti yeroo murtaa'u;
 - (d) Hayyamni ogummaa shariikichaayeroo haqamu yookiin waliigaltee faallaa ta'e yoo jiraate malee hayyamni ogummaa yeroo dheeraaf yeroo dhorkamu;
 - (e) Sababa dhukkuba yookiin qaama miidhamummaatiin yookiin sababa biroo kamiinuu dirqama akka shariikata'ee idirqama shariikummaa itti fuufiinsaan qabu ba'uuf yeroo isa hin dandeessisne; yookiin
 - (f) Sababa gahaatiin Manni Murtii waldicha keessaa akka bahu yeroo murteessu.
- 2) Akeekkachiisa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (a) jalatti ibsame osoo hin kennin shariika waldicha keessaa bahumiidhaa waldicharra ga'uuf itti gaafatamaa ta'a;
- 3) Shariikni tokko waldicha keessaa bahuun duraqaama sadaffaaf idaa qabuufi ittii gaafatamummaan waldiicha keessaa bahuu isaatiin hafa hin ta'u;

- 4) Shariikinitokko waldicha keessaa yoo bahe sharikichii bahuu isaa galmee waldichii itti galmaa'e galmee dadalaa keessatti galchuu qaba.

Keewwata 230 Qooda ShariikaWaldicha Keessaa Bahe

- 1) shariikni tokko qooda isaamiseensa waldaa biroon yookiin qaama sadaffaa miseensoota waldichaattii fudhatama argateen osoo hin dabarsiin sababa du'a, dhukkubaan,yookiin kasaaraan yoookiin sababa biroon kamiinu waldicha keessaa kan baheyoo ta'eisa bakka bu'e nama mirga qooda isaa gaafachuu qabuuf qoodnii isaa shallagamemaallaqaan ni keennamaaf;nama du'eetti yookiin nama bahetti bakka buu'ungaaffiin miseensa waldichaa ta;uu fudhatama hin qabaatu.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin gatiin qoodaa yammushallagamu shariikni bahee waldicha keessaa buusiin galii taasiifame idaan waldichaa erga kaffalame booda qabeenya hafuu irraa yookiin bu'a kuufame keessaa qooda inni qabuufi yeroo inni bahu bu'a hojiiwwan hojjataman tilmaama, keessa kan galche ta'u qaba.

Keewwata 231.Akkaataa Waldichi Murtii Itti Kennu

- 1) Barreeffama hundeeffama waldichaa keessatti haala biraatiin yoo waliigalame malee barreeffama hundeeffamaa fooyyessuuf miseensoota waldichaa harka sadii keessaa lama (2/3) hayyamuu qabu; Murtiinbiraa kamiyyuu sagalee caalmaandeeggarsii taasiifamu ni danda'a;
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, lammummaa waldichaa jijjiiruuf yookiin murtiin damee hojii jijjiiruuf kennamu miseensota waldichaa keessaa harka afur keessaa harki sadii(3/4)n deeggaramu qaba.

Keewwata 132 Sababota Waldichi Itti Diigamu

- 1) Seera kana keewwata 181 jalatti tumaaleen waliigalaa waldaa daldalaa diiguuf tumaman akkuma eeggamaniitti ta'e lakkoofsii sharikota gara nama tokkootti

gadi buu'ufi ji'ota jaha keessatti shariika biroo bakka buusuun osoohindanda'amiin yoo hafe waldichi akka diigamuufi hereegni akka qoratamu taasiifamu qaba.

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus yeroon ji'a jahaa osoo hindarbiin duraWaldicha keessatti shariiknihafe gaaffii yeroo dhiyeessuufibarbaachisaa ta'ee yeroo argu qaamnigalmeessaa waldaa daldalaa yeroo ji'a jaha keessaatti ji'a sadiif akkadheereffamuu hayyamuu ni danda'a.
- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tumameen yoo ta'e male shariikini lakkoofsi misensi waldichaa lamaa gadiitti hirachuu beeku waldichii akkaataa kanaatiin hojichi ji'a jaha ol akka itti fufuu taasiise idaa waldichaafi dirqama itti gafatamummaa waldicha waliin waloo fi qenxeen itti gaafatamaa ta'u.

Keewwata233 Tumaalee Seera Kana Raawwatiinsa Qabaatan

Tumaaleen asiin olitti ibsaman akkuma jirutti ta'e seera kana keewwata 187 hanga 211 jalatti tumaaleen tumaman waldaa shariikaa ittii gaafatamummaan isaa murtaa'eefis akkaataa barbaachiisummaa isatti raawwatiinsa ni qabaata.

Mata Duree Shan

Waldaa Shariikaa Dhoksaa

Keewwata 234 Hiika

Waldaa shariika dhoksaa jechuun Garee namoota lamaa fi isaa ol ta'an gidduu isaanittibu'uura waligaltee taasiisaniin kan hundeessan qaama sadaffaatti kan hin beekamne waldaa daldalaa qaama seerummaa hin qabneedha.Tumaaleen waldaalee daldalaa biroof sirni galmessaa waldaa kana irratti raawwatiinsa hinqabaatan.

Keewwata 235 Waldichi QaamooleeSadaffaatiin Beekamu

Jiraachuun waldichaa qaama biraatiin yeroo bekamee irraa eegalee waldichii qaamoolee kana waliin hariiroon taasiisuu akka waldaa gamtaa shariikaatti ni lakkaa'ama.

Keewwata 236Waa'ee BuusiiWaldichaa

- 1) Buusii ilaalchisee tumaaleen seera kana keewwata 186 jalatti tumaman Waldaa shaarika dhoksaa irrattis raawwatiinsa ni qabaatu.
- 2) Waliigaltee haala biraatiin taasiifame yoo hin jiraatiin malee tokkoon tokkoon shariikaa buusii kaffalef abbummaa isaa qabate ni tura.

Keewwata 237 Qooda Dabarssuu

Waliigalten haala biraatiin taasiifame yoo jiraate malee qooda waldicha jiru dabarsuun kan danda'amu shariikoonihundumtu yoo waliigalanii qofa dha.

Keewwata 238 Hojii Gaggeessaa Waldichaa

- 1) Waldichi shariikaan yookiin shariika hin taaneen hojii gaggeessaa tokko yookiin tokkoo olitiin ni gaggeeffama.
- 2) Hojii gaggeessaan yoo hin mudamne shariikooni hundi aangoo hojii gaggeessuummaa niqabaatu.

Keewwata 239 Aangoo Fi Hojii Hojii Gaggeessaa Waldichaa

- 1) Aangoofi hojiin hojii gaggeessa waldichaa waliigalte miseensoota waldichaa giddutti taasiifamuun murtaa'a; ta'uus waliigalteen kun qaama sadaffaa irratti mormii ta'u hin danda'u.
- 2) Hojii gaggeesichi hojii waldichaa dirqama sharikotaaf ibsu qaba. waliigalteen dirqama kana haambbisu kamiyyuu filatama hin qabu.
- 3) Shariikonni waldichaa hojii hojii gaggeessaa to'achuu ni danda'u.

Keewwata 240 Hojii Gaggeessaa Waldichaa Haquu

Hojii gaggeessaan shariika waldichaa ta'e sababa gahaatiin aangoo irraa haqamuu ni danda'a.

Keewwata 241 Waldicha Qaama Sadaffaa Waliin Walitti Dhufeenya Qabu

- 1) Qaama sadaffaatiin kan beekamu hojii gaggeessaa waldichaa qofa dha; idaafi dirqamoota Waldichaaf itti gaafatamummaa kan qabu isa qofaadha;

- 2) Shariikni hojii gaggeessaa hin taane idaa waldichaaf hojii gaggeessaaf itti gaafatamaa kan ta'u miseensoota waldichaagiddutti waliigaltee taasiifameen hanga murtaa'een qofa dha.
- 3) Sharikni hojii gaggeessaahin taane hojiibulchiinsa waldichaa keessatti kan hirmaate yoo ta'e qaama sadaffaa hojii gaggeessaa waliin waloo qenxeenitti gaafatamummaa qaba.
- 4) Sharikni waldaa kamiyyuu qaama sadaffaa waliin walqunamtii taasiisuu kan danda'u maqaa isaatiin qofa dha.

Keewwata 242 Sababoota Waldiicha Diigan

- 1) Tumaalee waliigalaahaala diigamuu waldaalee daldalaa ilaallatan akkuma eeggamaniitti ta'e waldichii kan diigamu sababota armaan gadiitiin ta'a:
 - (a) shariikonni sagalee guutuun waldichi akka diigamuuyoo waliigalan;
 - (b) Waldichi yeroo hin murtoofneef kan hundeeffame yoo ta'e shariikotakeessaa tokko gaaffii haadigamuuwaldichaaf kan dhiyeesse yoo ta'e;
 - (c) Qoodni waldichaa hundi miseensa tokkoon kan qabame yoo ta'e;
 - (d) Waldichi akka itti fufu kan taasisu waliigaltee biraan yoo jiraate malee shariikota waldichaa keessaa tokko yoo du'e yookiin kan kasaaree yookiin dandeettii kandhabe yoo ta'e;
 - (e) waliigaltee miseensota gidduutti taasifameen hojii gaggeessaa waldichaaf aangoo waldicha Diiguuf kan kennameef yoo ta'e hojii gaggeessaan waldichi akka diigamuu yoo murteesse;
- 2) Waliigalteenhaala biraatiin taasiifame kamiyyuu tumaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) raawwii isaa kan hambiissuu hin ta'u.

Keewwata 243 Shariika Waldaa Keessaa Baasu

- 1) Badii shariika tokkootiin waldichi akka diigamuuf iyyanni mana murtiif yeroo dhiyaatu shariikkonibiroo waldichi akka hin diigamne yeroo gaafatan Manni

Murtichaa waldichi akka hin diigamnemuurteessuu iraa shariika balleessaa raawwate waldicha keessaa akka bahuufi waldichii akka itti fuufu ajajuu ni danda'a;

- 2) Sababni shariikini tokko waldaa keessaabahu waliigalte miseensoota gidduutti Waliigalteedhaan murteessuuf ni danda'amaa;
- 3) Shariikni waldaa keessa akka bahu taasiifame qooda yeroo bahutti qabu akka kaffalamuuf mirga gaaffachuu qaba.

Keewwata 244 Tumaalee Seera Kanaa Raawwatiinsa Qabaatan

Tuumaaleen armaan olitti mata duree kana jalatti tarreeffaman akkuma eeggamanitti ta'e ee waldaa shariika gamtaatiif tumaaleen tumaman akkaataa barbaachiisummaa isaatti waldaa shariikummaa dhoksaa irratti raawwatamaa ta'u.

Mata Duree Jaha

Waldaa Aksiyyoonaa

Boqonnaa Tokko

Tuumaalee Waliigalaa

Keewwata 245 Hiika

- 1) Waldaa aksiyyoonaa jechuun maallaqnihaadhoo yookiin kaappitaalli isaadurseemurtaa'ee aksiyyoonaan kan qoqodameefi itti gaafatamummaan isaa qabeenya waldichaatiin waldaa daangeffame dha.
- 2) Ittigaafatamummaan abbootii aksiyyoonaa buusii waldichaaf waadaa galan kaffaluudhaanqofaan daangeffama.

Keewwata 246 Maqaa waldichaa

Waldaan aksiyyoonaa maqaa ittiin waamamu ni qabaata; Faayidaa daldalaa ykn waldaa biroo waliinhanga walitti hin buneefi mirga qaamoolee waldaa biroo hanga hin xuqneettimaqaan waldaan itti waamamu waliigaltee miseensota waldichaatiin

murta'a; xumura maqaa waldichaa irrattigaaleen ``waldaa aksiyoona``jadhu itti dabalamuu qaba.

Keewwata 247 Gatii Xiqqaa Maallaqa Haadhoo Fi Gatii Aksiyoona Irratti

Barreeffamu

- 1) Seera biraatiin hala addaatiin yoo tumame malee maallaqni haadhoo yookiin kaapiitaali waldichaa maallaqa Itiyoophiyaatiinkuma shantamaa gadi ta'u hin danda'u.
- 2) Gatiin tokkoon tokkoon aksiyoona irratti barreeffamu maallaqa dhibba tokkoo gadi ta'uu hin danda'u.

Keewwata 248 Gurmeessa MiseensootaWaldaa Aksiyooniin Isaa Ummataaf

Banaa Ta'e

- 1) Gurmeessa jechuun waldaa aksiyooniin isaa ummataaf banaa ta'e hundeessuufkakaase, ibsa qopheesseenamoonni waldichatti akka makaman kan affeereyookiin walumaa galatti huundeeffama waldichaa sababa godhachuun kanuma raawwachiisuuf kan socha'eefi waldichi kan hin huunddeeffamne yoo ta'ee miidhaa dhufuuf nama ittii gaafatamummaa fudhatu dha; buu'ura waliigaltee gurmmeessaa waliin taasiiseen kaffaltii argachuuf huundeeffama waldichaaf qorannoo barbaachiisaa ta'e,deeggarsa oguummaafi tajaajila kana fakkaatan biroo ogeessadhiyeesse gurmeessaa miti.
- 2) Waldaa aksiyoona nama uumamaa tokkoo fi isaa ol ta'een yookiin Namoota qaama seeruummaa qabaniin gurmaa'uu ni danda'a; gurmeessaanabbaa aksiyoona ta'uuf dirqama hin qabu;
- 3) Lakkoofsi miseensota waldaa aksiyoona abbootii aksiyoona shaniigadi ta'uu hin qabu.

Keewwata 249 Gurmeessuuf gahaa ta'u Dhabu

Gurmeessaa waldaa daldalaatiin, daayireektaraatiin,hojii gaggeessuummaattiin, to'atuummaatiin, editerummaatiin yookiin gaggeessuummaa birootiin walqabate

haala biroo kaminuu amantaa hirrisuutiin, hannaan, wanbadummaan yookiin yakka walfakkaatuun balleessuummaan isaa namni mirkanaa'e waldaa aksiyooniin isaa ummataaf banaa ta'eettii gurmeessaa ta'uu hin danda'u.

Keewwata 250 Itti Gaafatamummaa Gurmeesitotaa

- 1) Gurmeesiitonni Dhimoota armaan gaditti tarreeffamaniifnamoota waliigalaniif, abbaa aksiyoonaatii fiqaama sadaffaafwaloo qenxeen itti gaafatamummaa niqabaatu.namoota qindeessitoonni waliigaltee irra ga'aniif; Abbootii aksiyoonaa fi qaama sadaffaaf waliinii fi qeenxeen itti gaafatamummaa qabu:
 - (a) Dirqama waldicha hundeessuuf seenaniif;
 - (b) Maallaqni haadhoo waldichaa hundii mallataa'uufi maallaqnii haadhoo kaffalamee maqaa waldichaatiin galii ta'u isaa;
 - (c) buusiin waldichaaf gosaan kaffalame bu'uura seera kanakeewwata 257tiin kan tilmaaman ta'uu isaa;
 - (d) Waldicha hundeessuuf ibsi ummataaf dhiyaate sirrii ta'uu isaa;
 - (e) Adeemsi hundeeffama waldichaa hojimaata seeraa hordofuuisaa;
 - (f) Adeemsi hundeeffama waldichaa odiitaraan qoratamuu isaa;
 - (g) Sababa waldichi hundeeffamuu dhabuu isaatiin buusiin isaan kaffalan isaaniif akka deebi'uuf gaafataniif namooni aksiyoona bituuf mallateessan bu'uura seera kanaatiin maallaqa isaanii dhala waliin deebiisuuf; fi
 - (h) Dhimoota adeemsa huundeeffama ilaallatan biroo hundaaf.
- 2) Bu'uura tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin, guremeesitoota irratti himata itti gaafatamummaa irratti dhiyaatu himata itti gaafatamummaa miidhamaan miidhaa isaafi miidhaa gaheef nama itti gaafatamaa ta'eef guyyaa beekke irraa egalee hanga waggaa shanittiyoo hin dhiyeesine daangaa yerootiin ni dhorkama .haala biiraa kamiyyuu keessatti Himannaan guyyaa miidhaan irra gahe irraa eegalee waggaa kudhan keessatti yoo hin dhiyaanne daangaa yerootiin nidhorkama.

Keewwata 251 Waldicha Huundeessuuf Dirqamota Galamaniifi Baasii Taasiifaman

- 1) Dirqamota gurmeesitoonni adeemsa hundeeffama waldichaa keessatti galan yookiin baasii baasan hundeeffama waldichaaf barbaachisaayoo ta'an yookiinyaa'ii waliigalaa mallatteessitootaatiin yoo mirkanaa'e gara waldichaatti ni dabarfama.
- 2) Waldaan kun sababa kamiinuu yoo hin hundeeffamnegurmesitonnidirqama seenaniifi baasii baasaniif namoota aksiiyoona bituuf mallateessan ittii gafatamummaa hin qaban.

Keewwata 252 Hundeessitoota Waldichaa

- 1) Namoonni murtaa'anosoo ummataaf waamicha hin taasisiin tuumaalee seera kanaa hundeeffama waldaa ilaallatanguutuun gidduu isaaniitti waldaa aksiiyoonaa hundeessuu ni danda'u.
- 2) Seera birootiin lakkoofsii adda ta'e yoo murtaa'e malee lakkoofsi hundeesitoonni waldaa aksiiyoonaa yoo xiqqaate shan ta'u qaba.
- 3) Seera kana keewwata 250 Keewwata Xiqqaa 1(a), (b), (c), (e), (f) fi (h) jalatti tumaman Dirqamni gurmestootaa akkaataa barbaachisummaa isaatti hundeesitoota irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 253. Faayidaa Addaa Gurmeessitootaa

- 1) Gurmeessitoonni yeroo waldichi bu'aa argachuu eegale irraa kaasee bu'aa qulqulluu waldicha irraa dhibba keessaa digdama Faayidaa addaa yeroo waggaa sadii hin caalleef kaffalamuufiqaba; hangi kaffalti, filannoo waggota kaffaltiin itti raawwatamuufi dhimmota haalatarreeffama walfkkaataa biiraa barreeffama hundeeffama keessatti murta'a.
- 2) Gurmeessitootni keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalattiibsameetiin alattifaayidaa kamiyyuu waldicha irraa argachuu hin danda'an;

- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1fi2tiin tumameFaayidaa gurmeessitoonni akka abbootii aksiyoonaatti argatan kan hambissu miti.
- 4) Fayidaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiinkennamu maallaqaan kaffalamu qaba; gatiin xaarii gurmeesitootaa aksiyoona kennuudhaan kaffaluun hin danda'amu.

Boqonnaa Lama

Hundeeffama Waldichaa

Keewwata 254 Haala Waliigalaa Hundeeffama Waldichaaf

Barbaachissan

- 1) Tuumaaleen biroo seera kanaan tumaman akkuma eggamaniitti ta'e waldaan aksiyoona hundeeffamuun dura :
 - (a) Kaappitaala Waldichaa haadhoonguutuu isaa buusuufmallatteessuu fi;
 - (b) Aksiyoona mallaqaan gurguraman irratti gatii barreeffame keessaa yoo xiqqaate tokko afuraffaa herrega baankii cufaamaqaa waldaa hundeeffamaa jiruutiin banameetti taa'u qaba.
- 2) Maallaqa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (b) tiin kaa'ame Galmee daldalaa keessatti osoo hin galmaa'n herrega irraa baasuun hin danda'amu.
- 3) Guyyaa maallaqni gurgurtaa aksiyoona seera kana keewwata 259 keessatti galfame irraa eegalee bu'uura keewwata 259tti daangaa yeroo ibsa waldichaa dhiyaatuukeessatti waldicha galmeesiissuun yoo hin danda'amne mallateesitooni miseensa waldaa ta'anii itti fuufuu hin barbaadnemaallaqnii jaraa dhala waliin akka deebii'uufgaaffachuu ni danda.u; maallaqichi akka deebii'uuf guyyaagaaffiindhiyaatee irraa egaleeguyyoota soddoma keessattigurmeesitonniqaama galmeessaa waldaa daldalaattibuusichi akka deebii'u beeksisu qabu;qaamnii galmeessuus mallateessaa gaaffii dhiyesseef buusiin akka deebi'uuf qaamniilaallatu beeksisuu irra jiraata; ta'us hundeeffamni waldichaamallatteessitoota haafaniin itti fufuu ni danda'a.

- 4) Gurmeessitootni bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa (3) tiin buusiin mallatteessitootaaf akka deebi'u gochuuf qaamagalmeessaa waldaa daldalaa yeroon hin beeksifne taanaan Yeroobeeksiissuu irrajiraatu irraa eegale kan herragamuu dhala baankiifi dhala seera qabeessa ta'e giddutti garaagarummaa jiru waloo fi qeenxeen kaffaluuf dirqama qabu.

Keewwata 255 Qabiyyee Barreeffama Hundeeffamaa

Waldaan kamiyyuu kan hundeeffamu Barreeffama Hundeeffamaa tiin ta'a. barreeffamni hundeeffamaa kanneen armaan gadii qabachuu qaba:

- 1) Maqaa waldichaa;
- 2) Waajjira muummee waldichaa fi yoo jiraatan dameelee isaa;
- 3) Maqaa, teessoo, lammummaa abbootii aksiyoona waldichaa, baay'ina aksiyoona isaan mallatteessanii fi hanga maallaqa kaffalame;
- 4) damee hojii fi kaayyoo waldichaa;
- 5) Maallaqa haadhoo waldichaa mallattaa'ee fi maallaqa haadhoo mallattaa'e keessaa hanga maallaqa kaffalame;
- 6) Gatii aksiyoona irratti barreeffamuu qabu, baay'ina aksiyoona, gosaa fi gita isaanii;
- 7) Maqaa abbaa aksiyoona buusii gosaan taasise, tilmaamaafi haala tilmaamichaa ; buusii akaakuu tajaajila inni qabu, busii galii taasifameef baay'ina aksiyoona kennameef;
- 8) mala bu'aan itti qoodame;
- 9) Hangaa fi qoddii faayidaa addaa gurmeessitoota waldichaaf kennamu;
- 10) Baay'inaafi aangoo daayreetarootaa fi gaggeesitoota w waldichaa;
- 11) Waldichi boordii to'annooyoo qabaate aangoofi baay'ina miseensota boordii;
- 12) Odiitara waldichaa;
- 13) Yeroo waldichi itti turu;
- 14) Akkaataa fi yeroo waldichi gabaasa raawwii hojii itti beeksisu,
- 15) Dhimmota hojii gaggeessaa waldichaa; Waldichaafi abbootii aksiyoona yookiin abbootii aksiyoona giddutti hariiroo jiruu, fi

16) Seeraan yookiin waliigaltee abbootii aksiyoonaatiin dhimmoni biroo akka hangataman murta'an.

Keewwata 256 Buusii

Tajaajila ogummaatiin alaseera kana keewwata 186 jalatti ibsaman maallaqaafi akaakuu buusiwwan ogummaa biiroo akkaataa barbaachisummaa isaatti waldaa aksiyoonaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 257 Tilmaama Busii Akaakuu

- 1) Mallatteessaan buusiiakaakun kaffale gabaasa ogeessan tilmaamee dhiyeessu qaba.
- 2) Gabaasni tilmaamaa gatii qabeenya buusii , gatii tokkoon tokkoon isaanii fi mala tilmaamni itti gageeffame tarreeffamaan ibsuu qaba; gabaasichis barreeffama hundeeffama waliin walqabachu qaba.
- 3) Tilmaamnibusii gosaan kaffalamee namootayaa'ii waligalaa waldichaaf buusii haadhoo mallateessan taasiifamuun dura gurmeesitootaafi odiitara hundeeffamaatiin mirkanaa'u qaba.
- 4) Dhaabbanni hundeeffamu waldaa aksiyoonaa aksiyoona isaa ummataaf banaa hin taane yoo ta'e tilmaamnibusii gosaan kaffalame hundeesitoota waldichaatiin mirkanaa'u qaba.
- 5) Akkaataakeewwata kana keewwata xiqqaa (3)n tilmaamichi kan mirkanaa'e ta'us Boordii daayirektarootaa fi odiitaroota waldichigalme daldalaa irratti erga galmeeffame ji'a jaha keessatti sirruummaa tilmaamama busii akaakuu mirkaneessuu qabu; akkasumas qabeenyi buusamee akkuuma haala dhimichaatiimaqaa waldichaatiin galmeeffamuufi raga barbaachisaa abbaa qabiiyyummaa maqaa waldichaatiin qophaa'u isaa mirkaneessu qabu.
- 6) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (5) tiin inspeekshinii fi qorannoo Gatiin qabeenya akka gumaachaatti dhiyaate dhibbeentaa kudhanii fi isaa ol hiratee Yoo argame abbaan aksiyoonaa garaagarummaa buusii guutuu qaba; buusiin Abbaan aksiyoonaa dhiyeesse garaagarummaa jiru yoo hin

guunnegaheen qooda aksiyooniin abbaa aksiyoona fi maallaqnii haadhoon waldichaa hanga hirateengadi bu'u qaba.

Keewwata 258 Waldaan aksiyooniin Isaa Ummataaf Banaa Ta'e

Waldaan aksiyoona isaa ummataaf banaa ta'e yeroo hundeeffamu tumaaleen seera kana keewwata 259 hanga 264tti tumaman raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 259 Ibsa waldichaa

- 1) Ummanii aksiyoona akka bitatu waamichi kan taasiifamu karaa ibsa waldaa gurmeesitonni hundinuu malleettassaniin dha. Ibsichi kanneen armaan gadii qabaachuu qaba:
 - (a) Wixinee barreeffama hundeeffamaa;
 - (b) Buusii gosaan kan raawwatame yoo ta'e tilmaama gabaasa ogeessa gabaabinaan;
 - (c) Namoonni aksiyoona bitachuuf mallatteessan yeroo kaffaltii itti xumuran;
 - (d) gatii aksiyoonni itti gurguramu;
 - (e) namonni aksiyoona bitachuuf mallatessan Yaa'iin waliigalaa mallatteessitootaaosoo hingaggeeffamin dura gatii aksiyoonota irraa hanga kafalu qaban;
 - (f) Bakkaa fi yeroo iyyanni bittaa aksiyoona itti dhiyaatu akkasumas maallaqni galii kan itti taasiifamuu herregabaankii maqaa waldaa hundeeffamaa jiruutiin baname ilaalchisee tarreeffama odeeffannoo barbachiiisaa ta'e; fi
 - (g) Adeemsa hundeeffama waldichaa fi daangaa yeroo waldichi qaama seerummaa argataa jadhame egamu; daangaa yeroo adeemsa hundeeffama waldichaa xumuruuf ka'ame haala kamiiniyyuu waggaa sadii caalu hin qabu.
- 2) Hundeeffama waldichaa ilaalchisee buusii gosaan taasifame yoo jiraateibsaafi garagalchagabaasatilmaama ogeessaa bakka namonni aksiyoona bitachuuf barbaadan ilaalan taa'u qaba.

Keewwata 260 Gaaffii Aksiyoona Bitachuuf Diyaatu

- 1) Gaaffiin aksiyoona bitachuuf dhiyaatu unka dhimmakanaaf qophaa'een guutame dhiyaachuu qaba;
- 2) Namni aksiyoona bitachuuf gaaffii dhiheesse unka iyyannoo irratti maqaa isaafi Teessoo, baay'ina aksiyoona bitachuuf barbaaduufi guyyaa iyyate Akkasumas ibsa waldichaa, wixinee barreeffama hundeeffamaafi buusii gosaan taasiifameedha yoo ta'e gabaasa tilmaama ogeessaa dubbisuu isaa ibsu qaba.

Keewwata 261 Odiitii Hundeeffama Waldichaa

- 1) gurmeesitonni haalawwan adeemsi hundeeffama waldichaaf barbaachisan akkuma guutamaniin adeemsi hundeeffamichaa Odiitara alaatiin akka qoratamu taasiisuu qabu.
- 2) Qorannoon odiitiin kanneen armaan gadii hangachuu qaba:
 - (a) gurmeessitootni waldaa aksiyoona hundeeessuuf ulaagaa taa'ekan guutan ta'uu isaanii;
 - (b) maallaqni haadhoon waldichaaguutuun kan mallattaa'e ta'u isaa;
 - (c) busiin akaakuuWaldichaafgalii taasifamuu isaani; akkasumas gatiin isaanii ogeessaan tilmaamamuu isaanii fi tilmaamichis sirrii ta'uu isaa;
 - (d) maallaqa namoota aksiyoona bitachuuf mallatteessan irraa walitti qabame herrega baankii maqaa waldichaan baname keessatti galii ta'uu isaa;
 - (e) Waldaa aksiyoona hundeeessuuf seeraafi barreeffama hundeeffama keessatti ulaagaaleen ta'an kan biroo guutamuu isaaniidha.
- 3) Gabaasniodiitii odiitaraan yaa'ii mallatteessitootaaf dhiyaatee mirkanaa'u qaba.
- 4) Ulaagaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tarreeffaman guutuuisaanii Odiitiin kan hin mirkanooftne yoo ta'e waldichi galmaa'uu hin danda'u.

- 5) Buusiin akaakuudhaankennamu qabeenya hin sochooneyookiin seeraan jijjiraa maqaafi ragaa abbaa qabeenyaa ta'uukan barbaachissu qabeenya biroo yoo ta'e qabeenyichiqabiyyeegurmeessitootaa yookiin akkaataa dhimmichaatiin hundeessitoota keessatti galuun gahaa dha.

Keewwata 26 Yaa'ii Mallatteessitootaa

- 1) Odiitiin hundeeffama waldichaa erga xumuramee booda gurmeessitoonni battalumatti mallatteessitoota Yaa'ii waamuu qabu;
- 2) Seera kana keewwata 264 kan ibsame akkuma eggametti ta'e tuumaan akaataa waamicha walga'ii ariiffachisaa yaa'ii waliigalaafi murtii yaa'ii mallatteessitootaafis raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 263 Aangoo Fi Hojii Yaa'ii Mallatteessitootaa

Yaa'iin aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Haal-duree waldicha hundeessuuf barbaachisan guutamuu isaanii mirkaneessuu;
- 2) Barreeffama hundeeffama waldichaa irratti mari'achuun raggaasisuu;
- 3) Gabaasa gurmeessitootaa fi odiitaroota waldichaa mirkaneessu;
- 4) buusii gosaan taasiifameyoo jiraate tilmaama isaa mirkanessu;
- 5) Qooda bu'aa gurmeessitootaa murteessuu;
- 6) Akkaataa seeraafibarreeffama hundeeffamaatiin qaama bulchiinsa waldichaa moggaassuudha.

Keewwata 264 Murtii Yaa'ii Ilaalchisee Tumaalee Addaa

- 1) murtiin yaa'iin dabarse barreeffamaan qophaa'e gurmeessitota yookiin hundeessitotahundaafimiseensota BoordiiDaayirektarootaa walgahicha irratti filatamanii fi walgahichairratti argaman mallateessuu irra jiraata; akkasumas sanadonna yaa'iichaaf dhiyaatan hundi murtiicha waliin waqabachuu irra jiraata.

- 2) Namni aksiyoona bitachuuf mallatteessee kamiyyuu walga'icha irratti argamun sagalee kennuu danda'a.
- 3) Namoni busiikaakuudhaan taasiisan tilmaama busiicha irrattiakkasumasgurmeessitoota buu'a argame irraa faayidaa addaa akka argatan yeroo murtaa'u sagalee kennuu hin danda'an.
- 4) Yaa'ii waliigalaa mallateesitotaa sagalee guutuutiin fudhatama yoo argate malee, Wixinee barreeffama hundeeffama irratti jijjiiraa taasiisuun hin danda'amu; ta'us tilmaama buusii gosaan taasiifame yookiin gurmeesitotaaf qoda bu'aa irraa fayidaa addaa yeroo murtaa'uilaalchisee fooyya'insi sagalee caalmaan murtaa'u ni danda'a.

Keewwata 265 Waldicha Galmee Daldalaa Keessatti Galchuu

- 1) Waldaan aksiyoona bifa kaminuu kan hundaa'e ta'us galmee daldalaa kessatti galuu qaba; waldichi qaama seerummaa kan argatu galmeeffamuudhaan ta'a.
- 2) Seera biroottiin haala addaatiin kan tumamee jiraatus waldicha galmeessuu kan danda'an gurmeesitoota yookiin akkaataa dhimichaati hundeesitota yookiin nama bakka buu'insa qaama kanaan kennameefi dha.
- 3) Seera biraatiin haala addaatiin kan tumame jiraatus, iyyata galmee waliin mirkaneesa sanadaatiin kan mirkanaa'e barreeffama hundeeffamaa, waldichi ummataaf banaa kan ta'e yoo ta'e ibsa waldichaa; buusii akaakuufi gabaasa oditii hundeeffamaa akkasumas qaboo yaa'ii yaa'ii mallateesitotaa walqabate dhiyaachu qaba.

Keewwata 266 Haalawwan Seeraa Osoo Hin Guutiin Galmeessa Taasiifame

- 1) Waldichi waldaa aksiyoona hundeesuuf haallawwan seeraa osoo hin guutiin galmaa'e argamuun isaa qama seeruummaa isaa akka dhabu hin taasiisu.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus; maallaqagaafattonni yookiin fayidaan abbootii aksiyoona midhaa miidhaa

irratti kankufu yoo ta'e gaafattota mallaqa irraa yookiin abbaa aksiyona keessaa tokko bu'uraiyyata dhiyessuun Manni Murtii waldichii akka diigamuu yookiin yeroo gabaabaa keessatti sirreefamni barbaachisaan akka taasiifamu ajajuu ni danda'a. Mana Murtiitti Iyyata dhiyeessuunkan danda'amu waldichi galmee daldalaa keessatti erga galee kaase yeroo waggaa tookko keessatti qofadha.

Boqonnaa Sadii

Waa'ee Aksiyoona, Mirgaa Fi Dirqama Abbootii Aksiyoona

Keewwata 267 Gosa Aksiyoona

- 1) Aksiyooniin maqaa abbaa aksiyoonaatiin galmaa'uudhaan baha.
- 2) Waliigalteen faallaa yoo jiraate iyyuu seerrii kun bahun dura Aksiyooniin kan fideef kan jadhan hunda waldaalee itti argaman namniabbotii qabeenyaa kan fideeffadhamanii aksiyooni bahan kamiyyuu aksiyooniin maqaadhaan galmeessuun akka jijjiramuuf waldicha birratti dhiyaate labsiin kun gaazexaa nagaariitiin guyyaa bahe irraa egalee waggaa sadii keessatti iyyachuu qaba.
- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin akaakuu aksiyoonaajijjiruuf baasii barbaachiisu kan uwwisu Gaaffii akaakuu aksiyoona akka jijjiramuuf waldicha biratti dhiyaate abbaa aksiyoona gaaffii dhiyeesse dha.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsame Yeroo ce'umsaa waggaa sadii Aksiyooniin erga darbee booda maqaa abbaa qabeenyaatiin bahu mirga miseensummaa hin kennu.

Keewwata 268 Gatii Aksiyooniin Itti Bahu

- 1) Waldichigatii aksiyoona irratti barreeffame gadi ta'een aksiyoona baasuu hin danda'u.
- 2) Barreeffama hundeeffama yookiin walgahii ariifachiisaa yaa'ii waliigalaatiin kan murtaa'e yoo ta'e aksiyoona gatii irratti barreeffame ol baasuun ni

danda'ama; garagarummaa gatii aksiyoona irratti barreffameefi itti bahee giduutti jiru gatii caalmaa jadhama.

Keewwata 269 Waldichii Galmee Dadalaa Irratti Galmaa'uun Dura Waraqaa

Ragaa Abbuummaa Abbaa Aksiyoona Kennamu

Waldichi galmee daldalaa irratti galmaa'uun dura waraqaanragaa abbummaa abbaaaksiyoona kennamu galmee daldalaa keessatti galmaa'uundura kenname gatii hin qabu. Haata'u malee, waraqaa ragaa abbuummaa abbaa aksiyoona argachuuf dirqamniifi itti gaafatamummaan galaman akkumaegamanitti dha.

Keewwata 270 Qooqodamuu Dhabuu Aksiyoona

- 1) Aksiyooniin hin qoqodamu.
- 2) Namonnitokkoo ol abbaa aksiyoona waliiniiyammu ta'an mirga abbaa aksiyoonaatti fayyadamu kan danda'anbakka bu'aa waloo muuduudhaan ta'a.
- 3) Waldichi bakka bu'aa waloo yeroo hin muudnetti abbootii qabeenyaa waloo aksiyoona keessaa tokkoof Beeksisa yookiin ibsi kennammu abbootii qabeenyaa aksiyoona hafaniif akka kennameetti ni lakaawama.
- 4) Abbootii qabeenyaa waliinii aksiyoona itti gaafatamummaa abbaa aksiyoona ta'uu irraa madduuf Isaan waloo qeenxeengaafatamummaa qabu.

Keewwata 271 Wabiidhaan Yookiin Alaabaadhaan Aksiyoona Kennaman

- 1) Aksiyooni wabiidhaan yookiinfirii isaatti fayyadamuuf kan kenname yoo ta'e waliigalteen faallan yoo hin jirre malee yaa'iiwwan waldichaa irratti aangoo sagalee kennuu kan qabu aksiyonawabiidhaan nama qabate yookiin faayidaa alaabaa qabudha.
- 2) Aksiyoonichi aksiyoona haaraa bituuf mirga dursaa kan kennuu yoo ta'e mirgi dursaa kun kan abbaa aksiiyoona ta'e itti fuufa.
- 3) Mallaqni haaftee aksiyoonaaf kaffalamu waldichaan yammu gaafatamuutti mallaqicha kaffaluu kan qabu abbaa aksiyoonaati; abbaan aksiyoona

maallaqa kaffalamuu qabu osoo hin kaffaliinyoo hafe waldichi aksiyoona bu'ura keewwata 289tiin gurguruun ni danda'a.

- 4) Maallaqni hafe aksiyoonaaf kaffalamu waldichaan yammuu gaafatamutti aksiyoonaichi namni firii isaa itti fayyadamuu kennameef kaffalu qaba.
- 5) Aksiyoona mirga sagalee kennuu wabiidhaan yookiin firii isaa fayyadamuuf namonni qabatan waldichaan galmaa'u qaba; waldichi erga galmeeessa boda mirkaneessa waraqaa ragaakennu qaba.

Keewwata 272 Mala Aksiyoona Itti Bahu

- 1) Aksiyoona bifa waraqaatiin yookiin bifa hin qabamneenta'anii bahuu ni danda'u; Aksiyoona Akkaataan itti kennamanbarreeffama hundeeffamaatiin yookiin fooyya'iinsa isaatiin kan murtaa'u ta'a.
- 2) Aksiyoona lubbuu hin qabne jechuundhaabbata hojiikana hojachuufseeraan aangoon kennameefi mala elektroniksiin umamee elektrooniksiidhaan herrega aksiyoona kan qabatu dha.
- 3) Qaamoleen seeraan aangoon kennameef heeraga aksiyoona elekteroniksi qabachuu isaaniin dura waldaa hundeeffame aksiyoona waraqaadhaan bahan aksiyoona qabatamaan akka baka buu'an yaa'ii waliigalaa ariiffachiisaatiin murteessu ni danda'u; ta'us murtichi kan raga'u maallaqa gaafattotaaksiyoona waldichaa wabummaadhaan fudhatan murticha fudhachu isaanii barreeffamaan yoo mirkaneessanidha.

Keewwata 273 Qabiyyee Waraqaa Ragaa Aksiyoona

Tokkoon tokkoon waraqaa ragaaaksiyoona kennamu kanneen armaan gadii qabachu qaba:

- 1) Mallattoo miseensa Boordii Daayirektaroota waldichaa;
- 2) Maqaa waldichaa, waajjira muummee fi yeeroo waldichi itti turu;
- 3) maallaqa haadhoo waldichaa fihanga gatii aksiyoona;
- 4) Guyyaa barreffamnii hundeeffamaa waldichaa mallataa'eefiguyyaafi bakka waldichi galmee daldalaa keessatt itti galmaa'ee;
- 5) Lakkoofsa eenyummaa aksiyoona, gita, gita mirga idilee yookiin addaa kan kennuu ta'u; mirga addaa ni kennaa yoo ta'egosa mirgichaa;

- 6) Gatiin guutuun aksiyoona yoo hin kaffalamiin hanga yookiin gatii maallaqa kaffalamee Guutummaatti yoo kaffalame ibsa kanuma agarsiisu; fi
- 7) Ibsa aksiyoonichi lammii biyya alaatti dabarfamuu danda'uu fi dhiisuu isaa agarsiisu.

Keewwata 27 Galmee Abbootii Aksiyoona

- 1) Galmee abbootii aksiyoona waldichaa waajjira mummeetiin qabatamu qaba; galmichi waraqaadhaan yookiin mala elektironiiksii yeroo dheeraa turuutti qabamu qaba.
- 2) Galmeen maqaa, teessoo, lammii, baay'ina aksiyoonaafi eenyummaa abbootii aksiyoona, Lakkoofsa, hanga maallaqa kaffalameefi guyyaa galmee abbootii aksiyoona qabachuu qaba.
- 3) Abbootiin aksiyoonaafi manneen hojii Mootummaa isaan galchu galmicha bilisaan iaaluu ni danda'u; namni abbaa aksiyoona ta'e galmicha ilaaluu kan danda'u waldichi dhimma kanaaf jadhe kaffaltii tajaajilaa murteesse yeroo raawwatudha.
- 4) Namni kamiyyuu kaffaltii tajaajilaa murtaa'e yeroo raawwatu waraabbii galmee Yookiin waldichi barreeffama gabaabaa akka isaaf kennu gaafachuu ni danda'a; waldichi gaffiin erga dhiyaate guyyaa 15 keessatti garagalcha yookiin barreeffama gabaabaa nama gaafateef kennuu qaba.
- 5) Namni faayidaa qabu yookiin abbaa aksiyoona kamiinuu irraa gaaffiin yammuu dhiyaatuuf qamni Mootummaa rogummaa qabu haala barreeffama galmichaa irratti dogoogorri umamee akka sirreeffamu taasiisuu nidanda'a.
- 6) Sababa tarreeffamni galmee sirritti barreeffamuu dhabuutiin miidhaan gahuu danda'u kamiyyuu miseensoonni Boordii Daayirektarootaa waloo qeenxeen itti gaafatamaa ta'u.

Keewwata 275 Haala Waldichi Aksiyoona Ofii Ta'e Itti Bitatu

- 1) Waldichi aksiyoona mataa isaa miseensota irraa deebisee bitachuu kan danda'u:
 - (a) Yaa'iinabbootii aksiyoona yeroo hayyamu;
 - (b) Maallaqni ittiin bitamu maallaqa bu'a qulqulluu irraa fudhatameyoo ta'e;fi
 - (c) Gatiin aksiyoona dursee waldichaa guutuumaatti kan kaffalamee yoo ta'e dha.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin waldichi miseensa waldiichaa irraa aksiyoona daayirektarotni gara nama biraatti dabarasuu hin danda'an; Aksiyooniin mirga dhorkame tura.
- 3) waldichii aksiyoona kan bitu walgahii arifachisaa yaa'ii waliigalaaa abba maallaqni haadhoo waldichaa akkahiratu bu'ura murteesseen yoo ta'e tumaaleen keewwata kanaa keewwata xiqqaa (1) raawwatiinsa niqabaata.
- 4) Waldichi aksiyoona kan ofii ta'e miseensoota isaa irraa wabiidhaan fudhachuu kan barbaade yoo ta'e keewwata kana keewwata xiqqaa (a) (b) (c) tumaaleen ibsaman kan raawwataman ta'a.

Keewwata 276 Daangeffama Dabarsa Aksiyoona Taasiifamu

- 1) barreeffamahundeeffama waldichaatiin yookiin murtii yaa'ii waliigalaa ariifachiisaatiin dabarsa aksiyoona irratti daangeffamni taasiifamu ni danda'a;
- 2) Aksiyooniin dabarfamuun dura hayyama Bordii Daayirekterootaa akka gaafatamubarreeffama hundeeffama yokiin yaa'iii waliigalaattii murtaa'u nidanda'a; ta'us murtichii bu'a kan qabaatu :
 - (a) Mirga dursee aksiyoona bitachuuf waldichaaf yookiin abbaa aksiyoonaatiif kan egamee yoo ta'e fi
 - (b) Haalli itti fayyadama mirgaa fi gatii bittaa aksiyoona dursee kan murtaa'e yoo ta'e.

- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) tiin daangeffamni taasifamuaksiyoona dabarsuu kan dhorku yookiinabbaa aksiyyoonaa aksiyoona dabarsuuf barbaadu irratti miidhaa cimaa kan geessu ta'u hin qabu.
- 4) Mirgi bittaa dusaawaldichaaf yoo kenname gatii aksiyyoonaa kan kaffalamu mallaqa offeggannoo irraayookiin bu'aa qulqulluu irraa ta'u qaba.

Keewwata 277 Kaffaltiin Raawwatamun Dura Aksiyyoonota Kennuu Yookiin

Aksiyoona Bituuf Liqeessuun Kan Hindanda'amne Ta'u

Waldaan kamiyyuu aksiyoona kan isaa ta'e kaffaltii seeraaniifi barreeffama hundeeffamaatiin tumame raawwachuun dura kennuu yookiin qaamoleesadaffaatti aksiyoona waldichaa akka itti bitan mallaqa liqeessuu hindanda'u.

Keewwata 278 Ramaddii Aksiyyoonootaa

- 1) Dhorkaawwan seeroota birootiin tumaman akkuma eeegameettii ta'ee, bu'uura barreeffama hundeeffama waldichaa yookiin fooyya'iinsaisaatti aksiyyoonni mirga addaa argamsisanadda addaaakka bahan taasisun ni danda'ama.
- 2) Aksiyoona gosa ramaddiin tokkoo irratti gatii barreeffamu mirgii abbootii aksiyoonaaf argamsiisan walqixa ta'u qaba.
- 3) Ramaddii aksiyoona gosa tokkoof mirgonni kennaman jijjiruun kan dandaa'amu yaa'iin waligalaa ariifachiisaajijjiramichi akka taasiifamu bifuma murteeseen abbootii aksiyyoonaa mirga addaa qabanyaa'iin addaa abbootii aksiyyoonaa murticha yoo mirkaneesse qofadha.

Keewwata 279 Aksiyyoonoota Faayidaa Addaa Argamsiisan

- 1) Aksiyyooniin faayidaa argamsiisan faayidaa addaa gara fula duraatti aksiyoona bahan dursa bitachuu, dursa kaffaluu yookiin qabbeenyaan waldichaa yeroo qulqullaa'u busiin yeroo deebii'u yookiin qabbeenyi hafe yeroo qodamu dursa kaffaltii argachuufi kan kana fakkaatan hangachuu ni danda'a.
- 2) Dhimma sagalee kennamu irratti aksiyyonota fayidaa addaa argamsiisan baasuun dhorkaadha.

- 3) Qoqqodama bu'aa irrattifi waldichi yeroo diigamu maallaqa haadhoo deebiisu irratti abbootiin aksiiyoonaa fayiidaa addaa qaban sagalee kennuu kan danda'an dhimmota yaa'iin waliigalaa ariifachiisaa murtii kennu irratti qofa akka ta'e barreeffama hundeeffamaa keessatti murtessuun ni danda'ama.
- 4) Akkaataa Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin aksiyoonota sagalee kennuun dhorkaman maallaqa waldichaa haadhoo keessatti kan bakka bu'an walakkaa gadi ta'u qaba.

Keewwata 280 Aksiiyonota Bu'aa Qofa Argamsiisan

- 1) Waldichi maallaqa haadhoon osoo hin xuqamiin bu'aa argate irraa yookiin maallaqa of egganoof ka'e irraa abbootii aksiiyoonaafgatii aksiyoonota irratti barreeffame deebisuu ni danda'a.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin abbootiin aksiiyoonaa mallaqni deebi'eef aksiyoonota bu'aa qofa argamsiisan ni fudhatu; aksiyoononni kun waldichi yammu diigamu buusii galii taasiifame mirga fudhachuu hin argamsiisuu; ta'us mirga sagalee kennu akkasumas hereegnii waldichaa yammu qulqullaa'u miseensota waldichaa biroof buusiin erga deebii'e booda maallaqa hafuu irraa mirga hirachu ni argamsiisa.

Keewwata 281 Akkaataa Kaffalti Aksiyoonota Mallaqqaan Bitaman

- 1) Waldichi maallaqa haadhoo isaa osoo hin hiriisiin yeroo aksiyoonin mallata'an yoo baayyee xiqqaate gatii irratti barreeffame tokkoo afuraffaa yookiin barreeffama hundeeffamaa keessatti hanga gatii ol ka'e murtaa'erra yoo ta'e gatiin kun hundumtu kaffalamuu qaba.
- 2) Barreeffama huundeeffamaa keessatti yeroon xiqqaa kan hi murtaa'e yoo ta'e malee gatiin aksiiyoonaa hin kaffalamiin waldichiguyyaa galmee daldalaa irrattigalmaa'e irraa egalee hanga waggaa shanitti kaffalamuu qaba.

Keewwata 282 Yeeroo Buusiin Akaakuu Galii Itti ta'ufi Aksiyoononni Itti Dabarfaman

- 1) Qabeenyi buusii akaakuutiin taasiifame jijjirraa maqaafi sanada ragaa abbummaa baasuun kan gaafatu yoo ta'e gochi kun waldichi guyyaa galmaa'e irraa egalee ji'oota jaha keessatti xumuramu qaba.
- 2) Mirgonniseera kanaan abbootii aksiyoonaaf keennaman akkuma eggamanitti ta'e aksiyononribuusii akaakuudhaan bitaman abbaa aksiyoonaatiif kan kennamaniifi qaama sadaffaatiif dabarfamuu kan danda'an waldichi galmee daldalaa irratti erga galmaa'e waggaa tokko boodadha.

Keewwata 283. Amala Aksiyoona Waraqataan Kenname

Seera birootiin haala addaatiin yoo tumamee malee qooda waldaa aksiyoona yookiin mirga sanadichaan adda bahe ittin hojatamuuf yookiin dabarfamuufsanda hindandaa'amne dha.

Keewwata 284 Aksiyoona Waraqaan Bahe Kan Fideef Jadhame Kan Irratti Barreeffame Dabarssu

- 1) Seerri kun bahuun dura aksiyoonni kan fideef jadhame irratti barreeffamee bahe nama tokkoo irraa gara nama birootti kan dabarfamu aksiyooni kennuun qofa ta'a. Hojimaatni biroo kamiyyuu yookiin formaaliitiin hin barbaachiisu.
- 2) Ragaan faallaa yoo dhiyaatee malee bu'aa qooduuf. Gatii aksiyoona irratti barreeffamee deebiisanii fudhachuuf .yaa'ii waliigalaatti sagalee kennuuf yookiin mirgoota biroo aksiyoonin isaanii kenisisuuf fayyadamuuf namni kan fideef jadhame irratti barreeffame aksiyoona qabate abbaa aksiyoona akka ta'etti lakaawama.

Keewwata 285 Abbummaa Aksiyoona Waraqaan Maqaan Irratti Barreeffame Bahe haala Itti Dabarfamu

- 1) Seera birottii haala addaatiinyoo tumamee malee abbaan aksiyoona maqaan irratti bareeffamekan ta'u waajjira muummee waldichaatiingalmeen abbootii aksiyoona keessattinama aksiyooniin maqaa isaatiingalmeffamedha.
- 2) Seera birottii haala addaatiinyoo tumamee maleewaraqaan maqaan Irratti Barreeffameaksiyooniin gara nama biiraatti kan dabarfamu aksiyoonicha keennuuniifi galmee abbootii aksiyoona waldichaatiin maqaanama aksiyooniin dabarffameefgalmeesiisuun dha; galmeeffamichii nama dabarseefi nama dabarfameefteessoo isaa, baayy'ina aksiyoona dabarfaman, guyyaa itti dabarfamaniifi aksiyoonichi dabarfamuun isaa guyyaa galmee abbootii aksiyoona keessa gale agarsiisu qaba.

Keewwata 286 Aksiyoona Waraqaan Bahe Ilaalchiisee Mormii Dhiyaatu

Aksiyooni yeeroo dabarfameetti kan fide ta'e jadhe, waldicha miidhuuf osoo beekuu wanta taasiisee yoo ta'e malee waldichi kan fideen dursee namoota abbaa aksiyoon isaa ta'anwaliin walitti dhuufeenyadhunfaa irratti bu'ureeffachuun falmiin jiru kan fide irratti mormii ta'e dhiyaachuu hindanda'u.

Keewwata 287 Bu'aa fayyaalummaa gaariin Qabamu

Dadabarsa aksiyoona bifa waraqaatiin bahe ilaalchisee buu'ura tuumaalee seera kanaatiin namni aksiyooniin amanamummaa gaariin itti dabarfamef aksiyoona sana deebisi jechuun himachuun hin danda'amu.

Keewwata 288 Haala Dabarsa Aksiyoona Hin Qabamne

- 1) Aksiyooniin hin qabamne heerrega qaama aangoo qabuunaksiyoona qabamuun keessatti aksiyoonichi namni darbeefi hanga aksiyoonotaa agarsiisuun yookiin heerregicha kireediti gochuun kan dabarfamuta'a.
- 2) Sirna dabarsuu aksiyoona hin qabamne raawwachuu qabu yookiin Foormaaliitiin isaakan murtaa'u dhaabbata aksiyoona sana uumeedha.

- 3) Bu'uura waliigaltee yookiin seeraahin qabaatiin aksiyoona kan dabarfame yoo ta'e dhaabbata dabarse kan ittiigaafatamu ta'a.

Keewwata 289 Itti Gaafatamummaa Aksiyoona Gatiin Haafee Hin kaffalamiin

- 1) Abbootii aksiyoona, namoota aksiyooniin duraan itti dabarfamee ture akkasumas, namooni aksiyoona waldicharraa bitachuuf mallatteessan aksiyoona gatiin hafe hin kaffalamiin waldichaaf walooqeenxeen itti gaaffatamaadha.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus aksiyoona kamiyyuu bitachuuf namni mallatteesse yookiin abbaa aksiyoona ture abuummaadhaan kan dabarse yoo ta'eguyyaa dabarsee kaasee waggaa lama erga darbe booda maallaqa haafeef itti gaafatamummaa hinqabaatu.
- 3) maallaqni haafe yeeroo murtaa'etti kan hin kaffalamne yoo ta'e keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti namonni ibsaman barreeffama hundeeffama keessatti hanga dhala addaa yoo murtaa'e malee dhala seera qabeessa ta'e kaffaluuf ittii gaafatamummaa qabu.
- 4) waldichi abbaa aksiyoona maallaqa hafe akka kaffaluuf barreeffamaan akeekkachiisa yoo kenne Guyyaa kudha shan booda gatiin guutuun aksiyoona hin kaffalamiin caalbaasiin gurguramuu ni danda'u; aksiyooniin caalbaasii irratti dhiyaate haqamanii kanneen biroo haaraa Aksiyooniin kan biteef ni kennamu.
- 5) Sababanama bituu hin qabneen aksiyooniin gurguramuu yoo hin dandeenye kasaaraan dabalataa yoo jiraate mirgagaafachuun akkuma jiruutti ta'eaksiyoona dhaaluufimaallaqa aksiyoonaaf dursee kaffalame hambiisuufBoordiin Daayirektarootaa murteessu nidanda'a.
- 6) Gatiin aksiyoona hin kaffalamiin hafe akka dhaalamuuf murtaa'e aksiyooniin bara cufiinsaatti yoo hin gurguramne aksiiyoononni haqaman maallaqni haadhoo hanga gatii aksiiyoonota irratti barreeffameen hirachuu qaba.

- 7) Abbaan aksiyoona yeroo kaffaltii dabarse walgahii irratti sagalee kennuuf mirga isaa ni dhaba.

Keewwata 290 Waraqaa Ragaa Yeeroof Keennamu

- 1) Seerrii kun osoo hin ba'iin dura, aksiyooniin kan fiideef kan jadhuunbahefi gatiinisaanii kan hin kaffalamnee yoo ta'e waraqaa ragaa kan fideefkeennuun kan danda'amu gatiin isaanii hundi yammuu kaffalamuudha; gatiin isaanii hunda osoo hinkaffalamiin waraqaa ragaa kennamu fudhatama hin qabu.
- 2) seerriikun osoo hin ba'iin dura kan fideef jadhamee aksiyoona irratti barreeffame maqaa abbaa aksiyoonaatiin kan galmaa'e waraqaa ragaa yeroo kan kennamee yoo ta'e waraqaa ragaa sanadanama biraatiif dabarsuun buu'ura tuumaalee ta'aniin dha.
- 3) Aksiyoona maqaa abbaa aksiyoonaatiin galmaa'eef ragaa yeeroof keennamee galmaa'u qaba; waraqaan ragaa gara nama birootti kan dabarfamu bu'uura tumaa aksiiyoononni kun haala itti dabarfaman dha.

Keewwata 291 Mirgoota Aksiyooniin Argamsiisu

- 1) Tokkoon tokko aksiyoona bu'ua qulqulluu waggaa akkasumaswaldichi yeroo diigamu hanga qooda qabeenya qulquulla'e irraa haafe maallaqa waldiichaaf galii taasiiseen ni heerregamaaf.
- 2) Barreeffamaa hundeeffama keessatti tumaan faallaa ta'e yoo hin jirre maleeqooda bu'aa waldichi yeroo diigamu gahe qoodaafi qooda qabeenya qulqullaa'ee irraa argamu abbaan aksiyoonaahanga maallaqa haadhoo waldiichaafgalii taasiiseen ni heerregamaaf.
- 3) Tokkoon tokkoon aksiyoona mirga sagalee kennuu ni kenna; Abbaa aksiyoonaadhaaf sagalee ulfaatinni kenname hanga aksiyoonichi maallaqa haadhoo waldicha keessatti bakka bu'een ta'u qaba.

- 4) Maallaqa haadhoo waldichaa dabaluuf aksiyoona maallaqaan gurgurtaaf baheyeroo jiranitti tokkoon tokkoon abbootii aksiyoona waldicha keessatti hanga qoodaabbaa aksiyoona qabuun mirga dursanii bituu ni qabaata.
- 5) Mirgi keewata kana keewwata xiqqaa (4) ibsamebu'uuraseera kana keewwata 448 hanga 457 jalatti tumaalee tumameen kan raawwatamu ta'a.

Keewwata 292 Mirga Abbootii Aksiyoona Xiqqaa Aksiyoona Gurguranii

Bahan

- 1) Aksiyooniin maallaqa waldaa haadhoo waldichaa keessaa dhibbeentaa sagaltama bakka bu'an miseensa waldichaa tokkon yoo qabame abbootii aksiyoona xiqqaa aksiyoona isaanii akka irraa bitan mirga gaafachuu qabu.
- 2) Gaaffii dhiyeessan Abbaan aksiyoona haala aksiyoona ittiin bitaman keessattu gatiin aksiyoona odeeffannoo haala itti murtaa'e gaaffii isaa waliin dhiyeessuu qaba.
- 3) Miseensi waldichaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin gaaffiin dhiyaateef gatii dhiyaate kan hin fudhanne yoo ta'e bakka waldichi itti galmaa'e Mana murtii aangoo qabutti ogeessa gatii aksiyoona tilmaamuu mudamuu qaba.
- 4) Abbaan aksiyoona aksiyoona isaa gurguruuf gaaffii dhiyeese gatii aksiyoona murteessuuf baasii bahe uwiissu qaba.
- 5) Keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti tumame jiraatus miseensi waldichaa aksiyoona akka bituuf gaaffiin dhiyaateef gatiin kenne tilmaama ogeessaan murtaa'een gadi yoo ta'e baasii isaa gartookeen yookiin hunda isaa akkakaffalu Manni murtii ajajuunidanda'a.

Keewwata 293 Dirqama Caalbaasii

Mallaqa waldichaa haadhoo keessaa aksiyoona dhibbeentaa shantamaafi isaa ol bakka buu'an aksiyoona bitu namni barbaaduu kamiyyuugaaffii bittaa isaa miseensa waldichaa hundaaf dhiyeessuun caalbaasiidhaan bituuf dirqama qaba.

Keewwata 294 Mirga Aksiyoona Bituun Keessaa Baasuu

- 1) Maallaqa haadhoo waldichaa keessaa aksiiyoononni dhibbeentaa sagaltama miseensa tokkoon kan qabaman yoo ta'ee Abbootiin aksiyoona xiqqaan aksiyoona isaanii itti gurguratani akka bahan gaafachuuf mirga qaba.
- 2) Miseensii waldichaa gaaffii isaa akkaataa waamicha yaa'ii waliigalaa sirna tumameen abbootii aksiyoona ilaalatuutti beeksisuuntorban shan keessatti Aksiyoona isaanii isaaf akka dabarsan gaafachuu qaba.
- 3) Haala abbaan aksiyoona aksiiyoonotabitu keessattuu gatii aksiyoona akkaataa itti murteesse odeeffannoo gaaffii isaa waliin dhiyeessuu qaba.
- 4) Abbaa aksiyoona xiqqaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin gaafatame Gatiin dhiyaate fudhatama kan hin arganne yoo ta'ebakka waldichi itti galmaa'e Mana Murtii aangoo qabutti ogeessa gatii murteessu akka muudamuuf iyyachuu ni danda'a.
- 5) Abbaa aksiyoona ogeessa akka muuduuf gaaffii mana murtiiif dhiyeesse baasii gatii aksiyoona murteessuuf bahu uwwisuu qaba.
- 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa (5) jalatti tumame jiraatus miseensi waldaa aksiyoona bitachuuf gaaffidhiyeessegatiin miseensi waldaa kenneef tilmaama gatii ogeesaan kenname gadi yoo ta'e manni murtiibaasii isaa gartokkeen yookiin guutuu isaa miseensi waldaa akka uwwissu ajaju ni danda'a.
- 7) Bu'uura keewwata kanaatiin, abbootii aksiyoona xiqqaa irraa bahun baay'ina miseensota waldichaa shani gadigad buusa yoo ta'e abbaa aksiyoona miirichaan fayyadame yeroo ji'a sadii hin caallee keessatti Baay'ina lakkoofsamiseensotaa dabaluu yookingosa waldichaa jijjiru qaba.

Keewwata 295 Itti Gaafatamummaa Abbootii Aksiyoona

Itti gaafatamummaa abbootii aksiyoona seerakana keewwata 245 jalatti tumame jiraatusabbaan aksiyoona sagalee murteessaa qabu kamiyyu kanneen armaan gadiitti ibsaman keessaa tokko raawwate yoo argame itti gaafatama ni ta'a:

- 1) Fayidaa Abbootii aksiyoona waldichaa yookiin maallaqa gafattoota waldichaa miidhaa irraan gahuuf gocha seeraan alaa ta'e jadhe raawwachu;
- 2) Qabeenya dhaabbatichaa qabeenya abbaa aksiyoona waliin walitti makuu;
- 3) Eenyummaa waldichaa fi abbaa aksiyoona addaan baasuu dhabu, waldichaa kaayyoo dhuunfaaf yookiin qaama sadaffaaf waldaa dhuunfaaf yookiin kaayyoofi faayidaa qaama sadaffaaf akka haguuggiitti itti fayyadamuu;
- 4) Haala faayinaansii waldichaa maallaqa gaaffatoota Odeeffannoo dogoggorssuu danda'u ta'e jadhe baasu;
- 5) Kaffaltii gatii gabaa gadi ta'een yookiin murtii hoggansa waldichaa roggummaa qabuunqabeenya waldichaa faayidaa dhuunfaa isaatiif yookiin qaama sadaffaaf oolchuu yookiin
- 6) Waan seeraan hayyamame caalaa kaffaltii bu'akaffaluu.

Boqonnaa Afur

Hojii Gaggeessaa Waldichaa

Kuutaa Tokko

Boordii Daayirektarootaa Fi Boordii To'annoo Waldichaa

Keewwata 296 Boordii Daayirektaroota waldichaa

- 1) Waldaan aksiyoona abbootii aksiyonaatiin kan filataman tokko yoo xiqqaate Daayirektaroota sadii yoo baay'ate kudha sadiini qabaata; Miseensota Boordii Daayirektarootaa keessaa harka sadii keessaa lama ($\frac{2}{3}$ ffaa) gaggeessumaa waldichaa guyyaa guyyaa keessatti gahee hojii raawwachiiftuu kan hin qabne ta'u qabu.
- 2) Namoota Abbootii aksiyoona hin taane miseensa Boordii Daayirektarootaa ta'aniifilatamuu ni danda'u; Haa ta'u malee, baay'inni miseensota Boordii abbootii aksiyoona hin taane lakkoofsa miseensota Boordii waliigalaa harka sadii keessaaharka tokko caaluu hin qaban.
- 3) Barreeffama hundeeffamaa keessattiifaan yeroohin ibsamneetti lakkoofsii isaanii yaa'ii abbootii aksiyoona mallateesaniin murtaa'a.

- 4) Seeraan qaamni seerummaa waldaan keennameef yookiin bulchiinsa dhaabbtaa(Daayirektara) ta'e muudamu ni danda'a; kun taanaan filatamaanqaamnii seeruummaan seeraan kennameef waggoota filatameef bakka bu'a dhaabbataa battalumatti ramadamu qaba;bakka bu'ichi dhaabbataa yoo gadi lakkisee yookiin sababa birootiin kamiyyuu itti gaafatamuumaa isaa bahaachuu kan hindandanye yoo ta'e haala dandaa'ameen nama isa bakka buusu ramadu qaba.
- 5) Bakka bu'aan dhaabbataa dhuunfaan daayireektarri waldichaa miti; ta'us dhuunfaadhaan daayirektera waldichaa akka ta'eetti lakawwame ittii gafatamuumaa siviilii fi yakkaa akkaa dabalate dirqamoota hundaaf waldaa qaamni seeruummaa kennameef bakka buuseen waloo qeenxeen itti gaafatamaa ta'a.

Keewwata 297 Ulaagaalee Miseensummaa Boordii Daayirektarootaa Ta'uuf

Barbaachisan

- 1) Miseensa Boordii Daayirektarootaa ta'uuf ulaagaalee armaan gadii nama guute dha:
 - (a) Umuriin xiqqaan barreeffama hundeeffamaatiinyookiin seera biraatiin yoo murtaa'e umurii murtaa'e kan guute;
 - (b) Naamusa gaarii kan qabu;
 - (c) kanaan dura akka gurmeessaatti, daayireektaraatti, hojii gaggeessaatti, to'ataatti ,oditeraattiitti gafatamaa ta'e ramadame yeroo hojjatuuttiyookiin haala kan biraa kamiinu amantaa hirrisuun, hannaan, yookiin wanbadummaan yookiin miseensa Boordii ta'uuf wanttoota gahaa taasiisu dhabuyookiin yakkawalfakkatan biiraa balleessuummaan isaa kan hin mirkanoofne;
 - (d) Ulaagaalee biroo barreeffama hundeeffama waldichaa yookiin ulaagaalee seerota biroo keessatti ibsaman yoo jiraatan ulaagaalee kana kan guutan.
- 2) Namni kamiyyuu waldaa tokko daayirektara ta'ee yommuu hoogganu aangoo isaa kallattiinis ta'e al-kallattiin haala dantaa waldichaa waliin waliitti

bu'uuntajaajiluudhaan faayidaa hin malle argachuun isaa yoo mirkanaa'e daayirektara ta'uu irraa bu'u qaba.

- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa(1)(c) jalatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ekeewwata kana keewwata xiqqaa keewwata xiqqaa 2 jalattiballeessaa ibsame raawwate balleessaa qabaachuun isaa yeroo mirkanaa'e irraa egalee waggaa lamaafdaayireektari waldaa kamiyyuu ta'uu hin danda'u.

Keewwata 298 Muudama Miseensota Boordii Daayirektarootaa

- 1) Miseensota Boordii Daayirektarootaa jalqabaa akkaataa barreeffamahundeeffamaatiin muudamuu ni danda'u; Muudamni akka rmirkana'uuf Yaa'ii Mallatteessitootaaf dhiyaachuu qaba; ta'usyaa'iichimuudamichayoo hin mirkaneesinemiseensota Boordii kan biroo ni filatamu.
- 2) Miseensonni Boordii Daayirektarootaa itti aanan yaa'ii Waliigalaatiin kan muudamani dha.
- 3) Barri hojii miseensa Boordii Daayirektarootaa waggaa sadii ta'a; ta'usbarreefama hundeeffamaa keessatti murtiin faallaan yoo hin jirreemaleeMiseensonni Boordii Daayirektarootaa yeroo hojii isaanii xumuran yeroo dabalataaf irra deebi'anii filatamuu ni danda'u.
- 4) Filannoo tokkoon tokkoon miseensamiseensota Boordii Daayirektarootaaf sagaleen kan keennamuu qeenxeen ta'a.

Keewwata 299 Abbootii Aksiyoona Sadarkaa Adda Addaa Qaban Boordii

Keessatti Haala Isaan Bakka Bu'an

Waldichi aksiyonota fayidaa adda addaa kan argamsiisan gitaaksiyoona kan qabu yoo ta'e gitnii tokkon tokko yoo xiqqaate bakkabu'aa tokko miseensa Boordii ta'emuudamu qaba.

Keewwata 300 Waliitti QabaaBoordii Daayirektarootaa

- 1) waliitti qabaaBoordii Daayirektara ta'u kan danda'u daayireketera abbaa aksiyoona ta'eedha; hojii guyyaa waldichaa(exsequtive) gaggeessuumaan daayireketera hirmaatu walitti qabaa Boordii ta'u hindanda'u.
- 2) Akka barbaachisummaa isaatti waliitti qabaaBoordii Daayirektarootaa fi Itti Aanaa waliitti qabaayaa'ii i miseensota aksiyoona bitachuuf mallatteessanii irratti yookiinyaa'iii abbootii aksiyoona irratti filatamuu nidanda'a; yaa'iichiwalitti qabaa yookiin itti aanaa itti anaa walitti qabaaboordii yeroo hin filannettiBoordii Daayirektarootaatiin ni filatamaa.
- 3) Boordiin dayirekterootaa waliittii qabaa yookiin itti aanaa walitti qabaa ofif filate yeroo kamittu haaqu ni danda'a.

Keewwat 301 Itti Gaafatamummaa Addaa

- 1) Boordii Daayirektarootaa miseensa keessaa tokkoof yookiin kan murtaa'aniif yookiin sanaa oliin dhimmota ta'aniif waldicha akka baka bu'uan akasumas hojii biiraa akka hojjatanitti gaafatamummaa addaa keennufi ni danda'a.
- 2) Boordiin barbaachisaa ta'ee yeroo itti mul'atti miseensoota keesaa dhimmota qaratanii yaada murtii kan dhiyeessan koreewwan hundeessuu ni danda'a; Boordichi daangaaaangoo isaaf kennamee osoo hindarbiin miseensota koree filachuufi aangoo isaanii murteessu ni danda'a.
- 3) Boordiin Daayirektarootaa Koree Odiitii hundeessu qaba; Miseensa koree odiitii ta'uukan danda'an Miseensota Boordii qofaadha; ta'usmiseensoota bordiihojii gaggeessummaa waldichaatiin hirmaatan koree oditii waldichaa ta'u hindanda'an.
- 4) Boordichi qajeelfama haala biraatiin hanga hin kannaminitti keewwata kana keewwata xiqqaa (2) fi (3) tii koreen hundeeffamuogeessota miseensa boordii hin taanekoree Yaada gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 302 Haala Miseensota Boordii Daayirektarootaa Wabii Itti Seenan

- 1) Namoota daayirektara ta'anii filataman wabii raawwii hojii gaarii raawwachuf akka qabsiisan barreeffama hundeeffamaa keessatti murtaa'u ni danda'a; kun ta'e taanaan barreeffama hundeeffama keessattigosawabii, hangaafi akkaataa itti qabamu ilaalchisee tarreeffama barbaachisaa hangachuu qaba.
- 2) Wabiinkun kangadilakkifamu yeroo miseensi Boordii hojii isaa gadhiiseefi hojii irra yeroo tureetti waldicha irraa idaan barbaadamu kan hin jiraanne ta'u yommu mirkanaa'udha.

Keewwata 303 Miseensota Boordii Daayirektarootaa Bakka Buusuu

- 1) Bara baajataa keessatti miseensota Boordii tokko yookiin isaa ol yoo jiraatanmiseensonni hafan miseensota hiratan bakka bu'an filachuu qabu; Barri hojii miseensota baka bu'ankan xumuramu yeroo miseensoonni hiratan xumuramu dha.
- 2) Muudamni miseensota bakka bu'an akka mirkanaa'uyaa'ii waliigalaa itti aanutti dhiyaachu qaba; yaa'iichimuudamichamirkaneessuu yookiin Daayirektaroota Biroo bakka bu'an muuduu ni danda'a ;muudamichii yaa'iichaan yoo mirkanaa'u baatees bu'uurakeewwata kana keewwata (1)tiin miseensoonnii boordii mudaman yeroo mudamni jaraa ragga'e tureetti hojiiwwan raawwatan gatii ni qabaatu.
- 3) Lakkoofsa miseensota Boordii Daayirekteroota waliigalaa keessaa walakaa gadi kan ta'an yoo ta'e miseensooni haafan kan hiratan akka muudaman taasiisuuf miseensooni isaa yoo hiratan guyyaa miseensonni hiratani egalee guyyaa soddoma keessatti yaa'ii waliigalaa waamu qabu; bakka miseensoota muudama biroo hanga taasiifamuutti miseensonni hafan waldicha ni bulchu.
- 4) miseensonni Boordii hundiinuu hojii isaanii kan dhisan yoo ta'e Boordiiin to'annoo yoo jiraate boordichiboordichi kan hin jirre yoo ta'e odiitarooni miseensonni boordii akka muudaman kun yeroo ta'ee irraa egalee guyyota soddoma keessatti yaa'ii waligalaa waamu qabu.

- 5) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (4) tiin hanga yaa'iin waliigalaa waamamutti waldichii Boordii to'annoo yoo qabaate Boordichi yoo hin qabaanee oditaronni waldicha ni bulchu; Haala akkanaa keessatti hojii odiitaroonni hojjatan Odiitaroota bakka bu'anii yookiin odiitaroota hayyama qabun qoratamu qabu.

Keewwata 304 Mindaa Miseensota Boordii Daayirektarooaaf Gatii Hojii

Kaffalamu

- 1) Miseensonni boordii daayirektarootaa tajaajila kennanii fi hangii isaa yaa'ii waliigalaatiin kan murtaa'u baasii waliigalaa irraa kan heerregamugatii hojii waggaa kaffalamuufi qaba.
- 2) Dabalataaniis yaa'iin waliigalaa idilee waldichaa bu'aa qulqulluu waldichaa irraa qooda murtaa'e daayireektarootaaf akka kennamu murteessuu ni danda'a.
- 3) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin bonasiin miseensota boordiidhaaf kennamu waggaa dhuma sana keessatti bu'aa qulqulluu abbootii aksiyoonaadhaaf raabsamuu danda'u keessaa dhibbeentaa kudhan caaluu hin qabu.
- 4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin Bu'aa qulqulluu irraa daayirektarootaaf raawwatamu waggaa sana keessatti qooda abbootii aksiyoonaaf kan keenamee yoo ta'e qoofaadha.
- 5) Bonasiin miseensota boordiitiif kennamu yeroo tokkotti dha; Boordiichi miseensoota isaatiif karaa mijataa itti fakkaateettin kaffalaaf.
- 6) Maallaqa haadhoowaldichaa keessaa abbootii aksiyoonaayoo xiqqaate dhibbeentaa kudhan bakka bu'aniin gaaffiin yeroo dhiyaatuuf Ministeerri Daldalaa fi Industirii bu'uurakeewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin boonasiin daayirektarootaaf kennamehaala faayinaansii waldichaa ,minda hojjattootaafi fayidaalee akasumas barbaachisuummaasirna daldalaa fayyaa qabeessa uumuuf tilmaamuun ol'anaa ta'e yoo arge hir'isuuni danda'a.

Keewwata 305 Miseensota Boordii Daayirekterooaa Haquu

- 1) Barreeffama hundeeffamaa keessatti tumaan fallaa ta'e jiraatus yaaiin waliigalaa yeroo kamittu miseensoota Boordii haqu ni danda'a;
- 2) Miseensii Boordii sababa gahaamalee haqame mirga gara itti gafatamaatti deebi'u hin qabu; ta'us waldicha beenyaa miidhaa gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 306 Waliigaltee Waldichaa fi Namoota Waldicha waliin Hariiroo Qaban Gidduutti taasifamu

- 1) Hangi walitti bu'iinsa dantaa sababa waliigaltee tokkoon uumamu danda'u qabeenya waldichaa keessa dhibbeentaa kudhanii fi isaa ol yoo ta'e; dursa Yaa'ii Waliigalaatinn raggaasifamuun haalduree keewwata 394 keewwata xiqqaa (4) fi 395 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee; Waliigalteen Waldichaa fi namoota yookiin Dhaabbilee Waldicha waliin waliitti dhufeenya qaban gidduutti taasifamu dursa Boordiin Daarekteerotaa hayyamu qaba; Yeroo waliigatichi Boordichaan ragga'uutti miseensi Walitti bu'iinsa dantaa qabu sagalee kennuu hin danda'u; Waliigalteen hayyama Boordii hin arganne hin raggaa'u ; hayyamni kennamnaan Hayyamni akkuma kennameen battalumatti Odiiterotaaf beeksifamu qaba.
- 2) Akkaataa keewwata kana xiqqaa (1) jalatti tumameen Waliigalteewwan Boordiin Daarekteerotaa hayyame ilaalchisee Odiiteroonni gabaasa of danda'e Yaa'ii waliigalaaf dhiyeessu qabu. Gabaasni Odiiterootaan dhiyaatus haala waliigaltichaa, gosaa fi hamnga kaffaltii raawwatamee, akkasumas haala waliitti dhiyeenya walitti bu'iinsa dantaaf sababa ta'e kan ibsu odeeffannoo gahaa hangachuu qaba; Yaa'iin Waliigalaas bu'uura gabaasa dhiyaaten murtii barbaachisa ta'e kennuu danda'a.
- 3) Abbootiin ak siiyoonaa Waliigaltee Yaa'ii Waliigalaan ragga'e kan mormuu danda'an; yoo miidhaa olaanaan Waldicharra kan gahu ta'e yookiin Waliigaltichi gowwoomsuun kan raawwatameyoo ta'e qofaadha.
- 4) Yaa'iin Waliigalaa sababa waliigaltiihi miidhaa olaanaa walidicharraan geessisuuf yookiin waliigaltichi gowwoonsaan raawwatameef yoo ta'e

malee raggaassisuu hafuun isaa raawwatamummaa waliigaltichaa hin hambisu; miidhaa waliigaltichi waldicharra geessisuuf qaama gowwoomsuu raawwateefi miseensonni Boordii gowwoomsaan raawwatamuu yookiin waliigaltichi miidhaa olaanaa waldicharraan akka geessisu osoo beekaanii yookiin beekuu osoo qabanii waliigalticha hayyaman waliinii fi qeenxeen itti gaafatamummaa qabaatu.

- 5) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (4) jalatti kan ibsame Waldichi waliigaltee idilee akkuma nama kamiyyuu namoota waldichatti dhiheenya qaban waliin taasisu irratti raawwatiinsa hin qabaatu.
- 6) Kaayyoo keewwata kanaaf jecha namoonni waldichatti dhiheenya qaban kanneen armaan gadii ni hangata:
 - (a) Miseensota Boordii Waldichaa, Hojii Gaggeessaa, Odiitera, Miseensota Boordii to'annoo, Barreessitoota Waldichaa;
 - (b) Keewwata kana keewwata xiqqaa (6)(a) jalatti kanneen tarreeffaman waliin bu'uura Seera Maatii Federaalaatiin namoota firummaa dhiigaa fi gaa'ela kanneen qaban;
 - (c) Waldaa yookiin Dhaabbata daldalaa namoonni Keewwata kana keewwata xiqqaa (6)(a)fi (b) jalatti namoonni ibsamanhooggansa, abbootii aksiyoona yookiin fayyadamtoota ta'an;
 - (d) Dhaabbata (kubaaniyaa) Waldichaaf Haadhoo yookiin Damee ta'e;
 - (e) Barreeffama hundeeffama waldichaan yookiin seeraan hanga aksiyoona xiqqaan yoo taa'e malee; Waldaaleen daldalaa waldicharraa aksiyoona dhibbeenta kudhan gadi hin taane bitataan yookiin Waldichi abbaa aksiyoona kan ta'e yookiin aksiyoona walirraa kan bitatan;
 - (f) Namoota biroo Barreeffama hundeeffamaatiin yookiin seerota biroon waldichaan waliitti dhiyeenya qabu jechuun ibsaman.

Keewwata 307 Liqii Yookiin Wabummaa Daarekteerotaa Ilaallatu

- 1) Yaa'iin Waliigalaa Abbootii aksiyoonaan yoo hayyamame malee, Waldaan aksiyoona tokko waldichaaf yookiin waldaa haadhoof miseensa Boordii Daarekterootaaf liqii kennuu yookiin dirqama miseensi Boordii qaama sadaffaa waliin qabuuf wabii ta'uu yookiin qabeenya isaa wabummaan qabsiisuun irra hin jiraatu.
- 2) Dabalataanis liqeessaan Dhaabbata Haadhoo ta'e miseensa Boordii yoo ta'e, waliigaltichi dursee yaa'ii abbootii aksiyoona waldaa haadhootiin hayyamamu qaba.
- 3) Yaa'iin Waliigalaa murteewwan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti ibsaman dabarsuun dursa; amala waliigaltichaa, hangaafi kaayyoo liqii akkasumas waliigaltichaan wal qabatee itti gaafatamummaa waldichaa ilaalchisee gabaasni barreeffaman odiitera dhiibbaa kamirraayyuu bilisaa ta'een dhiyaachuu qaba.

Keewwata308 Murtiiwwan Boordii Daarekteerotaa

- 1) Murtiin kamiyyuu darbuu kan danda'u miseensonni Boordii Daarekteerotaa walakkaa ol walgahii irratti yoo argaman yookiin hirmaatan ta'a; Barreeffama hundeeffama waldichaan sagalee olaanaan akka barbaachisu yoo tumame malee, murteewwan kan darban walgahii Boordichaarratti kallattiinis ta'ee karaa bakka bu'ummaan kan hirmaatan bakka argamanii fi bu'uura seera kana keewwata 309 mala qunnamtii eleektirooniksiin hirmaatan sagalee caalmaa miseensota Boordii ta'a; tumaa faallaan barreeffama hundeeffamaan yoo jiraate malee, sagaleen walqixa yoo ta'e, yaadni Dura Taa'aan Boordii deeggare fudhatamummaa kan argatu ta'a.
- 2) Murteewwan Boordii qaboo yaa'iin qabame miseensota qaamaan argamaniin yookiin bakka bu'ummaan argamaniini fi Barreessaa waldichaa mallattaa'uu qabu;Qaboon Yaa'ii kunis galmee kanaaf qophaa'e keessa ta'uu qaba.
- 3) Waraabbiin murteewwanii Dura taa'aa Boordii fi Barreessa Waldichaan mallatteeffamu qabu.

Keewwata 309 Walgahii Boordii Daarekteerotaa Mala qunnamtii Eleektirooniksiin taasifamu

- 1) Dhorkaan barreeffama hundeeffama waldichaan kaa'ame yoo jiraate malee, miseensonni Boordii Daarekteerotaa walgahii irratti karaa viidiyootiin yookiin mala qunnamtii birootiin hirmaachu ni danda'u; malli qunnamtii kunis eenyummaa hirmaattotaa kan addaan baasuu danda'u akkasumas hirmannaa bu'aa qabeessa ta'e kan mirkaneessuu ta'uu qaba; malli qunnamtii kun yoo xiqqaate sagalee hirmaattotaa osoo hinkukkutiin kan dabarsuu fi hirmaattoni yeroo tokkootti hirmaachisuu kan dandeessisu ta'uu qaba.
- 2) Bu'uura Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin miseensonni Boordii mala elektirooniksiin hirmaatan afaaniin sagalee kennuu ni danda'u.
- 3) Barreeffama hundeeffama waldichaan tumaa faallaan yoo hin jiraanne; miseensota waliigalaa Boordichaaa keessaa yoo xiqqate harki sadaffaan qaamaan walgahichaarratti yoo argaman malee; bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin walgahii gaggeeffameen murtiin darbu hin ragga'u;
- 4) Haala keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti dhimmoota murtiin irratti darbuu danda'an ilaalchisee barreeffama hundeeffama waldichaatiin daangaa kaa'uun ni danda'ama.

Keewwata 310 Bakka Bu'ummaa

- 1) Barreeffama hundeeffama waldichaan tumaa faallaan yoo hin jiraanne, miseensi Boordii Daarekteerotaa tokko walgahii Boordii irratti miseensa biraa bakka buusuu danda'a; bakka bu'iinsa xalaayaadhaan, faaksii yookiin imeeliidhaan kennuu danda'a;
- 2) Miseensi Boordii tokko walgahii tokko irratti miseensa boordii tokkoo ol bakka bu'ee hirmaachuu hin danda'a.
- 3) Tumaaleen keewwata kanaa bakka bu'aa miseensa Boordii mirgi namummaa seeraan kennameef irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 311 Galmee Namoota Waldichatti Dhiheenya Qabanii

- 1) Waldaan aksiyoona kamiyyuu Waajjira Muummee isaa keessatti, miseensota Boordii waldichaa, Hojii gaggeessaa, miseensota boordii to'annoo, odiiteroota, hooggantoota waldichaa fi bu'uuraseera kana keewwata 306 keewwata xiqqaa 6(b), (c) fi (f) tiin namoonni tarreeffaman haala dhuunfaa, ogummaa isaanii, faayidaa isaan waldaalee yookiin dhaabbilee daldalaa biroo keessaa qaban, hojii, miseensummaa Boordii yookiin itti gaafatamummaa biroo yoo qabaatan kunumtii fi dhimmoonni biroo odeeffannoo barbaachisa agarsiisan galmaa'uun qabamu qabu; Daarekteerichi waldaa daldalaa yoo ta'e maqaa waldichaa fi teessoon waajjira muummee waldichaa ibsamu qaba.
- 2) Dhimmichi kan ilaallatu miseensi Boordii Daarekteerota, miseensi boordii to'annoo, odiiteriin akkasumas barreessan waldichaa dhimmoonni galmee keessatti ibsaman irratti yoo jijjiiramni taasifamu yoo beeke kanuma guyyaa beeke irraa eegalee guyyoota kudha shan keessatti Waajjira Muummichaa Waldaa Aksiyoonichaa beeksisuun qaba.
- 3) Abbootiin aksiyoona fi bakka buutonni Waajjiraaleen Mootummaa galmicha bilisan ilaalu danda'u; namoonni abbootii aksiyoona hin taane immoo kaffaltii kanaaf murtaa'e kaffaluun ilaaluuf mirga qabu.

Keewwata 312 Abbummaa Faayidaa Beeksisu

Waldaan aksiyoonni isaa Uummataaf banaa ta'e (keewwata 258-260) keessatti dhuunfaadhaan yookiin kan faayidaa waliin qooddatan waliin ta'uun miseensa maatii tokkoo, kubaaniyoota waliitti makamaan kallattiidhaan yookiin alkallattiidhaan, maallaqa waldichaa haadhoo dhibbeentaa shanii fi isaa ol qooda kan qaban yoo ta'e; waldichi maqaa abbootii aksiyoona fi hanga qooda qabanii Ministeera Daldalaa fi Industiriitti yookiin waajjira rogummaa qabu birootti beeksisufamu qaba.

Keewwata 313 Aksiyoonotaa Fi Galmee Sanadoota Dirqamaa Miseensota Boordii Daarekteerotaan Qabamanii

- 1) Waldaan aksiyoona kamiyyuu:

- (a) Waldaa aksiyoonaatiin;
 - (b) Waldaa maxxanaatiin;
 - (c) Waldaa maxxanaa ta'etti yookiin kubaaniyaa haadhoo Waldaa haadhoo keessatti tokkoon tokkoo waldoota qoodaa aksiyoonaafi sanadoota dirqamaa miseensi boordii qaban baay'inaafi gatii isaanii addaan baasee kan agarsiisun galmeen waajjira Muummee jiraachuu qaba.
- 2) Abbootiin aksiyoonaafi namoonni sanada dirqamaa qabatan Yaa'iin Waliigalaa osoo hin gaggeeffamiin dura yeroo jiru keessatti galmeeffan sanadoota Yaa'ii waliigalaaf dhiyaatan akka beekaniif banaa taasisuun irra jiraata.
 - 3) Galmichi Yaa'iin Waliigalaa waldichaa yeroo gaggeeffamu miseensi yaa'ichaarratti hirmaatuutiin akka ilaalamuuf banaa ta'uu irra irraata;
 - 4) Qaamni Mootummaa rogummaa qabu yeroo kamiyyuu galmicha ilaaluuf yookiin garagalcha isaa yookiin barreeffama gabaabaatiin gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 314 Ibsa Miseensota Boordii Daarekterootaa fi Kaffaltii Hojii Gaggeessaa

- 1) Waggaatti Ibsi yaa'ii waliigalaaf dhiyaatu gatii waliigalaa dadhabbiin humnaa tokko tokkoo miseensa Boordii fi Hojii gaggeessaaf kaffalame, hanga kaffaltii yeroo yeroon kaffalamuufi faayidaawwan adda addaa biroo gosaan kennamanis kan agarsiissuu qaba.
- 2) Miseensa Boordii Daarekterotaaf yookiin Hojii gaggeessaaf liqiin kenname yookiin wabummaan seename yoo jiraate, Ibsa yaa'ii waliigalaa waggaa keessatti ifatti agarsiifamu qaba.

Keewwata 315 Gahee Hojii Boordii Daarekteerootaa Waliigala

Boordichi seeraan, Barreeffama Hundeeffama Waldichaan yookiin hojiiwwan murtii Yaa'ii waliigalaatiin kennaman dirqama raawwachuu qabu; ibsi waliigalaa kun akkuma jiruutti ta'ee Boordichi ittiigaafatamuummaa hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Faayinaansi waldichaa bulchu; waldichi maallqa haadho gahaafi dandeetikaffaltiiwwan yeroon raawwachuu kan qabu ta'u isaa mirkaneessuu;
- 2) Caaseffamni Bulchiinsa Waldichaa ibsa Faayinansiifi waldicha to'achuuf kan dandeessisu ta'uu isaa mirkaneessu;
- 3) Balaaf Saaxilamummaafi hojmaata keessoo waldichaa to'achuuf sirna gargaaru gahaa ta'e diriirsuu;
- 4) Waldichi boordii to'annoo kan qabu yoo ta'e boordichi ittigaafatamummaa isaa sirnaan akka bahuuf yeroon odeeffannoo guutuu dhiyeessu;
- 5) Miidhaan waldicharra akka hin geenyeef ittisuu, ittisuun yoo hin danda'amnees miidhaa olaanaa gahu danda'u xiqqeessuu ;
- 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (5) kanneen tarreeffaman akkuma jiranitti ta'anii, Boordichii itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Qaboo yaa'ii abbootii aksiyoonaafi walgahii Boordii waldichaa, galmee herregaa, galmee abbootii aksiyoonaafi Daarekteerotaa akkasumas sanadoota biroo barbaachisoo ta'an sirnaan akka qabaman gochuu
 - (b) Galmeewwan herregaa yeroo barbaachisa kamittuu odiiterotaaf dhiyeessuu;
 - (c) Sochii Faayinaansi haala hammateen gabaasa waggaa Yaa'ii waliigalaaf dhiyeessuu;
 - (d) Bu'uura seera kanaan yookiin barreeffama hundeeffama waldichaatiin yaa'ii waliigalaa waamuuf;
 - (e) Maallaqa waldichaa haadhoo keessa $\frac{3}{4}$ (sadii arfaffaa) kasaaraan yoo dhabee yaa'ii waliigalaa ariifachiisa waamuuf;
 - (f) Bu'uura Seera kanaan, barreeffama hundeeffamaa yookiin murtee yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoonaan maallaqa of eeggannoo hundeesuu fi qabuuf; fi
 - (g) Dandeettiin idea waldichaa kaffaluu gadi bu'aa yoo deeme yookiin idicha kaffaluu kan dhaabe yoo ta'e akka haala isaatti of eeggannoof sirna idaa deebisanii ijaaruu, sirna idaa deebisanii gurmeessuu yookiin sirna kaasaaruu akka eegaluu yookiin akka banamu taasisuu.

Keewwata 316 Dirqama Amanamummaa

- 1) Miseensonni Boordii Daarekterotaa waldichaa caalmaatti bu'aa qabeessa ni taasisu jedhanii yaada sammuu yaaduun tarkaanfiilee itti amanaan fudhachuu qabu; Fayyadamummaa abbootii aksiyoonaa hundumaas mirkanneessuuf hojjechutu irraa jiraata.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalattii daayirikteeri tokko itti gaafatamummaa jiru yeroo bahamuttii bu'aa yeroo dheeraa waldichaa, faayidaa hojjetootaa, bu'aa namootaa maallaqa waldichaa irraa fayyadamuudhaaf mirga qabani, hojii waldichaa kan hawwaasaa fi dhiibaa diinagdee naannicha irratti fidu tilmaama keessa galchuu qaba.

Keewwataa 317 Bilisummaadhaan Murteessuu

- 1) Miseensi Boordii Daayirikteerotaa tokko yeroo itti gaafatamummaa isaa bahutti bilisummaa fi haala itti fakkaateen murteessu qaba;
- 2) Miseensi Boordii itti gaafatamummaa akka darbineetti kan hin lakaawamne:
 - (a) Waldichi filannoo Boordii gara fuula duraa waliigaltee dhorku raawwatee akkaataa waliigaltichaatti yoo hojjete;
 - (b) Barreeffama hundeeffamaa irratti haala tumameen yookiin akkaataa murtii yaa'ii waliigalaatiin yoo hojjete.

Keewwataa 318 Of Eeggannoo fi Tattaffii

- 1) Miseensi Boordii Daayirikteerotaa tokko itti gaafatamummaa isaa of eeggannoon, ogummaa fi kaka'umsan bahu qaba; Hir'ina itti gaafatamummaa bahuu dhabuutiinmiidhaan waldichaa fi miseensota irraa gahuuf daayirikteerichi itti gaafatamaa ta'a.
- 2) Bu'uuruma kanan itti gaafatamummaan miseensa Boordii kan lakkawamu sababa gaha ta'een kan tatafatu yoo ta'e fi beekumsa waliigalaa oggummafi of eeggannoo miseensa Boordii tokko irraa eegamu taasisuun.

Keewwata 319 Dorgomii Dhorkuu

Yaa'iin waliigalaa yoo heyyame malee miseensonni Boordii Daarekteerotaa maqaa isaanitiin yookiin maqaa qaama 3ffaatiin waldicha waliin dorgomuu yookiin waldaa daldalaa waldichaan dorgomaa ta'e keessatti miseensa ta'u hin danda'u.

Keewwataa 320 Walitti Bu'iinsa Faayidaa

- 1) Miseensi Boordii Daayirikteraa tokko kallattinis ta'ee alkallattiidhaan haalotaa walitti bu'iinsa faayidaa waldichaa waliin uumuu danda'an irraa of fageessuu qaba.
- 2) Dhorki keewwataa kana keewwata xiqqaa (1) jalatti taa'ee waldichi fayyadamuu yoo danda'e iyyuu keessumaaqabeenya, odeeffannoofi carraa daldalaatti fayyadamu ilaalchisees raawwattiinsa kan qabaatu ta'a.
- 3) Miseensi Boordii Daayirikteeraa tokko itti gaafatamumma irraa erga ka'e boodas ta'u yeroo miseensa Boordii turetti odeeffannoo sababa hojiitiin beekke fi carraa daldalaa faayidaa ofii isaatis ta'ee qaama 3ffaatiif oolchuu hin danda'u.
- 4) Dhorkii keewwataa kana irratti tumame daayirikteerichi waliigaltee hojii waldichaa waliin taasisu waliin waliitti bu'iinsa faayidaa uumamu hin ilaalatu.
- 5) Bu'uura tumaa seeraa kanaa rogumma qabun Boordii Daayirikteerotaa yookiin yaa'iin waliigalaa dhorka kana kaasuudhaan heyyama kennuu ni danda'a.

Keewwataa 321 Walitti Bu'iinsa Faayidaa Beeksisuu

- 1) Tokkoon tokkoo Miseensa Boordii Daayirikterotaa ofi isaafi waldicha gidduutti walitti bu'iinsa faayidaa uumuu haalota dandeessisan kamiyyuu Boordii beeksisuu qaba.
- 2) Keessumaa waldichaa waliin waliigaltee raawwatamuuf yaadame yookiin raawwatame yookiin walitti dhufeenyaa biraa kallattinis ta'ee alkallattiidhaan faayidaa waldichaa kan tuqu yoo ta'e miseensichi waa'ee amala faayidichaafi hanga isaa daayirikterota hafaniif ibsa guutuu kennu qaba.

- 3) Bu'uura Keewwataa kana keewwataa xiqqaa (1) fi (2) tiin ibsi kennamu kamiyyuu haalli walitti bu'iinsa uumu danda'u jiraachuu isaa akka beekeen battalumatti dhiyeessuu qaba.

Keewwataa 322 Faayidaa Qaama Sadaffaan kennamu

- 1) Miseensi Boordii Daayireekteerootaa tokko hojii isaa raawwachaa osoo jiru qaama sadaffaan kennaas ta'ee faayidaa biraa kan kennamu yoo ta'e miseensonni Boordii Daayirikterootaa faayidicha hin hirmaannee yookiin yaa'ii waliigalaa Boordichaa osoo hin heyyamsiisin fudhachuu hin danda'u.
- 2) Kenna yookiin faayidaa fudhachuun waliitti bu'iinsi faayidaa uumamuuf sababni gahaan kan hin jiraanne yoo ta'e; dhorkaan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti gatame raawwatiinsa hin qabaatu.
- 3) Dhorkaan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti gatame nama daarekteerummaa irraa ka'eefisraawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 324 Daangaa Sagalee Irratti Taasifamu

- 1) Waliigalteen Waldichaafi Miseensota Boordii Daarekteerootaa gidduutti taasifamu, Qaamni sadaffaan faayidaa daarekteerichaaf kennu yookiin sababa waliitti bu'iinsi faayidaa uumamuu danda'uuf Boordiidhaan mirkanaa'u kan qabu dhimmoota biroo kamiyyuu ilaalchisee Boordichi murtii yeroo dabarsu miseensi dhimmichi ilaallatu sagalee kennuu hin danda'u.
- 2) Akkasumas seera kana keewwata 311 jalatii bu'uura ibsameen namootaa waldicha walin walitti dhufeenyaa qabanifi waliigaltee waldicha giddutti rawwatamuunis ta'ee dhimmicha irraa daayirikteeri faayidaa hiikaa qabu kan argatuamma ta'etti waldichaafi nama biroo kamiyyuu jidduttii waliigaltee taasifamu ilaalchisee daarekteerri dhimmichi ilaallatu sagalee kennu hin danda'u.

Keewwata 324 Aangoo Boordii Daarekteerootaa

- 1) Boordiiin Daayirikterotaa seeraan, barreeffama hundeeffama waldichaatiin yookiin yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoonaatiin aangoo murtii kennu ni qabaata.
- 2) Barreeffama hundefama waldichaa miseensonni Boordii Daayirikteerotaa totkumaadhaan hojii isaani kan raawwatanifi waldichaaf bakka buutota ta'uu isaani yookiin isaan keessa tokko gochaa kanaaf aangoo addaa ta'ee kan qabu ta'ee addaan bahuu qaba.
- 3) Daayiriktaronni waldichaaf bakka buutotaa akka ta'aniif isaniif heyyamame maqaa waldichaatiin dhimma waldichaa raawwachuu hojiiwaan barbaachisoo ta'an kamiyyu bakka bu'ummaadhaan hojjechuudhaaf mirga qabu. Dhorkii aangoo isaani irratti kennamu kamiyyu qaama 3ffaa sammuu qulqulluu qabu irratti bu'aa hordofsiisu hin qabaatu.

Keewwataa 325 Miseensonii Boordii Daarekteerotaa Itti Gaafatamummaa Waldichaaf Qaban

- 1) Miseensonni Boordii Daayirikterotaa itti gaafatamummaa isaanii bahuu dhabuun miidhaa gahuuf waldichaaf tokkummaa fi qeenxeedhaan itti gaafatamtoota ni ta'u;
- 2) Miseensonnii Boordii Daayirikteerotaa itti gaafatamummaafi of eeggannoodhaan hojjechuu isaanii dirqama hubachiisuu ni qabaatu.

Keewwataa 326 Waliigalteewwan Daarekterootaa Itti Gaafatamummaa irraa Bilisa Taasisan

- 1) Hojii waldichaa waliin wal qabatee maal na dhibdeedhaan, itti gaafatamummaa bahuu dadhabuudhaan yookiin amantaa hir'isuudhaan itti gaafatamummaa dhufuu danda'u miseensa Boordii daayirikteerotaa tokko bilisa gochuudhaaf yaadame waliigalteen taasifame yookiintumaan seeraa dirqisiisu hin ragga'u.

- 2) Daarekteerri tokko Hojii waldichaa waliin wal qabatee maal na dhibdeedhaan, itti gaafatamumaa bahuu dhabuudhaan yookiin amantaa hir'isuudhaan beenyaa kaffalu qabu walakkaadhaanis ta'ee guutuudhaan waldichaaf kallattinis ta'e alkallattin akka isaaf kaffalamuuf yookiin daayirikteeri ergii kaffaleen booda akka bakka isaaf bu'uuf waliigalteen taasifamu yookiin tumaan seeraa kan raga'u miti.
- 3) Keewwata kana keewwataa xiqqaa (1) fi (2) tumaaleen barreeffama hundeeffama waldichaatiin, waliigaltee kamiyyuu waldicha yookiin qaama sadaffaa waliin taasifamu irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 4) Keewwata kana keewwataa xiqqaa (1) fi (2) tumaaleen jiran itti gaafatamummaa miseensa Boordii irra gahu ilaalchisee waldichi haguuggi Inshuuraansii akka hin bitneef dhorkuhin danda'u.
- 5) Qaamni Bulchiinsa Mootummaa, maallaqa gaafattoonni yookiin abbootiin aksiyoona miseensota Boordi Daayirikteerota irratti himannaa kan dhiyyeessan yoo ta'e waldichi miseensotaa Boordiif maallaqa isaan ittin of irraa ittisan isaaniif heyyamuu ni danda'a. Kan injifataman yoo ta'e maallaqicha waldichaaf deebisuudhaaf dirqama qabu.

Keewwataa 327 Mormii

- 1) Sababa murtii daldalaa fayyaalumaa gaariin murtaa'eetiin waldicha irra miidhaan yoo gahe miseensonni Boordii Daayirikteerota beenyaa kaffaluudhaaf kan hin dirqisiifamne:
 - a) Dhimmi murtiin irratti darbe faayidaa dhuunfaa waliin walitti bu'iinsa faayidaa kan hin qabne yoo ta'e;
 - b) Dhimma irratti murtaa'eef haalli murtiin itti kenname ilaalchisa sababa gahaa qabaachuun daayirikteerichi hanga yaade ragaa gahaa qabatee kan murteesse yoo ta'e; fi
 - c) Sababa murtiichii waldichaa ni fayada jedhamee yaadame murtaa'een kan ta'e yoo ta'edha.

- 2) Daayiriktarii murtii daayiriktarootaa mormee sagalee kennee murtii kenname odiitera alaatiif kan beeksise murtiicha waliin wal qabatee itti gaafatamumma hin qabaatu.
- 3) Murtiin miseensi Boordii tokko murteesse murtii yaa'ii waliigala yookiin barreeffama hundeeffamaa waldichaa yookiin seeran hordofee yoo ta'e murtichi miidhaa waldichaa irraan gaheef itti gaafatama hin ta'u.

Keewwataa 328 Himannaa Waldaan Miseensota Boordii Daarekteerotaa irratti Dhiyeessu

- 1) Waldichi itti gaafatamummaa waliin wal qabatee himannaa Boordii daayirikterotaa irratti dhiyyeessu kan danda'u yaa'ii waliigalaa yoo murtaa'edha. Dhimmichi guyyaa sana ajandaan yoo hin qabamne ta'ees yaa'iin waliigalaa dhimmicha irratti murtii kennu ni danda'a.
- 2) Bu'uura Keewwataa kana keewwataa xiqqaa (1) tiin himannaan akka dhiyaatu guyyaa murtaa'e eegale ji'a sadii keessatti waldichi himannaa kan hin dhiyyeesine yoo ta'e Abbootiin aksiyoona maallaqa waldichaa haadhoo keessa yoo xiqqaate %10 qooda kan qaban waliin ta'ani maqaa waldichaatiin himannaa dhiyyeessu ni danda'u.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti kan tumame yoo jiraates, kallattinis ta'e alkallattidhaan miseensi Boordii Daayirikterotaa, miseensi boordii to'annoo, hojii geggeessa olaanaa yookiin seera kana keewwataa 306 keewwata xiqqaa 6 tiin abbootii aksiyoona waliin walitti dhufeenya qabu jedhame kan tarreeffaman waliin waliigalteen waldichi taasise tumaa seera kana kan hin hordofne yoo ta'e sababa kanaan miidhaa waldicha irraa gahe ilaalchisee abbootiin aksiyoona waldichaa keessa maallaqa haadhoo qooda dhibbeentaa kudhanii gadi hin taane qaban seera kanaan dirqama isaanii kanneen hin bahanne miseensota Boordii Daarekteerota irratti himannaa kallattiin dhiyeessu danda'u.

- 4) Bu'uura Keewwataa kana keewwataa xiqqaa (2) yookiin (3) tiin abbootiin aksiyoona himannaa dhiyeessuu barbaadaaniif waldichi sanadootaafi ragaawwan barbaachisoo ta'an agarsiisuufi waraabbii isaa kennuufii irra jiraata; keessumaa abbootiin aksiyoona waliitti bu'iinsi faayidaa jira jedhanii yoo tilmaaman waliigalteewwaniifi sanadoota duukaa deemtu ilaaluuf mirga qabu.
- 5) Bu'uura Keewwataa kana keewata (2) fi (3) tiin himannaan abbootii aksiyoonaatiin dhiyaate bu'aan isaa maaliyyu yoo ta'e himannichi kan dhiyaate yaada fayyalummaa gaariin hanga ta'etti waldichii baasii abbootiin aksiyoona baasan bakka buusuu qaba.
- 6) Waldichi himannaan daarekteerota irratti dhiyeessu dhiisuu yookiin jaarsumaadhaan fixuu ni danda'a; Ta'uus himannaa dhiisuufi jaarsummaan xumuruun kan danda'amu yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoona maallaqa haadhoo keessaa yoo xiqqaate qooda dhibbentaa kudhanii gadi hin taane qabaniin murtiin himannaa dhiisuu yookiin jaarsummaan xumuruu yoo hin mormine ta'eedha.

Keewwata 329 Itti Gaafatamummaa Miseensonni Boordii Daarekteerotaa Namoota Waldichaa Irraa Maallaqa Gaafataniif Qaban

- 1) Waldichi waldaarra namootaa kaffaltii maallaqa gaafataniif raawwachuuf carraa sababaawan kan hin jirree ta'uu Daarekteeronni erga beekanii booda yookiin beekuu osoo qabanii waldichi hojii isaa kan itti fufe yoo ta'e daarekteeronni maallaqa gaafattoota irratti miidhaa gahuuf itti gaafatamummaa ni qabaatu.
- 2) Qabeenyaan waldichaa idaa kaffaluudhaaf kan hin geenye yoo ta'e maallaqa gaaffatoonni mallaqichi akka qisaasamu yookiin akka hir'atu daarekteerota taasisan irratti hanga maallaa qisaasame yookiin miidhaa qabeenyarra gaheef akka itti gaafatamaniif himannaa dhiyeessu ni danda'a.

- 3) Waldichi himannaan Daarekteerota irratti dhiyyeessu dhiisuu yoo murteessees, mirga namoonni waldichaarraa maallaqa gaafattoonni daarekterota irratti himannaa dhiyeessuuf qaban hin hambisu.

Keewwata 330 Waa'ee Himannaa Abbootiin Aksiyoona fi Qaamolee Sadaffaan Dhiyeessanii

Tumaaleenkutaa kanaa balleessa yookiin gochaa waliin dhahuu daarekterotaatiin kallattiin namni dhuunfaadhaan miidhame abbootiin aksiyoona yookiin qaamni 3ffaan kisaaraa argachuudhaaf himannaan dhiyyeesuu mirgi isaa hin xuqamu.

Keewwata 331 Boordii To'annoo

- 1) Waldaan Aksiyoona Boordii to'annoo akka qabaatuuf barreeffama hundeeffamaan murteessuun ni danda'ama.
- 2) Boordii to'annoo yaa'ii waliigalaan kan filatamu ta'ee lakkoofsi miseensota sadii gadi kan hin taane shankan hin caalle ta'uu qabu.
- 3) Yaa'iin waliigalaa miseensota Boordi to'annoo yeroo kamiyyuu aangoorraa kaasuu danda'a. Miseensi Boordii To'annoo aangoorraakaafamesababa gaha malee yoo ta'ees mirga hojii isaatti deebi'uuf gaafachuu hin qabu.
- 4) Miseensa Boordii to'annoo ta'ani filatamuu kan danda'u abbootii aksiyoona keessa qofa.
- 5) Itti Waamamni Boordii to'annoo Yaa'ii Waliigalaa Abbootii Aksiyoonaaf ta'a;
- 6) Miseensi boordii to'annoo miseensa Boordii Daarekterotaa Waldichaa yookiin hooggansa bulchiinsa keessatti hirmaachuu hin danda'u.
- 7) Boordii to'annoo miseensota keessa walitti qabaa ni filata; walitti qabaan yoo hin argamne miseensota keessa yeroof bakka bu'aa ni filata; walitti qabaan Boordii to'annoo miseensota keessaa waliitti qabaa yeroo filachuun kan hin dandeenye yoo ta'e, miseensonni gidduu isaaniiti waliitti qabaa yeroo ni filatu; Boordichi waliitti qabaa yeroo kamiyyuu kaasuu ni danda'a.
- 8) Yeroon walgahii Boordii to'annoo barreeffama hundeeffamaatiin murtaa'a.

- 9) Boordiiin to'annoo qaboo yaa'ii fi sanadoota barbaachisoo ta'an kan mataa isaa gurmeesse ni qabata.
- 10) Hammi Kaffaltii boordii to'annoof kaffalamu kan gatii hojiiifi durgoon yaa'ii waliigalaatiin kan murtaa'u ta'a.

Keewwataa 332 Aangoo Fi Gahee Hojii Boordii To'annoo

Boordiiin to'annoo aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojii isaatiif Sanadootaa fi ragaalee barbaachisaa ta'an dhiyyeesisuu fi qorachuu;
- 2) Boordii Daarekteerota Yaa'ii waliigalaa waamuu yoo hin dandeenye yookiin hayyamamoo hin taane, yaa'ii waamuu fi hoogganuu;
- 3) Walgahii Boordii daarekteerotaa irratti argamuu fi sagalee malee hirmaachuu fi yaada kennuu;
- 4) Yeroo hojiilee waldichaa miidha raawwatamuu bare yookiin yoo shakkee dhimmicha qorachuu yookiin akka qoratamu taasisuu; akka barbaachisummaa isaatti himanni akka dhiyaatu tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu;
- 5) Miseensonni Daarekteerotaafi hooggansi biroo waldichaa itti gaafatamumaa isaa sirnaan bahachuu isanii hordofuu, Gochaan faayidaa waldichaa miidhuu yeroo raawwatan yoo mirkaneeffatu akka tarkaanfii sirreeffamaa fudhatan gaafachuu; akka barbaachisummaa isaatti hooggantootni hojii isaanii sirnaan hin bahanne akka itti gaafatamummaa isaaniirra ka'an yaadaa Boordii Daarekteerotaaf yookiin Yaa'ii Waliigalaaf dhiyeessuu;
- 6) Dhimmoota faayinaansii waldichaa hordofuu fi akka qoratamu taasisuu
- 7) Yaa'ii waliigalaatiif gabaasa dhiyyeesuu fi
- 8) Hojiilee biroo barreeffama hundeeffamaan yookiin murtii yaa'ii waliigalaatiin kennaman raawwachuudha.

Keewwataa 333 Miseensa Boordii To'annoo Bakka Buusuu

- 1) Bara Baajataa waggaa keessatti miseensi Boordii to'annoo kan hir'ate yoo ta'e hanga yaa'iin waliigalaa waldichaa bakka miseensa hir'ate miseensa biraa bakka buusuutti miseensonni hafan hojii isaanii ni raawwatu.
- 2) Barrii hojii bakka buutotaato'annoo hanga bara hojii to'annoo hir'atanii ta'a.
- 3) Miseensonni Boordii to'annoo hundi hojii isaanii kan dhiisan yoo ta'eeyaa'iin waliigala hanga to'attoota haaraa muuduutti odiitaronni hojii to'attootaa ni raawwatu.

Keewwataa 334 Itti Gaafatamummaa Miseensota Boordii To'annoo

Waliigalteen faallaa ta'ee yoo jiraates, miseensonni Boordii To'annoo seera kanaan, barreeffama hundeeffamaan yookiinmurtii yaa'ii waliigalaatiin itti gaafatamummaa hojii itti kenname bahachuu dhabuun miidhaa gahuuf waldichaaf, Abbootii aksiyoonaaf yookiin qaama sadaffaaf tokkummaa fi qeenxeen itti gaafatamu.

Keewwata 335 Darbiinsa Yeroo Fi Mormiilee Biroo

- 1) Bu'uura tumaalee seera kanaatiin himannaan miseensota Boordii Daarekteerotaa yookiin akka haala isaatti miseensota Boordii To'annoo irratti Waldichaan, Abbootii Aksiyoonaan yookiin maallaqa gaafattootaan dhiyaatu, miidhamaan miidhaa gaheefi miidhaa gaheef qaama itti gaafatamu guyyaa beeke irraa eegalee waggoota lama keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta'e darbiinsa yeroon hafa ta'a; Haala kamiiniyyuu guyyaa miidhaan gahe irraa eegalee hanga waggaa kudhaniitti himanni yoo hin dhiyaanne darbiinsa yeroon ni daanga'a.
- 2) Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame Miseensota Boordii Daarekteerotaa yookiin Boordii To'annoo irratti himannaa yakkaa dhiyaatuuf raawwatiinsa hin qabaatu.

Keewwata 336 Tumaalee Raawwatamiinsa Qabaatan

Tumaaleen Seera kana keewwataa 297, 298 fi 306 akka barbaachisumaa isaaniitti miseensota Boordii to'annoo irrattis raawwatamiinsa ni qabaatu.

Kutaa lama

Hojii Geggeessa Olaanaafi Barreessaa Waldichaa

Keewwataa 337 Hojii Geggeessaa Olaanaa Waldichaa

- 1) Waldichi Boordii Daarekteerotaan kan muudamu hojii Gaggeessaa Olaanaa ni qabaata; Iti Waamamni hojii Gaggeessaa Olaanaas Boordichaaf ta'a.
- 2) Boordiin Hojii Geggeessa Olaanaa itti gaafatamummaa irraa kaasu ni danda'a; hojii Geggeessaan itti gaafatamummaa irraa kan ka'e sababa gaha malee yoo ta'ees mirga itti gaafatamummaatti deebi'uu hin qabaatu; Ta'uus Boordiin deebisee muuduu ni danda'a.
- 3) Hojii geggeessa olaanaan qacaramaa waldichaati; Miseensa Boordii Daarekteerotaa ta'uu nidanda'a; ta'uus walitti qabaa Boordii ta'uu hin danda'u.

Keewwata 338 Aangoo fi Hojii Hojii Geggeessaa Olaanaa Waldichaa

- 1) Hojii geggeessa Olaanaan hojiilee guyya guyyaa waldichaa ni gaggeessa; barreeffama hundeeffama waldichaatiin tumaaleen faallaa ta'an yoo jiraatan malee qaama sadaffaa waliin qunnamtii taasifamuuf waldicha bakka ni bu'a.
- 2) Haala waliigalaan kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame akkuma eegameetti ta'ee; Hojii Gaggeessaan Olaanaan hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Sanadaalee maallaqa dadarban keessattu waraqaalee daldalaa, waraqaa ragaa dirqama dabarsani i sanadootaa mirkanneessa shaqaxaa mallateessuu; dabarsuu;
 - (b) Hojiilee hundeeffamaa barreeffama waldichaatiin kennaman raawwachuu;
 - (c) Hojilee Boordii Daarekteerotaatiin kennaman raawwachuu; murtiilee Boordii raawwachisuu;

- (d) Karoora hojii fi baajataa waldicha qopheessee Boordii dhiyyeesuu; yoo mirkaana'ee hojiirraa oolchuu; fi
- (e) Hojjetoota Waldichaaf barbaachisoo ta'an qacaruu; bulchuu fi hojiirraa gaggeessu.

Keewwata 339 Bu'aa Aangoo Hojii Gaggeessaa Daangeessuu

- 1) Murtiileen yookiin waliigalteen jechaa kanneen biroo Boordii Daarekteerootaa Aangoo Hojii Gaggeessaa kan daangeessan Galmee Daldalaa keessatti hanga hin galleetti bu'aa kan hordofsiisan Waldichaafi Hojii Gaggeessaa gidduutti qofa ta'a.
- 2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1)tiin Waldichi hojii Hojii Gaggeessaa kan daangeessu mirga qaama sadaffaa fayyaalummaa gaariin Hojii Gaggeessicha waliin waliigaltee raawwatan eegsisuuf qofa.

Keewwata 340 Barreessaa Waldichaa

- 1) Waldaan aksiyoona Barreessaa qabaachuu qaba; qacarrii fi hojii irraa gaggeessuun Barreessichaa Yaada murtii Hojii Gaggeessaan dhiyeessuun Boordii kan ragga'e ta'a.
- 2) Barreessaan Waldichaa itti waamamni isaa Hojii Gaggeessaaf ta'a.

Keewwata 431 .Aangoo fi Hojii Barreessaa Waldichaa

Barreessaan Waldichaa Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Odeeffannoowwanii fi galmeewwan waldichaa gurmeessuufi qabachuu;
- 2) Qaama dhimmi ilaaluuf gabaasaa fi odeeffannoowwan barbaachisoo kanneen biroo wayitaan kennuu;
- 3) Abbootii aksiyoona i gareewwan qaama Sadaffaatiif odeeffannoo kennuu;
- 4) Wal gahiiwwan Abbootii Aksiyoona fi Miseensota Boordii qopheessuu;
- 5) Qaboowwan Yaa'ii qopheessuu fi gurmeessudhaan qabuu; fi

- 6) Hoji Gaggeessaafi barreeffama hundeeffamaa waldichaatiin hojiilee kanneen biroo kennaman hojjechuu.

Keewwata 342 Itti Gaafatamummaa Barreessaa Waldichaa

Waliigaltee faallaa yoo jiraates, barreessan waldichaa seera kanaan yookiin barreeffama hundeeffamaatiin cabsuudhaan miidhaa waldicha, abbootii aksiyoona yookiin garee sadaffaa irraan geessisuuf itti gaafatamummaa ni qabaata.

Kutaa Sadii

Odiitiifi Qaama Mootummaa Aangoo QabuunQorannoo taasifamu

Keewwata 343 Odiitaroota Muuduu

- 1) Waldaan aksiyoona kamiyyuu Odiitaroota alaa tokko yookiin tokkoo ol bilisaafi walaba kan ta'aniifi odiitaroota jijjiiramaan qabaachuu qaba; Odiitarootaafi Odiitaroota jijjiiramaan kan muudu yaa'ii waliigalaa waldichaati.
- 2) Maallaqa haadhoo waldichaa keessaa yoo xiqqaate dhibbeentaa digdama qaban abbaan aksiyoonaayookiin abbootiin aksiyoona mataa isaaniin kan filatan odiitara alaa muuduu ni danda'u.
- 3) Qaami seeraan mirgi namummaa kennameef odiitara ta'uu ni danda'a.
- 4) Odiitaroonni warri jalqabaa yaa'ii warreen mallatteessitootan, kan itti aanan immoo Yaa'ii Waliigalaatiin filatamu.

Keeyyata 344 Bara Hojii Odiitarootaa

Odiitaroonni hojiirra kan turan:

- 1) Yaa'ii mallatteessitootaan kan filataman yaa'iin waliigalaa inni jalqabaa hanga gaafa gaggeeffamutti ta'a;
- 2) Yaa'ii Waliigalaatiin kan filataman hanga yeroo xumura bara Baajataa Sadiiti.

Keeyyata 345 Odiitarummaan Muudamuuf Ulaagaa Gahumsaa

- 1) Odiitera Waldaa aksiyoona ta'uu kan danda'u ulaagaalee itti aananii jiran nama guutuudha:

- (a) Qaama dhimmi ilaallatu irraa hayyamni ogummaa kan kennameef;
 - (b) Naamusa gaarii kan qabu;
 - (c) Abbaa Aksiyoona waldichaa yookiin hojjetaa kan hin ta'in;
 - (d) Seera kana keewwata 306 keewwata xiqqaa 6 irratti bu'uura ibsameen nama waldichatti dhiyeenya hin qabne;
 - (e) Kanneen biroo seeraan yookiin barreeffama hundeeffamaatiin ulaagaalee kaa'aman kan guutuudha.
- 2) Gochaan gowwomsuu kan raawwatame yoo ta'e malee, gabaasni odiitaraan dhiyaate yaa'iin waliigalaan erga raggaasifameen booda, sababa tumaalee keewwata kanaatiin cabeera jedhuun gabaasni ragga'e kufaa hin ta'u.

Keewwata 346 Odiitara Hojiirraa Kaasuu

Yaa'iin Waliigalaa yeroo kamiyyuu odiitaroota hojiirraa kaasuu ni danda'a; Ta'us sababa gahaa malee odiitarri hojiirra ka'e waldicha irraa beenyaa miidhaa gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 345 Gatii Hojii Odiitarootaa

Gatiin kaffaltii hojii Odiitarootaa kan murtaa'u yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoonaatiin ta'a.

Keeyyata 348 Itti Gaafatamummaa Odiitarootaa

Kanneen birootiin tumaalee seeraa kanaan akkasumas seerota kanneen biroo qixa qabeessa ta'aniin kan ilaalame akkuma eeegameettii ta'ee odiitarootni itti gaafatamummaa kanatti aanan ni hangata:

- 1) Qajeelfamoota qabiinsa herregaa fudhatama qaban bu'uura gochuudhaan hojjechuu;
- 2) Odeeffannoo sirrii kennuu;
- 3) Abbootii aksiyoona waldichaa wal qixa keessumeessuu;
- 4) Iciitii Hojii ogummaa eeguu;
- 5) Waggaa waggaa dhaan tarree qabeenyaa waldichaa, madaallii herregaa akkasumas ibsa bu'aa fi kiisaaraa, galmeewwan herregaafi sanadoota faayinaansii kanneen biroo sirrii ta'uu isaanii qorachuufi mirkaneessuu;

- 6) Boordii Daarekterotaatiin yaa'ii waliigalaa waldichaatiif gabaasi dhiyaatu haala waliigalaa waldichaa sirriitti kan mul'isu ta'uu isaa mirkaneessuu;
- 7) Barreeffama hundeeffamaa waldichaa yookiin Yaa'iin Waliigalaa hojiiwwan kennaman kanneen biroo hojjechuudha.

Keeyyata 349 Gabaasa Yaa'ii Waliigalaatiif Dhiyaatu

- 1) Odiitaroonni gabaasa Boordii Daayirekterootaatiin yaa'ii Waliigalaa waldichaatiif dhiyaatu irratti yaada qaban kan ibsu gabaasa barreeffamaan Yaa'ii Waliigalaatiif dhiyeessuu qabu,; gabaasi isaan dhiyeessan odiitaroonni hojii isaanii akkamiin akka hojjetan agarsiisuutu irra jiraata.
- 2) Odiitaroonni gabaasa herregaa Boordii Daayirekterootaatiin dhiyaatu yaa'iin waliigalaa akka raggaasisuuf yookiin kufaa akka taasisu yaada dhiyeessuu qabu.
- 3) Odiitaroonni qoodiinsa bu'aa ilaalchisee yaada daarekteeronni dhiyeessan irratti yaa'ii waliigalaatiif yaada isaanii kennuutu irra jiraata.
- 4) Yaa'iin Waliigalaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin gabaasi caqasame yoo dhiyaateef malee ibsa madaallii herregaa irratti waliin dubbachuu hin qabu.

Keeyyata 350 Dirqama Hojii hin Barbaachifne Raawwatame Beeksisuu

- 1) Odiitaroonni hojii isaanii wayita hojjetanitti hoji-maata sirrii hin taane yookiin seeraan yookiin barreeffama hundeeffamaatiin kan ilaalame cabsuudhaan hojiin hojjetame jiraachuu isaa akka beekaniin waldichi Boordii to'annoo kan qabu yoo ta'e Boordii to'annoof yoo hin qabu ta'e immoo Boordii Daarekteerotaaf fi dhimmichi yeroo ulfaataa ta'etti Yaa'ii Waliigalaatiif beeksisuutu qabu.
- 2) Odiitaroonni Hojii isaanii yeroo hojjetanitti yakki raawwatamuu isaa kan beekan yoo ta'e qaama Mootummaa rogummaa qabuuf beekisuu qabu.

Keeyyata 351 Wal gahii Yaa'ii Waliigalaa Waldichaa Waamuu

- 1) Bu'uura Seerri yookiin barreeffami hundeeffamaa waldichaagaafatuun Boordiin daarekteerotaa yookiin Boordiin to'annoo Yaa'iin Waliigalaa akka walitti qabamu waamicha utuu hin godhin kan hafan yoo ta'e, odiitaroonni waamicha gochuutu irra jiraata.
- 2) Maallaqa haadhoo waldichaa keessaa yoo xiqqaate abbootiin aksiyoona dhibbeentaa kudhan qooda qabaniin gaaffiin kan isaaniif dhiyaate yoo ta'e; odiitaroonni yaa'iin waliigalaa akka gaggeeffamuuf waamicha gochuutu qabu.
- 3) Odiitaroonni tokkoo ol yoo ta'an bu'uura barreeffama hundeeffamaa waldichaatiin waliin ta'uun yaa'iin waliigalaa akka taa'uuf waamicha gochuu ni danda'u; barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ate walgahiin waajjira muumee waldichaatti yookiin barreeffama hundeeffamaa waldichaatiin iddoo caqasameen ala akka taasifamu murteessuu ni danda'u.
- 4) Bu'uura tumaa keewwata kanaatiin odiitaroonni walgahii kan waaman yoo ta'e ajandaa walgahii ni qopheessu; sababa walgahicha waamuun barbaachiseefis Yaa'ii Waliigalaatiif barreeffamaan gabaasa nidhiyeessu; odiitaroota keessaa inni tokko walgahicha dura taa'ummaadhaan ni hooggana.
- 5) Yaa'ii waliigalaa waamuu yookiin waamuu dhiisuu irratti odiitaroonni kan walii hin galle yoo ta'e, Odiitaroota keessaa tokko keewwata kana keewwata xiqqaa (3) fi (4) tiin aangoo ibsame hojii irra oolchuuf iddoo waajjirri muummee waldichaa argamutti Mana Murtii aangoo qabuuf iyyannoo dhiyeessuu ni danda'a.
- 6) Waldichi bu'uura keewwata kanaan hojiiwwan hojjechuuf baasii barbaachisaa taasifame hunda haguugu qaba.

Keewwata 352 Aangoo Odiitarootaa

- 1) Odiitaroonni barbaachisaa ta'ee yoo argame yeroo kamiyyuu qorannoo yookiin to'annoo gochuuf yookinodeeffannoo kamiyyuu, waliigaltee, galmee, sanada

herregaa, qaboo yaa'ii yookiin sanadi kan biroon akka isaaniif dhiyaatu gaafachuu ni danda'u; namni gaaffiin dhiyaateef odeeffannoo gaafatame kennuu qaba.

- 2) Odiitaroonni yaa'iii waggaa ykn walgahii abbootii aksiyoona biroo kamiyyuu irratti argamuu qabu.

Keewwata 353 Waa'ee Herrega Waldaa Daldalaa Haadhoo Qorachuu

Seera kanaan yookiin bu'uura seeraa biroo kaminiyyuu herregi waldaa haadhoo tokkoo yommuu qoratamu kan waldaa maxxantuu herregawwan walitti qabaman ilaalamuu kan qaban yoo ta'e odiitaroonni sanadoota waldaa maxxantuu irratti qorannoo herregaa gochuu qabu.

Keeyyata 354 Itti gaafatamummaa Odiitarootaa

- 1) Odiitaroonni yeroo hojii isaanii hojjetanitti waldicha, abbootii aksiyoona fi qaama Sadaffaa irratti badii raawwataniif bu'uura seera hariiroo hawaasaatiin itti gaafatamummaa ni qabaatu.
- 2) Odiitarri kamiyyuu ta'e jedhee dhaabbii waldaa daldalichaa kan ilaallatu gabaasa sirrii hin taane kan dhiyeesse yookiin kan mirkaneesse yookiin yakki raawwatamuu isaa utuu beekuu qaama dhimmi ilaallatuuf kan hin beeksifne yookiiniciitii hojii ogummaa kan baase yoo ta'e bu'uura seera yakkaa rogummaa qabuun gaafatamaa ta'a.
- 3) Odiiterri kamiyyuu haala hojii addaan kutuu seeraan yookiin waliigalteedhaan kan taa'e cabsuudhaan sababa hojii isaa addaan kutuutiin Waldicha, abbootii aksiyoona waldichaa fi qaama Sadaffaa irratti miidhaa gahuuf itti gaafatamummaa ni qabaatu.

Keewwata 355 Bu'uura Gaaffii Abbootiin Aksiyoona Dhiyeessaniin Qorannoo Haala Kubbaaniyichaa Irratti Taasifamu

- 1) Maallaqa haadhoo (Capital) Waldichaa keessaa yoo xiqqaate abbootii aksiyoona dhibbeentaa kudhan qooda qabaniin gaaffiin kan isaaf dhiyaate yoo ta'e Ministeera daldalaa fi Industirii tiin yookiin waajjira Mootummaa kan

biroo rogummaa qabun hooggansi hojii waldichaa miseensota waldichaa qooda aksiyoona xiqqaa qaban yookiin bifa waldicha miidhuun hojjetamuu isaa fi hojjetamuu dhabuu isaa qoratanii gabaasa kan dhiyeessan Inspektaroota/qorattoota tokko yookiin tokkoo ol ta'an muuduutu irra jiraata;

- 2) Iyyataanis Qaama iyyannoon dhiyaateef sanadoota barbaachisoodhajedhuu fi ragaa kan biroo eeruu qaba.
- 3) Baasii qorannoo sanaa kan haguugan kanneen gaaffii dhiyeessaniidha; Ta'us bu'aan qorannichaa haala eeruun sirrii ta'uu isaa kan hubachiisu ta'ee yoo argame waldichi kanneen gaaffii dhiyeessaniif qorannichaaf maallaqa baasii godhan deebisuutu irra jira.

Keewwata 356 Qorannoo Dirqamaa

Yaa'iin waliigalaa waldichaa yookiin Manni Murtii waldicha irratti qorannoon akka taasifamuuf Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin qaama Mootummaa seeraamn aangoon kennameef biroo gaafachuu ni danda'a; gaaffichi kan dhiyaateef waajjirri rogummaa qabu qorannoo kan adeemsisu qorattoota/Inspektaroota tokko yookiin tokkoo ol muuduutu irra jiraata.

Keewwata 357 Qorannoo Qaamni Mootummaa Rogummaa Qabu Kaka'umsa isaatiin taasisuu

Ministerri Daldalaa fi Industirii yookiin qaamni Mootummaa kan biroo aangoon seeraan kennameef:

- 1) Gaafattoota maallaqaa waldichaa irratti gochaan gowwoomsuu raawwatamuu isaa yookiin raawwatamuu kan danda'u ta'uu isaa;
- 2) Gochaan mirga abbootii aksiyoona murtaa'an miidhu raawwatamuu isaa;
- 3) Gochaan seeraan alaayookiin gowwoomsaa qabu waldicha keessa jiraachuu isaa yookiin
- 4) Gochaan yakkaa raawwatamuu isaa Kan mul'isu odeeffannoon gahaan jiraachuu isaa yoo amane qorannoon akka adeemsisu Inspektaroota/qorattoota tokko yookiin tokkoo ol muuduu ni danda'a.

Keewwata 358 Waa'ee Dhimmoota Waldaalee Haadhoo fi Maxxantuu Irratti Aangoo Inspektaroonni/Qorattoonni Qaban

Bu'uura seera kana keewwata 355, 356 yookiin 357 tiin qorannoo akka gaggeessaniif Inspektaroonni filataman waldaan haadhoo yookiin maxxanaan yoo hin qoratamane adeemsa hojii waldichaa haala guutuu ta'een qorachuun kan hin danda'amne ta'uu isaa yoo itti amananiifi kanuma qaama mootummaa isaan muudeef gabaasa yoo godhan qaamni kun qorannichi waldaa haadhoo yookiin maxxanaa akka dabalatu ajaja kennuu ni danda'a.

Keewwata 359 Dirqama Waldaan Qorannoon Irratti Taasifamu Qabaatu

- 1) Waldaan qorannoon akka irratti taasifamu ajaji qaqqabe Boordiiin daarekteerootaa, yoo jiraate Boordii to'annoo, hojii gaggeesitoota, barreessaa yookiin Itti gaafatamtoota hojii kanneen biroofi bakka buutotni galmeewwaniifi sanadoota Inispekteroonni gaafatan dhiyesuu fi gaaffiilee gaafataniif deebii guutuu ta'e kennuu qabu.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin itti gaafatamtoonni waldaalee caqasaman Inspektaroonni hojii isaanii sirnaan akka hin hojjenneef gufuu yoo itti ta'an Inspektaroonni qaama isaan muudeef gabaasa dhiyeessu; qaamni gabaasni dhiyaateef bu'uura seera rogummaa qabuun himanni yakkaa akka dhiyaatu dhimmicha qaama dhimmi ilaallatuuf beeksisuu qaba.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) irratti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee qaamni gabaasni dhiyaateef qorannoo isaa haala kaminiyyuu gaggeessuuf aangoon kenname akkuma eeegameettii ta'ee; tarkaanfii bulchiinsaa bu'uura seera addaa keessatti tarreeffamaan bahuun fudhachuu danda'a.

Keeyyata 360 Gabaasa Inspekterootaa

- 1) Waldicha irratti qorannoon akka gaggeeffamuuf qaamni ajaje gabaasa Inspekteroonni dhiyeessan waraabbii tokko:
 - (a) Waldaa qoratameef;

- (b) Abbootii aksiyoona akka qoratamuuf iyyatan yookiin
- (c) Qorannicha kan ajaje Mana Murti yoo ta'e Mana Murtii ajajeef ni erga.
- 2) Waldicha irratti qorannoon akka gaggeeffamuuf qaamni ajaja kenne keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin gabaasa dhiyaateen gochaaleen hin barbaachisne raawwatamuu isaanii yoo mirkaneesse tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisaa fudhachuutu irra jiraata.

keewwata 361 Maqaa Ergisaa Abbootii Aksiyoona

- 1) Ministeerri Daldalaa fi Industirii yookiin qaamni mootummaa aangoo qabu abbootiin aksiyoona galmee aksiyoona irratti barreeffaman waldicha dhugummaan kanneen to'ataniifi namoota faayidaa maallaqaa keessaa qabaniif maqaa isaanii kan ergisan ta'uu dhabuu isaa sababa gahaa kan qabu yoo ta'e, abbootiin qabeenyaa aksiyoona inni sirriin eenyuufaa akka ta'an beekuuf Inspektaroota qorannoo taasisan muuduu ni danda'a.
- 2) Ministeerri Daldalaa fi Industirii yookiin qaammni mootummaa aangoo qabu yoo xiqqaate maallaqa haadhoo/kaappitaala/ waldichaa keessaa abbootiin aksiyoona gahee dhibbeentaa kudhan qaban gaaffii kan dhiyeessan yoo ta'e bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin qorannoon akka taasifamu ajajuu ni danda'a.

Boqonnaa Shan

Yaa'iiwwan Waldichaa

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 362 Tumaalee Waliigalaa

- 1) Yaa'iin Waliigalaa abbootii aksiyoona abbootiin aksiyoona hundi kan irratti hirmaatan qaama ol aanaa murtii kennu kan waldichaati;

- 2) Abbootiin Aksiyoona Yaa'ii Waliigalaa waggaa irratti qaamaan argamuudhaan yookiin tooftaa elektirooniksiitiin yookiin Abbootiin Aksiyoona hundi kan waliigalan yoo ta'e walgahii gochuun utuu hin barbaachisin dhimma murtiif dhiyaate irratti yaada isaanii barreeffamaan yookiin tooftaa Elektirooniksiitiin ibsuudhaan murtii dabarsuu ni danda'u.

Keewwata 363 Mirgoota Abbaa Aksiyoona Irraa Maddan

- 1) Seera kana keewwata 391 keewwata xiqqaa (1) irratti kan tumame yoo jiraates abbaan aksiyoona tokko fedha mataa isaatiin yoo ta'e malee abbaa aksiyoona ta'uu isaatiin mirgoonni argate hafa hin ta'an.
- 2) Mirgoota abbummaa aksiyoona irraa maddan kan jedhaman seeraan yookiin bu'uura barreeffama hundeeffamaa waldichaatiin murtii yaa'ii waliigalaatiin yookiin Boordii Daarekterootaa irratti osoo hin hundaa'iin miseensa waldichaa ta'uu, walgahii irratti hirmaachuu, sagalee kennuu, murtii waldichaa mormuu, bu'aafi yammuu waldichi diigamu xumura irratti yeroo qulqulleessuun herrega taasifamutti qabeenyaa waldichaa irraa mirgoota qooddachuu kan fakkaataniidha.

Keewwata 364 Abbootii Aksiyoona Xiqqaa Miidhaa Irraa Eeguu

Gitawwan aksiyoona faayidaa addaa kennisiisanii kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee yaa'iin waliigalaa miseensota waldichaa mutaa'aniif bu'aa faayidaa hin malle argamsiisu danda'u murtii ifaa ta'e dabarsuu hin danda'u.

Keewwata 365 Gosoota Yaa'ii

- 1) Yaa'iiwwan Abootii aksiyoona kan waliigalaa yookiin kan addaa ta'uu ni danda'u.
- 2) Yaa'iiwwan waliigalaa kan idilee yookiin ariifachiisaa ni ta'u; kunneenis gita addaa addaa kan qaban abbootiin aksiyoona hundi irratti hirmaachuu kan danda'aniidha.

- 3) Yaa'ii addaa irratti hirmaachuu kan danda'an abbootii aksiyoona gita kana keessatti ramadan qofaadha.

Keewwata 366 Waamicha Yaa'ii Waldichaa

- 1) Waamichi yaa'ii waliigalaa kan taasifamu akka haala dhimmichaatti Boordii Daarekterootaa, kan hundeeffamee yoo ta'e Boordii to'annoo,odiitaroota, qulqulleesituwwan herregaa yookiin mana murtii dha.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame jiraatus Ministeerri Daldalaa fi Industirii yookiin qaamni mootummaa rogummaa qabu kan biroo dhimmichi ariifachiisaa ta'ee yoo argee fibu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin walgahii waamuun kan hin danda'amne yookiin yeroo dheeraa kan fudhatu yoo ta'e dhimmichi nagalcha kan jedhu namni kamiyyuu gaaffii yookiin kaka'umsa mataa isaatiin yaa'ii waamuu ni danda'a; ta'us yaa'iin akka waamamuuf gaaffiin kan dhiyaate maallaqa haadhoo waldichaa dhibbeentaa kudhan yookiin sanaa ol abbootii aksiyoona bakka bu'aniin yoo ta'e Ministeerri Daldalaa fi Industirii yookiin qaamni mootummaa kan biroo dhimmichi ilaallatudirqama yaa'ii waamuu qaba.
- 3) Maallaqa haadhoo waldichaa keessaa yoo xiqqaate abbootiin aksiyoona dhibbeentaa Shan qaban iddoo waajjirri muummee waldichaa itti argamutti mana murtii jiruuf gaaffii yommuu dhiyeessaniifi manni murtichaa gaaffichi barbaachisaa dha jedhee yommuu itti amanu yaa'iin waliigalaa akka walgahuu bakka bu'aa waamicha taasisuufi ajandaa qopheessu moggaasuu ni danda'a.

Keeyyata 367 Haala Waamicha Yaa'ii Waldichaa

- 1) Barreefama hundeeffamaa Waldichaatiin tooftaa Yaa'iin Waliigalaa ittiin waamamuamansiisaafi bu'a qabeessa ta'e murteessuun ni danda'a; kun ta'ee yommuu hin argamnetti hirmaattota Yaa'ii hundaaf waamichawwan taasifaman karaa gaazeexaa uwwisa biyyoolessaa qabuun ta'a.

- 2) Aksiyoonotiin hundi maqaa abbootii aksiyoonaatiin galmaa'anii waldaalee keessatti argamaniin keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiinwaamichi sun baasii waldichaatiin tokkoo tokkoo abbaa aksiyoonaatiif kan ergamu xalayaa galmaa'een, miseensi waldichaa kaayyoo kanaaf imeelii waldichaaf kenneen yookiintooftaa Elektirooniikii amansiisaa ta'een taasisuu ni danda'a.
- 3) Waldichi aksiyoonota kan fiduuf jedhu qabaatus abbaa aksiyoona maqaadhaan galmaa'e waamichawwan walgahii xalaayaa galmaa'een, imeeliidhaan yookiin tooftaa Elektirooniiksii amansiisaa ta'een akka qaqqabaniif kubbaaniyichaaf barreeffamaan gaaffii yoo dhiyeesse waamichawwan walgahii baasii mataa isaatiin akkaataa gaafateen erguufii ni danda'u.

Keeyyata 368 Yaa'ii Kooramiin Guutamuu Dhabuutiin Waamicha Yaa'ii Irra Deebiitiin Taasifamu

Koromiin guutamuu dhabuu isaatiin Yaa'iin waliigalaa kan idilee walitti qabamuu utuu hin danda'iin kan hafe yoo ta'e yeroo Lammaffaatiif yaa'iin waliigalaa akka walitti qabamu waamichi godhamu kan taasifamu yaa'iin inni jalqabaa haala itti waamameefi daangaa yerootiiniidha.

Keewwata 369 Waamicha Yaa'ii Ariifachiisaa Yookiin Addaa Kooramiin Guutuu Dhabuutiinirra Deebiin Taasifamu

Yaa'iin ariifachisaan yookiin addaa sababa Gumiin barbaachisaa guutamuu dhabuutiin utuu walitti hin qabamin kan hafe yoo ta'e walgahiin Lammaffaa barbaachisaa ta'ee yoo argames walgahiin sadaffaa garaagarummaa torban tokkoo keessatti bu'uura keewwata 366 fi 367 jalatti ibsamen ilaalameen waamamuu qaba.

Keewwata 370 Yeroo Beeksisa Yaa'iihcaa

Yaa'iin waliigalaa yookiin addaa akka walgahuuf waamichi jalqabaa godhamu guyyaa walgahiin taasifamu guyyota digdamii afur dura taasifamuu qaba.

Keeyyata 371 Dhimoota Beeksisa Waamicha Yaa'ii irratti ibsaman

- 1) Beeksisi Waamicha Yaa'ii maqaafi gosa waldichaa, maallaqa haadhoo waldichaa, lakkoofsa galmeessaa, iddoo waajjirri muummichaa itti argamu,

aksiyoonotiin kan fiduuf jechuudhaan itti barreeffame kan jiran yoo ta'e iddoo taa'aniifi yeroo, yeroofi iddoo walgahii akkasumas ajandaawwan walgahiitiif dhiyaatu qabachuu qaba.

- 2) Sababa kooramiin guutuu dhabuutiin beeksisi waamicha walgahii irra deebiidhaan taasifamu keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsaman dabalataan guyyaa yaa'iin utuu hin gaggeeffamiin hafe caqasuutu irra jira.

Keewwata 372 Ajandaa

- 1) Bu'uura Seera kana Keewwata 366 keewwata xiqqaa(1) fi (2) tiin Manni Murtii yookiin qaamni mootummaa dhimmi laallatu haala yaa'iin itti waamamu kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee ajandaa yaa'ii kan qopheessu kan waamicha taasisuudha;
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin kan ibsame jiraatus maallaqa haadhoo waldichaa keessaa abbootiin aksiyoonaa dhibbeentaa Shan qaban ajandaan dabalataa akka isaaniif qabamu mirga taasiissu qabu; gaaffii isaanii hanga danda'ametti waamichi walgahii utuu hin taasifamin dura bu'uura keewwata 370 tiin waamichi walgahii taasifamee guyyoota sadii keessatti qaama walgahii waameef barreeffamaan dhiyeessuu qabu;
- 3) Seeraan yookiin barreeffama hundeeffama waldichaatiin tumaan faallaa ta'e yoo hin jirre malee ajandaa keessatti kan hin hangatamin dhimmi kamiyyuu yaa'iidhaan mariin irratti taasifamuu hin danda'u; Akka ajandaatti qabamuu baatus Yaa'iin daarekteerota muuduu fi kaasuu ni danda'a;
- 4) Gumiin guutamuu dhabuutiin seera kana keewwata 368 fi 369 tiin bu'uura tumaalee ibsamaniin ka'umsa dhimmoota walgahii walitti fufiinsaan yaa'iiwwan walitti qabaman mari'achuun kan danda'an ajandaa yaa'ii jalqabaatiin qabame irratti qofaadha.

Keewwata 373 Bakka Bu'aa Abbootii Aksiyoonaa

- 1) Abbaan aksiyoona tokko walgahii yaa'ii irratti hirmaachuu yoo hin dandeenye karaa bakka bu'aa isaatiin hirmaachuufi sagalee kennuu ni danda'a; abbaan aksiyoona yaa'ii irratti bakka bu'aan akka argamu yoo taasise mataa isaatiin hirmaachuufi sagalee kennuu hin danda'u.
- 2) Abbootiin qabeenyaa waliinii aksiyoona tokkoo yookiin aksiyoonotaa, kennaa faayidaa alaabaafi qabsiisaa kan fudhate gaafataan maallaqaa bakka bu'aa kan ilaalu kan seera kanaa tumaaleen keewwata 270 fi 271 raawwatamaa ta'a.

Keewwata 374 Murtii Dabarsuuf Haalawwan Guutamuu Qaban

- 1) Yaa'iin kamiyyuu murtii dabarsuu kan danda'u kan guutame yommuu ta'uufi abbootiin aksiyoona yaa'ii irratti argaman deeggarsa sagalee caalmaa yammuu kennaniidha;
- 2) Murtiiwwan darbaniifgumiin guutamuu qabu kan shallagamu qixa abbootii aksiyoona maallaqa haadhoo (kaappitalaa) waldichaa hundeessaniin ta'ee tokkoo tokkoo gosa yaa'iitiif bu'uura seera kanaan murtaa'eedha; yaa'iiwwan gaggeeffaman hundi gumii barbaachisaa kan shallagamu bu'uura seerichaatiin aksiyoonotiin sagalee kennuuf mirga hin qabne maallaqa haadhoo/kaappitaala erga hir'ifameen booda, bu'uura aksiyoonoonni hafan maallaqa haadhoo waldichaa keessaa hanga qooda yookiin buusii qabaniiniidha.
- 3) Yaa'ii abbootii aksiyoona taasisuuf kooramii barbaachisuu fi murtii dabarsuuf sagalee caalmaa barbaachisu kan tumaaleen seera kanaa jalatti ibsaman barreeffama hundeeffama waldichaatiin jijjiiruun hin danda'amu.

Keeyyata 375 Waldichi Aksiyoonota Deebisee Bitachuun Mirga Sagalee Kennuu Kan Hin Argamsiifne Ta'uu

Waldichi bu'uura seera kana keewwata 275 tiin aksiyoonota deebisee biteen sagalee kennuu hin danda'u.

Keeyyata 376 Yeroo Galmeeffama Aksiyoonotaa

Aksiyoontiin maqaan irratti barreeffame abbootiin qabeenyaa galmee waldichaa irratti kan barreeffamaniifi utuu seerri kun hin bahin dura kan ba'an aksiyoonta kan fiduuf jedhamee irratti barreeffame abbootiin aksiyoontaa qabatan yaa'ii irratti hirmaachuu akka danda'an aksiyoontiin waldichaan akka kaa'aman yeroo taasifamutti barreeffama hundeeffamaa irratti murteessuu ni danda'a.

Keewwata 377 Aangoo Bakka Bu'insaa

- 1) Qabiyyee uunkaa aangoo bakka bu'insaa, iddoo bakka bu'insa taa'uu fi yeroon kan murtaa'u Boordii Daarekteerotaaniidha; ta'us daangaan yeroo walgahiin eegalu guyyoota sadii dursee xumuramuu hin danda'u.
- 2) Yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoona irratti hirmaachuuf bakka bu'insi kennamu Ejensii Galmeessaa fi Mirkaneessaa Sanadootaatti yookiin Dhaabbata biroo rogummaa qabanmirkanaa'uun dirqama miti.

Keewwata 378 Sanada Hirmaattonni Yaa'ii Irratti Galmeeffaman

- 1) Tokkoo tokkoo yaa'ii irratti abbootiin aksiyoona yaa'ii irratti argamuu isaanii kan hubachiisu sanadni hirmaattota irratti galmeessan jiraachuu qaba; sanadichi abbootii aksiyoona walgahii irratti argaman yookiin bakka buutota ergan maqaafi teessoo isaanii, tokkoon tokkoo abbaa aksiyoona hanga aksiyoona qabuufi lakkoofsa sagalee inni kennu tarreeffama mul'isu qabaachuu qaba.
- 2) Sanadi hirmaattonni irratti galmeeffaman jalqaba walgahii irratti abbootii aksiyoona yaa'ii irratti qaamaan argaman yookiin bakka buutonni kan irratti mallatteessan ta'uu isaa barreessaa waldichaatiin mirkanaa'uu qaba.

Keeyyata 379 Walitti Qabaa Yaa'iichaa

- 1) Waliitti qabaan Boordii Daarekteerota Waldichaa walitti qabaa Yaa'ii ta'a; yeroo walitti qabaan hin jirretti itti aanaa walitti qabaa, yeroo itti aanaan walitti qabaa hin jirretti Daarekteerota gidduudhaa muudamaan dursa kan

qabu, yeroo kan dursa qabu hin jirraannetti immoo namni yaa'iin waliigalaa filu waliitti qabaa ta'a.

- 2) Yaa'iin kan waamame Boordii to'annootiin waldichaatiin, odiitarootaan, nama mana Murtiitiin Muudame, abbaa taayitaa mootummaa kan biroo seeraan hayyamameef yookiin xumura irratti qulqulleessaa herregaa ta'ee yoo jiraate walitti qabaa yaa'ii kan ta'u qaama waamicha godheedha.

Keewwata 380 Lakkooftota Sagalee Yaa'ii

- 1) Abbummaa aksiyoonaan ta'e maqaa bakka bu'ummaatiin walgahii yaa'ii irartti kan argaman keessaa fedhii kan qaban miseensota gahee ol aanaa qaban gidduutti walta'insa taasifamuun abbootiin aksiyoona murtaa'an lakkooftuu sagalee ni ta'u;
- 2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin abbootiin aksiyoona lakkooftuu sagalee ta'uu danda'an fedha yoo hin qabaatiin yookiin abbootiin aksiyoona yaa'ii irratti argaman nama kan biroo filachuu yoo barbaadan akkuma walgahiin eegaleen lakkoofsa sagalee taasisuuf lakkooftuu sagalee barbaachisan filachuu qabu.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) irratti kan tumame jiraatus walgahii tooftaa Elektiroonikiisiitiin taasifamu sagalee lakkaa'uudhaaf teeknooloojii lakkoofsa sagalee amansiisaa ta'e fayyadamuu ni danda'a.

Keewwata 381 Mirga Sanadoota Waldichaa Ilaaluu Yookiin Fudhachuu

- 1) Abbaan aksiyoona kamiyyuu kanatti anaanii kan ibsamaniifi sanadoota waajjira waldichaatti argaman yeroo kamittiyyuu mirga ilaaluufi waraabbii isaa fudhachuu kan qabaatu:
 - (a) Madaallii herregaa waldichaa, ibsa bu'aafi kiisaaraa akkasumas galmee tarree qabeenyaa,
 - (b) Gabaasawwan Waggoota sadan darban waliitti aananiif Boordii Daarekteerootaafi Odiitarootaan yaa'iiwwan waliigalaatiif dhiyaatan,

- (c) Qaboo yaa'ii walgahiiwwaniifi sanada abbootiin aksiyoona yaa'ii irratti hirmaatan itti galmaa'an;
 - (d) Yaada murtii yaa'iidhaaf dhiyaatu,
 - (e) Seera kana keewwata 311 jalatti kan ibsaman galmee namoota waldichaaf dhiyeenya qabanii,
 - (f) Bara baajataatti waldicha keessatti maqaa hojjetaa kaffaltiin ol aanaa kaffalamaafii tureefi hanga kaffalatii waliigalaa kaffalameef sanada mul'isu,
- a) Sanada tarree maqaa abbootii aksiyoona qabate;
- 2) Abbaan aksiyoona kamiyyuu bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) sanadoota ibsaman ilaaluuf yookiin waraabbii fudhachuuf gaaffiin inni dhiyeesse waldichaan fudhatama yoo hin argatin Ministeera Daldalaa fi Industiriitiif yookiin qaama mootummaa kan biroo rogummaa qabutti iyyachuudhaan sanadoota ilaalu fi mirga waraabbii isaa fudhachuu ni qabaata.
 - 3) Aksiyoona hin kaffalamin abbootiin aksiyoona waliin qabatani fi aksiyoona alaabaadhaan yookiin qabsiisaan kan simatan gaafattoonni maallaqaa keewwata kanaan kan mul'atan sanadoota waldichaa mirga waraabbii isaa argachuu qabu.

Keewwata 382 Mirga Odeeffannoo Dabalataa Argachuu

- 1) Abbaan aksiyoona tokko keewwata 381fi kanneen biroo tumaalee seera kanaan kan ibsaman dabalataan yaa'iin waliigalaatiin ajandaa taasifamee dhimma dhiyaate irratti xumura irra gahuuf odeeffannoo dabalataa barbaachisu yaa'ii dhaaf akka dhiyaatu kan gaafate yoo ta'e Boordichi odeeffannoo dabalataa yaa'iidhaaf kennuu qaba; ta'us odeeffannoon ifa godhamuun isaa seeraan kan dhorkame yoo ta'e yookiin ilaalcha Boordichaatiin waldicha irratti miidhaa cimaa kan qaqqabsiisu yoo ta'e Boordichi odeeffannoo isaa ifa gochuu hin qabaatu;

- 2) Boordichi keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin odeeffannoo kan hin kennine yoo ta'e abbaan aksiyoona gaaffii dhiyeesse himannaa dhiyeessuu ni danda'a; odeeffannoo isaa ifa gochuuf sababa gahaa kan qabu ta'uu isaa waldichi kan hin hubachiifne yoo ta'e malee Manni Murtii himanni dhiyaateef Boordichi odeeffannoo gaafatame akka kennu ajaja kennuu qaba;
- 3) Waldichi miseensa waldaa garee waliin firooma qabaniiti yoo ta'e dirqama odeeffannoo kennuu waldichi miseensota garee hafanii waliin walitti dhufeenya qaban dabalatee ni hammataa; ,Waldichi waldaa haadhoo yoo ta'e yookiin kallattiidhaanis ta'e al-kallattiidhaan waldaalee kanneen biroo kan to'atu yoo ta'e dirqama odeeffannoo kennuun isaa herregawwan miseensota waldaa akkasumas waa'ee Waldaa maxxanaawwan bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin odeeffannoo dhiyaachuu qabu ni hammata.

Keeyyata 383 Mirga Sagalee kennuu abbootii aksiyoona

- 1) Aksiyoonoonni idilee yookiin bu'aa argamsiisu qofaa qabateef sagaleen kan kennamu gatii yookiin ulfaatinni kan madaalamu maallaqa haadhoo waldichaa keessaa hanga qooda abbaan aksiyoonichaa qabuun ta'a.
- 2) Bu'uura seeraatiin haalawwan mirga sagalee kennuu dhabsiisan yoo jiraatan malee tokkoon tokkoo aksiyoona yoo xiqqaate mirga sagalee tokko kennuu laata.

Keewwata 384 Daangaa Sagalee kennuu

Lakkoofsi Mirga Sagalee olaanaa aksiyoonotiin kennamaan barreeffama hundaaffamaa waldichaatiin daangeffamuu ni danda'a; Ta'us daangaan sagalee kennuu gitawwan aksiyoonotaa hunda irratti garaagarummaa utuu hin taasisiin walqixxummaadhaan raawwatamaa ta'uutu irra jiraata.

Keewwata 385 Walitti Bu'insa Faayidaa

- 1) Abbaan aksiyoona kamiyyuu waa'ee mataa isaa yookiin garee sadaffaa bakka bu'uudhaan waldicha waliin dhimmoota walitti bu'insa faayidaa kaasan irratti sagalee kennuu hin danda'u.
- 2) Keessumaa miseensonni Boordii Daarekteeroota abbaa aksiyoona ta'anis itti gaafatamummaa mataa isaanii, gaafatamummaa akkasumas faayidaa waldichaa fi mataa isaanii gidduu kallattiidhaanis ta'e al-kallattiin dhimmoota walitti bu'insa kaasan irratti sagalee kennuu hin danda'an.
- 3) Bu'uura Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2)tiin aksiyoona mirga sagalee kennuu hin dhabsiifnes taanaan kooramiin guutuu fi guutuu dhabuu isaa murteessuuf lakkoofsa keessa ni galu.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2)tiin tumaa ibsame darbuudhaan abbootiin aksiyoona sagalee kennuu irraa ofqusachuun isaan irra ture sababa sagalee kennuu isaaniitiin murtiin faayidaa waldichaa faallessu yoo dabarfame bu'uura seera kana keewwata 391 tiin murticha mormuun ni danda'ama.

Keeyyata 386 Mirga Sagalee Biliisaan Kennuu Daangessuun Kan Hin Danda'ame Ta'uu Isaa

Yaa'ii abbootii aksiyoona keessatti mirga sagalee biliisaan kennuu kan daangessu yookiin bu'aa daangessuu kan qabu jechi waliigaltee kamiyyuu gatii hin qabaatu.

Keeyyata 387 Qaboo Yaa'ii

- 1) Mariin yaa'ii qaboo yaa'iitiin qabamuu qaba; qaboon yaa'ii Daarekteeroota walgahii irartti argamaniifi barreessaa waldichaatiin erga malaltteeffamee booda galmee qaboo yaa'ii irratti garagalfama; qaboon yaa'ii gara galmeetti sirriitti garagalfamuu isaa waliitti qabaa Boordii Daarekteeroota yookiin miseensota Boordii kanneen biroo lamaan mirkanaa'uu qaba.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame jiraatus, yaa'iin hojii utuu hin eegalin dura abbootii aksiyoona walgahii irratti argaman keessaa mariin yaa'ii irratti taasifameefi murtiin darbe sirriitti qaboo yaa'iitiin galmaa'uu isaa mirkaneessuudhaan bakka Boordii Daarekteerotaafi Barreessaa

waldichaa kan malaltteessan abbootii aksiyoona sadii filachuu ni danda'a; filannoon akkanaa waamicha walgahichaatiin akka ajandaatti qabamuudhaa baatus raawwatamuu ni danda'a.

3) Qaboowwan yaa'ii keessumaa dhimmoota armaan gaditti mul'atan hammachu qaba:

- (a) Waamicha Yaa'ii kan taasise;
- (b) Iddoo fi Guyyaa walgahii;
- (c) Ajandaawwan;
- (d) Maqaa Miseensota Boordii yaa'ii irratti argaman;
- (e) Baayina abbootii aksiyoonotaa walgahii iarratti argamanii fi lakkoofsa gumii;
- (f) Sanadoota Yaa'iif dhiyaatan;
- (g) Gudunfaa gabaabaa marichaa;
- (h) Bu'aa sagaleewwan kennamanii, fi
- (i) Murtiiwwan yaa'ichi dabarse.

4) Sababa gumiin guutamuu dhabuutiin yaa'iin walitti qabamuu utuu hin danda'in kan hafe yoo ta'e walitti qabaan yaa'ii kunumti qaboo yaa'itiin akka qabamu ni taasisa.

Keewwata 388 Waraabbiiwwan Yookiin kooppii Qaboowwan Yaa'ii

Waraabbiiwwan qaboo yaa'ii yookiin kooppiiwwan gabaabinaan qophaa'an fudhatama kan qabaatan walitti qabaa Boordii Daarekterootaan yookiin miseensota Boordii Walgahicha irratti argaman lamaan sirrii ta'uun isaanii yommuu mirkanaa'uudha.

Keewwata 389 Yaa'icha Yeroo Birootti Dabarsuu

1) Walgahii yaa'ii irratti maallaqa haadhoo/kaappitaalaa bakka bu'e keessaa yoo xiqqaate abbootiin aksiyoona qooda tokko Sadaffaa qaban ajandaawwan mariif dhiyaatan irratti odeeffannoo gahaa ta'e kan hin qabne yoo ta'e walgahichi yeroo guyyoota Sadii hin caalleef akka darbu gaafachuu ni danda'u;

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti mirgi ibsame dhimma akka ajandaatti qabame tokko irratti raawwatamummaa qabaatu yeroo tokko qofaafii dha.

Keeyyata 390 Yaa'ii Abbootii Aksiyoona Hunda Walta'iinsaan Taasifamu

- 1) waamicha yaa'ii abbootii aksiyoona sirna ilaalu utuu hin hordofin abbootiin aksiyoona waldichaa hundi yookiin bakka buutonni isaanii walta'insaan yaa'ii gochuu ni danda'u.
- 2) Abbootiin aksiyoona yookiin bakka buutonni isaanii hanga walgahii irratti argamanitti bu'uura seera kanaan aangoo yaa'ii waliigalaa jalatti kan kufu dhimma kamiyyuu irratti marii gochuu fi murtii dabarsuu ni danda'a.

Keewwata 391 Bu'aa Murtiiwwan Yaa'ii

- 1) Bu'uura Seeraan yookiinbarreeffama hundeeffamaa Waldichaatiin murtiiwwan yaa'ii dhaan darbuu danda'an walgahii irratti kan hin argamin. sagalee kennuu irraa kan ofqusatan, yaadaan kan adda ba'an, dandeettii kan hin qabne yookiin mirga sagalee kennuu kan dhorkaman abbootii aksiyoona hunda irratti raawwatinsa ni qabaatu.
- 2) Namini murtichaan faayidaan isaa miidhame kamiyyuu seeraafi barreeffama hundeeffamaa waldichaatiin tumaalee ibsaman faalleessuudhaan murtiin darbe kufaa akka godhamuuf murtichi darbuu isaa yeroo beeke irraa eegalee guyyoota Sagaltama walitti aanan keessatti mana murtiitti iyyachuu ni danda'a; ta'us murtichi galmee daldalaatti kan gale yoo ta'e waa'ee murtichi darbuu qabatamaadhaan beekus beekuudhaa baatus murticha mormuudhaan Mana Murtiitti iyyachuu kan danda'u guyyaa murtichi galmee daldalaatti gale irraa eegalee guyyoota 60 walitti aanan keessatti qofa dha.
- 3) Murticha kufaa gochuuf himannaa kan dhiyaatu iddoo waajjirri muummee waldichaa argamutti Mana Murtii aangoo qabutti ta'a.

- 4) Iyyataan yeroodhaaf murtichi akka dhorkamuuf mana murtiif gaaffii kan dhiyeesse yoo ta'e manni murtii Hojii Gaggeessaa Olaanaa waldichaa yookiin falmiidhaan nama kan biroo waldicha bakka bu'e yaada isaa eega dhagahee booda hanga dhimmicha irratti murtiin kennamutti murtiiwwan yaa'ii yoo raawwataman waldicha yookiin kan himannaa dhiyeesse irratti miidhaa deebi'uu hin dandeenye qaqqabsiisu jedhee yommuu itti amanu murtiiwwan yeroodhaaf akka hin raawwatamne dhorkuu ni danda'a.
- 5) Manni Murtichaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (4) tiin dhorkaa yoo kenne waldicha irratti kisaaraan hin malle dhaqqabuu danda'a jedhee yoo amane dhiyeessaan gaaffii dhorkaa kisaaraa sanaaf wabummaa walgitu akka dhiyeessu yookiin maallaqa akka qabsiisu ajajuu ni danda'a.
- 6) Murtii Yaa'ii murtii Mana Murtiin kufaa yoo ta'e abbootii aksiyoona hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 7) Tumaaleen keewwata kanaa mirgoota qaamolee sadaffaan fayyaalummaa gaariin argatan hin hambisu.

Kutaa Lama

Yaa'ii Waliigalaa Idilee

Keewwata 392 Mirga Sanadoota Ilaaluu

Labsii kana keewwata 381 jalatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee, Abbaan akisiyoona kamiyyuu guyyaa yaa'iin waliigalaa idilee gaggeeffamu dura guyyoota kudha shan walitti aananii jiran keessatti ibsa qabeenyaafi idaa waajjira muummee walidichaa, herrega bu'aafi kasaaraa, gabaasa Boordii Daayirektarootaafi odiitarootaa akkasumasyaada murtee ilaaluuyookiin waraabbi isaa fudhachuu yookiin baasii mataa isaatiin akka kennamuuf gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 393 Yeroo Walgahii n Idilee Itti Gaggeeffamu

- 1) Walgahiin Waliigalaa Waggaa waggaan cufamuu bara faayinaansii tokkoon tokkoon isaa irraa eegalee ji'a afur keessatti gaggeeffamuu qaba.

- 2) Yeroon ji'a afur keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame barreeffama hundeeffama waldichaatiin gara ji'a jahaatti dheerachuu ni danda'a.
- 3) Walgahiin waliigalaa idilee dabalataa yeroo barbaachisaa ta'etti gaggeeffamuu ni danda'a.

Keewwata 394 Aangoo Yaa'ii Waliigalaa Idilee

Tumaaleen biroo seera kanaa akkuma eeegameettii ta'ee, yaa'iin waliigalaa idilee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Ibsa qabeenyafi idaa waldichaa, herrega bu'aafi kasaaraa akkasumas gabaasa Boordii daayirektarootaa, gabaasa odiitarootaa, yoo jiraate gabaasa boordii to'annoo dhaggeeffachuun fooyyessuu yookiin raggaasisuu, yookiin kufaa taasisuu, barbaachisaa ta'ee yoo argame ramaddii bu'aafi qooddii akkasumas dhimmoota herreega faayinaansii bara darbee irratti murtii dabarsuu;
- 2) Akka barbaachisummaa isaatti Miseensota Boordii Daayirektarootaa, miseensota Boordii To'annoo yookiin odiitaroota muuduu yookiin haquun kaffaltii isaanii murteessuu;
- 3) Waldichi sanadoota idaa akka baasu hayyamuufi kanaan walqabatee wabii waldichi kennu irratti murteessuu;
- 4) Qabeenya waldichaa keessaa dhibbeentaa shantamii tokko yookiin isaa ol yeroo gurgurtaa jalqabaa irraa eegalee yeroo tokkotti yookiin waggaa tokko keessatti hanga maallaqa adda addaatiin akka dabarfamuu hayyamuu;
- 5) Dhimmoota seera kana keessatti yaa'ii waliigalaa ariifachiisaaf ifatti adda baafaman irraa kan hafe, dhimmoota biroo yaa'ii Waliigalaa Waldichaan murtaa'uu qaban hunda irratti murtii kennuu.

Keewwata 395 Waliigalteen Waldhabdee Walitti Bu'iinsaa Dantaa Qabu

Qabeenya Waldichaa Keessaa Dhibbeentaa Kudhanii Fi Isaa Ol Kan Uwwisu

Yoo Ta'u

- 1) Tumaaleen seera kanaa keewwata 306 jalatti tumaman jiraatanis, waliigaltee waldhabdee walitti dantaa of keessaa qabuqabeenya Waldichaa keessaa dhibbeentaa kudhanii fi isaa ol kan uwwisuyoo ta'e, waligalteen akka taasifamu walgahiin waliigalaa idilee waldichaa dursa hayyama kennuu qaba.
- 2) Daayirektarri, hogganaan, yookiin abbaan aksiyoona dhimmoota walitti bu'iinsa dantaaf ka'uumsa ta'uu danda'an keessattuu gosa, hanga kanneen fakkaatan birooilaalchisee odeeffannoo guutuufi sirrii ta'e odiitara alaa walaba ta'eef kennuu qaba.
- 3) Odiitarri alaa waldichaa walitti bu'iinsi dantaa jiraachuufi dhiisuu; yoo jiraate sababa ka'uumsa walitti bu'iinsa dantaa; gosa; hangaafi walidicha waliin walitti bu'iinsa daantaa kan qabu eenyummaa Daayirektara; abbaa aksiyoona yookiin nama biroo walidichatti dhihoo ta'e irratti odeeffannoo guutuu ta'e qindeessuu qaba; ragaa sassaabe fi yaada gorsaaisaa waliigalteen taasifamuun dura yaa'ii waliigalaa walidichaaf dhiyeessuu qaba.
- 4) Daarektarri waldichaa yookiin namni biraa waliigaltee faayidaa waldichaa waliin wal faallessuu danda'u irraa faayidaa argachuu kan danda'u abbaa aksiyoona yoo ta'ellee, walgahiin yaa'ii waliigalaa waliigaltee irratti yeroo murteessu sagalee kennuu hin qabu.
- 5) Daayirektaroonni waldichaa keewwata kana jalatti waliigalteen walitti bu'iinsi dantaa yeroo uumamuu waligalteen akka taasifamu yeroo yaa'ii waliigalaa murteesse irraa eegalee ture yoo jedhamesa'aatii 72 (torbaatamii lama) keessattigabaasa ragaa guutuu qabu waliigaltee akka taasifamu hayyamamee Ministeera Daldalaafi Industirii yookiin waajjira Mootummaa roggummaa qabu birooof gabaasa dhiyeessuufi marsariitii waldichaa irratti akka maxxansuu taasisuu qabu.

Gabaasich kun kanneen armaan gadii of keessatti hammachuu qaba:

- (a) Ibsa Qabeenya gurguramuu yookiin bitamuu adda baasuuf gargaaru;
- (b) Gosaafi hanga kaffaltii raawwatamuu qabuu fi
- (c) Maqaan daayirektaraa, abbaa aksiyoona yookiin nama

Waldicha waliin walitti bu'iinsa dantaa qabu, ka'uumsa walitti bu'iinsa kan ta'e waldichaafi walidicha waliin dhaabbata waliigaltee seene dantaa kallatti yookiin al-kallattii agarsiisuu qaba.

- 6) Waliigalteen walgahii abbootii aksiyoonaatiin dursee hin raggaasifamnee fi hin gabaafamne haala keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (5) jalatti ibsameen seera qabeessa hin ta'u; Kanaafuu waldichi, abbootii aksiyoona yookiin maallaqa gaafattotaan yoo gaafataman Manni Murtichaa waliigaltichi akka diigamu ajajuu ni danda'a; Manni Murtichaa waliigaltichi akka itti fufu kan hayyamu waliigaltichi diigamuu caalaa itti fufuun waldichaaf faayidaa kan qabu ta'uu isaa ifa yoo ta'e dha.
- 7) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (6) tiin gaaffiin dhiyaate fudhatama argatee waliigalteen waldhabdee dantaa qabu yoo diigame waldichi miidhaa waliigaltichaan irra ga'eef beenyaa argachuuf mirga qaba; Kana malees, daayreektarii, abbaan aksiyoona waldicha waliin waliigaltee waldhabdee dantaa qabu taasise yookiin bu'uura seera kana keewwata 306 keewwata xiqqaa (6)tti namni biraa waldichatti dhihoo ta'e bu'aa argate dhala waliin waldichaaf kennuu qaba.

Keewwata 396 Qorataa Addaa Muuduu

- 1) Abbaan aksiyoona kamiyyuu yookiin hojiiwwan adda bahanii abbootii aksiyoonaan taa'aniifi dhiibbaa abbootii aksiyoona irratti qaban akkasumas gama seeraa fi hojii daldalaa gaariitiin hangam sirrii akka ta'e qoratee gabaasa kan dhiyeessu qorataan addaa akka muudamu yaa'ii idilee waliigalaa waldichaaf yaada dhiyeessuu ni danda'u; yaadin akkanaa yoo xiqqaate:
 - (a) Sababoota qorataan addaa akka muudamuuf barbaadamee; fi
 - (b) Bal'ina qorannoo ibsuu qaba.
- 2) Nama waldichaaf tajaajila dhiyeessufi miseensa garee waldichi miseensa itti ta'e keessatti miseensa ta'uu isaatiin waldaa walitti bu'iinsi dantaa itti uumamuu danda'u qorataa addaa taasisee muuduu hin danda'u.

- 3) Yaa'iin waliigalaa idilee waldichaa yaada qorataa addaa muuduuf dhiyaate kufaa kan taasise yoo ta'e, Miseensonni aksiyoona kaappitaala waldichaa keessaa yoo xiqqaate 1/10ffaa (harka kudhan keessaa tokko) bakka bu'u qaban gaaffii isaanii Mana Murtiif dhiyeessuu ni danda'u; Manni Murtichaa yaa'iin waliigalaa idilee waldichaa qorataa addaa akka muudu ajaja kennuu qaba; Waldichi bal'inni qorannoo faayidaa waldichaa yookiin qaama sadaffaa irratti miidhaa guddaa akka fidu yoo ibse, Manni Murtichaa miidhaan akka hin uumamneef bal'ina qorannoo fooyyessuu ni danda.
- 4) Bu'aan qorannoo qorataa addaatiin taasifame gabaasa barreeffamaatiin yaa'ii waliigalaa idilee waldichaaf dhiyaachuu qaba; Miseensonni waldichaa waraabbii gabaasaa argachuu ni danda'u.
- 5) Iyyattoonni baasii gatii dadhabbi qorataa addaa uwwisuu qabu; ta'us bu'aan qorannoo seera, barreeffama barreeffama hundeeffama waldichaa yookiin sirna bulchiinsa waldichaa cabsuu kan agarsiise yoo ta'e, abbootiin aksiyoona qorataan addaa akka muudamu gaafatan maallaqa qorataaf kaffalan wilidich deebisuu qaba.
- 6) Yaadni qorataan addaa akka muuduuf dhiyaatu yaa'ii waliigalaa idilee waldichaa gaggeeffamuun dura guyyaa soddoma durseeBoordii waldichaaf dhiyaachuu qaba.

Keewwata 397 Mirga Yaa'ii Irratti Hirmaachuu

- 1) Tumaan faallaa yoo jiraates, Abbaan aksiyoona kamiyyuu baay'ina aksiyoona bite tilmaama keessa osoo hin galle mirga yaa'icha irratti hirmaachuu ni qaba;
- 2) Barreeffama hundeeffama keessatti tumaan faallaa kanaa yoo jiraate malee; Abbaan aksiyoona kamiyyuu abbaa aksiyoona birootiin yookiin abbaa aksiyoona hin taane bakka bu'uu ni danda'a.

Keewwata 398 Kooramii Fi Sagalee Caalmaa

- 1) Waamicha yaa'ii waliigalaa idilee jalqabaatiin aksiyoona mirga sagalee kennuu qaban keessaa yoo xiqqaate abbootiin aksiyoona kaappitaala waldichaa keessaa harka afur keessaa tokko bakka bu'an yookiin bakka bu'oonni hirmaachuu qabu;

- 2) Kooramiin kan lakkaa'amu baay'ina abbootii aksiyoonaatiin osoo hin taane, hanga kaappitaala bakka bu'een; Yaa'ichi bu'uura seerri ajajuun hanga waamamettii fi hanga kaappitaala barbaadamu bakka bu'eetti murtoo dabarsuu ni danda'a.
- 3) Waamicha lammaffaa irratti aksiyoononni mirga sagalee kennuu qaban kan bakka bu'aman kaappitaalli haadhoo tilmaama keessa osoo hin galle Aksiyoona argamaniin walgahii gaggeessuu fi murtoo dabarsuun ni danda'ama.
- 4) Murtoon yaa'ii kan darbu aksiyoonota mirga sagalee kennuu qaban keessaa kaappitaala irra caala kan bakka bu'aniin yoo deeggarameedha; lakkoofsa sagalee caalmaatiif waraqaan sagaleen itti hin kenaminees ta'ee itti hin barreeffamne tilmaama keessa hin galan.

Kutaa Sadii

Waa'ee Walgahii Waliigalaa Ariifachiisaa Waldichaa

Keewwata 399. Mirga Sanadoota Ilaaluu

Walgahii yaa'ii waliigalaa idileetiin duratti abbootiin aksiyoona mirga sanadoota waldichaa ilaaluufi garagalicha fudhachuu kan ilaallatan tumaaleen seera kana keewwata 381 akkaataa rogummaa isaatti yaa'ii ariifachisaa waliigalaatiifis raawwattiinsa ni qabaata..

Keewwata 400 Aangoo Yaa'ii Waliigalaa Yeroo Ariifachiisaa

Yaa'iin waliigalaa yeroo ariifachiisaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Barreeffama hundeeffama waldichaa fooyyessuu;
- 2) Kaappitaala waldichaa dabaluu yookiin hir'isuu;
- 3) Lammummaa waldichaa jijjiiruu;
- 4) Waldichi akka diigamu; gara waldaa daldalaa biraatti akka jijjiiramu, akka qoodamuuf yookiin walitti makuuf murteessuu;
- 5) Dhimmoota biroo addatti yaa'iin kun akka ilaalu seeraan yookiin barreeffama i hundeeffamaatiin kennamaniif murteessuu;
- 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus jijjiirraan maqaa, teessoo, lammummaa, baay'ina aksiyoona qabamee fi hanga maallaqa

abbootiin aksiyoona waldichaa kaffalan ilaalchisee jijjiramni taasifamu akkabarreeffama hundeeffama walidichaa fooyyessuutti hin lakkawamu.

Keewwata 401 Mirga Yaa'ii Irratti Hirmaachuu

Waliigalteen faallaa jiraatuus, Abbaan aksiyoona kamiyyuu baay'ini aksiyoona qabame tilmaama keessa osoo hingalle yaa'ii waliigalaa ariifachiisaa irratti hirmaachuuf mirga qaba.

Keewwata 402 Kenniinsa Sagalee yaa'ii Waliigalaa Ariifachiisaa Fi Kooramii

- 1) Murtiin yaa'ii waliigalaa ariifachiisaa kan raga'e kan ta'u walgahicha irrattikan argaman aksiyoona mirga sagalee kennuu qabankappitaala bakka bu'an keessaalama sadaffaa yoo deeggarameedha; shallaggiinlakkoofsa caalmaa sagaleetiif waraqaawwan sagaleen itti hin kennamnes ta'e itti hin barreeffamnetilmaama keessa hin galan.
- 2) Yaa'iin ariifachiisaa lammummaa waldichaa jijjiiruu kan danda'u deeggarsa guutuu abbootii aksiyoona mirga sagalee kennuu qaban yoo argateedha.
- 3) Yaa'iin ariifachiisaa abbaan aksiyoona tokko hayyama isaa malee waldicha keessatti maallaqa dabalataa akka dhangalaasu murteessuu hin danda'u; Kanaafuu maallaqni dabalataa maallaqa ofeeggannoo waldichaa irraa yookiin bu'aa qoodamuudanda'u irraa kan kaffalamu yoo ta'e malee; aksiyoona duraan jiran irratti gatii barreeffame dabaluun kaappitaala waldichaa dabaluun kan danda'amu Deeggarsi guutuu abbootii aksiyoona yoo argamee dha.
- 4) Tumaaleen Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) fi (3) jalatti tumaman akkuma eeegameettii ta'ee; kooramiin guutame kan jedhamu haaloota armaan gadiitiin ta'a:
 - (a) waamicha duraatiin abbootiin aksiyoona mirga sagalee kennuu qaban keessaa yoo xiqqaate kaappitaala walidichaa harka sadi keessaa tokko kan bakka bu'an yookiin bakka bu'oonni isaanii kan argaman yoo ta'e;

- (b) waamicha lammaffatiin abbootiin aksiyoona mirga sagalee kennuu qaban keessaa yoo xiqqaate kaappitaala walidichaa harka afur keessaa tokko kan bakka bu'an yookiin bakka bu'oonni isaanii kan argaman yoo ta'e;
- (c) Waamicha sadaffaatiin abbootiin aksiyoona mirga sagalee kennuu qaban kaappitaala walidichaa bakka bu'an tilmaama keessa osoo hin galle abbootiin aksiyoona yookiin bakka bu'oonni isaanii kan argaman yoo ta'eedha.

Keewwata 403 Mirga Waldicha Keessaa Bahuu

- 1) Kaayyoo yookiin gosa waldichaa jijjiiruuf; abbootiin aksiyoona murtii darbe morman waldicha keessaa bahuu ni danda'u.
- 2) Abbootiin aksiyoona akkaataa tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin waldicha keessaa bahuu yoo barbaadan:
 - (a) Abbootiin aksiyoona walgahii murtiin itti kenname irratti argaman, guyyaa walgahiin gaggeeffame irraa eegalee guyyoota sadii keessatti;
 - (b) Abbootiin aksiyoona walgahii murtiin itti kenname irratti hin argamne, guyyaa murtiin gazexaa biyyoolessaafi marsariitii waldichaa irratti maxxanfame irraa eegalee guyyoota 15 keessatti murtee waldicha keessaa bahuu isaanii xalayaadhaan yookiin karaa elektirooniksii dhimmi ilaallatu birootiin hogganaa waliigalaa waldichaa beeksisuu qabu.
- 3) Abbootii aksiyoona waldicha keessaa ba'uuf murteessan, gatiin aksiyoona isaanii gabaa irratti kan murtaa'e yoo ta'e, ji'ootan jahan guyyaa walgahiin dura jiran keessatti gatii giddu galeessaa gabaarra tureen; gatiin aksiyoona gabaa irratti kan hin murtoofne yoo ta'e dhuma bara herreegaa ibsa qabeenyaafi idaa keessatti haala ibsameen qabeenya waldichaa keessaa gatii aksiyoonna bakka bu'aniin herregamee kan kafalamuuf ta'a.
- 4) Waliigalteen yookiin murtoon faallaa ta'ee fi mirga Waldicha keessaa ba'uu kan hambisu yookiin kan miidhu yookiin mirga sanaaf hojiirra oolchuun kan rakkisu kamiyyuu raawwatiinsa hin qabu.

Kutaa Afur

Yaa'ii Addaa Waldichaa

Keewwata 404 Gita Mirga Abbootii Aksiyoona Tokko Jijjiiruu

- 1) Mirgoota abbootii aksiyoona gita tokkoo jijjiiruuf murtiin yaa'iin Waliigalaa dabarsu kan ragga'u walgahiin addaa abbootii aksiyoona gita dhimmi ilaallatu bu'uura seera kana keewwata 406 jalatti ibsameen yaa'iin waliigala sagalee kennuudhaan yoo raggaasiseedha.
- 2) Yaa'iin waliigalaa mirga gita abbootii aksiyoona tokkoo jijjiiruuf murtii kan dabarse yoo ta'e, yaa'iin addaa murtiin erga dabree booda guyyoota jaatama walitti aanaan keessatti walga'ii gaggeessuun dhimmicha irratti murtii mataa isaa kennuu qaba.

Keewwata 405 Mirga Sanadoota Ilaaluu

Tumaaleen seera kana keewwata 381 yaa'ii addaa irrattis raawwattiinsa ni qabaatu.

Keewwata 406 Kooramii Yaa'ii Addaa fi Sagalee Caalmaa

- 1) Yaa'ii Addaatiin murtee dabarsuuf abbootiin aksiyoona mirga sagalee kennuu qaban kappitaala bakka bu'an keessaa:
 - (a) Waamicha jalqabaatiin yoo xiqqaate walakkaa;
 - (b) Waamicha lammaffaatiin yoo xiqqaate harka sadii keessaa tokko;
 - (c) Waamicha sadaffaatiin yoo xiqqaate harka afur keessaa tokko; qooda abbootiin aksiyoona kan bakka bu'an ofii isaaniitinyookiin karaa bakkabu'oota isaaniitiin yooargamaniidha.
- 2) Tumaaleen seera kana keewwata 402 Keewwata Xiqqaa (1) jalatti waa'ee yaa'ii waliigalaa ilaalchisee sagalee caalmaafi lakkoofsa isaa Kan ilaallatan yaa'ii addaa irrattis rawwattiinsa ni qabaata.

Boqonnaa Ja'a

Sanadoota Idaa

Keewwata 407Hiika

- 1) Sanada idaa jechuun waldaan baase abbaa sanada idaatiif dhala hanga ta'e yeroo hanga ta'e keessatti kafaluufi yeroon waliigaltee yommuu xummuramu maallaqa liqeeffate deebisuuf sanada dirqama itti gale jechuudha;
- 2) Sanadoonni idaa gatiin walqixaa irratti barreeffame marsaa tokkoon kan bahan abbootii idaaf mirga walqixxee kennu.

Keewwata 408 Sanadoota Idaa Baasuu Danda'uu

Waldaan aksiyoona tokko sanadoota baasuudhaan liqeeffachuu kan danda'u:

- 1) Kaappitaalli haadhoo guutummaatti kan kaffalame yoo ta'e; fi
- 2) Yoo xiqqaate waggaa tokko hojii irra kan turee yaa'ii waliigalaa walidichaatiin, baalansii mirkanaa'e kan qabu yoo ta'eedha.

Keewwata 409 Hanga Sanada Idaa Ol'aanaa Bahuu Danda'uu

- 1) Kubaaniyaan tokko sanadoota idaa baasuun hanga maallaqaa liqeeffachuu danda'u akkaataa ibsa qabeenyaafi idaa xumura mirkanaa'e keessatti mul'atutti kaappitaala waldichaa kaffalame caalu hin danda'u.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus:
 - (a) Qabeenyi waldichaa hin sochoone sanadoota liqaatiif akka wabii ta'ee kan kennamee yoo ta'eefi gatiin sanadoota idaa bahanii gatii wabichaa keessaa $\frac{2}{3}$ (harka sadii keessaa lama) kan hin caalle yoo ta'e; yookiin
 - (b) sanadoonni idaakaappitaala waldichaa kafalamee olitti bahan wabiiwwan galmaahan yookiin sanadoota mankusaa Mootummaan baase yookiin boondii wabii Mootummaan kennameen wabii kan argatan yoo ta'e, yeroon kaffaltii sanadoota idaa sanaa dura kan hin taane yoo ta'e, yookiin maallaqa Mootummaan yookiin manni hojii Mootummaa tokko waggaa waggaankaffaluun wabiin kan galameef yoo ta'e; waldaan ibsa qabeenyaafi sanadoota idaa kappitaala kafalamee ol sanadoota idaan irratti barreeffame baasuu ni danda'a.

- 3) Gatiin sanadoonni idaa gutumaan guututti deebi'anii hanga kafalamanitti Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (b) tiin sanadoonni wabummaan kennaman baankii keessatti taa'uu qabu; dhalli abbaa liqaatiif kafalamu fi gatiin sanadoota idaa wabummaan galameef suuta suutaan hanga barbaachisaa ta'een sanadoota wubummaa kanaaf mallaqin wagga waggaan kafalamu hereega baankii cufaa ta'een taa'uu qaba.
- 4) Daangeffamni keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame liqii qabeenya hin sochoone horachuuf fudhatamu yookiin qonna wabummaa taasisuun kubaniyoota liqeeffatan irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

Keewwata 410 Dirqama Waldaa Sanada Idaa Baasee

- 1) Sanadoonni idaa waldicha sanada idaa baaseen deebi'anii bitaman ni haqamu; Irra deebi'anii gurguramuus hin danda'an.
- 2) Waldaan sanadoota idaa baase kaappitaala haadhoo isaa hir'isuu kan danda'u dhala waliin liqeessitootaaf kafalamee hanga sanadoonni idaa haqamaniin ta'a.

Keewwata 411 Hir'ifama Kaappitaala Haadhoo Waldaa Sanadoota Idaa Baaseen Taasifamu

Keewwata 410 keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatus, Sababa kasaraatiin kaappitaala haadhoo waldichaa hir'isuun yeroo barbaachisaa ta'etti kaappitaalli waldichaafi maallaqni kuusaa seeraan murtaa'e hanga gatiin sanada liqaa hin kaffalamiin sirreeffamutti, hir'ifamni mallaqa ofeeggannoo seeraan murtaa'e kan shallagamu gatii sanadoonni idaa yeroo bahanitti jiru bu'uura taasisuun ta'a.

Keewwata 412 Gatii Sanadoota Idaa Itti Bahanii

- 1) Sanadoota idaa gatii itti barreeffame olitti oliguddisuun baasuun ni danda'ama.
- 2) Haala addaatiin seeraan yoo tumame malee, Sanadoota idaa gatii irratti barreeffame gadi baasuun hin danda'amu.

Keewwata 413 Qabiyyee Waraqaa Ragaa Sanada Idaa

Waraqaan ragaa sanada idaa qabiyyee armaan gadii qabaachuu qaba:

- 1) Maqaa, kaayyoo, waajjira muummee waldichaa fi bakka galmee daldalaa keessatti galmaa'e;
- 2) Yeroo waldichi itti hundeeffamee fi turtii;
- 3) Hanga maallaqa haadhoo waldichaa yeroo sanadoonni liqaa bahan;
- 4) Yaa'ii waliigalaa sanadoota daabaasuuf yeroo murteen itti kennameefi guyyaamurtichi galmee daldalaa irratti galmaa'e;
- 5) Waraqaan ragaa sanada idaatartiiba Lakkoofsaaf gatii irratti barreeffame; hanga dhalaafi guyyaa kaffaltii akkasumashaala idaan itti kafalamu;
- 6) Sirrummaa sanadoota liqaa kennaniifi wabiiwwan addaa sanada liqaa waliin walqabatan, akkasumas yeroo waliigaltee barreeffamaan wabiiwwan kana hundeesu itti raawwatame;
- 7) hanga Sanadoota liqaa duraan kennaman garuu suuta suutaan kafalamuun xummuramaniifi wabummaa galameef;
- 8) Akkaataa barbaachisummaa isaatti Yeroo abbootiin idaa mirga sanadoota idaa isaanii gara aksiyoonaatti jijjiiruuf qaban itti fayyadaman akkasumas haala jijjiirraa.

Keewwata 414 Raawwattiinsa Tumaalee Aksiyoona Ilaallatan

Seera kanaan aksiyoona qooduu dhabuu; malawwan aksiyoona ittiin bahu; itti dabruufi mormii ilaalchisee tumaaleen tumaman akka barbaachisummaa isaatti sanadoota idaa irrattis raawwattiinsa ni qabaatu.

Keewwata 415 Yaa'ii Waliigalaa Qabdoota Sanadoota Idaa

- 1) Qabdoonni sanadoota idaa yeroo walfakkaatutti baasan dantaa waloo isaanii eegsisuuf jecha haala keewwatoota armaan gadii keessatti ibsameen garee sanadoota mirga namummaa kennameef gurmaa'uu ni danda'u;
- 2) Waliigalteen faallaa kamuu jiraatus, garee qabdoota sanada idaa tokko keessatti sanadoonni idaa argaman yeroo kamiyyuu yaa'ii qabdoota sanada idaa gaggeessuu ni danda'u.

Keewwata 416 Waamichaafi Adeemsa Yaa'ii Qabdoota Sanadaa

- 1) Yaa'iin qabdoota sanadaa waldichaan yookiin bakka bu'aa garee qabdoota sanadoota idatiin yookiin sanadoota idaa hin kafalamine keessaa harka dhibba keessaa digdama qabaniin waamamuu danda'a.
- 2) Seera kanaan waa'een waamichafi adeemsa walgahii yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoonaaf kan tumaman akka barbaachisummaa isaatti waamichaafi adeemsa yaa'ii qabdoota sanadoota idaa irrattis rawwatiinsa ni qabaatu.
- 3) Waldaan abbaa idaa ta'e yookiin liqichaaf wabii kan ta'an Daarektaroonni, miseensonni boordii to'annoo, odiitaroota, hojjettoonni yaa'ii qabdoota sanadoota idaa irratti qabdoota sanadoota idatiif bakka bu'aa ta'uu hin danda'an.
- 4) Namoonni sanadoonni idaa gatiin isaanii waldichaan kafalame qabatan yaa'ii irratti hirmaachuu hin danda'an.
- 5) Sanadoota idaa waldich deebisee bite qabatanii yaa'ii irratti hirmaachuun hin danda'amu; dhoorkaan kun waldaalee daldalaa biroo kaappitaala waldichaa yoo xiqqaate harka dhibba keessaa soddoma qaban irrattis rawwatiinsa ni qabaata.
- 6) Walgahii qabdoonni sanadoota idaa gaggeessan yaa'ii waamuufi gaggeessuuf baasiiwwan barbaachisaa ta'an hundi kan uwwifaman waldaa idaa ofirraa qabuun ta'a.

Keewwata 417 Aangoo Yaa'ii

- 1) Yaa'iin qabdoota sanada idaa eegumsa faayidaa qabdoota sanada idatiiffi raawwii waliigaltee liqiitiif ofeeggannoon barbaachisu hundi akka raawwataman taasisuufi akkasumas ofeeggannoowwan kana raawwachuuf baasiiwwan barbaachisaa ta'e ni murteessa.
- 2) Murtiwwan yaa'ichaan darban qabdoota sanada idaa yaa'icha irratti hin argamineefi murticha morman, akka waliigalaatti qabdoota sanada idaa hunda irratti rawwaatiinsa ni qabaata.

Keewwata 418 Yaada Waldaan Abbaa Idaa Dhiyeesse Irratti Murtee Kennuu

- 1) Tumaan Waliigala Keewwata 417 Keewwata Xiqqaa (1) jalatti tumaalee akkuma eeegameettii ta'ee yaa'iin qabdoota sanada idaa:
 - (a) akakuun yookiinkaayyoon dhaabbatichaa akka jijjiiramu;
 - (b) waldichwaldaabiraa waliin walitti akka makamuu yookiin bakka lamaafi sanaa olitti akka qoodamu;
 - (c) Sanadoota idaa dura jiran irratti mirga dursaa kan argamsiisan sanadoonni biroo akka bahan; waldaan idaa ofirraa qabu yaada dhiyeessu irratti mari'achuu ni danda'u.
- 2) Yaadota keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti dhiyaatan yaa'ichi yoo hin fudhannellee waldichi hojiirra oolchuu ni danda'a; Haa ta'u malee, qabdoota sanada idea maallaqni isaanii akka deebi'u barbaadaniif guyyaa yaadonni dhiyaatan hojiirra oolan irraa eegalee ji'a sadii keessatti kaffaltii kaffaluun dirqama ta'a.
- 3) Yaa'ichi yaada dhaabbatichi haala liqii isaa jijjiiruuf dhiheesse irratti mar'achuu ni danda'a.
- 4) Yaa'ichi dirqama qabdoota sanada idaa irratti dabaluu hin danda'u; keessattuu maallaqa dabalataa akka liqeessan dirqisiisuu hin danda'u, waliigaltee guutuudhaan yoo ta'e malee sanadoota liqaa gara aksiyoonaatti jijjiiruun hayyamuu yookiin qabdoota sanada idea gidduutti garaagarummaa uumuu hin danda'u.

Keewwata 419 Haalwwan Ragga'iinsa Murtiiwwaniif Barbaachisan

- 1) Walgahiin qabdoota sanada idea miseensota sanada liqaa qaban keessaa yoo xiqqaate harki sadii qaamaan yoo argaman yookiin bakka bu'oota isaaniitiin bakka bu'an yookiin karaa elektirooniksiitiin hirmaachuu yoo danda'an murtii dabarsuu ni danda'a.
- 2) Dhimma seera kana Keewwata 418 jalatti ibsame murteessuuf abbootiin liqaa $\frac{3}{4}$ (sadii-afur) qaamaan argamuu yookiin bakka bu'oota isaaniitiin bakka bu'uun yookiin karaa elektirooniksii hirmaachuu qabu.

- 3) Kooramiin keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti ibsame walgahii jalqabaa irratti yoo hin guutamne haalaa fi yeroo waamich duraa raawwatameen walgahiin lammaffaa ni waamama; Waamichi kun ajandaa waamicha jalqabaatti ture guyyaafi bu'aa walgahii darbee agarsiisuu qaba; Yaa'ii waamichaa lammaffaa irratti baay'ina sanadoota liqaa argame tilmaama keessa osoo hin galchin murtiin darbuu ni danda'a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee; Miseensonni sanada liqaa %50 (dhibbeentaa shantama) qaban walgahii lammaffaa dhimmoota keewwata 418 jalatti ibsaman irratti murtii kennuuf waamame irratti yoo hin argamne haalaafi yeroo waamichaa walfakkaatuun walgahiin sadaffaan ni waamama; Walgahiin walfakkaataan murtii dabarsuu kan danda'u miseensonni sanada liqaa harka afur keessaa tokko qaban yookiin bakka bu'oonni isaanii yoo argaman qofaadha.

Keewwata 420 Sagalee Caalmaa

- 1) Murteewwan Yaa'ii qabdoota sanada idaa dabruu kan danda'u qabdoota sanada idaa walgahicha irratti argamaniin sagalee caalmaan yoo deeggarame dha.
- 2) Sanadoota idaa gara aksiyoonaatti jijjiruu yookiin qabdoota sanada idaa garee tokko keessatti argaman gidduutti haalota garaagarummaa uumamu kan ilaallataniin alaseera kana keewwata 418 keessatti dhimmoota tumaman irratti murteewwan kennaman qabdoota sanada idaa yaa'icha irratti argamani lama sadaffaan deeggaramuu qabu.
- 3) Tokkoon tokkoon sanada liqaa yoo xiqqaate mirga sagalee kennisiisuu tokko kan argamsiisu ta'ee, mirgi sagalee qooda sanada liqaawaliigalaa liqii keessatti qaban waliin walmadaaluu qaba.

Keewwata 421 Murtiiwwan Tokko Tokko Mana Murtiin Raggaasisuu

- 1) Murtiiwwan Bu'uura seera kana keewwata 418tiin kennaman yaa'iin gaggeeffamee guyyaa kudha shan keessatti waldichaan yookiin bakka bu'oota garee qabdoota sanadaatiin yookiin yeroo isaan hin jirre qabdoota

sanadaa kaminuu Mana Murtii dhiyaatee mirkanaa'uu qaba; murteewwan Mana Murtiin yoo mirkanaa'an malee raawwatiinsa hin qabaatan.

- 2) Qabdoonni sanada idaa murtiiwwan morman yookiin walgahii irratti hin argamne murtiin akka hin raggaasifamne mormuu ni danda'u.

Keewwata 422 Bakka Bu'aa Garee Qabdoota Sanada Idaa

- 1) Gareen qabdoota sanada idaaseera kana keewwata 419 keewwata xiqqaa (1) fi (3) jalatti haala ibsameen kooramii akkasumas keewwata 420 keewwata xiqqaa (1) jalatti haala ibsameen sagalee caalmaan, yaa'ii waliigalaatiin kan muudaman bakka bu'oota tokko yookiin isaa ol bakka buusuu ni danda'a; yaa'iich yeroo kamittuu bakka bu'oota haquu ni danda'a.
- 2) Yaa'ichi aangoo bakka bu'ootaafi kaffaltii isaanii koorumfi sagalee caalmaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame irratti hundaa'uun ni murteessa; Kaffaltiin kun kubaaniyaa liqii qabuun kan haguugamu ta'a.
- 3) Bakka bu'oonni yaa'ii waliigalaa qabdoota sanada idaa sirnaan waamameen yoo hin muudamneefi yoo ariifachiisaata'e kuppaaniyaa abba idaa ta'eenyookiin sanada idaa waliigalaa keessaa qabdoonni sanada idaa dhibbeentaa shan qaban yoo gaafatan Manni Murtii bakka bu'oota muuduu yookiin bakka buusuu ni danda'a.
- 4) Tumaan seera kana keewwata 416 Keewwata Xiqqaa 3 muudama bakka bu'oota qabdoota sanada idaa irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 423 Aangoo Bakka Bu'ootaa

Yaa'ii Waliigalaa qabdoota sanada idaatiin haala biraatiin yoo murtaa'e malee, Bakka bu'oonni dhimmoota faayidaa waliinii qaban irratti garee qabdoota sanada idaa bakka bu'uun kanneen armaan gadii raawwachuuf aangoo qabu:

- 1) hojii bulchiinsaa kamiyyuu raawwachuuf Keessattuu wabiiwwan liqiidhaaf kennaman fudhachuufi eeguuf;

- 2) garichaMana Murtiitti yookiin qaama abbaa seerummaa biroo keessatti bakka bu'uu;
- 3) Walgahii waliigalaa abbootii aksiyoona waldichaa irratti hirmaachuu;
- 4) Sanadoota liqaa kafaluuf Sirna carraa bahiinsa lootarii irratti argamuu.

Keewwata 424 Waldaan Abbaa Idaa Yeroo Kasaarutti Dirqama Bakka Bu'oonni qaban

- 1) waldaan abbaa idaadandeettiinidaa kaffaluuf qabu yoo hir'ate, yookiin yoo idaa kaffaluu adda kute akka haala dhimmichaatti of eeggannoof hojimaata irra deebiin idaa gurmeessuu, sirna gurmaa'insa idaa yookiin Adeemsa kasaraa irratti garee bakka bu'oota idaa waldichaa kan mudameeyoo ta'e,gareen kan hammataman hundaaf ragaa abbaa mirgummaani kenna;akkasumas beeksisa waamichaa maqaa isaaniitiin ergame ni fuudha.
- 2) Bakka bu'aan abbootii idaayaa'ii waliigalaa abbootii idaa irratti sagalee akka kennu kan bakka bu'e yoo ta'e bu'uuraseera kasaaraatiin yaa'ii abbootiin liqeessitootawaldichaa gaggeessan irratti qabdoota sanada idaabakka bu'ee sagalee kennuu ni danda'a; Sanadoonni liqaa guyyaa yaa'iiwaliigalaafi lakkoofsi Sagalee Caalmaa qabdoota sanada idaawaldichaa waliin bahan akka idaa tokkootti ilaalamu.

Boqonnaa Torba

Herrega Waldaa

Keewwata 425 Tumaalee Waliigalaa

- 1) Seerota addaa biroo keessatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee; tumaaleen boqonnaa kanaa waldaa aksiyoona irratti raawwatiinsa ni qabaatu.
- 2) Seera birootiin haala addaatiin yoo tumame malee haala qabiinsafi eeguumsa herregaa jalatti tumaaleen jiran herreega waldaa Akisiyoona irrattis raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 426 Herregaawwani Fi Gabaasa Waggaa

- 1) Dhuma bara faayinaansii tokkoon tokkoon isaanii irratti Boordiiin Daayirektarootaa tarree qabeenya dhaabbatichaa akkasumas ibsa qabeenyaafi idaa qopheessuu qaba.
- 2) Daayirektaroonni ibsa qabeenyaafi idaa, ibsa bu'aafi kasaaraa fakkasumas gabaasa haalaa fi hojii waldichaa bara faayinaansii darbee qopheessuu qabu.
- 3) Gabaasni keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsame ibsa bu'aafi kasaaraa bal'aa, meensota boordii daayirektarootaa, kan jiran yoo ta'e ibsa hanga kaffaltii waliigalaa miseensota boordii to'annoo, fi odiitaroota, haala kafaltii bu'aa, yaadin dhiyaate yoo jiraate hangachuu qaba.

Keewwata 427 Sanada Herregaa wwaniiFi Gabaasawwan Kennuu

Walgahiin waliigalaa waamamuu isaa dura yoo xiqqaate guyyoota 40 dura tarree qabeenyaa waldichaa, ibsa qabeenyaafi liqaa; Ibsi bu'aa fi kasaaraa fi gabaasa boordii Daayirektarootaa odiitarootaa fi Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin waajjira mootummaa biroo rogummaa qabutti darbuu qaba.

Keewwata 428 Ibsa Qabeenyaafi Idaa Fi Ibsa Bu'aa fi KasaaraaHaala Itti

Qophaa'u

- 1) Yaa'iin Waliigalaa gabaasa odiitaroonni dhiyeessan irratti hundaa'uun haala biraatiin akka hojjetu yoo murteesse malee, malli qophii, dhiyeessii fi shallaggii ibsa qabeenyaa fi dirqamaa fi ibsa bu'aa fi kasaaraa waggaa waggaan qophaa'u hojimaata waggoota darbanii hordofuu qaba malee jijjiiramuu hin qabu.
- 2) Ibsi bu'aa fi kasaaraa hojiilee waldichaa adda addaa irraa maddu bu'aa yookiin kasaaraa mata duree adda ta'een agarsiisuu qaba.

Keewwata 429 Waa'ee Miiltoowwanii

Dirqamoota ibsa qabeenyaafi dirqamaa keessatti hin mul'anne, Kan akka wabii Ibsa qabeenyaafi idaa waldichaa waliin miilitoo ta'anii qabamuu qabu.

Keewwata 430 Maallaqa Bakka Bu'iinsaa Qabeenya Dhumataafi Hir'ifama

Duuluuma

- 1) Qabeenya dhuma umrii faayidaa isaanii fixatanqabeenya waldichaa keessaa haquuf akka danda'amuuf, qabeenya bakka buusuuf maallaqni waggaa waggaan taa'uu qaba; maallaqni bakka bu'iinsaa waggaa waggaan kuufamuu qaba jedhamee yaadamu gahaa ta'ee yooargame, maallaqni dulloomuu meeshaalee waliin akka walmadaaluufdabalamuu qaba.
- 2) Bu'aan yoo hin jiraannellee dhuma bara faayinaansii tokkoon tokkoon isaaniitti maallaqni bakka bu'iinsa qabeenya waldichaa fi herregin hir'ifama dulloomuu hir'ifamuu qaba.
- 3) Baasiin kaappitaala haadhoo Waldichaa walitti qabuufi guddisuuf raawwataman guyyaa baasii ba'e irraa eegalee yoo harkifate dhuma bara baajataa shanaffaatti bakka bu'a.

Keewwata 431 Herrega Waldaa Haadhoo

- 1) Herregonni waldaa haadhoo jala jiranii yaa'ii waliigalaa waggaa waldaaf kan dhiyaatanyeroofi akkataaherreegni waldaa haadhoondhiyaatutti ta'a.
- 2) Waldaa haadhoofi waldaalee isa jala jiraniif ibsi qabeenyaafi idaa walitti qabameefi ibsi bu'aafi kasaaraa qophaa'uu qaba.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatus; Boordiin daayirektarootaa sanada akkanaa qopheessuu qaba.
 - (a) Hojiirra ooluu kan hin dandeenye yookiin garmalee rakkisaa yookiin baasii kan gaafatu yoo ta'e yookiin faayidaan maallaqaa waldichaa hanga abbootii aksiyoonaadhaaf faayidaa kan hin qabne yoo ta'e.
 - (b) hojiiwwan waldaahaadhooyookiin isaa jala jiru irratti dhiibbaa hamaa geessisuufihojiin dameenhojjatu adda addummaa qabachuu irraa kan ka'e akka waldaa tokkoottikanhin lakka'amne yoo ta'efi Yaadni walfakkaataan Ministeera Daldalaafi Industirii yookiin qaama mootummaa rogumaa qabuun yoo ragga'e dirqamni keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumame raawwatiinsa hin qabu.

Keewwata 432 Bu'aa

- 1) Bu'aan qulqulluu waldichaa galii waliigalaa bara heeragaa keessatti argame irraa baasii waliigalaa waldichaa akkasumas qabeenya dhumataa waldichaa bakka buusuuf fi hirrifama dulluumaa herraga eaggaa galii argamee irraa erga hirrifame booda bu'aa argamuu dha.
- 2) Bu'aan qoodamu danda'u bu'aa bara herragaa irraa kasaaraa waggoota darbanii hir'isuun, bu'aa bara herrega bu'aa hin raabsamnee fi galii dabalataa biroo irratti dabaluudhaan bu'aa argamuu fi haala addaa keessatti maallaqa Yaa'iin Waliigalaatiin hayyamame kamiyyuu maallaqa ofeeggannoo irraa kan kaffalamu ta'a.
- 3) Murtiin Yaa'ii Waliigalaatiis maallaqni bu'aa qoodaaf kaffalamu mallaqa ofeeggannoo kami irraa akka ta'e agarsiisuu qaba.

Keewwata 433 Maallaqa Ofeeggannoo

- 1) Bu'aan qulqulluu ibsa herrega bu'aa fi kasaaraa keessatti agarsiifame irraa gara maallaqa ofeeggannootti jijjiirraan ni taasifama.
- 2) Mallaqin ofeeggannoo kanneen armaan gadii ni dabalata:
 - (a) Maallaqa seeraan akka taa'u murteeffame;
 - (b) Maallaqa ofeeggannoo akkaataa barreeffama hundeeffama waldichaatiin yaa'ii waliigalaa idileetiin murtaa'e;
 - (c) Maallaqa ofeeggannoo dirqama hin taane akkaataa barreeffama hundeeffamaatiinyaa'iin waliigalaa akka hundeeffamu kan hayyameef maallaqa ofeeggannoo dirqama hitaane;
 - (d) Seerri yookiin barreeffama hundeeffama waldichaatiin kan tumame yoo ta'e fandii kuusaa bilisaa yaa'ii waliigalaa idileetiin murtaa'e.

Keewwata 434 Maallaqa Ofeeggannoo Seeraan Murtaa'e

- 1) Seera biraatiin hanga addaa yoo murtaa'e malee; bu'aa qulqulluu waldichaa keessaa dhibbeentaan shan waggaa waggaan gara maallaqa ofeeggannoo seeraan murtaa'etti dabarfamuu qaba; haa ta'u malee, maallaqni ofeeggannootti

dabarfamu maallaqa haadhoo waldichaa keessaa dhibbeentaa shan yeroo ga’u gochi dabarsuu dirqama ta’ee ni hafa.

- 2) Sababa kamiinuu maallaqni ofeeggannoo seeraan murtaa’e hanga keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame gadi yoo ta’e, dirqamni maallaqa gara maallaqa ofeeggannootti dabarsuu ni raawwatama.

Keewwata 435 Maallaqa ofeeggannoo Aksiyoona Gatii Isaanii Ol Baasuun Hundeeffame

- 1) Walgahiin waliigalaa ariifachiisaa maallaqa haadhoo waldichaa dabaluuf murteesse aksiyoona haaraa gurgurame gatii barreeffamaa (par value) caaluun akka gurguramu murteesse Garaagarummaan gatii barreeffamaa aksiyoonichaa (gatii walqixaa) fi gatii aksiyooniin qabatamaan itti gurgurame gidduu jiru gara maallaqa ofeeggannootti akka dabruuf murteessuu ni danda’a;
- 2) Haala kamiinuu fayyadamaa maallaqa ofeeggannoo kanaa ta’uu kan danda’an gurgurtaa aksiyoona haaraan dura abbootii aksiyoona turan qofa ta’u.

Keewwata 436 Qoodii Bu’aafi Haala Kafaltii

- 1) Maallaqni keewwata 434 jalatti ibsame bu’aa qulqulluu irraa gara maallaqa ofeeggannootti erga dabarfamee booda kan hafe akkaataa dambii waldichaatiin raabsama.
- 2) Kaffaltiin miseensota Boordii Daayirektarootaaf kennamu labsii kana keewwata 304 tiin kan bulfamu ta’a.

Keewwata 437 Dhala Murtaa’an Yookiin Yeroo

- 1) Waldich bu’aa waggaa kan hin qabne yoo ta’ellee, dhalli murtaa’e yookiin yeroo yeroon abbootii aksiyoonaadhaaf akka kaffalamu barreeffama hundeeffamaatti tumamuu ni danda’a.
- 2) Bu’uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin dhala abbootii aksiyoonaadhaaf kaffalamu yeroo waldichhojii idilee isaa raawwachuuf qophii barbaachisu yeroo taasifamu maallaqin haadhoobaankii keessa galchuudhaan dhala argatan qofa ta’a;

walidich akkuma hojii idilee isaa jalqabeen dhalli abbootii aksiyoonaataaf kafalamaa ture hafa ta'a.

- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiinwaldichi abbootii aksiyoonaadhaaf dhala akka kaffalu barreeffama hundeeffamaatiin ifatti kan tumame yoo ta'e malee; waldichi abbootii aksiyoonaadhaaf dhala hin kaffalu.

Keewwata 438 Kaffaltii Qooda Bu'aa Fi Mirga Abbootii Aksiyoona

- 1) Abbootii aksiyoonaatiif bu'aa qulqulluu ibsa qabeenyaafi dirqama waldichaa mirkanaa'e keessatti mul'ate qofa irraa bu'aa qulqulluun kan kaffalamu ta'a.
- 2) Bu'aan tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1) faallessuun qoodame akka bu'aa sobaatti ilaalama; namoonni Kaffaltiinakka kaffalamu godhanis yakkaa fi hariiroo hawaasaatiinitti gaafatamu.
- 3) Yaa'iin waliigalaa bu'aa raabsuuf yeroo murteessu mala kaffaltiin bu'aa itti qoodamuufi guyyaa bu'aan qoodame abbootii aksiyoonaadhaaf itti raabsamu ifatti agarsiisuu qaba; haa ta'u malee, guyyaan kaffaltii bu'aa qoodame guyyaa raabsa bu'aa irraa eegalee ji'a afur caaluu hin qabu.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (3) tiin yeroon murtaa'e osoo hin xumuramin dura yaa'iin waliigalaa murtii yaa'ii waliigalaa kanaan duraa raabsa qooda bu'aa yookiin maallaqa kuufamaa ilaalchisee kenne sababa gahaa ta'een fooyyessuu yookiin haquu ni danda'a.
- 5) Abbaan aksiyoona tokko guyyaa kaffaltii bu'aa qoodame irraa addaan cite irraa eegalee hanga bu'aa argatetti akka abbaa liqaa dhaabbatichaa ta'eetti fudhatama.

Keewwata 439 Bu'aan Qoodiwwan Kaffalaman Akka Deebi'u Gaafachuunkan Hin Danda'amne Ta'uu

Waldich firummaan kan qabame yookiin qoodinsi qoodni bu'aa kan raawwatame ibsa herreega qabeenyaafi idaa bu'uura osoo hin godhatin yoo ta'e malee tumaaleen seera kana keewwata 438 cabsuun qoodinbu'aa kafalame abbootiin aksiyoona akka deebisan gaafachuun hin danda'amu.

Keewwata 440 Bu'aa Ibsa Qabeenyaafi idaa Raggaasisuu

Ibsa qabeenyaa fi idaa waldichaa yaa'iin raggaasisuun daayirektaroota, miseensota boordii to'annoo yoo jiraate, odiitaroota, hoggantoota, barreessaa waldichaafi hoggantoota biroo itti gaafatamummaan isaan waldicha keessattiqaban itti gaafatamummaa jalaa bilisa taasisuu hin danda'u.

Keewwata 441 Ibsa Qabeenyaafi Idaa Beeksiisaan Baasuu

garagalchi ibsa qabeenyaafi idaa waldichaa raggaasifame, akkasumas murtii yaa'iin ibsicha raggaasisuu, erga ragga'ee guyyoota soddoma keessatti Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin qaama mootummaa roggummaa qabutti ergamuufi marsariitii waldichaa irratti maxxanfamuu qaba.

Boqonnaa Saddeet

Maallaqa Haadhoo Waldichaa Dabaluu Fi Hir'isuu

Kutaa Tokko

Waa'ee Kaappitaala Waldichaa Dabaluu

Keewwata 442 Karaalee Maallaqa Haadhoo Waldichaa Ittiin Guddatu

- 1) Hayyama yaa'ii waliigalaa ariifachiisaa waldichaa malee maallaqa haadhoo waldichaa dabaluun hin danda'amu.
- 2) Aksiyoona haaraa baasuun yookiin gatii aksiyoona jiru dabaluudhaan maallaqa haadhoo waldichaa guddisuun ni danda'ama; Yaa'iin waliigalaa ariifachiisaa maallaqa haadhoo dabaluuf yeroo murteessu karaa itti dabaluunis murteessuu qaba.
- 3) Gatiin aksiyoona haaraa karaalee armaan gadiitiin kaffalamuu ni danda'a:
 - (a) Maallaqa callayookiin gosaan;
 - (b) Liqaa dhaabbatichaa yeroon kaffaltii isaanii ga'e Waldandeessisuun;
 - (c) maallaqa ofeeggannoo yookiin maallaqa biroo waldichi qabachuu danda'u
Maallaqa haadhootti dabaluudhaan .;Yookiin
 - (d) Sanadoota liqaa gara aksiyoonaatti jijjiiruun.
- 4) Maallaqni haadhoon akka dabaluu kan taasiifame maallaqa ofeeggannoo yookiin bu'aa abbootii aksiyoonaadhaaf raabsamuu danda'u irraa kaasuun yoo walitti qabame malee; Gatii aksiyoona jiru dabaluudhaan maallaqa haadhoo dabaluu kan

danda'amu haalawwan seera kana keewwata 402 keewwata xiqqaa (3) jalatti tumaman qofaani dha.

Keewwata 443 Aangoo Boordii Daayirektarootaaf Kennuu

- 1) Labsii kana keewwata 442 (1) fi (2) jalatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee, yaa'iin waliigalaa ariifachiisaa murtii maallaqa haadhoo waldichaa dabaluu yookiin hir'isuu kenname hojiirra oolchuuf aangoo barbaachisaa ta'e kennuu ni danda'a.
- 2) Barreeffama hundeeffamaa keessatti tumaan Boordii Daayirektarootaa dursee maallaqnii haadhoo waldichaa akka dabaluu yookiin akka hir'isu aangoo kennu seera qabeessa hin ta'u.

Keewwata 445 Aksiyoona Haaraa Baasuun Dura Kaffaltii Maallqa Haadhoo Haadhoo Kaffaluun Xumuruu

Waldaan maallaqa haadhoo isaa guutummaatti hin kaffalamiin aksiyoona haaraa maallaqaan kaffalamu baasuun yookiin sanoota liqaa gara aksiyoonaatti jijjiiruun maallaqa haadhoo isaa a guddisuu hin danda'u.

Keewwata 446 Haala Aksiyoonna Haaraa Itti Bahan

Tumaan faallaa kanaa yoo jiraate malee, hundeeffama waldichaa ilaalchisee buu'ura tumaalee rogummaa qabuutiindha

Keewwata 447 Ummanni Aksiyoona Akka Bitatu Affeeruu

Waamichi aksiyoona haaraa ummataaf gurguruuf kan dhiyaatu ibsa waliitti qabaan Boordii Daayirektaroota waldichaan mallattaa'een yoo ta'u, ibsichi odeeffannoo armaan gadii of keessaa qabaachuu qaba:

- 1) Maqaa fi waajjira muummee waldichaa;
- 2) Guyyaa waldichi galmee daldalaa keessatti galmaa'e;
- 3) Maallaqa haadhoo waldichaa; gosa aksiyoona fi gatii aksiyoona irratti barreeffameefi gita aksiyoona mirga addaa kennan;

- 4) Daayirektaroota waldichaa, miseensota boordii to'annoo, hoggantootaa fi odiitaroota dabalatee;
- 5) Ibsa bu'aafi kasaaraafi idaa itti gaafatamummaa xumuraafi gabaasa odiitii;
- 6) Bu'aa bu'aa waggoota shanan darban keessatti yookiin guyyaa waldichi hundeeffame irraa eegalee kan kaffalame yoo ta'e waldichi waggaa shan gadi yoo ta'e;
- 7) Sanada liqaa waldichi baase;
- 8) Aksiyoona haaraa ba'e, keessattuu gatii waliigalaa aksiyoona haaraa, baay'ina isaanii, gatii barreeffamaa isaanii, gosa isaaniifi gatii ittiin ba'an ilaalchisee murtii yaa'ichi dabarsee;
- 9) Buusii gosaafi faayidaa addaa kennamu;
- 10) yeroo aksiyooniin haaraan bu'aa kaffaluu itti jalqaban, daangaawwan kaa'aman, fi mirga addaa kenname;
- 11) Dirqamni nama mallatteesse aksiyoona bitachuuf yeroo turu.

Keewwata 448 Mirga Dursa Aksiyoona Bitachuu

- 1) Abbootiin aksiyoona hanga aksiyoona waldichaa keessatti qaban irratti hundaa'uun aksiyoona haaraa bitachuuf mirga dursaa ni qabaatu;
- 2) Mirgi keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame akkaataa tumaalee waliigalaa dabarsa aksiyoona ilaalchisee tumameen bittaa aksiyoona banaa ta'ee osoo jiruu gurguramuu yookiin dabarsuu ni danda'a
- 3) Sanadootin liqaa aksiyoonaan yoo jijjiiraman mirgi dursanii bitachuu raawwattiinsa hin qabaatu; Yaa'iin waliigalaa waldichaa sanadoota liqaa filannoo abbootii qabeenyaatiin gara aksiyoonaatti jijjiiramuu danda'an baasuuf yeroo murteessu abbootiin aksiyoona mirga dursa dhiisuu isaanii agarsiisuu qabu.

Keewwata 449 Mirga Aksiyoona Hin Bitamne Bitachuu

Seera kana keewwata 448 keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee, aksiyoononni haaraan kun abbootii aksiyoona bituu mirga dursa

qabaniin kan hin bitamne yoo ta'e akkaataa hanga aksiyoona isaanii kaappitaala waldichaa keessatti abbootii aksiyoona biroo dursanii akka bitatan gaafataniif ni ramadamaaf.

Keewwata 450 Qooddii Aksiyoona Hafee

Bu'uura tumaalee seera kanaa keewwata 448 fi 449tiin aksiyooniin haaraan kaappitaala waldichaa guddisuuf ba'an hundi yoo hin gurguramne aksiyooniin hin gurguramne akkaataa murtii walgahii waliigalaa yeroo ariifachiisaatiin miseensota waldichaa hin taaneef gurguramuu ni danda'a.

Keewwata 451 Mirga Dursa Kennuu Irratti Daangaa Kaa'mu

- 1) Yaa'iin waliigalaa ariifachiisaa maallaqa haadhoo waldichaa dabaluuft murteesse haal-duree seera kana keewwata 448, 449 fi 450 irratti tumaman hunda yookiin gartokkeen isaanii hojiirra akka hin oolle dhorkuu kan danda'u:
 - (a) Gabaasa Boordii Daayirektarootaa maallaqni haadhoo waldichaa akka guddatuufi mirgi dursaa akka hafu sababa itti barbaachise, abbootii aksiyoona akisiyoonota haaraa qoodataniifi baay'ina aksiyoona tokkoo tokkoo isaaniif gahu, gatii itti baheefi gatii ka'uumsaa kan itti murtaa'e kan ibsu; fi
 - (b) Gabaasin Boordii Ddaayirektarootaa sirrii ta'uu kan mirkanaa'u, bu'aan odiitiin erga xinxalee boodaadha.
- 2) Namoonni aksiyoona haaraa qoodatanwalgahii tumaalee seera kana keewwata 448 hanga 450 jalatti ibsaman faayidaa isaaniif jecha hojiirra oolchuu dhaabu irratti sagalee kennuu hin danda'an.
- 3) Namoonni aksiyoona haaraa qoodatan walgahii tumaalee seera kana keewwata 448 hanga 450 jalatti ibsaman faayidaa isaaniif jecha hojiirra oolchuu dhaabu irratti sagalee kennuu hin danda'an;
- 4) Keewwata kana keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) tiin murtiin akka kennamuuf kooramiifi sagalee caalmaan kan shallagamuaksiyoonota haaraa bituun namota addaan hiratan aksiyoona qaban yookiin bakka buu'an osoo hin

dabalatiin maallaqa haadhoo waldicha aksiyoona qabame osoo hin dabalatin buu'ura aksiyoona maallaqa haadhoo waldichaa aksiyoona uwwisuun ta'a.

Keewwata 452 Sanada Liqaa Gara Aksiyoonaatti Jijjiiraman

- 1) Sanada liqaa aksiyoonaan jijjiiramuu danda'u baasuuf jalqaba hayyama yaa'ii waliigalaa arifachiisaa argachuun barbaachisaadha.
- 2) Hayyamni keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kenname abbootiin aksiyoona sanadoota liqaa irratti mirga dursaaqaban abbootii meeshaalee liqaa fayyadamoo taasisuu isaanii ibsa qabaachuu qaba.
- 3) Gabaasni Boordii Daayirektarootaa seera kana keewwata 451 keewwata xiqqaa (1) (a) jalatti ibsame, sanadoota liqaa abbootii idaaf filannoo isaaniif dhiyaate itti fayyadamuu danda'aniifi haal-duree sanadoonni liqaa itti jijjiiramuu danda'an ibsuu qaba.
- 4) Odiitaroonni wabiiwwan liqaa gara aksiyoonaatti jijjiiruu ilaalchisee piropozaalota walgahii waliigalaa ariifachiisaaf dhiyaatan irratti gabaasa addaa qopheessuu qabu.

Keewwata 453 Dhorkaa Barreeffama Mirga Addaa Dursa Aksiyoona Bitachuuf Kennan Baasuu

Haala kamiinuu aksiyoona maallaqa haadhoo waldichaa guddisuuf ba'e Sanadni mirga addaa dursee bitachuu kennuu danda'u kamiyyuu kennamuu hin danda'u.

Keewwata 454 Yeroo Abbootiin Aksiyoonaaf Dursa Aksiyoona Itti Bitan

Yeroon abbootii aksiyoona jiraniif aksiyoona bitachuuf kennamu guyyaa walidich aksiyoona haaraa gurgurtaaf dhiyeessu irraa eegalee guyyoota 30 gadi ta'uu hin qabu.

Keewwata 455 Aksiyoona Bitachuuf Waamicha Gochuu

- 1) Guyyaan bittaa aksiyoona haaraa itti jalqabamu bittaa jalqabuu isaa yoo xiqqaate guyyoota 10 (kudhan) dura karaa gaazexaa akka biyyooleesaatti raabsamu fi karaa elektirooniksii mijataa ta'een abbootii aksiyoonaadhaaf beeksisuu qaba; Beeksisni kun mirga dursaa abbootii aksiyoona guyyaa bittaa

aksiyoona haaraa itti eegaluu fi xumuraa, gatii aksiyoonichi itti bahu fi Hanga aksiyoona hatattamaan kaffalamuu qabu ibsuu qaba;

- 2) Aksiyooniin maqaa galmaa'een kan galmaa'e yoo ta'e, dhaabbatichi gurgurtaa aksiyoona guyyaa kudhan dura beeksisa xalayaa galmaa'een abbootii aksiyoonaaf erguu ni danda'a.

Keewwata 456 Aksiyoona Haaraa Bitachuuf Mallatteessuu

- 1) Aksiyoona haaraa bitachuuf mallatteessuun kan hojiirra oolu maallaqni kaffalamu waliin yoo ta'e qofa;
- 2) Aksiyoona maallaqaan gurguramuu danda'u baasuun kaappitaalli waldichaa kan dabale yoo ta'e, tumaaleen seera kana keewwata 260 fi 268 jalatti tumaman haala kanaan raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 457 Aksiyoona Bitachuuf Mallatteessuu Beeksisuu

Boordiiin Daayirektarootaa kanneen armaan gadii mirkaneessuufi sanadaan akka qabaman taasisuu qaba:

- 1) Aksiyooniin haaraan hundi akka bitamaniif mallataa'u;
- 2) Gatiin aksiyoona irraa maallaqni kaffalamuu qabu kaffalamuu isaa;
- 3) Gatiin kappitaala hadhoo waldichaa akka dabalamu murteesse hundi dabalammu; fi
- 4) Maallaqa haadhoo waldichaa dabale irratti hundaa'uun barreeffama hundeeffamaa fooyya'uu.

Keewwata 458 Buusii Akakuun Taasifamuun maallaqa Hadhoo Dabaluu

Keewwata 260, 261 fi 263 jalatti tumaman kaappitaala waldichaa guddisuuf buusii bifaan kan kaffalamu yoo ta'e yookiin faayidaan addaa yoo jiraate haala barbaachisaa ta'een raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 459 Kaffaltii Gatii Aksiyoona Haaraa waldandeessisuun Kafaluu

- 1) Gatiin aksiyoona maallaqaa haaraa maallaqa haadhoo waldichaa guddisuuf ba'e guyyaa aksiyoona bitachuuf mallateeffamuu jalqabe idaa waldichaa guyyaan kafaltii isaanii gahewaldandeessisuun kafaluu ni danda'a.
- 2) Ibsi faayinaansii aksiyooniin liqaadhaan kaffalamuu isaa agarsiisu Boordii Daayirektarootaatiin Qophaa'ee Odiitarootaan Mirkanaa'uu Qaba; Odiitaroonnis gabaasa hanga liqaa qulqullaa'e agarsiisu qopheessuu qabu.

Keewwata 460 Maallaqa ofeeggannoo Dabaluudhaan Maallaqa Maallqa Haadhoo Dabaluu

Seera kana keewwata 434 keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee, yaa'iin waliigalaa ariifachiisaa maallaqa ofeeggannoo guutuu yookiin gartokkee gara maallaqa haadhoottidabarsuudhaan maallaqa haadhoowaldichaa guddisuu ni danda'a; Haa ta'u malee, maallaqni off eeggannoo seeraan murtaa'e gara maallaqna haadhoo waldichaatti akka galuu yoo taasiifame hanga maallaqa ofeeggannoo seeraa duraan ture guutamutti abbootii aksiyoonaadhaaf qooddiin kamiyyuu taasifamuu hin danda'u.

Keewwata 461 Gatii Aksiyoona Maallaqa jala jalaa Deebisuun Kafaluu

- 1) Abbootii aksiyoonaatiif gumaacha isaan maallaqa haadho yookiin gatii aksiyoonaaf taasisan maallaqa xiqqaadhaan akkaataa tumaalee barreeffama hundeeffamaatiin yookiin murtii yaa'ii waliigalaa ariifachiisaatiin kennameen qofa deebisuun kan danda'amu ta'a.
- 2) Bu'aan kanaaf oolu danda'u bu'aa abbootii aksiyoonaadhaaf kaffalamuu danda'u yookiin kuusaa seera keewwata 434 keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ala yoo ta'eedha.
- 3) Keewwata kana keewwatin xiqqaa (1) aksiyoona gita tokko keessa jiru deebisee bitamuu irratti raawwatiinsa ni qabaata; aksiyooniin deebi'ee bitamuu qabus lootariidhaan filatamuu ni danda'a; Keewwata kana raawwachiisuun kaffaltii haadhoo hir'isuu hin fidu.

Kaappitaala Waldichaa Hir'isuu

Keewwata 462 Yaada Kaappitaala Waldichaa Hir'isuuf Dhiyaatu

Yaa'iin kaappitaala waldichaa hir'isuuf dhiyaate yoo xiqqaate walgahii waliigalaa ariifachiisaa guyyaa 15 dura karaa Boordii Daayirektarootaa dhimmicha irratti murteessuuf odiitarootaaf dhiyaachuu qaba; Odiitaroonnis sababa maallaqa haadhoo hir'ifamee fi haala hir'isuu irratti yaada isaanii yaa'ichaaf ni dhiyeessu.

Keewwata 46 Hirriifamuu kappitaalaHaadhooWaldichaa beeksisuu

Maallqni haadhoo waldichaa yoo hir'ate galmee daldalaa keessatti galmaa'ee, gaazexaa uwwisa bal'aa qabuufi marsariitii waldichaa irratti maxxanfamuu qaba.

Keewwata 464 Kaappitaala Waldichaa Sababa kasaaraatiinHir'isuu

Maallqni haadhoo waldichaa sababa kasaaraatiin yoo hir'ate tumaaleen seera kana keewwata 465 hanga 468tti tumaman raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 465 Tooftaawwan maallaqa Haadhoo Hir'isuu

1) Kaappitaalli waldichaa hir'isuun kan danda'amu:

(a) Gatii aksiyoona irratti barreeffame caqasuudhaan; yookiin

(b) Aksiyoona jiru aksiyoona haaraa lakkoofsa xiqqaa ta'een jijjiiruuniidha.

2) Kaappitaalli waldichaa kanhir'ifamu akkaataa tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (b) tiin yoo ta'e, aksiyoona duraan jiran haaraan jijjiiruuf abbootiin aksiyoona aksiyoona gahaa hin qabne daangaa yeroo walgahiin murteessu keessatti aksiyoona hir'atan guutuu yookiin aksiyoona qaban abbootii aksiyoona biroof gurguruu qabu.

Keewwata 466 Mirgoota Abbootii Aksiyoonaatiif Eegamuu Danda'an

Walgahiin waliigalaa ariifachiisaa maallaqa haadhoo waldichaa hir'isuuf murteessu bu'aan kamiyyuu osoo hin kaffalamiin dura abbootiin aksiyoona baay'ina aksiyoona hir'ifameen yookiin hanga gatii barreeffamaa aksiyoonaatiin beenyaa akka kaffalamu murteessuu ni danda'a.

Keewwata 467 Mirgoota Maallaqa Gaafatotaa

Murtoo yaa'ii waliigalaa ariifachiisaan maallaqa haadhoo waldichaa hir'isuuf osoo hin kennamin dura, namoonni maallaqa gafatota waldichaa turan, maallaqni yoo

isaaniif kaffalamee yookiin wabii gahaan isaaniif hin kennamneef malee, hanga kaappitaalli waldichaa hanga ga'utti yeroo waldaan sun liqaa keessa ture yoo ta'u, murtii akkaataa keewwata 466tiin kenname yookiin gosa bu'aa kamiinuu mormuu ni danda'u.

Keewwata 468 Kaappitaala Waldichaa Hanga Xiqqaa Seeraan Murtaa'e Gadi Hir'isuu

- 1) Sababa kasaaraatiin , maallaqni haadhoo waldichaa hanga xiqqaa keewwata 247(1) jalatti ibsame gadi yoo ta'e, maallaqni haadhoo guyyaa galmee isaa irraa eegalee waggaa 1 (tokko) keessattigalmee daldalaa akkaataa tumaalee seera kana keewwata 463 hanga xiqqaatti dabalamuu qaba.
- 2) Mirgi qabdoota sanada idea bu'uura seera kana keewwata 467tiin hin tuqamu.
- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin maallaqni haadhoo sirreeffamee yookiin waldichi gara gosa waldaa biraatti yoo jijjiirame malee qaamni fedhii qabu kamiyyuu waldichi akka diigamu Mana Murtiitti iyyachuu ni danda'a.

Keewwata 469 Kaappitaala Waldichaa Osoo Kasaraan Hin Jirre Hir'isuu

Maallaqni haadhoo waldichaa kisaaraa irraa kan hafe sababa kamiinuu yoo hir'ate tumaaleen seera kana keewwata 470 hanga 472tti tumaman raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 470 Walqixxummaa Abbootii Aksiyoona

Hir'inni kaappitaalaa waldichaa mirga walqixxummaa abbootii aksiyoona walcaalsiissu hin danda'u.

Keewwata 471 Mirga Gaafattoota Maallaqaa

- 1) Bu'uura seera kana keewwata 463tiin murtiin maallaqa haadhoo waldichaa hir'isuu ifatti labsamee galmee daldalaa irratti osoo hin galmaa'iin dura namoonni waldicha irratti mirga maallaqa gaafachuu qabanmaallaqni haadhoo dhibbeentaa kudhan ol akka hir'atu yoo murtaa'e, murtiin gaazexaa biyyoolessaa tamsaasa qabu irratti guyyaa maxxanfame irraa eegalee ji'a sadii keessatti mormii Mana Murtiif dhiyeessuu ni danda'u.

- 2) Manni Murtii mormiin itti dhiyaate mormichi akka hinmilkoofne yookiin waldichi maallaqa isaanii akka kaffalu yookiin qabdoota sanada idea mormii dhiyeessaniif wabii gahaa akka kennu ajajuu ni danda'a.
- 3) Murtiin maallaqa haadhoo waldichaa hir'isuuf kenname bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin yeroon murtaa'e erga darbee booda hojiirra oola.

Keewwata 472 Hir'ina maallaqa haadhoo Waldichaa qaboo yaa'ii Keessatti Galmeessuu

- 1) Guyyaa maallaqni haadhoo waldichaa akka hir'atu murtaa'e irraa eegalee ji'a tokko keessatti murtiin sun galmee waldichaa keessatti galmaa'uu qaba;
- 2) Qaboon yaa'ii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin qophaa'e marsariitii waldichaa irratti maxxanfamuu qaba.

Boqonnaa Sagal

Diigamuu Waldichaa Fi Herrega Qulqulleessuu

Keewwata 473 Waldichi Saboota Ittin Diigamu

- 1) Seera kana keewwata 181 jalatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee; Waldaan aksiyoona tokko sababoota armaan gadiitiin diigamuu ni danda'a:
 - (a) Lakkoofsi abbootii aksiyoona kan seeraan hayyamameen gadi yommuu bu'uu fi sababa ji'a jaha keessatti miseensa biraa bakka buusuu dhabeef iyyata qaamni daantaan qaba jedhu dhiyeeffateen qaamni waldaalee daldalaa galmeessu waldich akka diigamu yoo murteesse.
 - (b) Qaamni waldaalee daldalaa galmeesse sababa qaamoleen bulchiinsaa hin jirreef namni dantaa qaba jedhu gaaffii dhiyeesseen waldicha diiguuf yeroo murteesse.
 - (c) Waldichi kaappitaala isaa harka afur keessaa sadii kasaraan yeroo dhabu;
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (a) fi (b) jalatti kan tumame jiraatuus qaamni waldaalee daldalaa galmeessu barbaachisaa ta'ee yoo argame yeroo

murtaa'eef daangaan yeroo akka dheeratu yookiin waldicha qaamolee bulchinsaa guuteehojii akka itti fufu hayyamuu ni danda'a.

- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (c) irratti akkuma ibsametti, waldichi sababa kasaaraatiin kaappitaala isaa harka afur keessaa sadii yoo dhabe, Boordiin Daayirektarootaa yaa'ii waliigalaa ariifachiisa waamuun waldichi diigamuu yookiin itti fufuu isaa murteessuu qaba.
- 4) Boordiin Daayirektarootaa yoo jiraate boordiin to'annoo, yookiin odiitaroonni yaa'ii waliigalaa waamuu yoo dadhaban, Manni Murtii iyyata fayyadamaatiin waldicha diiguuf murteessuu ni danda'a.
- 5) Bu'uura tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin abbootiin aksiyoona hayyama galmeessaa malee dhaabbatichi ji'a jaha booda hojii isaa akka itti fufu beekanii yoo hayyaman idaa waldichaa irraa qabu kamiifuu waloofi qenxeen itti gaafatamummaa ni qabaatu.

Keewwata 474 Diigamuu Waldichaa Beeksiissuu

- 1) Akkaataa seera kanaatiin, waldichi akka diiguuf waldichi kan murteessuu yoo ta'e, guyyaa murtiin waldichi diiguuf kenname irraa eegalee guyyoota 21 (digdamii tokko) keessatti, gaazexaauwwisa ba'llaa qabuufi marsariitii waldichaa irratti ifaan maxxanfamuu qaba; Beeksisni kunis gaalee "kan qulqullaa'aa jiru" jedhu itti dabalamee maqaa waldichaa, hanga maallaqa haadhoo waldichaa, sababa diigamuu isaa, maqafi teessoo odiitaraa, daangaa aangoo of keessatti qabachuu qaba.
- 2) Murtiin waldichi akka diiguuf kennameefi sanadoonni akkaataa murtiin muudama odiitaraa agarsiisan waajjira muummee waldichaa keessatti qabamee galmee daldalaa keessatti galmaa'uu qaba.

Keewwata 475 Muudamaa Fi Haquu Qulquleesiitota Herreegaa

- 1) Qulquleesiitota Herreegaabarreeffama hundeeffama waldichaatiin kan hin muudamne yoo ta'e, yaa'ii waliigalaa ariifachiisaa waldicha diiguuf murteesseen kan muudaman ta'a.
- 2) Qulquleesiitota Herreegaa akkaataa tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin kan hin muudamne yoo ta'e, Boordii Daayirektarootaa, boordii to'annoo, odiitaroota, abbootii aksiyoona yookiin iyyattoota Mana Murtiitti kan muudaman ta'a.
- 3) Qulquleesiitota Herreegaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti muudaman walgahii waliigalaa ariifachiisaa taa'een haqamuu ni danda'u; Akkasumas, qaama kamiinuu kan muudaman ta'uu isaanii osoo hin ilaalin, Manni Murtichaa sababa gahaa ta'een iyyata namoota keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsamaniin haquu ni danda'a;
- 4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti tumameen qaamni qulquleesitota heergaa haqe haaraa muuduu qaba.

Keewwata 476 Hojii Gadlakkisuu Qulquleesiitota Herreegaa

- 1) Qulquleesiitota Herreegaa waldichaa qaama isaan muudeef beeksisa barreeffamaa ji'a sadii dura kennuudhaan hojii gadilakkissu ni danda'u; Qulquleesiitoni yaa'ii waliigalaatiin yookiin barreeffama hundeeffamaatiin kan muudaman yoo ta'e beeksisa sana Boordii waldichaaf dhiyeessuu qabu.
- 2) Qulquleesiitota Herreegaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin dursanii osoo hin beeksisin hojii gadhiisan yoo ta'e, miidhaa waldicha, Gaafattoota maallqaatiin yookiin abbootii aksiyoona irra ga'uuf waliinii fi qeenxen itti gaafatamummaa ni qabaatu.

Keewwata 477 Ulaagaalee Qulquleessaa Herreegaa Ta'uuf Barbaachisan

Namni Qulquleessaa Herreegaa ta'ee muudamuu ulaagaalee armaan gadii kan guutu yoo ta'eedha:

- 1) Amala gaarii kan qabu;

- 2) Hojii herregaa raawwachuuf dandeettii barbaachisu kan qabu;
- 3) Qindeessaa waldaa daldalaa, daayreektaraa, hogganaa, miseensa boordii to'annoo, odiitara yookiin itti gaafatamummaa hoggansa biroo ta'ee osoo hojjatuu hojii isaatiin walqabatee yookiin haala kamiinuu amantaa hir'isuu, hanna, yakka wanbadummaayookiin yakka kana fakkaatu Qulquleessaa Herreegaa ta'uuf kan hin dandeessine kamiinuu balleessaa kan hin taane.

Keewwata 478 Kafaltii Gatii Hojii Qulquleesiitota Herreegaa

- 1) Odiitaroota tajaajila kennaniif tajaajila isaaniif kaffaltiin ni kaffalamaaf;
- 2) Kaffaltiin gatii hojii qaama seera kana keewwata 475 tiin muudameen murtaa'a.

Keewwata 479 Yeroo Herreegin qulqullaa'utti Itti Fufiinsa Qaama Seerummaa Waldichaa

- 1) Hanga qulqulleessunherregaa xumuramutti waldichi maqaa isaa irratti gaalee "kan qulqulla'aa jiru" jedhu dabalamee qaama seerummaa fi maqaa isaa qabachuun itti fufa;
- 2) Yeroo heeraga qulqulaautti qaamoleen hoggansa waldichaa hojiiwwan qulquleessuudhaaf barbaachisoo ta'aniifi aangoo qulquleesiitota ala ta'an qofa raawwachuu danda'u.

Keewwata 480 Herrega waldaa Kasaaree Haala Itti Qulqulaa'u

- 1) Kasaruun waldichaa mana murtiin kan murtaa'e yoo ta'e, qulqulaa'uu herregaa kan raawwatamu bu'uura tumaalee seerakana kasaraa ilaallataniin ta'a.
- 2) Tumaalee seera kana waa'ee kasaraa ilaalchisee tumame akkuma eeegameettii ta'ee; Daayirektaroonni Waldichaa Waldicha bakka bu'uuf aangoo kan qaban hanga hojii isaatiif barbaachisaa ta'etti qofa dha.

Keewwata 481 Hojii Fi Itti Gaafatamummaa Qulquleesiitota Herreegaa

- 1) Seeraan yookiin barreeffama hundeeffama waldichaatiin tumaan faallaa ta'e yoo jiraate malee; hojii fi itti gaafatamummaa odiitarootaa kan miseensota Boordii Daayirektarootaa wajjin tokko ta'a.
- 2) Qulquleesiitota Herreegaa qabeenyaafi galmee herrega waldichaa ni qeebalu; Boordii Daayirektarootaa dhuma bara baajataa darbee irraa eegalee hanga jalqaba Qulqul'auun Herreegaahanga jalqabameetti waldichaa ilaalchisee gabaasa hojii Qulquleesiitota Herreegaatiif ni dhiyeessa.
- 3) Qulquleesiitota Herreegaa fi daayirektaroonni waliin ta'uun galmee tarreeffama qabeenyaafi dirqama waldichaa of keessaa qabu qopheessee ni mallatteessa.
- 4) Qabeenyi waldichaa idaawwan kaffaluuf gahaa akka hin taane yoo tilmaamame, Qulquleesiitoni Herreegaa abbootii aksiyoonaaf kafaltii galii hin goone yoo jiraate kafalchiisuu qabu.

Keewwata 482 Aangoo Fi Itti Gaafatamummaa Odiitaraa

- 1) Daangaawwan dambii hundeeffama waldichaa yookiin yaa'ii isaan muudamaniin kaa'aman akkuma eeegameettii ta'ee; Odiitaroonni odiitii raawwachuuf aangoo guutuu ni qabaatu; Keessattuu qabeenya waldichaa hunda gurguruu, mana murtiitti waldicha bakka bu'uu, falmii waliigaltee yookiin giddu-galeessaan furuu, maallaqa waldichaa sassaabuu fi liqaa kaffaluu ni danda'u.
- 2) Odiitaroonni waliigalteewwan jiran raawwachiisuuf yoo ta'e yookiin hojiin odiitii dirqama yoo ta'e malee hojii haaraa jalqabuu hin danda'an.
- 3) Odiitaroonni akkaataa seera, dambii hundeeffamaatiin yookiin murtii yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoonaatiin aangoo isaaniitiin ala socho'uudhaan miidhaa waldicha yookiin qaama sadaffaa irra ga'uuf waliinii fi addatti itti gaafatamummaa ni fudhatu.
- 4) Odiitaroonni yeroo madaalawaa keessatti odiitii xumuruuf itti gaafatamummaa qabu.

Keewwata 483 Kaffaltii Idaa Dura Raabsa Qabeenyaa Taasisuun Dhorkuu Ta'uu

Waldich idaa ofirraa qabu hunda osoo hin kafaliin yookiin maallaqa kafaltiif barbaachisu hanga Mana Murtii hin teenyeetti Qulquleesitooni Herreegaa qabeenya waldichaa abbootii aksiyoonaaf qooduu hin danda'an.

Keewwata 484 Qabdoota sanada idaa Waamuu Fi Kaffaltii Raawwachuu

- 1) Maallaqa gaafatooni maqaan isaanii herrega irratti mul'atu yookiin karaa biraa kamiinuu kan beekaman waldichi diigamuu isaa xalayaa galmaa'een yookiin malawwan kanaan dura waliigaltee irra ga'ameenakka beekaniifi maallaqa gaafatan sanada agarsiisuu danda'an akka dhiyeeffatan ni beeksifamu; maallaqa gaafatooni biroo Gaazexaa haala barreeffamoota hundeeffama keessatti tuqameen gaazexaa bal'inaan biyyoolessaa ta'e keessatti ji'atti al tokko ji'oota sadiif walitti aansuun diigamuu isaa beeksisuu; akkasumas marsariitii waldichaa irratti beeksisa maxxansuun beeksifamuu qabu.
- 2) Kaffaltiin qabdoota sanada idea waldichaaf kan raawwatamu akkaataa ibsa qabeenyaafi dirqama Qulquleesiitota Herreegaa yeroo hojii isaanii eegalan qopheessanitti ta'a.

Keewwata 485 Eegumsa Mallaqa Gaafattoota

- 1) Maallaqa Gaafattoota waldichaa beekamoo ta'an himannaa isaanii Qulquleesiitota Herreegaatiif kan hin dhiheessine yoo ta'e, maallaqni isaaniif kaffalamuu qabu Mana Murtiin ramadamuu qaba.
- 2) Maallaqa Gaafattootaaf wabii gahaan yoo kennameef yookiin qoodinsi qabeenya hanga dirqamni waldaa irraa barbaadamu guututti yeroo biraatti darbe malee; Dirqama waldicha irraa gaafatame, yeroon raawwii isaa kan hin geenye yookiin kan falmii keessa jiru bahuuf maallaqni gahaan Mana Murtiitti galfamuu qaba.

Keewwata 486 Ibsa Xumuraa Qabeenyaafi Idaa

- 1) Qulquleesiitota Herreegaa ibsa qabeenyaafi idaa xumuraa kan agarsiisu tokkoon tokkoon aksiyoona qabeenya hafe irraa idaan waldichaa erga kaffalamee booda hangam argachuu akka danda’u agarsiisu qopheessuu qabu.
- 2) Barreeffama hundeeffamaa keessatti haala biraatiin yoo waliigalame malee, Qulquleesiitota Herreegaa raabsa aksiyoona keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame, kaffaltii guutuu gatii aksiyoona fi mirga dursa kennuu aksiyoona sanaan walqabatee jiru tilmaama keessa galchuun ni murteessu.
- 3) Ibsi qabeenyaafi idaa Qulquleesiitota Herreegaa mallattaa’ee fi gabaasa odiitarootaa Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin qaama mootummaa biroo rogummaa qabun qabamuu qaba.
- 4) Abbaan aksiyoona kamiyyuu akkaataa tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (3) tiin ibsi qabeenyaafi idaa yeroo ibsi itti galmaa’u irraa eegalee ji’a sadii keessatti ibsi qabeenyaafi idaa isa dhumaa akka kufaa ta’uuf mormii Mana Murtiitti dhiyeessu ni danda’a; iyyatich kan ilaalamu yeroo daangaa ji’a sadii erga dabree booda yoo ta’u, iyyatin baay’een yoo jiraatanis walumaan ilaalamu; murtiin Manni Murtii dhimmoota dhiyaatan irratti kennu aksiyoona biroo irrattis raawwatiinsa ni qabaata.
- 5) Yeroo Keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti ibsame keessatti ol’iyyannoon kan hin dhiyaanne yoo ta’e, ibsi qabeenyaafi idaa akka ragga’etti lakaawama.

Keewwata 487 Qoodinsa Qabeenya Tursiisuu

Kaffaltii abbootii aksiyoona erga kaffalamee booda qabeenya waldichaa abbootii aksiyoonaadhaaf qoduuf hafe haala keewwata 484 keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen gaazexaa sadarkaa biyyaatti uwwisa qabu irratti beeksifni yeroo sadaffaaf erga maxxanfamee waggaa tokko booda abbootii aksiyoonaadhaaf qooduunni danda’ama; ta’us manni Murtichaa qooda kanaan maallaqa gaafatooni kanhin miidhamne ta’uu yoo amane yeroo ibsameen dura qabeenya hafe abbootii aksiyoonaadhaaf akka qoodamu hayyamuu ni danda’a.

Keewwata 488 Maallaqa Hin Fudhatamin Kaa’uu

Bu'uura seera kana keewwata 486 keewwata xiqqaa (3) tiin abbaan aksiyoona tokko guyyaa ibsi qabeenyaafi idaafi gabaasni oditarootaa qaamni mootummaa rogummaa qabutti dhiyeesse irraa eegalee ji'a sadii keessatti qooda isaa kan hin fudhanne yoo ta'e, Qulquleesiitota Herreegaa maqaa abbaa aksiiyoonaatiin yookiin aksiyooniin kan nama fidee yoo ta'e lakkoofsa aksiyoonotaa ibsuudhaan maallaqicha herreega addaatiin baankii ni kaa'u.

Keewwata 489 Waldicha Galmee Daldalaa Irraa Haquu

- 1) Ibsi dhumaa qabeenyaafi idaa erga ragga'ee booda Qulquleesiitota Herreegaa waldichi galmee daldalaa irraa akka haqamu taasisuu qabu.
- 2) Qulquleesiitota Herreegaa waldicha galmee daldalaa irraa haquu dhabuu isaaniitiin miidhaa miseensota waldichaas ta'e qaamota sadaffaa biroo irra gahuuf waloo fi qeenxeedhaann itti gaafatamu.

Keewwata 490 Mirga Gaafattoota Maallaqaa

- 1) Bu'uura seera kana keewwata 489tiin gaafatoonni maallaqaa erga waldichi galmee daldalaa irraa haqameen booda dhufan abbootiin aksiyoona qabeenya hafe irraa maallaqa argatan hanga isaan gahe akka isaaniif kaffalan gaafachuu ni danda'u;
- 2) Sababa dagannoo qulquleesiitota Herreegaa gaafattoota maallaqaatiif kanfaltiin osoo hin kaffalamin kan hafe yoo ta'e mirga isaanii qulquleesiitota Herreegaa irraa gaafachuu ni danda'u.

Keewwata 491 Galmeewwan Waldichaa Kunuunsuu

- 1) Galmeewwan herreega waldaa diigamee waggaa 10f qaama mootummaa rogummaa qabuun eegamanii taa'uu qabu;
- 2) Namni kamiyyuu galmeewwan herreegaa sakatta'uu ni danda'a.

Boqonnaa Kudhan

Marsariitii

Keewwata 492 Marsariitii Hundeessuu

Tokko tokkoon waldaa aksiyoona marsariitii qabaachuu qaba.

Keewwata 493 Waantoota Marsariitii Irratti Ibsamuu Qaban

- 1) Odeeffannoowwan armaan gadii yeroodhaan marsariitii irratti maxxanfamuu qabu:
 - (a) Barreeffama hundeeffamaa fi fooyya'iinsa isaa kamiyyuu;
 - (b) Waamicha walgahii Yaa'ii Waliigalaa fi ragaawwan kanaan walqabatan,
 - (c) Gabaasa odiitii mirkanaa'e,
 - (d) Waliigalteewwan walitti bu'iinsa faayidaa uumuuf sababa ta'an ilaalchisee gabaasa bu'uuraseera kana keewwata 395 keewwata xiqqaa 5 tiin qophaa'e,
 - (e) Gabaasa waggaafi odeeffannoo bu'uura seera kanaatiin yookiin seerota birootiin Ministeera Daldalaa fi Industiriidhaaf dhiyaatu,
 - (f) Odeeffannoo akkaataa barreeffama hundeeffamaatiin ifatti ibsamuu qabu, fi
 - (g) Odeeffannoo biroo abbootii aksiyoona, gaafattoota maallaqaa fi qooda fudhattootaaf barbaachisoo ta'anii fi dantaa waldichaa irratti miidhaa hin malle hin geessisne.
- 2) Hanga danda'ametti marsariitichi haala walgahii elektirooniksii gaggeessuufi karaa elektirooniksiitiin sagalee kennuu dandeessisu of keessatti qabachuu qaba.

Keewwata 494 Yeroo Odeeffannoon Marsariitii Irra Turu

- 1) Odeeffannoowwan armaan gadii guyyaa marsariitii irratti maxxanfaman irraa eegalee:
 - (a) Waamicha yaa'ii fi odeeffannoowwan kanaan walqabatan hanga guyyaa yaa'iitti;

- (b) Sanadoota herreegaa waggaa shaniif;
 - (c) Odeeffannoon biroo ji'a jahaaf turuu qabu.
- 2) Marsaariitiichi nama kamiifiyyuu dhaqqabamaa ta'uu qaba.
- 3) Kubbaaniyichi nageenya marsariitii isaa mirkaneessuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an fudhachuu qaba.

Mata Duree Torba

Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Hiikkaa Keewwata 495 Hiika

- 1) Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e jechuunwaldaa daldalaa maallaqini haadhoon isaa dursee kaffalame, aksiyoonaatti qoodamee fi abbootiin aksiyoona hanga gumaacha isaanii kaffalanitti liqaa waldichaatiif kan itti hin gaafatamne waldaa daldalaati.
 - 2) Aksiyooniin waldichaa gabaa uummataaf banaa ta'e keessatti gurguramuu hin danda'u.
 - 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, seera kana keewwata 295 jalatti kan tumaman itti gaafatamummaa abbaa aksiyoona sagalee murteessummaa qabu irrattiraawwatiinsa ni qabaatu.
 - 4) Baay'inni abbootii aksiyoona waldichaa nama lamaa gadifi shantamaa ol ta'uu hin danda'u.
- 5) Waldichi waraqaa dirqamaa (wabii) dabarfamu baasuu hin danda'u.

Keewwata 496 Maallaqa Haadhoo Waldichaa

- 1) Maallaqa haadhoo xiqqaan waldichaa Birrii Itoophiyaa kuma kudha shanii gadi ta'uu hin danda'u.
- 2) Gatiin tokkoon tokkoon aksiyoona irratti barreeffame Birrii dhibba tokkoo gadi ta'uu hin danda'u; gatiin aksiyoona hunda irratti barreeffame walqixa ta'uu qaba.

Keewwata 497 Maqaa Waldichaa

Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e maqaa kaayyoo hojii daldaala isaa ibsu qabaachuu qaba; maqaa waldichaatti aansee gaaleen "Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e" jedhu barreeffamuu qaba.

Keewwata 498 Lakkoofsa Abbootii Aksiyoona Gara Tokkootti Hir'achuu

- 1) Baay'inni abbootii aksiyoona waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e gara tokkootti yoo hir'ateefiyeroo ji'a jaha keessatti namni biraa abbaa aksiyoona ta'uunkan hin dabalamne yoo ta'e, waldichi ni diigama.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, guyyaa lakkoofsi abbootii aksiyoona gara tokkootti hir'ate irraa eegalee ji'a jaha keessatti barreeffama hundeeffamaa fooyyessuun akka waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokkootti galmaa'uu ni danda'a.

Kutaa Lama

Hundeeffama Waldichaa

Keewwata 499 Haal-duree Waliigalaa Waldicha Hundeessuuf Barbaachisan

- 1) Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e kamiyyuu kan hundeeffamu maallaqni haadhoon guutummaan guutuutti kan kaffalamee fi barreeffamni hundeeffamaa galmee daldalaa keessatti yoo galfamedha;
- 2) Gatiin aksiyoona maallaqa dheedhiin gurgurame irratti barreeffame waldichi osoo hin galmaa'in dura hundeeffama irra osoo jiruu herreega baankii cufaa maqaa waldichaatiin baname keessa taa'uu qaba.

Keewwata 500 Qabiyyee Barreeffama Hundeeffamaa

Barreeffamni hundeeffama waldichaa kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu qaba:

- 1) Maqaa, lammummaa fi teessoo abbootii aksiyoona;
- 2) Maqaa waldichaa, waajjira muummeefi dameelee isaa;
- 3) Kaayyoo daldalaa waldichaa;

- 4) Ibsa maallaqa haadhoo waldichaafi guutummaan guutuutti kaffalamuu isaa agarsiisu;
- 5) Maallaqa tokkoon tokkoon abbootii aksiyoona kaffalan;
- 6) Buusii gosaan kaffalame yoo jiraate tilmaama isaa;
- 7) Baay'ina aksiyoona tokkoon tokkoon abbootii aksiyoona qaban,
- 8) Sirna qooddii bu'aa;
- 9) Daayirektaroonni yoo jiraatan baay'inaafi aangoo isaanii;
- 10) Baay'ina hojii gaggeessitootaafi aangoo isaanii;
- 11) Baay'ina odiitarootaa yoo jiraate;
- 12) Yeroo turtii waldichaa;
- 13) Akkaataafi yeroo waldichi gabaasa raawwii hojii itti beeksisuu;
- 14) Akkasumas dhimmoota bulchiinsa waldichaa, hariiroo waldichaa fi miseensotaa yookiin miseensota gidduutti hariiroo jiru dhimmota ilaalatan;
- 15) Dhimmoota birooseeraan murtaa'an yookiin waliigaltee abbootii aksiyoonaatiin haguugamuu qaban.

Keewwata 501 Gumaacha Fudhatama Qabu

Tajaajila ogummaatiin alatti gumaachi maallaqaafi gosa biroo seera kana keewwata 186 jalatti ibsame Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'efis raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 502 Buusii Gosaan Kaffalamu

- 1) Abbaan aksiyoona tokko buusii gosaan kan kaffale yoo ta'e, barreeffamni hundeeffamaa gosaafi gatii buusii, gatii abbootii aksiyoona biroo irraa argameefi hanga aksiyoona abbaa aksiyoona gosaan kaffaleef maallaqa haadhoo waldichaa beeksisuu qaba.
- 2) Malli tilmaama gumaacha gosaattiin raawwatamu abbootii aksiyoonaatiin kan murtaa'u ta'a.
- 3) Abbootiin aksiyoona hundi tilmaamni yeroo buusii gosaan kaffalamutti taasifame sirrii ta'uu isaatiif qaama sadaffaaf waloo fi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa ni qabaatu.

- 4) Tilmaamni gumaacha gosaan kaffalame gatii ol ta'ee yoo argame, abbaan aksiyoona gosaan gumaache garaagarummaa tilmaamaafi gatii qabatamaa maallaqaan kaffaluu qaba; Abbootiin aksiyoona kaffaltii maallaqa akkasii yoo gatii olkaafame beekuu baatanillee waloo fi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa ni qabaatu.
- 5) Hojii gaggeessaan waldichaa fi waldichi Boordii Daayirektarootaa yoo qabaate, Boordiin qabeenya gosaan gumaachame haaluma barbaachisummaa isaatiin qabeenyichi maqaa waldichaan galmaa'uu isafi ragaan abbummaa qabeenyichaa barbaachisaa ta'e maqaa waldichaatiin qophaa'uu isaa mirkaneessuu qaba.

Kutaa Sadii

Aksiyoonotaafi Mirgaa fi Dirqama Abbootii Aksiyoona

Keewwata 503 Gosa Aksiyoona

Waldichi aksiyoona maqaadhaan galmaa'e qofa baasuu danda'a.

Keewwata 504 Mirga Sanadoota Sakatta'uu

- 1) Miseensi tokko herregaafi sanadoota waldichaa qorachuufi gaaffilee faayinaansii waldichaa yookiin dhimma biroo dantaa waldichaa ilaallatu irratti madaallii gochuuf barbaachisan dhiyeessuuf mirga qaba; miseensichi mirga kana fayyadamuuf bakka bu'aa muuduu yookiin gargaaraa fiduu ni danda'a.
- 2) Ta'us odeeffannichi ifa taasifamuun isaa seeraan kan dhorkame yoo ta'e yookiin waldicha irraan miidhaa guddaan kan gahu yoo ta'e waldichi odeeffanicha yookiin sanadicha dhoksuu qaba.

Keewwata 505 Aksiyoonota Waabiidhaan yookiin Alaabaa

Haala biraatiin yoo waliigalame malee; aksiyoonichi wabiidhaan yookiin alaabaa kan kenname yoo ta'e yaa'ii waldichaa irratti sagalee kennuu kan danda'u nama aksiyoona akka waabiidhaan yookiin idaadhaan kenne qofaadha.

Keewwata 506 Qabiyyee Waraqaa Ragaa Aksiyoona

Tokkoon tokkoon qabiyyee ragaa aksiyoona kanneen armaan gadii qabachuu qaba:

- 1) Lakkoofsa eenyummaa aksiyooniifi tartiiba isaa,;
- 2) Waldichi Boordii Daayirektarootaa yoo qabaate, dura taa'aa yoo hin qabaanne ammo mallattoo hojii gaggeessaa;
- 3) Maqaa waldichaa, waajjira muummeefi turtii waldichaa;
- 4) Maalaqa haadhoo waldichaafi hanga gatii aksiyoona,
- 5) Guyyaa barreeffamni hundeeffama waldichaa itti mallattaa'e, guyyaa fi bakka waldichi galmee daldalaa irratti galmaa'e;
- 6) Odeeffannoowwan barbaachisoo biroo.

Keewwata 507 Galmee Aksiyoona

- 1) Waajjirri muumme waldichaa galmee aksiyoona keessatti tarreeffama aksiyoona armaan gadii qabachuu qaba:
 - (a) Maqaafi teessoo abbootii aksiyoona, tokko tokkoo gahee aksiyoona abbootii aksiyoona fi lakkoofsa tartiiba aksiyoona;
 - (b) Aksiyoonichi yeroo dabarfamu tarreeffama dabarsa isaa;
 - (c) Fooyya'iinsa tarreeffama kana irratti taasifame kamiyyuu.
- 2) Yeroo tarreen dhumaa galmee aksiyoona qabamu irraa eegalee odeeffannoo keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (a) fi (b) jalatti ibsame irratti jijjiiramni yoo jiraate jalqaba waggaatti tarree jijjiirrama jalqabaa of keessaa qabu dura taa'aa boordiitiin yookiin waldichi boordii kan hin qabne yoo ta'e hojii gaggeessaan gara Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin qaama mootummaa dhimmi ilaallatu birootti erguu qaba.
- 3) Abbootiin aksiyoona galmee sakatta'uu yookiin waraabbii galmee sana bilisaan fudhachuu ni danda'u; waldichi gaaffiin erga dhiyaatee booda ji'a tokko keessatti waraabbii isaa iyyataadhaaf dhiyeessuu qaba.
- 4) Qaamni sadaffaan kamiyyuu kaffaltii tajaajilaa murtaa'e kaffaluun galmee ilaaluu yookiin waraabbii waldicha irraa gaafachuu ni danda'a.

- 5) Ministeerri Daldalaafi Industirii yookiin qaamni mootummaa dhimmi ilaallatu kamiyyuu galmee abbaa aksiyoona yookiin fayyadamaa ta'een galmeessuu irratti dogongorri akka jiru yoo beeksise akka sirreeffamu gochuu ni danda'a; sababa tarreen aksiyoona dogoggoraan galfamuu isaatiin miidhaa qaqqabuuf waldichi Boordii Daayirekterootaa yoo qabaatee miseensonni boordii yookiin yoo boordii hin qabaanne hojii gaggeessitoonni waloo fi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa ni qabaatu.

Keewwata 508 Daddabarsa Aksiyoona

- 1) Dabarsi aksiyoona sababa kamiinuu taasifamuu barreeffamaan ta'uu qaba; daddabarsi galmee aksiyoona keessatti yoo galfame malee qaama sadaffaa irratti akka mormiitti dhihaachuu hin danda'u.
- 2) Barreeffama hundeeffama waldichaa keessatti tumaan faallaa kanaa yoo jiraate malee, aksiyooniin miseensota waldichaa gidduutti daangeffama tokko malee dabarfamuu ni danda'a.
- 3) Miseensi tokko nama miseensa waldichaa hin taaneef aksiyoona gurguruun dura gatii namni miseensa hin taane dhiheesse ibsuudhaan miseensonni waldichaa gatii fi haala walfakkaatuun aksiyoona sana akka bitataniif carraa kennuu qaba.
- 4) Yaadni beeksisa keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsame hojii gaggeessaa waldichaa erga qaqqabee guyyoota 15 (kudha shan) keessatti miseensa waldaatiin yoo hin fudhatamne, abbaan aksiyoona yaada waliigaltee nama miseensa hin taaneen dhiyaate fudhachuu ni danda'a.

Keewwata 509 Waldichaan Ala Aksiyoona Dabarsuu

- 1) Seerakana keewwata 508 keewwata xiqqaa (4) jalatti kan tumame jiraatus, barreeffama hundeeffama keessatti sagalee caalmaa yookiin sagalee guutuun akka barbaachisu yoo murtaa'e malee; dabarsi aksiyoona nama miseensa waldichaa hin taaneef raawwatamuu kan danda'u abbootiin aksiyoona yoo

xiqqaate maallaqa haadhoo waldichaa $\frac{3}{4}$ (harka afur keessaa sadi) qaban yoo deeggaranidha;

- 2) Waldichi qulqulleessa irrallee kan jiru yoo ta'e, tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 ni raawwatama.

Keewwata 510 Dabarsa Aksiyoona Raawwii Abbaa Seerummaatiin

- 1) Namni abbaa aksiyoona waldichaa hin taane karaa raawwii abbaa seerummaatiin gahee abbaa aksiyoona tokkoo kan argate yoo ta'e, akkaataa seera kana keewwata 509 keewwata xiqqaa (1) tiin abbaa aksiyoona waldichaa ta'uuf deeggarsa abbootii aksiyoona biroo argachuu qaba.
- 2) Abbootiin aksiyoona maallaqa haadhoo waldichaa keessaa gahee $\frac{3}{4}$ (harka afur keessa sadi) qaban nama raawwii abbaa mirgaatiin aksiyoona argate ofitti makuudhaaf kan walii hin galle yoo ta'e aksiyoonichi miseensa waldaa keessaa nama fedhii qabuuf ni dabarfama; miseensi aksiyoona bitachuudhaaf fedhii qabu kan hin argamne yoo ta'e, waldichi raawwii abbaa mirgaatiif gatii aksiyoonotaa kaffaluu qaba.
- 3) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2)tiin waldichi aksiyoona yeroo bitu kaffaltiin maallaqa ofeeggannoo miseensotaaf qooddamuu danda'u irraa ta'uu qaba.
- 4) Sababa hanqina maallaqa ofeeggannoo irraa kan ka'e akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (3)tiin bittaa raawwachuun yoo hin danda'amne, kaffaltiin maallaqa haadhoo irraa kan raawwatamu ta'a; maallaqni haadhoonis haaluma kanaan akka hir'atu taasifama. Maallaqni haadhoo hir'achuu isaatiin dura namoota waldicha waliin waliigaltee taasisaniif miseensonni hanga maallaqa haadhoo hir'ate waloo fi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa ni qabaatu.

Keewwata 511 Aksiyoona Dhaalaan Argachuu

- 1) Barreeffama hundeeffama waldichaa keessatti tumaan faallaa kanaa yoo jiraate malee, abbaan aksiyoona tokko yommuu du’u dhaaltoonni isaa abbootii aksiyoona ta’uuf mirga qabu.
- 2) Ta’us, dhaaltoonni abbaa aksiyoona ta’uu kan hin barbaanne yoo ta’e akkaataa ibsa qabeenyaa fi idaa dhumaatiin gahee aksiyooniin du’aa qabeenya waldichaa keessaa qabu maallaqa ofeeggannoo irraa kaffalamuufii qaba.
- 3) Waldichi maallaqa ofeeggannoo gahaa miseensotaaf qooduu danda’u kan hin qabne yoo ta’e, mirgi keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsame hin jiraatu.

Keewwata 512 Tumaalee Raawwatiinsa Qaban

Tumaaleen seera kana keewwata 273 hanga 275 tti tumaman akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin boqonnaa kana irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Boqonnaa Afur

Hoggansa Hojii Waldichaa

Keewwata 513 Boordii Daayirektaroota Waldichaa

- 1) Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e boordii daayirektarootaatiin akka gaggeeffamu barreeffama hundeeffamaatiin murtaa’uu ni danda’a.
- 2) Boordii daayirektarootaa yoo jiraate baay’inni miseensotaa sadii hanga torbaa ta’a.
- 3) Akkaataa seera kanaatiin miseensota boordii daayirektaroota waldaa aksiyoona muuduu, wabii seenuu, haquu, bara hojii, murtii kennuu, itti gaafatamummaa, kaffaltii tajaajilaa, aangoo, dirqamaa fi dhimmoota barbaachisoo biroo jiran keewattoonni 296(4)(5), 297, 298, 300 hanga312, 314 hanga330 boordii daayirektarota waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’eefis akkaataa barbaachisummaa isaatti raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 514 Hojii Gaggeessaa Waldichaa

- 1) Waldichi Hojii Gaggeessaa Waliigalaa tokko abbaa aksiyoona yokiin abbaa aksiyoona kan taanemurtii yaa'ii waliigalaatiin kan muudameni qabaata;
- 2) Waldichi barreeffama hundeeffamaatiin boordii daayirektarootaatiin akkagaggeeffamu kan murtaa'eyoo ta'e, hojii gaggeessaan Boordiidhaan muudama;;hojii gaggeessaan dura taa'aa boordii ta'uu hin danda'u.
- 3) Hojii gaggeessaan hojjataa waldichaati.

Keewwata 51 Aangoo Hojii Gaggeessaa

- 1) Waldichi Boordiidhaan kan hoogganamu yoo ta'e, aangoo hojii gaggeessaa ilaalchisee tumaaleen seera kana keewwata 337 hanga 339 jalatti tumaman akkaataabarbaachisummaa isaatti raawwatiinsa ni qabaatu.
- 2) Waldichi Boordii kan hin qabne yoo ta'e, hojii gaggeessaan kaayyoo waldichaa galmaan ga'uuf waldicha bakka bu'ee hojjechuuf aangoo guutuu ni qabaata.
- 3) Tumaaleen barreeffama hundeeffama waldichaa aangoo hojii gaggeessaa daangessan waldicha, abbootii aksiyoona fi hojii gaggeessaa gidduutti yoo ta'e malee bu'aa hin qaban.

Keewwata 516 Itti Gaafatamummaa Hojii Gaggeessaa

- 1) Waliigalteen faallaa ta'e jiraatus hojii gaggeessaan tumaalee seeraa yookiin barreeffama hundeeffamaa cabsuudhaan miidhaa geessiseef waldicha, abbootii aksiyoonaafiqaama sadaffaaf itti gaafatamummaa qaba.
- 2) Kassaruu waldichaatiin qabeenyi waldichaa liqaa kaffaluuf gahaa yoo hin taane iyyata eegduu qabeenyaa kaasareetiin dhihaatu irratti hundaa'uun manni murtii hojii gaggeessaa fi hojii gaggeessitoonni duraanii liqaa waldichaa hunda yookiin gartokkee akka kaffalan ajajuu ni danda'a.
- 3) Hojii gaggeessitoota itti gaafatamummaa hoggansa isaanii of eeggannoo fi ciminaan raawwachuu isaanii mirkaneessan irratti tumaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa (2) raawwatiinsa hin qabaatan.

Keewwata 517 Muudama Irraa Kaaffamuu Hojii Gaggeessaa

- 1) Hojii gaggeessaan tokko qaama muudama kenneen kan muudama irraa kan kaffamu ta'a; keessattuu, barreeffama hundeeffama waldichaa keessatti tumaan faallaa kanaata'e yoo jiraate malee, hojii gaggeessaan boordiidhaan kan muudame yoo ta'e akkaataa hojii gaggeessaan waldaa aksiyoona muudama irraa ka'uun muudama irraa kan kaaffamu ta'a.
- 2) Barreeffama hundeeffama waldichaa keessatti tumaan faallaa ta'e yoo jiraate malee; hojii gaggeessaan barreeffama hundeeffamaatiin yookiin yaa'ii idilee abbootii aksiyoona irratti muudame yaa'iidilee waldichaatiin ni haqama; hojii gaggeessaan sababa gahaa hin taaneef hojii isaa irraa yoo kaafamellee gara iddoo isaatti deebi'uuf mirga hin qabu.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (2) jalatti kan tumame jiraatus, sababni gahaan jira jedhee yeroo amanu manni murtii gaaffii abbaa aksiyoona kamiinuu hojii gaggeessaa tokko aangoo irraa kaasuu ni danda'a.
- 4) Nama biraa hojii hojii gaggeessaa haqame bakka bu'u muuduuf yeroo kan fudhate yoo ta'e, itti aanaa hojii gaggeessaa yookiin dura taa'aan boordii daayirektarootaa, akkaataa wal duraa duubaan hojii gaggeessaa muudama irraa kaafame bakka bu'anii ni hojjetu.
- 5) Akkaataa keewwata kanaatiin adeemsi hojii gaggeessaa hojii irraa kaasuu sababa hojii gaggeessaa fi itti aanaa hojii gaggeessaa yookiin dura taa'aa boordii daayirektarootaa gidduutti walldhabdee uumameen yoo ta'ee fi itti aanaan hojii gaggeessaa yookiin dura taa'aan boordii daayirektarootaa hojii gaggeessaa bakka bu'ee hojjechuun faayidaa waldichaa kan miidhu yoo ta'e, manni murtii hojii gaggeessaa yeroo kan biraa ni muuda.

Keewwata 518 Odiitaraa

- 1) Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e abbootii aksiyoona kudhan fi isaa ol yoo qabaate yookiin qabeenyi waldichaa waliigala birrii

miiliyoona kudhan yoo caale, odiitara alaa bilisaafi walaba ta'e qabaachuu qaba.

- 2) Odiitarri kan filatamu yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoonaatiini.
- 3) Tumaaleen seera kana keewwata 343 hanga 354 jalatti ibsaman odiitara waldaadhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e irrattis akkaataa barbaachisumama isaaniitiin raawwatiinsa ni qabaatu.

Boqonnaa Shan

Yaa'ii Waldichaa

Keewwata 519 Gosoota Yaa'ii

Yaa'iin waldichaa yaa'ii idilee waliigalaayookiin ariifachiisaadha.

Keewwata 520 Yaa'ii Mala Elektirooniksiitiin Gaggeeffamu

- 1) Barreeffama hundeeffama waldichaatiin dhorkaan kaa'ame yoo jiraate malee, yaa'ii waldichaa irratti karaa elektirooniksii yookiin karaa qunnamtii birootiin hirmaachuun ni danda'ama; malli qunnamtii eenyummaa dhaggeeffattootaa adda baasuu fi hirmaannaa bu'a qabeessa ta'e mirkaneessuu danda'uu qaba; yoo xiqqaate meeshaaleen qunnamtii sagaleen hirmaattotaa osoo addaan hin ciccitin akka dabarfamuu fi hirmaattonni yeroo tokkotti akka hirmaatan kan taasisu ta'uu qaba.
- 2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin miseensonni qaamaan osoo hin argamin yaa'ii irratti hirmaatan sagalee isaanii afaaniin kennuu ni danda'u.
- 3) Yaa'ii mala elektirooniksiitiin gaggeeffamuun barreeffama hundeeffama waldichaa fooyyessuun hin danda'amu; dhimmoonni karaa elektirooniksiitiin murtaa'uu hin dandeenye barreeffama hundeeffamaatiin murtaa'uu ni danda'u.

Keewwata 521 Yaa'ii Idilee Waliigalaa

- 1) Guyyaa tokkoon tokkoon bara baajataa cufame irraa eegalee ji'oota arfan jiran keessatti yoo xiqqaate yaa'iin idilee waliigalaa tokko gaggeeffamuu qaba;
- 2) Yeroon ji'oota afurii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame

barreeffama hundeeffama waldichaatiin yookiin murtii qaama mootummaa dhimmi ilaallatuun hanga ji'oota jahaatti dheerachuu ni danda'a.

- 3) Yaa'iin kan waamamu waldichi boordii daayirektarootaa yoo qabaate boordii, yoo boordii hin waamne yookiin waldichi boordii yoo hin qabaanne hojii gaggeessaan, yoo kanneen kun walgahii hin waamne waldichi odiitara yoo qabaate odiitaraan yookiin abbootii aksiyoona maallaqa haadhoo waldichaa walakkaa ol gumaachaniin kan waamamu ta'a.
- 4) Abbootii aksiyoona maallaqa haadhoo waldichaa keessaa yoo xiqqaate dhibbeentaa kudhan gumaachaniin yoo gaafatame qaamni dhimmi ilaallatu keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsame yaa'ii waamuu qaba.
- 5) Qaamoleen akkaataa keewwata kanaatiin itti gaafatamummaa qaban yaa'ii waamuu kan hin dandeenye yoo ta'e yookiin waamuuf fedhii yoo hin qabne yookiin gaaffii abbootii aksiyoona kamiinuu sababni gahaan yoo jiraate, manni murtii nama yaa'ii waliigalaa waamuufi ajandaa marii qopheessu muuduu ni danda'a.

Keewwata 522 Qaboo Yaa'ii

- 1) Qaboon yaa'ii walgahiiwwanii barreeffamaan qophaa'e abbootii aksiyoona yaa'icha irratti qaamaan argamaniin mallattaa'uu qaba;
- 2) Qaboon yaa'ii walgahii keessattuu dhimmoota armaan gadii of keessaa qabaachuuqaba:
 - (a) Haala waamicha yaa'ii;
 - (b) Bakka fi guyyaa yaa'iin itti gaggeeffamu;
 - (c) Ajandaawwan;
 - (d) Boordii yoo jiraate maqaa miseensota boordii yaa'ii irratti argamanii;
 - (e) Baay'ina abbootii aksiyoona yaa'ii irratti argamanii fi baay'ina kooramii;
 - (f) Sanadoota yaa'iidhaaf dhiyaatan;
 - (g) Gabaasa gabaabaa xumuraa marii;
 - (h) Bu'aa sagalee kennamee, fi
 - (i) Murtiiwwan yaa'ichaan dabarfaman.

- 3) Yaa'ichi sababa kooramiin guutamuu dhabeef walga'uu yoo dadhabe dura taa'aan yaa'ii kunumti qaboo yaa'ichaa keessatti akka qabamu ni taasisa.

Keewwata 523 Murtiilee Yaa'ii Malee Kennaman

Baay'inni miseensota waldichaa kudhanii gadi yoo ta'e yaa'ii waliigalaa osoo hin waamiin tokko tokkoo abbootii aksiyoonaatiif yaada murtoo erguun barreeffamaan yookiin toftaa elektirooniksiitiin akka sagalee kennan gochuun ni danda'ama.

Keewwata 524 Mirga Abbootii Aksiyoona

- 1) Barreeffama hundeeffama waldichaa keessatti tumaan faallaa kanaa yoo jiraate malee, abbaan aksiyoonaa kamiyyuu ofii isaatiin yookiin karaa bakka bu'ua isaatiin yaa'ii irratti hirmaachuufi sagalee kennuu ni danda'a.
- 2) Tokkoon tokkoon abbaa aksiyoona baay'ina aksiyoona waldicha keessatti qabuun sagalee walqixa qabaachuu qaba.

Keewwata 525 Kooramiifi Sagalee Caalmaa Yaa'ii Idilee Waliigalaa

- 1) Yaa'ii gaggeessuuf abbootiin aksiyoona yookiin abbaan aksiyoona maallaqa haadhoo waldichaa keessaa walakkaa ol qaban yookiin qabu yaa'icha irratti argamuu qabu yookiin qaba.
- 2) Kooramiin kan shallagamu lakkoofsa abbootii aksiyoonaatiin osoo hin taane, hanga kaappitaala bakka bu'eenii; hanga yaa'iin akkaataa seeraatiin waamameefi kaappitaalli barbaadamu bakka bu'eetti muroo dabarsuun ni danda'ama; keessattuu abbootiin aksiyoona tokko tokko walitti qabamuuf fedhii waan hin qabneef qofa yaa'iin waliigalaa waldichaa itti gaafatamummaa isaa akka hin baane taasisuun hin danda'amu.
- 3) Murtoowwan yaa'ii waliigalaa idileetiin darban aksiyoona abbootii aksiyoona yaa'ii irratti hirmaatan irraa sagalee caalmaa argachuu qaba.
- 4) Kooramii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti eerame yaa'iijalqabaa irratti argachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, abbootiin aksiyoona xalayaa galmaa'een yookiin mala elektirooniksii mijaawaa ta'een irra deebi'amee ni

waamamu; walgahii irra deebiin waamame irratti maallaqni haadhoo bakka bu'e tilmaama keessa osoo hin galinsagalee caalmaa aksiyoona yaa'ii irratti bakka bu'een murtoon ni darba.

Keewwata 526 Kooramii Yaa'ii Waliigalaa Ariifachiisaa fi Sagalee Caalmaa

- 1) Murtiin lammummaa waldichaa jijjiiruuf yookiin gatii aksiyoonota duraanii irratti barreeffame dabaluudhaan maaallaqa haadhoo waldichaa guddisuuf kennamu waliigalteebbootii aksiyoona hunda argachuu qaba.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, maallaqni haadhoon waldichaa kan dabalu bu'aa miseensotaaf qoodamuu danda'u irraa yookiin maallaqa ofeeggannoo irraa ka'ee yoo ta'e barreeffama hundeeffama fooyyessuuf deeggarsi keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti tumame gahaadha.
- 3) Barreeffama hundeeffama waldichaa keessatti kooramii ol'aanaa fi sagalee caalmaa qabaachuuf waliigalteen yoo jiraate malee, fooyya'iinsi barreeffama hundeeffamaa irratti taasifamu abbootii aksiyoona maallaqa haadhoo waldichaa harka afur keessaa sadi bakka bu'aniin deeggaramuu qaba.
- 4) Fooyya'iinsi barreeffama hundeeffamaa irratti taasifaman galmee daldalaa keessatti galmaa'uu qabu.

Keewwata 527 Tumaalee Raawwatiinsa Qaban

Tumaaleen addaa boqonnaa kanaa akkuma eeegameettii ta'ee, seerri kun:

- 1) Yaa'ii waliigalaa kan ilaallatan keewwata 392 hanga 403;
- 2) Maallaqa haadhoo dabaluu yookiin hir'isuu kan ilaallatan keewwata 442 hanga 446, 448 hanga 451, 453 hanga 461 yookiin keewwata 462 hanga 470 tumaaleen jiran akkaataa barbaachisummaa isaaniitti boqonnaa kanaafis raawwatiinsa ni qabaatu.

Boqonnaa Ja'a

Herreega Waldichaa

Keewwata 528 Maallaqa ofeeggannoo Seeraan Murtaa'e

Maallaqni ofeeggannoo waldichaa maallaqa haadhoo waldichaa keessaa dhibbeentaa kudhan hanga guututti bu'aa waldichi argatu irraa yoo xiqqaate dhibbeentaan shan waggaa waggaan herreega ofeeggannoo keessa taa'uu qaba.

Keewwata 529 Gahee Bu'aa Sobaa

- 1) Abbootiin aksiyoonaa kaffaltii bu'aa sobaa ta'e argatan akka deebisan gaafachuun ni danda'ama.
- 2) Gaaffiin kaffaltiin bu'aa sobaan raawwatame akka deebi'uuf dhihaatu guyyaa kaffaltiin raawwatame irraa eegalee waggaa shan keessatti yoo hin dhiyaanne darbiinsa yerootiin ni daangeffama.

Keewwata 530 Tumaalee Raawwatiinsa Qaban

Tumaalee boqonnaa kanaa akkuma eeegameettii ta'ee, seera kana keewwata 425 hanga 441tti kan tarreeffaman boqonnaa kana irratti akkaataa rogummaa qabuun raawwatiinsa ni qabaatu.

Boqonnaa Torba

Waldaan Diigamuu fi Herreega Qulqulleessuu

Keewwata 531 Sababoota Diigamuu

Tumaaleen waliigalaa seera kana keewwata 181 jalatti ibsaman akkuma eegamanitti ta'ee, waldichi qaama bulchiinsa barbaachisaa ta'e kan hin qabne yoo ta'e, gaaffii abbaa aksiyoonaa yookiin gaafataa maallaqaatiin dhihaatuun ajaja Mana Murtii dhimmi ilaallatuun ni diigama.

Keewwata 532 Maallaqni Haadhoo Waldichaa Harka Afur Keessaa Sadi Baduu

- 1) Boordiin Daayirektarootaa maallaqni haadhoo waldichaa harka afur keessaa sadii kan hir'ate yoo ta'e, Boordiin yookiin yoo boordiin hin jiraanne hojii gaggeessaan abbootiin aksiyoonaa waldicha diiguu yookiin dhiisuu isaanii akka murteessan taasisuu qaba.
- 2) Miseensonni waldichi akka hin diigamne yoo murteessan maallaqa haadhoo waldichaa hir'ate bakka buusuuf gumaacha dabalataa taasisuu qabu.

- 3) Waldichi maallaqa haadhoo harka afur keessaa harki sadi hir'achuu guyyaa beekame irraa eegalee guyyoota waliitti aanaan sagaltama keessatti keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti tumame kan hin raawwanne yoo ta'e, namni faayadaa qabu waldichi akka diigamuuf mana murtiitti iyyachuu ni danda'a.

Keewwata 533 Tumaalee Raawwatiinsa Qaban

Tumaaleen boqonnaa kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, tumaaleen seera kana keewwata 473 hanga 491 jalatti tarreeffaman, akkaataa barbaachisummaa isaanitti, diigamuu fi qulqulleessuu herreega waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Mata Duree Saddeet

Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaa Isaa Murtaa'e Miseensa Tokko Qabu

Keewwata 534 Hiika

- 1) Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee miseensa tokko qabu jechuun ibsa namni tokko dhuunfaa isaatiin kenne bu'uura godhachuun waldaa daldalaa hundeeffamedha.
- 2) Waldichi qaama namummaa seeraa miseensa irraa adda ta'ee fi adda bahe mataa isaa ni qabaata.
- 3) Miseensichi hanga buusii ofii guutummaan guutuutti kaffaleetti idaa waldicha irraa barbaadamuuf dhuunfaan itti hin gaafatamu.

Keewwata 535 Maallaqa Haadhoo Waldichaa

Maallaqni haadhoo xiqqaan waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee miseensa tokkoo Birrii Itoophiyaa 15,000 (kuma kudha shan) gadi ta'uu hin qabu.

Keewwata 536 Ibsa Dhuunfaa, Qabiyyee fi Amala Isaa

- 1) Ibsi miseensi waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee miseensa tokko qabu hundeeessuuf kenne qaama sanadoota mirkaneessuuf hayyamame duratti kennamuu qaba; ibsichis galmee daldalaa keessatti galmaa'uu qaba.

- 2) Ibsichi waantoota armaan gadii agarsiisuu qaba:
- (a) Waldichi miseensa tokko qofa kan qabu ta'uu;
 - (b) Maqaa, lammummaa fi teessoo miseensaa;
 - (c) Miseensichi yoo du'e, dhabame yookiin mana murtiin dhorkame dhaaltota yookiin miseensicha bakka bu'ee hojiiwwan seera qabeessa raawwachuuf eegduu qabeenyaa muudame maqaa isaa;
 - (d) Eegduun qabeenyaa kaadhimame fedhiidhaan itti gaafatamummaa fudhachuu isaa;
 - (e) Maqaa waldichaa, waajjira muummee, yoo jiraate dameewwan;
 - (f) Kaayyoo daldalaa waldichaa;
 - (g) Hanga maallaqa haadhoo waldichaa fi ibsa guutummaatti kaffalamuu isaa agarsiisuu;
 - (h) Tilmaama gumaacha gosaan kaffalame yoo jiraate;
 - (i) Maqaa fi aangoo hojii gaggeessaa;
 - (j) Odiitara yoo jiraate;
 - (k) Yeroo turtii waldichaa;
 - (l) Akkaataa fi yeroo waldichi gabaasa raawwii hojii itti beeksisu;
 - (m) Dhimmoota biroo seeraan yookiin miseensichaan akka itti dabalaman murtaa'an.

Keewwata 537 Kaadhimamaa Eegduu Qabeenya

- 1) Kaadhimamaan eegduu qabeenyaa kaadhimamummaa isaa kan fudhate ta'uu isaaqaama sanadoota mirkaneessuuf aangoo qabu duratti yoo mirkaneesse malee; waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokko qabu hundeeffamuu hin danda'u.
- 2) Namni tokko yeroo tokkotti waldaalee dhuunfaa itti gaafatamummaan isaanii murtaa'e miseensa tokkoo adda addaatiif eegduu qabeenyaa ta'ee filatamuu hin danda'u.

Keewwata 538 Daldalaa Dhuunfaa Irraa Gara Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e Miseensa Tokkootti Jijiirraa Taasifamu

Daldalaan dhuunfaa hojii daldala isaa gara waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokkootti jijjiiruu ni danda'a; haa ta'u malee, daldalaan dhuunfaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokko qabu osoo hin hundeessin dura idaa itti seene hundaaf waldicha waliin waloofi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa qaba.

Keewwata 539 Hundeeffama Dhorkame

- 1) Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokkoo waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokkoo kan biraa hundeessuu hin danda'u.
- 2) Qaamni dhimmichi nailaallata jedhukamiyyuu tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffaman cabsuudhaan waldaa hundeeffame akka diigamuuf Mana Murtii bakka waldichi itti hundeeffametti aangoo qabutti iyyachuu ni danda'a.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma eeegameettii ta'ee, dhorkaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame cabsuun miidhaa qaamota sadaffaa irra ga'uuf miseensichi fi waldaan waloofi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa ni fudhatu.

Keewwata 540 Gumaacha Gosaan Taasifamu

- 1) Miseensichi gumaachi inni gosaan taasise yoo jiraate, akkaataa seericha keewwata 536 keewwata xiqqaa (2) (h) tiin ibsa miseensichi kenne keessatti maalummaa fi gatii (tilmaamni) gumaachichaa ifatti ibsamuu qaba.
- 2) Gumaachi gosaan taasifame yoo jiraate, miseensichi tilmaamni sirrii ta'uu isaa kan mirkaneessu odiitara yeroo hundeeffamaa muuduuf dirqama qaba.
- 3) Odiitarichi mala gumaacha gosaan dhihaatetti gatii kennuuf itti fayyadamu ofii isaa ni murteessa; gabaasadhiyeessu keessattis mala hordofe ibsuu qaba.

- 4) Gatiin gumaacha gosaa miseensichi dhiheesse gatii odiitarichi tilmaame kan caalu yoo ta'e, gatiin odiitarichi tilmaame seera qabeessa ta'a.
- 5) Madaallin gumaacha gosaa garmalee kan guddate yoo ta'u, miseensiifi odiitarichi miidhaa qaamota sadaffaa irra gahuuf waloo fi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa ni qabaatu.
- 6) Himannaan bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (5)tiin dhiyaatu, yeroo gumaachi gosaa sirnaan raawwatame irraa eegalee waggaa shan keessatti yoo hin dhiyaanne fudhatama hin qabu.

Keewwata 541 Hojii Gaggeessaa Waliigalaa

- 1) Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokkoo hojii gaggeessaa qabaachuu qaba, miseensichi ofii isaa yookiin namni biraa hojii gaggeessaa waliigalaa waldichaa ta'uu ni danda'a.
- 2) Hojii gaggeessaan waliigalaa bu'uura seera kanaatiin aangoo fi itti gaafatamummaa hojii gaggeessaan waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e qabu ni qabaata.

Keewwata 542 Yaa'ii Waliigalaa Waldichaa

- 1) Miseensi waldichaa akkaataa seera kanaatiin aangoo yaa'ii waliigalaa miseensota waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e ni qabaata.
- 2) Murtoon yaa'iin waliigalaa aangoo isaa keessatti dabarsu qaboo yaa'iitiin barreeffamaan qophaa'ee erga walgahiin gaggeeffamee booda torban sadii keessatti galmee waldichaa keessatti kuufamuu qaba.
- 3) Murtiin jijjiirraa waantoota ibsa yeroo hundeeffama waldicha keessatti hangatamanii kamiyyuu guyyaa murtiin kenname irraa eegalee ji'a tokko keessatti galmee daldalaa irratti galmaa'uu qaba.
- 4) Murtoon miseensichaa tumaalee keewwata kanaa kan hin eegne yoo ta'ellessa seera fuulduratti fudhatama kan qabudha;ta'us miidhaa hir'ina kanaan

qaamota sadaffaa irra gahuuf miseensichiifi waldichi waloo fi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa qabu.

Keewwata 543 Itti Gaafatamummaa Miseensichaa

Daangeffama itti gaafatamummaa miseensaa ilaalchisee seera kana keewwata 534 keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, miseensi waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokkoo kamiyyuu yookiin namni biroo waldicha irratti kallattiinis ta'e al-kallattiin to'annoo qabu kamiyyuu kanneen armaan gadii keessaa tokko raawwatee yoo argame waldicha waliin waloofi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa qabu:

- 1) Gocha seeraan alaa waldicha yookiin gaafattoota maallaqa waldichaa miidhu itti yaadee yoo raawwate;
- 2) Qabeenya waldaa miseensa tokkoo qabeenya ofii isaa waliin yoo walitti makame;
- 3) Miseensi tokko eenyummaa waldichaa fi kan ofii isaa yoo addaan hin baasne;
- 4) Haala faayinaansii waldichaa ilaalchisee odeeffannoo gaafattoota maallaqaa waldichaa dogoggorsuu danda'u itti yaadee yoo gadhiise;
- 5) Qabeenya waldichaa kaffaltii walgitu malee faayidaa dhuunfaa isaatiif yookiin qaamota sadaffaaf kan itti fayyadamu yoo ta'e;
- 6) Bu'aa seeraan kaffalamuu danda'u caala yoo kaffale; yookiin
- 7) Hojiiwwan kana fakkaatan biroo yoo raawwate.

Keewwata 544 Herreega Qulqulleessuun Osoo Hin BarbaachisinHaala Waldichi Itti Diigamu

- 1) Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokkoon liqaa isa irra jiru hunda kan kaffale yoo ta'e, qabeenya waldichaa qulqulleessa tokko malee guutummaatti miseensichaaf ni dabarfama.
- 2) Miseensichi sababa kamiinuu waldichi erga diigamee booda gaafattooni maallaqaa kamiyyuu yoo kan dhihaatan ta'e itti gaafatamummaa dhuunfaa ni qabaata.

- 3) Himannaan bu’uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2)tiin dhiyaatu maallaqa gaafataan waldichi diigamuu isaa yeroo bare irraa eegalee waggaa shan keessatti yoo hin dhiyaanne darbiinsa yerootiin ni daangesfama; qabeenyi waldichaa miseensaaf erga dabarfamee booda waggaa kudhaniin booda himanni dhihaatu kamiyyuu fudhatama hin qabu.
- 7) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1), (2) fi (3) jalatti kan tumame jiraatus, waldichi yeroo diigamu miseensichi adeemsa odiitii idilee hordofuu filachuu ni danda’a.

Keewwata 545 Raawwatiinsa Seerota Biroo

Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e miseensa tokkoo ilaalchisee tumaaleen addaa seera kanaa akkuma eegamanitti ta’ee, tumaaleen seera kanaa waldaa dhuunfa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e ilaallatan waldaa kana irrattis akkaataa barbaachisummaa isaanitti raawwatiinsa ni qabaatu.

Mata Duree Sagal

Waldaalee Daldalaa Jijjiiruu

Keewwata 546 Tumaa Waliigalaa

- 1) Waldaan daldalaa tokko gara waldaa daldalaa gosa biraatti jijjiiruun barreeffamahundeeffamaa fooyyessuu irraa kan hafe waldaa haaraa qaama seera qabeessa qabu hundeessuu hin hordofsiisu;
- 2) Jijjiiramni waldaa tokkoo akkuma haala isaatti sagalee guutuu miseensotaatiin, barreeffama hundeeffama waldichaatiin yookiin akkaataa seera kanaatiin sagalee caalmaan murtaa’a.
- 3) Miseensi waldichaa kamiyyuu hayyama isaa malee dirqamni isaa akka dabalu yookiin mirga miseensummaa isaa gartokkoon yookiin guutummaa isaa akka dhabu taasisuun hin danda’amu.
- 4) Murtiin waldaan akka jijjiiramu murtaa’u gaazexaa bal’inaan tamsa’u irratti fi waldichi marsariitii yoo qabaate marsariitii irratti maxxanfamuu qaba.

- 5) Mirgi qaamota sadaffaa akkuma eeegameettii ta'ee, waldichi yeroo jijjiiramu gosti waldaan itti jijjiirame haala itti hundeeffamu ilaalchisee tumaaleen seera kanaa hojiirra ni oolu.

Keewwata 547 Mirga Abbootii Aksiyoona Jijjiiramuu Waldichaa Irratti Walii Hin Gallee

Seera kana keewwata 546 keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, miseensonni waldaa aksiyoona yookiin waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaamurtaa'e jijjiiramuu waldichaa irratti walii hin galle akkaataa tumaa seeraa kanaa keewwata 403 tiin gahee isaanii waldichatti gurguruun waldicha keessaa bahuu qabu.

Keewwata 548 Mirga Gaafattoota Maallaqaa

- 1) Mirgifi dirqamni waldaa duraanii guyyaa barreeffamni hundeeffama waldaa haaraa gurmaa'e galmee daldalaa keessatti galmaa'ee irraa eegalee gara waldaa haaraatti ni dabarfama.
- 2) Barreeffamni hundeeffama waldaa haaraa gurmaa'e akkuma galmee daldalaa keessatti galeen gaafatoonni maallaqaa waldaa duraanii ragaa isaanii akka dhiheeffatanii fi yaada faallaa kan hin dhiheesine yoo ta'e waldaa haaraan kaffalaa idaa isaanii ta'uu ni ibsaaf.
- 3) Gaafattoota maallaqaa waamuuf tumaaleen seera kanaa keewwata 484 raawwatiinsa ni qabaata.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin gaafattoota maallaqaa jijjiiramuu waldichaa mormaniif waldichi maallaqa isaanii kaffaluu yookiin waldichi kaffaluu yoo dadhabe wabii gahaa kennuuf dirqama qaba; hanga idaan kaffalamutti qabeenya waldichaa irraa miseensotaaf qoodinsi bu'aa hin taasifamu.
- 5) Hojii gaggeessan yookiin akka haala isaatti barreessaan waldichaa jijjiiramni waldichaa gaazexaa bal'inaan tamsa'u irratti akka labsamu ni taasisa.

- 6) Tumaalee keewwata kanaa keewwata xiqqaa (2) hanga (5) jalatti tumaman hojiirra oolchuuf hojii gaggeessa fi barreessaan waldichaa waloo fi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa ni qabaatu.

Keewwata 549 Itti Gaafatamummaa Shariikotaa

- 1) Gaafattonni maallaqa waldichaa jijjiirama waldichaa fudhachuun isaanii yoo mirkanaa'e malee; shariikonni itti gaafatamummaan isaanii hin murtoofne murtiin jijjiirraa galmee daldalaa irratti osoo hin galmaa'iin dura dirqama waldichi seeneef itti gaafatamummaa qaban irraa bilisa hin ta'an.
- 2) Waldaan aksiyoona, waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e yookiin waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa''e miseensa tokko qabu gara waldaa shariikaatti yoo kan jijjiirame ta'e, jijjiiramaan dura idaa waldichi seeneef shariikonni dhuunfaan itti gaafatamummaa hin qaban.
- 3) Gaafattoonni maallaqaa waldichaa murtii jijjiiramuu waldichi dabarse xalayaa galmaa'een yookiin mala elektirooniksii dursanii filataniin isaaniif ergamee guyyaa ergame irraa eegalee guyyoota 30 jiran keessatti jijjiiramuu waldichaabarreeffamaan ifatti kan hin ibsine yoo ta'e, jijjiirama waldichaa akka fudhatanitti lakkaa'ama.

Mata Duree Kudhan

Hariiroo, Walitti Makamuu fi GargarBahuu Waldaalee Daldalaa

Boqonnaa Tokko

Garee Waldaalee Daldalaa

Keewwata 550 Garee: Hiika

- 1) "Garee" jechuun waldaa haadhoofi tumaan faallaa ta'e hanga hin jirretti, biyya keessattis ta'e biyya alaatti kan galmaa'an walitti qabama waldaalee isaa jala jiran hundaati.
- 2) "Dhaabbata Hortee" jechuun kallattiinis ta'e al-kallattiidhaan karaa dhaabbata biraa to'annoo dhaabbata haadhoo jalatti kan kufe jechuudha.

- 3) "Dhaabbata Haadhoo" jechuun waldaa kallattiinis ta'e karaa waldaa biraatiin al-kallattiin waldaa biraa to'annoo isaa jala galchedha.
- 4) Kaayyoo keewwata kana keewwata xiqqaa (2) fi (3) tiif "to'annoo" jechuun bu'uura seera kana keewwata 552tiin hiika itti kenname ni qabaata.
- 5) Kaayyoo tumaalee mata duree kanaatiif "dhaabbata" jechuun waldaa aksiyoona, waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e; waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensa tokkoo fi akka haala isaatti waldaalee daldalaa biyya alaatti galmaa'anii fi amala walfakkaataa qaban of keessatti qabata.

Keewwata 551 Dhaabbata Guutumaan Guutuutti Abbaa Qabeenyummaa Qabame

"Dhaabbata guutummaan guutuutti abbaa qabeenyummaa qabame" jechuun dhaabbata abbaa aksiyoona fi dhaabbata abbaa qabeenyaatiin alatti abbootiin aksiyoona alaa hin jirre yookiin namoota dhaabbata haadhoo bakka bu'uun socho'an yookiin namoota dhaabbilee hortee dhaabbata haadhoo bakka bu'uun socho'anidha.

Keewwata 552 To'annoo: Hiika

- 1) Kaayyoo boqonnaa kanaaf "to'annoon" jira kan jedhamu dhaabbatni haadhoon aksiyoona kophaa isaa yookiin abbootii aksiyoona biroo waliin ta'uun imaammata faayinaansiifi hojii dhaabbata hortee qopheessuufi qajeelchuuf aangoo kan qabu yoo ta'e.
- 2) Tumaan waliigalaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 akkuma eeegameettii ta'ee, dhaabbanni haadhoo tokko dhaabbata hortee tokko sagalee maallaqa haadhoo walakkaa ol kan bakka bu'uu mirga argamsiisu dhaabbata kallattiinis ta'e alkallattiin abbaa qabeenyummaatiin kan qabate dhaabbata hortee irratti to'annoo akka qabu ni fudhatama; haa ta'u malee; hammi aksiyoona dhaabbatichaa abbaa qabeenyaa kallattiinis ta'e al-kallattiin dhaabbata hortee keessatti qabu kun to'annoo addaa akka isaaf hin kennine ifatti agarsiisuu yoo danda'e "to'annoo" jiraachuun isaa bu'aa seeraa hin qabu.

- 3) Dhaabbanni tokko dhaabbata biraa keessaa gahee aksiyoona mirga sagalee argamsiisuu qabu maallaqa haadhoo dhaabbata lammaffaa walakkaa yookiin kan kanaa gadi ta'e kan bakka bu'u yoo ta'ellee haalota armaan gaditti tarreeffama keessaa tokko yookiin sanaa ol guutee yoo argame dhaabbata lammaffaa irratti to'annoo akka qabu fudhatama:
- (a) Mirga sagalee kennuu walakkaa ol ta'e abbootii aksiyoona biroo waliin waliigalteedhaan yoo kenname;
 - (b) Imaammata faayinaansiifi poolisii hojimaata dhaabbatichaa to'achuuf mirga qabu barreeffama hundeeffama yookiin waliigaltee birootiin kan kenname;
 - (c) Miseensota qaama hoggansa olaanaa dhaabbatichaa hojii daldalaa dhaabbatichaa bulchuuf aangoo qaban keessaa harka caalu muuduu fi aangoo irraa kaasuuf mirga qaba; yookiin
 - (d) Yaa'ii waliigalaa yookiin qaama murtee kennuu dhaabbata aangoo walfakkaataa qabu irratti sagalee caalmaa kennuu yookiin argachuu danda'uun hojii dhaabbatichaa bu'a qabeessa ta'een to'achuu kan danda'u yoo ta'eedha.
- 4) Akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqqaa 3 (c) fi (d)tiin, dhaabbatichi aksiyoona dhaabbatichaa walakkaa yookiin walakkaa gadi qabu miseensota hoggansa olaano dhaabbatichaa harka caalu muuduu yoo danda'e to'annoon jira jedhama; qaama yookiin qaama murtee kennuu bara baajataa lamaaf walitti aansuun dhaabbaticha bulchuuf aangoo qabu; bara baajataa keessatti, dhaabbatichi walfakkaataan dhaabbata lammaffaa keessatti mirga sagalee kennuu dhibbeentaa afurtamaa ol yoo qabaate, akkasumas dhaabbata lammaffaa keessatti kallattiinis ta'e al-kallattiin qooda sagalee kennuu isa caalu qabu keessatti abbaan aksiyoona kan biraa yoo hin jiraanne, hoji gaggeessaa olaanaa dhaabbata lammaffaa yookiin miseensonni qaama murtee kennu akka isa biratti muudamaniitti fudhatama.

Keewwata 553 Hirmaannaa Tilmaamuu

- 1) To'annoon jiraachuufi dhiisuu isaa murteessuuf hanga hirmaannaa sagalee kennuu yeroo shallagamu, mirgi aksiyoona haaraa sagalee kennuu battalumatti hojiirra ooluu danda'u qaban dhaabbaticha irraa bitachuu yookiin jijjiiruu tilmaama keessa galfama.

2) Hirmaanaan dhaabbata haadhoo dhaabbata hortee keessatti qabu yeroo shallagamu aksiyooniin sagalee kennuu dhaabbata hortee ofii isaatiin yookiin dhaabbilee isaa jala jiran yoo jiraatan mirgoonni sagalee kennuu kun shallaggii keessatti hangatamuu hin qaban.

Keewwata 554 Itti Gaafatamummaa To'annoo Beeksisuu

- 1) Hoggansi dhaabbata haadhoo haala to'annoo hundeeffamuu yookiin dhabamuu isaa hatattamaan hoggansa dhaabbata jala jiruuf barreeffamaan beeksisuu qaba.
- 2) Dhaabbanni hortee ta'e akkuma beeksisni dhufeen baay'ina aksiyoona fi mirga sagalee kennuu dhaabbata haadhoo fi dhaabbilee biroo keessatti argamu barreeffamaan dhaabbata haadhoo ta'eef battalumatti ni beeksis; ni hordofaa; dhaabbatichi biyya alaa keessatti kan hundeeffame yoo ta'ee fi seerri biyya alaa dhaabbata hortee bulchu dirqama akkasii raawwachuu kan dhorke yoo ta'e tumaaleen keewwata xiqqaa kanaa raawwatiinsa hin qabaatan.

Keewwata 555 Aksiyoona Dhaabbanni Tokko Dhaabbata Biraa Irraa Qabu

- 1) Dhaabbanni hortee ta'e kallattiinis ta'e al-kallattiin dhaabbata haadhoo keessatti aksiyoona kamiyyuu qabaachuu hin qabu.
- 2) Walitti dhufeenyi dhaabbata haadhoo fi dhaabbata hortee yoo hin jiraanne, maallaqa haadhoo dhaabbata tokkoo keessaa dhibbeentaan shan yookiin isaa ol dhaabbata biraatiin yoo qabame, dhaabbatni jalqabaa dhaabbata lammaffaa keessatti aksiyoona qabaachuu hin danda'u.
- 3) Dhaabbileen lama aksiyoona isaanii bitatan dhaabbanni tokko maallaqa haadhoo dhaabbata biraa keessaa dhibbeentaa shan fi isaa ol kan argate yoo ta'e, qabeenyaa qaban Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin qaamolee dhimmi ilaallatu birooof ibsuu qabu; Ministirri yookiin qaamni walfakkaataan dhaabbileen akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsameen aksiyoona isaanii irratti waliigaltee irra ga'ame irratti sirreeffama akka taasisan ni beeksis; bu'uura kanaan, waliigalteedhaan sirreeffama gochuu yoo dadhaban,

ministeerichi yookiin qaamni walfakkaataan dhaabbatichi isaan gidduutti qabeenya xiqqaa qabu qabeenya sana akka dabarsu ni ajaja.

- 4) Qabiyyeen dhaabbata tokkoo dhaabbata isa kaan keessatti qabu walqixa yoo ta'ee fi dhaabbati tokko aksiyoona dhaabbata isa kaanii dabarsuudhaaf yoo walii hin galle, tokkoon tokkoon aksiyoona dhaabbata isa kaanii keessaa gara dhibbeentaa shanii gaditti hir'isuu qaba.
- 5) Ibsa barreeffamaa Ministeeraaf yookiin qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuu qabu; hanga tumaaleen keewwata xiqqaa kanaa guutamanitti mirgi bu'aa argamu kaffaluusta'e sagalee kennuu dhorkamee tura.

Keewwata 556 Mirga Dhaabbatni Haadhoo Qabeenyaa Dhaabbata Hortee Ta'eef Hooggnsayookiin Ajaja Kennuu

- 1) Dhaabbanni haadhoon akka abaa aksiyonaatti yaa'ii waliigalaa irratti yeroo hirmaatu karaa boordii daayirektarootaa akkasumas hooggansa olaanaatiin dhaabbata hortee ta'eef hoggansa yookiin ajaja kennuu ni danda'a.
- 2) Haala addaa seera kana keewwata 563 fi keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsameen hoggansi dhaabbata hortee ajaja dhaabbata haadhootiin kennameef ni raawwata.
- 3) Daayirektarootaa fi miseensonni hojii raawwachiiftuu filannoo dhaabbata haadhootiin alatti barreeffama hundeeffama dhaabbatichaan yookiin waliigaltee abbootii aksiyoonaan yookiin seera biroo kamiinuu muudaman ajaja dhaabbata haadhoo hordofuuf dirqama hin qaban.
- 4) Dhaabbanni horteen guutumaan guutuutti qabeenyummaa dhaabbata haadhootiin hin qabamne dhaabbata haadhoo ta'een kan hoogganamu ta'uu fi dhiisuu isaa galmee daldalaa Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin qaama dhimmi ilaallatu birootiin qabame keessatti ifatti ibsamuu qaba.
- 5) Faallan kanaa yoo ibsame malee, hoggansi dhaabbata hortee guutummaatti abbaaqabeenyummaatiin qabame qajeelfama yookiin ajaja dhaabbata haadhoo irraa akka argatutti fudhatama; akkas yoo ta'e dhaabbatichi galmee daldalaa

keessatti galchuu kan qabu guutumaa guutuutti abbaa qabeenyummaatiin qabamu isaa qofa ta'a.

Keewwata 557 Mirga Odeeffannoo Argachuu Sadarkaa Dhaabbata Horteetti Jiraatu

Boordiin daayirektarootaa dhaabbata haadhoo yookiin hoggansi sadarkaa walfakkaataa irra jiru dhaabbata hortee irraa odeeffannoo kamiyyuu argachuuf mirga qaba; haa ta'u malee, odeeffannoon sun seera biyya biraa dhaabbaticha jala jiru bulchuudhaan yoo dhorkame, yookiin mirga qaama sadaffaa irratti dhiibbaa kan geessise yoo ta'e, odeeffannoon sun gara dhaabbata haadhootti dabarfamuu hin qabu.

Keewwata 558 Mirga Aksiyoona Bituun Keessaa Baasuu

- 1) Dhaabbanni haadhoon dhaabbata hortee keessaa maallaqa haadhoo fi sagalee dhibbeentaa sagaltama to'atu, abbootii aksiyoona dhaabbata hortee keessatti hafan aksiyoona isaanii itti gurguranii akka bahan dirqisiisuuf mirga qaba.
- 2) Bittaa akkasii irratti tumaaleen seera kana keewwata 294(2) hanga (7) tti tumaman raawwattiinsa ni qabaatu.

Keewwata 559 Mirga Abbootii Aksiyoona Dhaabbata Haadhoo

- 1) Abbootiin aksiyoona dhaabbata haadhoo dhaabbilee garicha keessatti hangataman akkasumas walitti dhufeenya dhaabbilee miseensa garee sanaa turanii odeeffannoo argachuu fi qorannoo addaa gaafachuuf mirga qabu.
- 2) Abbootiin aksiyoona dhaabbata haadhoo dhaabbata hortee ilaalchisee mirga seera kana keewwata 355, 358 fi 381(1)a fi b jalatti ibsaman qabu.

Keewwata 560 Carraa Daldalaa Garee Keessa Jiraatu

- 3) Dhaabbanni haadhoon Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti galmaa'e ofumaan yookiin karaa dhaabbata hortee biraa carraa yookiincarraa daldalaa dhaabbata hortee mulquu hin qabu; ta'us, daayirektaroota dhaabbata hortee dhaabbata haadhootiin muudaman yoo hin jiraannes hayyama abbootii

aksiyoonaa dhaabbata hortee to'atan yoo argate, dhaabbanni haadhoon carraa daldalaa jirutti fayyadamuu ni danda'a.

- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin dhorkaan dhaabbata haadhoo irra kaa'ame dhaabbata hortee guutummaatti abbaa qabeenyummaatiin qabame irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

Keewwata 561 Mirga Qorannoon Addaa Akka Taasifamu Gaafachuu

Abbootiin aksiyoonaa dhaabbata hortee maallaqa haadhoo dhaabbaticha keessaa dhibbeentaa kudhan sagalee kennuu bakka bu'uu qaban, murtii dantaa dhaabbata hortee tuqu ilaalchisee dhaabbata haadhoo irratti qorannoon addaa akka gaggeeffamu gaafachuuf mirga seera kana keewwata 559 jalatti tumame ni qabaatu.

Keewwata 562 Mirga Aksiyoonaa Gurguranii Bahuu

- 1) Dhaabbanni haadhoo kallattiinis ta'e al-kallattiin mirga sagalee kennuu dhaabbata hortee keessatti argamu keessaa dhibbeentaa sagaltamaa ol yoo qabaate, abbootiin aksiyoonaa dhaabbata hortee biroo dhaabbanni haadhoo aksiyoona isaanii akka bitatu gaafachuu ni danda'u.
- 2) Abbootiin aksiyoonaa dhaabbata hortee dhaabbanni haadhoon yookiin namni biraa isaan bakka bu'eaksiyoona isaanii akka bitatu mana murtii gaafachuu ni danda'u.
- 3) Raawwii gurgurtaa gosaa ilaalchisee tumaaleen seera kana keewwata 292(2) hanga (5) jalatti caqafaman akkaataa barbaachisummaa isaatti hojiira ni oolu.

Keewwata 563 Faayidaalee Garee

- 1) Hooggansi yookiin daayreettarri dhaabbata hortee, qajeelfama dhaabbata haadhoo ta'een kennameen ta'us ta'uu baatus, murtii faallaa faayidaa dhaabbata hortee ta'ee fudhatamuu danda'u kennuu isaatiin imaanaa yookiin itti gaafatamummaa isatti kenname akka bahetti kan isa hin lakkoosifne:
 - (a) Murtiin sun akka waliigalaatti garee sanaa kan fayyadu yoo ta'e;

- (b) Hoggansi faayidaan hir'ate yookiin miidhaan qaqqabe faayidaa yeroo sababawaa keessatti argamuun beenyaan ni kaffalama jedhee yoo fudhatefi tilmaamni hoggansaa kunis odeeffannoo yeroo sanatti hooggansi qabu qofa irratti hundaa'uu osoo hin taane sadarkaa eegamutti murtee kennuudhaaf odeeffannoowwanbarbaachisu walitti qabuun ta'uu qaba.
- (c) Hir'achuun faayidaa yookiin miidhaan sun itti fufiinsaan jiraachuu dhaabbatichaa balaadhaaf kan hin saaxille yoo taane qofaadha.
- 2) Keewwata kana keewwanni xiqqaa (1)(b) dhaabbata hortee guutumaan guutuutti abbaa qabeenyummaatiin qabame irratti raawwatiinsa hin qabaatu;
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame kan hin guutamne yoo ta'e; dhaabbanni hortee ajajaa fi qajeelfama dhaabbata haadhoofudhachuu yookiin raawwachuu dhiisuu ni danda'a.

Keewwata 564 Hojimaata Bittaa Gururtaa Dogoggorsu

- 1) Faayidaa garee eegsisuuf jechaallee dhaabbanni horteen ajaja dhaabbata haadhoon kennamee hordofuudhaanbalaa diiggamuu yookiin qabeenya qulqulleessuu qabeenya ofii isaa yookiin faayidaa isa mudate dandeettii mataa isaatiin jalaa miliquu akka hin dandeenye yoo amaname, dhaabbanni haadhoo kun guyyaa uumame irraa eegalee hanga danda'ametti yeroo gabaabaa keessatti furmaata ta'uu kan danda'u dhaabbata hortee keessatti jijjiirama caasaa bu'uura raawwachuu yookiin qabeenya dhaabbatichaa akka qulqullaa'adeemsa jalaqabuu qaba;
- 2) Dhaabbanni haadhoon keewwata kana keewwata xiqqaa (1) kan darbe yoo ta'e dhaabbatichi yeroo balaan ibsame qaqqabeen booda idaa dhaabbata hortee irra qaqqabee fi hin kaffalamiiniif itti gaafatamummaa qaba.
- 3) Dhaabbanni haadhoon dhaabbata hortee haala miidhuu fi faallaa dantaa garee ta'een yoo qajeelche; sababa ajaja kennee miidhaa geessiseen idaa dhaabbata hortee hin kaffalamiin hundaaf itti gaafatamummaa ni qabaata.

- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2) fi (3)tiin gaaffiin beenyaa kan dhiyaatu qulqulleessitoota herreegaa yookiin eegduu qabeenya dhaabbata hortee qofaan ta'a; gaafattoonni maalaqaa idaa dhaabbatichaa keessaa dhibbeentaa kudhanii gadi hin taane qaban gaaffii kan dhiheessaniif yoo ta'e qulqulleessaan herreegaa yookiin akkuma haala isaatti eegduun qabeenyaa gaaffii mirgaa kana dhiheessuu qaba.

Boqonnaa Lama

Walitti Makamuu fi Gargar Bahuu Waldaalee

Keewwata 565 Walitti Makamuu Waldaalee

- 1) Walitti makamuu waldaalee jechuun waldaalee lamaa fi lamaa olta'an walitti makamiinsa uumuun waldaaleen walitti makamii inni tokko isa kan biraa yookiin warra kaan liqimsuudhaan yookiin waldaaleen lama yookiin lamaa ol ta'an waldaa haaraa hundeessuudhaan waldaa haaraa keessatti galanii hangatamuu ta'uu danda'a.
- 2) Waldaa haaraa hundeessuun walitti makamiinsa taasifamu jechuun adeemsa waldaaleen lamaa yookiin lamaa ol qabeenyaa fi idaa isaanii hunda waldaa haaraa hundeeffameef dabarsuun qulqulleessa qabeenyaa osoo hin gaggeessin adeemsa itti dhabamanidha; qabeenyaa fi dirqama isaanii dabarsuudhaan abbootii aksiyoonaa waldaalee dhabamanii yookiin shariikonni waldaa haaraa keessatti aksiyoonni bakka bu'aa yookiin gaheen ni kennamaaf; haala jiru irratti hundaa'uun maalaqni dheedhii dabalataas kaffalamuufii danda'a.
- 3) Waldaa jiruun liqimsamuun walitti makamiinsa taasifamu jechuun adeemsa waldaan tokko yookiin isaa ol qabeenyaa fi dirqama isaanii hunda gara waldaa jiru kan biraatti dabarsuudhaan osoo qulqulleessi qabeenyaa hin gaggeeffamin adeemsa ittiin dhabamanidha; abbootiin aksiyoonaa yookiin shariikonni waldaan isaanii liqimsame waldaa waldaa isaanii liqimse keessatti aksiyoona bakka bu'aa yookiin gaheen ni kennamaaf; haala jiru irratti hundaa'uun maallaqni dheedhiin dabalataass kaffalamuu danda'a.

- 4) Waldaan diigamuuf qulqulleessuu irra jiru tokko qooddiin qabeenyaa osoo hin raawwatamin dura waldaa biraa waliin walitti makamuu ni danda'a.
- 5) Walitti makamiinsi waldaa daldalaa gosa kamiyyuu gidduutti raawwatamuu ni danda'an.

Keewwata 566 Gargar Bahuu Waldaalee

- 1) Gargar bahuu waldaa jechuun qabeenyi fi idaan waldaa tokkoo guutuun isaa waldaalee jiran yookiin haaraa hundeeffaman biroo tokkoo ol ta'aniif qoodamee herreegni waldichaa osoo hin qulqullaa'in haala itti dhabamudha; abbootiin aksiyoona yookiin shariikonni waldaa gargar bahee waldaalee qabeenya waldaa isaanii qoqqoddatan keessatti aksiyoonni bakka bu'aa yookiin gaheen ni kennamaaf; haala jiru irratti hundaa'uun maalaqni dheedhii dabalataas kaffalamuufii danda'a.
- 2) Waldaalee duraan turanitti dabalamuun gargar bahuu waldaa gaggeeffmu jechuun waldaan tokko idaa fi qabeenya isaa hunda waldaalee duraan turaniif qoqqoodee qulqulleessa herreegaa malee haala itti dhabamudha; abbootiin aksiyoona yookiin shariikonni waldaalee gargar bahanii waldaalee qabeenya waldaa gargar bahee qooddatan keessatti aksiyoonni bakka bu'aa yookiin gaheen ni kennamaaf; haala jiru irratti hundaa'uun maalaqni dheedhii dabalataas kaffalamuufii danda'a.
- 3) Waldaalee haaraa hundeessuun gargar bahuu taasifamu jechuun waldaan tokko idaa fi qabeenya isaa hunda waldaalee ofii isaa hundeesseef qoqqoodee qulqulleessa herreegaa malee haala itti dhabamudha; abbootiin aksiyoona yookiin shariikonni waldaalee gargar bahanii waldaalee qabeenya waldaa gargar bahee qooddatan keessatti aksiyoonni bakka bu'aa yookiin gaheen ni kennamaaf; haala jiru irratti hundaa'uun maalaqni dheedhii dabalataas kaffalamuufii danda'a.

- 4) Qabeenya kutaa murtaa'e gargar qooduu jechuun hojii daldalaa murtaa'ee fi adda bahee itti fufuu danda'u (business unit) yookiin kutaa qabeenya adda baasuun gara waldaa haaraa hundeeffameetti yookiin waldaa jirutti akka gumaachaatti dabarsuu jechuudha.
- 5) Gargar bahiinsi gara waldaa daldalaa rogummaa qabu gosa kamiittuu ta'uu danda'a.

Keewwata 567 Karoorra Walitti Makamuu yookiin Gargar Bahuu

- 1) Karoorri walitti makamuu yookiin garagar bahuu waldaalee walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaataniin qophaa'ee walitti qabaa boordii daayirektarootaa yookiin waldichi boordii yoo hin qabne hojii gaggeessaa waliigalaatiin mallattaa'uu qaba.
- 2) Karoorri walitti makamuu yookiin gargar bahuu kanneen armaan gadii of keessaa qabaachuu qaba:
 - (a) Gosa, maqaa daldalaa fi teessoo waajjira muummee waldaalee walitti kaffalamanii;
 - (b) yookiin gargar bahanii;
 - (c) Walitti makamuun yookiin gargar bahuun waldaa haaraa kan argamsiisu yoo ta'e gosa;
 - (d) maqaa daldalaa fi teessoo waajjira muummee waldichaa;
 - (e) Sababaa fi haala diinagdee walitti makamuu yookiin gargar bahuu;
 - (f) Gabaasa herreegaa waliigalaa waggaa tokko tokkoo waldaa mirkanaa'e;
 - (g) Ibsa qabeenya gara waldaa ofitti fudhatee yookiin waldaa haaraatti dabarfamee yookiin hojii daldalaa kophaatti adda bahee itti fufuu danda'u fi ibsa idaa, tilmaama qabeenyaafi haala qabeenyaa;
 - (h) Sababa walitti makamuun yookiin gargar bahuutiin aksiyoanonni kennaman yookiin tilmaama gaheewwan ittiin qoqqoodaman fi kaffaltiinmaallaqaa dabalataan kan raawwatamu yoo ta'e haala murtii isaa, guyyaa aksiyooniin yookiin gaheewwan guyyaa bu'aa argamsiisuu itti jalqabuu fi itti fayyadama mirga kanaa ilaalchisee haalawwan jiran yoo jiraatan;

- (i) Miseensonni walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti walii galuu dhabuu isaaniitiin waldicha gadhiisaniif hanga maallaqaa kennamuu qabu;
- (j) Waldaan ofitti fudhatu yookiin gargar bahuu hojiiwwan raawwate waldaan ofitti fudhate yookiin waldaa haaraa hundeeffameen akka raawwtametti guyyaa itti fudhatamu;
- (k) Maqaa qooda fudhattoota itti gaafatamummaa hin murtoofne qaban yoo jiraatan;
- (l) Miseensota aksiyoona idileetiin alatti aksiyoona mirgaa fi faayidaa addaa argamsisan qabaniif mirgaa fi faayidaa kennamu;
- (m) Dirqamaa fi itti gaafatamummaa walitti makamiinsi yookiin gargar bahiinsi hordofsiisuu, akkasumas dhiibbaa gaafattoota maallaqa irratti qabu;
- (n) Kaffaltii yookiin faayidaa addaa ogeessota walabaa yookiin odiitaroota walitti makamuu yookiin gargar bahuu karoora madaalaniif kennamu ilaalchisee odeeffannoo guutuu; fi
- (o) Sababa walitti makamuu yookiin gargar bahuutiin waldaa haaraan kan hundeeffamu yoo ta'e, wixinee barreeffama hundeeffamaa fi odeeffannoowwan rogummaa qaban biroo.

Keewwata 568 Gabaasa Walitti Makamuu yookiin Gargar Bahuu

- 1) Boordii Daayirektarootaa yookiin waldichi boordii kan hin qabne yoo ta'ehojii gaggeessan waliigalaa walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaatanii gabaasa tarreeffamaa karoora walitti makamuu yookiin gargar bahuu ibsu barreeffamaan yaa'ii waliigalaa waldichaafdhiyeessuu qaba. Gabaasni keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame kanneen armaan gadii of keessaa qabaachuu qaba:
 - (a) Kaayyoo diinagdee fi bu'uura seeraa, yoo jiraate, walitti makamuu gargar bahuu;
 - (b) Waliigaltee walitti makamuu yookiin gargar bahuu;

- (c) Hanga aksiyoona abbootii aksiyoona yookiin shariikotaaf jijjiirran kennamuu yookiin haala tilmaama gaheewwanii fi kaffaltii sirreeffamaa yoo jiraate;
- (d) Miseensota walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti walii galuu dhabuu isaaniitiin waldicha gadhiisaniif kaffaltii maallaqa dheedhiin kennmu;
- (e) Walitti makamuuf dursee hayyamni kan barbaachisu yoo ta'e, qaama dhimmi ilaallatu irraa hayyamni kennamuu isaa;
- (f) Dhiibbaa walitti makamuu yookiin gargar bahuun hojjetoota waldaalee walitti makamuu yookiin gargar bahuu keessatti hirmaattoota ta'an keessa jiran irratti hordofsiisu;
- (g) Odeeffannoo barbaachisoo kan biroo.

Keewwata 569 Madaallii Walitti Makamuu yookiin Gargar Bahuu

- 1) Karoorri walitti makamuu yookiin gargar bahuu, gabaasni walitti makamuu yookiin gargar bahuu fi haalonni biroo walitti makamuu yookiin gargar bahuu barbaachisoo ta'an ogeessa bilisaa fi walaba ta'een madaalamuu qaba.
- 2) Waldaaleen walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaatan tokkoon tokkoon isaanii ogeessa madaallii bilisaa fi walabaa mataa isaanii ni muudu; ta'us waldaaleen walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaatan hundi yoo waliigalan, waliin ta'uun ogeessa tokko muuduu ni danda'u; ogeessi bilisaa fi walaba ta'e kan muudamu akkaataa muudama odiitaroota waldaa aksiyoona ilaalchisee kitaaba kana keessatti tumameen ta'a.
- 3) Waldaaleen walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaatan sanadoota barbaachisoo ta'anii fi odeeffannoowwan barbaachisoo biroo hunda ogeessota madaalliitiif dhiyeessuu qabu.
- 4) Abbootiin aksiyoona yookiin shariikonni waldaa ogeessa madaallii bilisaa fi walabaa muudeef kanneen armaan gadii ilaalchisee yaada isaa barreeffamaan dhiyeessuu qaba:

- (a) Miseensota waldaalee walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaataniif hanga aksiyoona jijiirraadhaan kennamu yookiin tilmaama gahee fi gosa isaa, tilmaamni haqa qabeessaa fi madaalawaa ta'uu yaada isaa;
 - (b) Malli yookiin foormulaan hanga fi gosa reetii aksiyoona yookiin aksiyoona jijiiramuu qabu murteessuuf itti fayyadamu, akkasumas dhimma harka jiru keessatti mala sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa irratti yaada isaa, tilmaamni addaa yoo jiraate rakkoo adeemsa reetii keessatti mudate, rakkoo jiru ni ibsu;
 - (c) Walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti waliigaluu dhabuu isaaniitiin abbootii aksiyoona yookiin shariikota waldaalee keessaa ba'aniif kaffaltiin kaffalamu sirrii ta'uu isaa;
 - (d) Karoorri walitti makamuu yookiin gargar bahuu gaazexaadhaan ummataaf ifa ta'uu isaan dura namoonni waldaalee walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaatan irraa maallaqa gaafachuuf mirga argatan; garuu maallaqni isaanii hanga ammaatti hin kaffalamiin walitti makamuun yookiin gargar bahuun booda eegumsa gahaa argachuu isaa;
 - (e) Sababa haala dhaabbii faayinaansii waldaalee walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaatan irraan kan ka'e mirgagaafattoota maallaqaa irratti balaan addaa dhufuuf jedhu yoo jiraatekanuma ibsuudhaan eegumsa taasifamuu qabu.
- 5) Galmeessaan waldaalee daldalaa dhangala'iinsa maallaqaa waggaa yookiin madaala herreegaa waldaalee walitti makamanii yookiin gargar bahanii ka'uumsa godhachuudhaan waldaaleedhangala'iinsi maallaqaa yookin madaalliin herreega isaanii hanga murtaa'een gadi ta'e madaallii walitti makamuu yookiin gargar bahuu irraa bilisa akka ta'an murteessuu ni danda'a.

Keewwata 570 Mirga Sanadoota Argachuu

- 1) Guyyaa yaa'iin walitti makamuu yookiin gargar bahuu raggasisu gaggeeffamuun ji'atokkoon dura karoorri walitti makamuu yookiin gargar bahuu, gabaasni walitti makamuu yookiin gargar bahuu, gabaasni madaallii walabaa fi odeeffannoowwan barbaachisoo biroo dhimmichaaf rogiummaa qaban waajjira muummee fi damee waldichaa keessa taa'uu qabu.
- 2) Miseensonni waldaalee walitti makamuu yookiin gargar bahuu irratti hirmaatanii fi gaafattoonni maallaqaa waldaalee sanadoota keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman ilaaluu fi waraabbii isaa fudhachuu ni danda'u.

Keewwata 571 Murtee Walitti Makamuu yookiin Gargar Bahuu

- 1) Walitti makamuun yookiin gargar bahuun waldaalee akkaataa hojimaata barreefama hundeeffama fooyyessuuf taa'een tokko tokkoo yaa'ii waliigalaa waldaalee walitti makamaniin yookiin waldaa gargar bahuun murtaa'uu qaba.
- 2) Ta'us, kan walitti makamu yookiin gargar bahu waldaa aksiyoona yoo ta'ee fi abbootiin aksiyoona mirga addaaqaban yoo jiraatanmurtiin walitti makamuu yookiin gargar bahuu yaa'ii addaa abbootii aksiyoona mirga addaa qabaniin ragga'uu qaba.

Keewwata 572 Karooricha Beeksisuu

- 1) Karoorri walitti makamuu yookiin gargar qoodamuu yeroo yaa'ii waliigalaatiin murtaa'e irraa eegalee ji'atti si'a tokko walitti aansuudhaan ji'aa lamaaf gaazexaa uwwisa biyyaalessaa qabu irratti ummataaf beeksifamuu qaba. Dabalataan beeksisichi waajjira muummee dhaabbilee walitti makamanii yookiin dhaabbata gargar qoodamuutti maxxanfamuu qaba.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin beeksisaa maxxanfamutti dabalataan dhaabbatni gargar qoodamu yookiin dhaabbileen walitti makaman marsaariitii mataa isaanii kan qaban yoo ta'e beeksisichi marsaariitii isaanii irratti maxxanfamuu qaba.

- 3) Beeksisni bu’uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) fi (2) tiin uummataaf ifoomu, karoora walitti makamuu yookiin qoodamu, gabaasa ogeessa walaba ta’een dhiyeete fi gabaasni boordii daayireektarootaatiin yookiin, akka haala isaatti, hojii gaggeessaa ol aanaatiin qophaahe iddoo fi haala itti argaman ibsuu qaba. Dabalataanis abbootiin mirgaa dhaabbaticha irraa idaa qabna jedhan yeroo hangamii keessatti mormii isaanii dhiyeeffachuu akka qaban kaa’uu qaba.

Keewwata 573 Yeroo Walitti Makamuu Yookiin Qoodinsi Ragga’uu

Walitti makamuun yookiin qoodinsi kan ragga’uu:

- 1) Dhaabbatni haaraan makiinsaan hundaa’e yookiin dhaabbileen haaraan qooddiinsaan uumaman guyyaa Galmee daldalaa irratti galmaa’an irraa eegalee ta’a;
- 2) Makamuun yookiin qooddamuun bu’uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen alatti kan rawwatame yoo ta’e guyyaa fooyya’iinsi barreeffama hundeeffamaa dhaabbata duraan turee galmee daldalaa irratti galmaa’e irraa eegalee hojiirra oola.

Keewwata 574 Bu’aa Walitti Makamuu Fi Qoodamuu

- 1) Walitti makamuun yookiin qoodamuun bu’aa armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Qulqulleessa herreegaa gochuu osoo hin barbaachisiin akka dhaabbatni diigamuu ta’a.
 - (b) Qabeenyaa fi dirqamni dhaabata daldalaa walitti makamee yookiin gargar qoodamee gara dhaabata yookiin dhaabbatoota haaraa hundeeffamaniitti kan darbu ta’a.
 - (c) Akkaataa karoora walitti makamuu yookiin qoodamuu keessatti kaa’ameen abbootiin aksiyoona yookiin miiltoowwan dhaabbata daldalaa jiraachuun isaa hafee guutummaa dhaabbatichaa yookiin haaraa hundeeffame keessatti aksiyoona bakka bu’aa argachuun akka barbaachisummaa isaatti kaffaltii beenyaa dabalataa ni argatu;
 - (d) Miseensi qabeenya isaa keessaa muraasa kanfalee dhaabbata haaraa hundeesse yookiin qabeenya isaa gara dhaabbata biraatti kan dabarsee,

haala waliigaltee isaaniitiin dhaabbata hundeeffame yookiin qabeenyi isaa dabarfamee jiru keessatti qooda fudhachuuf mirga qaba.

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (c) fi (d) jalatti kan tumame jiraatus; aksiyooniin kamiyyuu haala armaan gadiitiin aksiyoona dhaabbata daldalaa walitti makamee yookiin qoodameef jijjiirraa ta'ee hin kennamu:-
 - (a) Aksiyoona yookiin gahee kallattiinis ta'e al-kallattiin hoogganaa dhaabbata addaan ba'u yookiin walitti makamu keessatti qabameef.
 - (b) aksiyoona dhaabbata daldalaa keessatti qabame dhaabbati daldalaa argatu ofii isaatiin kallattiinis ta'e al-kallattiin karaa nama maqaa isaatiin garuu bakka bu'ee socho'uun walitti makamee yookiin qoodamee;
- 3) Guyyaa hojii irra oole irraa eegalee walitti makamuu yookiin qoqqoodinsi haqamuu kan danda'u ajaja Mana Murtii qofa ta'a.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin Manni Murtichaa walitti makamuu yookiin qoodamuun seeraan ala ta'uu isaa murteessuu kan danda'u; karoorri walitti makamuu yookiin qoodamuu akkaataa tumaalee labsii kanaatiin yoo hin raawwatamne, yookiin walitti makamuun yookiin qoodamuun yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoona yookiin shariikota dhaabbatichaatiin kan hin mirkanoofne yoo ta'e dha.

Keewwata 575 Yeroo Walitti Makamuu Yookiin Qoodamuu Mirga Miseensaa Eguu

- 1) Abbootiin aksiyoona yookiin michoonni dhaabbata daldalaa, haala karoora walitti makamuu yookiin qoqqoodinsaa irratti hundaa'uun, aksiyoona fi mirga jijjiirraa, dhaabbata haaraa ijaarame keessatti, mirgaa fi aksiyoona walqixa yookiin wal madaalu ni kennamaaf.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 keessatti ibsameetti Dhaabbata keessatti aksiyoona yookiin gahee aksiyoona isaanii waliin walqixa ta'e kennuu kan hin danda'amne yoo ta'ee; Kaffaltiin maallaqaan gatii aksiyoona yookiin gahee aksiyoona isaanii keessaa dhibbeentaa kudhan hin caalle kennamuu ni danda'a.

- 3) Abbootii aksiyoona dhaabbata namummaa isaa dhabee yookiin qoodamee keessatti aksiyoona sagalee hin kennine yookiin aksiyoona bu'aa qofa qabatanii turan guutummaa dhaabbatichaa yookiin dhaabbata haaraa hundeeffame keessatti aksiyoona walfakkaataa yookiin wal gitu kennamuu qaba.
- 4) Dhaabbata waliigalaa yookiin dhaabbata qoodamee keessatti miseensonni aksiyoona mirga addaa qabaniif aksiyoona mirga walgitu isaaniif argamsiisuu ni kennamaaf.

Keewwata 576 Mirgoota Abbootii Liqaa

- 1) Karoorri makamuu yookiin qooddiinsaa gaazexaadhaan uummataaf ifoomuun dura dhaabbilee kana irraa maallaqa gaafattootni mirga maallaqa gaafachuu kan qaban ta'ee, garuu yeroo kanfaltiin itti raawwatamu hin geenye, kan armaan gadii keessaa haalli tokko kan guute yoo ta'e wabiin gahaan akka kennamuuf mana murtiitti iyyachuu ni danda'u:
 - (a) Madaalliin ogeessa walaba ta'een bu'uura Labsii kana keewwata 569 (4)(d) tiin gaggeeffamee walitti makamuu yookiin qoodamuun booda mirgi abbootii liqaa haala gahaa ta'een eegumsa akka hin qabnee kan agarsiisu yoo ta'e; Yookaan
 - (b) Ogeessi walaba ta'e kun haala dandeettii maallaqaa waldaalee walitti makamuu yookiin qoodamuun uumaman irratti mirgi abbootii liqaa balaa addaaf saaxilamuu akka danda'uu ibsuun eegumsa taasifamuu qabu irratti yaada yoo kenne.
- 2) Abbootiin liqaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1 (a fi b)tiin wabii gahaa argachuuf iyyachuu kan danda'an akkaataa labsii kana keewwata 572(1) tiin guyyaa karoorichi jalqaba gaazexaa irratti ummataaf maxxanfame irraa eegalee guyyoota walitti aanan jaatama keessatti qofa.
- 3) Manni murtichaa tokkoon tokkoo dhaabbatni makamu yookiin dhaabbatni qooddamu idaa irra jiru gaafattoota maallaqaatiif akka kanfalu yookiin wabii gahaa idaa kanfalu dandeessisu akka dhiyeessu ajajuu ni danda'a.

Keewwata 577 Mirgoota Namoota Sanada Idaa Qabanii

- 1) Yaa'iin namoota sanada idaa dhaabbilee walitti makaman yookiin qoodaman irraa qabanii walitti makamuu yookiin qoodamuu dhaabbileedhaa kan hin mirkaneessine yoo ta'e, dhaabbatni idaa kanfalu qabu karoorri makamuu yookiin qooddiinsaa guyyaa gaazexaadhaan yeroo jalqabaatiif uummataaf ifa taasifame irraa eegalee guyyoota walitti aanan jaatama keessatti namoota sanada idaa qabatanii gaaffii dhiyeessaniif gatii sanadootaa fi dhala isaa kanfaluudhaan sanadicha deebisuu qaba.
- 2) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame namoota dhaabbilee makamanii yookiin qooddamanii dhaabbata haaraa hundeessaan keessatti sanada idaa qabataniifis raawwatiinsa ni qabaata.
- 3) Dhaabbatichi liqeessitoota sanada idaa qabataniif gatii idaa sanadootaa fi dhala isaa akka kanfalu kan beeksise yoo ta'e, yaa'ii namoota sanada idaa qabatanii gaggeessuun otoo hin barbaachisiin sanadoota isaanii dhaabbatichaaf deebisuudhaan kanfaltii isaaniif malu argachuu kan barbaadaniif kanfaltii raawwachuudhaan sanadoota ni deebifata
- 4) Namni sanada idaa qabatee yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame keessatti gaaffii hin dhiyeessine dhaabbata dhuunfate yookiin haaraa hundaa'e irraa kan gaafatu ta'a.

Mata Duree Kudha Tokko

Waa'ee Dhaabbata Biyya Alaatti Hundeeffame Yookiin Biyya Alaatti Hojjetuu

Boqonnaa Tokko

Damee Dhaabbata Daldalaa Biyya Alaa

Keewwata 578 Dhaabbii fi Hiika Damee

- 1) Damee jechuun qaama dhaabbataa jaarriyaa dhuunfaa, dhaabbata daldalaa yookiin dhaabbata kana fakkaatu biroo biyya alaa ta'eef sochii diinagdee keessatti hirmaachuun bu'aa argamsiisuuf haala gurmaa'een kan hojjatu dha. Dameen tokko yeroo murtaa'eef ykn yeroo hin murtoofneef gurmaa'uu ni danda'a.
- 2) Dameen dhaabbata hundee, waldaa daldalaa yookiin qaama kana fakkaatu irraa addatti dhuunfaan qaama seerummaa hin qabaatu.

- 3) Dirqamni fi mirgi sochii damee irraa maddu mirgaa fi dirqama dhaabbata dhuunfaa hundee, waldaa daldalaa yookiin dhaabbata kana fakkaatu ni ta'a.

Keewwata 579 Mirga Daldaluu

Dhaabbanni dhuunfaa biyya alaa, Dhaabbatni daldalaa yookiin kan kana fakkaatu damee isaa Itiyoophiyaa keessatti banee sochii dinagdee irratti hirmaachuu ni danda'a. Haa ta'u malee, jalqaba galmee daldalaa Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin qaama aangoo qabu biratti galmaa'uu qaba.

Keewwata 580 Odeeffannoo Galmeeff Dhiyaachuu Qabu

Akkaataa seera biroottiin kan kaa'amee akkuma jirutti ta'ee, Odeeffannoon armaan gaditti tarreeffaman yeroo dameen tokko galmaa'uu galmee daldalaa keessatti galuu qaba:

- 1) Gosa hojii Daldalaa dameen itti bobba'u;
- 2) seera biyya alaa dhaabbatni dhuunfaa, dhaabbatin daldalaa yookiin fakkaataan biroo mummeen abbaa damichaa ittiin bitamu;
- 3) Galmee dhaabbatin dhuunfaa, dhaabbatin daldalaa yookiin faakktaan biroo mummeen abbaa damichaa irratti galmaa'ee fi tarree lakkoofsa ittiin galmaa'ee;
- 4) Maqaa dhaabbata dhuunfaa, waldaa daldalaa yookiin dhaabbata kana fakkaatan damee abbaa qabeenyummaa qabuu fi gosa dhaabbatichaa yookiin jaarmiyaa;
- 5) Adeemsa of eeggannoodhaan idaa irra deebiin gurmeessuu, irra deebiin hundeesuu, fi kasaaraa dhaabbata dhuunfaa, waldaa daldalaa yookiin qaama kana fakkaatu ilaalchisee adeemsa yookiin falmiin walfakkaatu kamiyyuu dhaabbata hundee biratti jalqabamee jiraachuusaa
- 6) Sanadoota faayinaansii akkaataa seera biyya alaa dhaabbatni dhuunfaa, dhaabbatni daldalaa yookiin kan kana fakkaatu keessatti hundeeffameen qaama ilaallatuuf qophaa'anii dhiyaatanii odiitii taasifamuun qaama dhimmi ilaallatuuf kan beeksifaman ta'uu kan ibsuu, fi
- 7) Koppii waraqaa ragaa hundeeffamaa, keewwata hundeeffamaa, dambii ittiin bulmaataa, yookiin sanadoota kana bakka bu'an kan dhaabbatni dhuunfaa,

waldaan daldalaa yookiin dhaabbati kana fakkaatu akkaataa seera biyya jaar-miyaan guddaan itti hundeeffameen qophaa'ee dhiyaate. Sanadootni kuni Afaan Ingiliffaa yookiin Afaan Amaaraatti hiikamuun dhiyaachuu qabu.

Keewwata 591 Waa'ee Bulchiinsa Damee

- 1) Dameen tokko hogganaa mataa isaa qabaachuu qaba. Hogganaan damichaa muudama daayirektaroota waldaa aksiyoona ilaalchisee ulaagaalee labsii kana keewwata 297 jalatti ibsaman kan guute ta'uu qaba.
- 2) Hogganaan damichaa dhaabbata dhuunfaa biyya alaa, waldaa daldalaa yookiin dhaabbata kana fakkaatu bakka bu'ee socho'uuf aangoo hanga tokkoo qabaachuu qaba.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hogganaan damee yoo xiqqaate falmii irratti dhaabbata biyya alaa, waldaa daldalaa yookiin qaama kana fakkaatu bakka bu'uuf aangoo ni qabaata.

Keewwata 592 Hojii Gaggeessaa Damee

Dirqamni seera biraatiin qabuu akkuma eegametti ta'ee; hoogganaan damee tokko itti gaafatamummaa kanneen armaan gadii qabaachuu qaba:

- 1) sanadoota herregaa dhaabbatni dhuunfaa, waldaan daldalaa yookiin dhaabbati kana fakkaatu akkaataa seera biyya jaar-miyaan guddaan itti hundeeffameen qophaa'ee oditii taasifamee dhiyaatee waggaa waggaan dhiyeessuudhaan galmee daldalaa Ministeera Daldalaa fi Industirii yookiin waajjira dhimmi ilaallatu keessatti dhiyeessuun walqabsiisuu;
- 2) Abbootiin liqaa haala faayinaansii dhaabbata dhuunfaa biyya alaa, dhaabbata daldalaa yookiin qaama kana fakkaatan madaaluuf akka gargaaruu danda'uuf baalansii yookiin ibsa herreega faayinaansii Afaan Ingilizii yookiin Amaaraan sanadoota bu'uura Keewwata kana keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsaman waliin dhiyeessuun galmee daldalaa keessa galchuu;Fi
- 3) Dhimma dhaabbata dhuunfaa biyya alaa, waldaa daldalaa yookiin qaama kana fakkaatu ilaalchisee dhaabbatni hundeen dhimmaa gurmaa'uu, irra deebiin gurmaa'uu,qabiyyee isaa, adeemsa kasaaraa murteessuu yookiin falmii kana

fakkaatan kan jalqabame ta'uu isaa akka beekamuuf guyyaa beeke irraa kaasee
ibsa waa'ee dhimmichaa galmee daldalaa keessatti galchuu.

Keewwata 593 Waa'ee Galmee Daldalaa Irraa Haquu

Dameen tokkoo kanneen armaan gadii keessaa tokko raawwatamee yoo argamee
galmee daldalaa irraa haqamuu qaba:

- 1) Dhaabbanni hundeen dhaabbata dhuunfaa biyya alaa, waldaan daldalaa
yookiin jaarmiyaan kana fakkaatan kan damee qabu yoo diigame;
- 2) Dameen tokko yoo cufame;
- 3) Hogganaan damee gadhiisee guyyaa giti hojii isaa duwwaa ta'e irraa eegalee
ji'a jaha keessatti yoo hin sirreeffamne;
- 4) Hogganaan damichaa sanada herregaa dhaabbata dhuunfaa biyya alaa, waldaa
daldalaa yookiin dhaabbata kana fakkaatu galmee daldalaa keessatti akkaataa
labsii kana keewwata 582 tiin ariitii barbaachisuun yoo hin galchine; fi
- 5) Namni damee irraa maallaqa gaafachuuf mirga qabu dhaabbati dhuunfaa biyya
alaa, waldaan daldalaa yookiin jaarmiyaa kana fakkaatu dhaabbati hundeen
kan abbaa damichaa ta'ee, qabeenyii isaa Itoophiyaa keessa jiru liqii kaffaluuf
gahaa akka hin taane yoo mirkaneessee.

Boqonnaa Lama

Raawwatinsa Seera Itoophiyaa

Keewwata 584 Waa'ee Dhaabbilee Biyya Alaatti Hundeeffamanii Waajjira Muummee Isaanii Itiyoophiyaatii Qabanii

Dhaabbilee daldalaa yookiin dhaabbata dhuunfaa biyya alaatti hundeeffamee waajjira
muummee yookiin iddoo hojii ijoo Itiyoophiyaatii qabu irratti tumaaleen labsii kanaa
fi seerota Itiyoophiyaa biroo raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 585 Waa'ee Waldaa Itoophiyaa Keessatti Hundeeffamee Biyya Alaa Hojjetu

Tumaaleen labsii kanaa dhaabbilee daldalaa yookiin dhaabbata dhuunfaa bu'uura
seera Itoophiyaatiin hundeeffamee fi biyya alaa socho'u irratti raawwatiinsa ni
qabaata.

Keewwata 586 Dhaabbata Seera Kanaan Beekamtii Argate Irraa Bifa Adda Ta'e Qabu

Dhaabbileen biyya alaa keessatti hundeeffamanii kanneen warra seera kanaan beekamtii qaban irraa bifa adda ta'e qaban, murtiiwwan walgahii waliigalaa abbootii aksiyoona galmee daldalaa keessatti galmaa'uu fi itti gaafatamummaa daayreettaroota ilaalchisee tumaawwan seera waaldaa aksiyoona ilaallatan raawwii ni qabaatu.

Keewwata 587 Dhaabbata Dantaa Biyya Alaa Of Keessaa Qabu

Labsiin kuni dhimmoota seerota Itoophiyaa birootiin dhaabbileen dantaa biyya alaa of keessaa qaban hojiiwwan tokko tokko akka hin raawwanne kan dhorkan, yookiin haal-duree addaatiin akka raawwataman kan ibsan ilaalchisee hojiirra oolmaa isaanii irratti dhiibbaa hin qabu.

Kitaaba Sadii

Seera Ittisa Caaseffamaa, Gurmaa'insa Irra Deebii Fi Kasaaraa

Mata Duree Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Boqonnaa Tokko

Kaayyoo Fi Daangaa Raawwii

Keewwata 588 Kaayyoo Adeemsa Murtii

- 1) Kaayyoon seera ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu fi kasaaraa murteessuu tasgabbii dinagdee guddisuu, gatii qabeenyaa guddisuu fi hojimaata gahumsa qabu, bu'a qabeessaa ta'ee fi yeroon isaa eeggateen sirrummaa fi iftoomina seeraa mirkaneessuudha.
- 2) Kaayyoon adeemsa ittisa caaseffama irra deebii, abbootii liqaa sagalee guutuun kan haayyaman yoo ta'ee, liqaawwan rakkoo maallaqaa keessa jiran garuummoo abdii kan qaban waliigalteedhaan, sadarkaa jalqabaa irratti, liqaa isaanii gahumsaa fi bu'a qabeessa haala ta'een irra deebiin gurmeessuu fi hojii isaanii itti fufuu akka danda'an, yookiin hojiin itti fufee osoo jiruu gurgurtaaf qophaa'uu akka danda'an gochuudha.

- 3) Kaayyoon adeemsa irra deebiin gurmeessuu, hayyama abbootii liqaa harka caaluun, irra deebiin gurmeessuudhaan liqaawwan akkasumas hojiiwwan idaa qaban yeroon, gahumsaan fi haala bu'a qabeessa ta'een irra deebiin gurmeessuun yookiin hojiin daldalaa osoo itti fufee jiruu fayidaa abbootii liqaaf jechaa gurgurtaaf qopheessuu dha.
- 4) Kaayyoon hojimaata kaasaaraa abbootiin qabeenyaa amanamoo ta'an liqaa isaanii guutummaatti erga kaffalanii booda jireenya haaraa akka jalqaban dandeessisuudha. Kunis qabeenya tokko tokkoon qulqulleessuun yookiin hojii daldala gurguruun sochiin daldalaa gara fuulduraatti akka tarkaanfatu gochuu, gatiin qabeenyichaa akka dabaluu tasisuu akkasumas abbootiin qabeenyaa, abbootiin liqaa fi hoggantoonni kiisaraaf itti gaafatamummaa qaban itti gaafatamummaa barbaachisaa akka fudhatan gochuu dha.

Keewwata 589 Daangaa Raawwii Adeemsaalee

- 1) Adeemsi Kitaaba kana keessatti ibsame daldaltootaa fi dhaabbilee walta'insaa (joint venture) namummaa seeraa hin qabneen alatti dhaabbilee daldalaa jiran akkasumas ogeeyyii harkaa fi namoota uumamaa hojii ogummaa of danda'e raawwatan irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Seerota addaa adeemsa ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu fi kasaaraa murteessuu baankotaa fi dhaabbilee faayinaansii biroo irratti raawwatinsa qaban osoo hin tuqin adeemsi kitaaba kana keessatti ibsame baankotaa fi dhaabbilee faayinaansii biroo irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 3) Seerota addaa adeemsa ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu fi kasaaraa murteessuu dhaabbilee mootummaa irratti raawwatinsa qaban osoo hin tuqin adeemsi kitaaba kana keessatti ibsame dhaabbilee mootummaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 4) Of eggannoof jechaa adeemsa ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu fi kasaaraa murteessuu hojii daldalaa addaa ilaalchisee seerota addaa baasuun ni danda'ama.

Boqonnaa Lama

Gaaffii Waa'ee Kaffaltii Addaan Kutuu Fi Dursanii Idaa Kaffaluu Dadhabuu

Keewwata 590 Hiika Kaffaltii Addaan Kutuu

- 1) Kaffaltiin addaan citeera kan jedhamuu abbaan idaa qabeenya dhangala'aa isaatiin liqaa kaffalamuuf yeroon isaa gahee yeroon yoo kaffaluu hin dandeenye dha.
- 2) Keewwata kana keewwata Xiqqaa (1) tiif qabeenyi dhangala'aa kuufama liqii, liqii olka'aa fi tajaajila walfakkaataa liqeeffataan argachuu danda'uu ni dabalata.
- 3) Liqiin yeroon aaragalfii kennameef, addaan citee yookiin bakka isaa akka turuuf waliigaltee irra ga'amee akka liqii yeroon isaa ga'ee fi kaffalamuu qabutti hin ilaalamu.
- 4) Akkaataan keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) tiin liqiin akka yeroon isaa ga'ee fi kaffalamuu qabutti kan ilaalamu, abbaan liqaa akkaataa seeraan barbaadamuun akeekkachiisa of-eeggannoo kaffaltii erga kennee booda qofa ta'a.

Keewwata 591 Guyyaa Kaffaltiin Itti Adda Cituu Murteessuu

- 1) Manni Murtii yeroo dhimmicha dhaggeeffachuuf falmii banuu abbaan idaa kaffaltii dhaabuu fi dhiisuu isaa mirkaneessee guyyaa kaffaltiin itti dhaabbatu ni murteessa.
- 2) Manni murtichaa akka fedhii isaatti dhimmaa fi hojii abbaan idaa qabu qorachuuf qorataa muuduu ni danda'a. Qorataan akkasitti mudame yoo dursanii mudamaniiru ta'ee gargaarsa to'ataa irra deebiin gurmaa'uu yookiin abbaa imaanaa kasaaraa gaafachuu ni danda'a.
- 3) Manni Murtiichaa yeroo dheereffannaa yoo kenne malee odeeffannoon qorataan walitti qabame hundi guyyoota soddoma keessatti mana murtiif dhiyaachuu qaba.
- 4) Adeemsi erga banamee booda waggaa tokko keessatti to'ataan irra deebiin gurmaa'uu, abbaan imaanaa kasaaraa, too'ataan kamiyyuu, Abbaan Alangaa yookiin abbaan liqaa guyyaa kaffaltiin itti dhaabbatu irra deebiin madaaluu fi irra deebiin murteessuuf iyyata mana murtiif dhiyeessu ni danda'a. Manni

murtiis dhimma kanaaf ogeessa dhimmaa fi sochii abbaa idaa qabu qorachuuf muuduu ni danda'a.

- 5) Bu'uura Keewwata kana keewwata Xiqqaa (1)tiin manni murtii guyyaa kaffaltiin itti dhaabbatedha jechuun kan murteesse irraa eegalee hanga guyyaa falmiin itti banameetti yeroon jiruu akka yeroo shakkiitti ilaalama. Yeroon shakkii ji'oota kudha saddeet (18) caalu hin danda'u.

Keewwata 592 Gaaffii Dursa Kanfaltii dadhabuu

- 1) Kaayyoo kitaaba kanaatiif, gaaffii dursa kanfaltii dadhabuu jechuun gaaffii kaffaltii kamiyyuu falmiin adeemsa gurmaa'insaa irra deebiin banamuu isaa dura, yookiin adeemsi kasaaraa murteessuu calqabuun dura, akka haala isaatti, dhala irratti argamu dabalatee, kanfaltiin kun yeroon isaa ga'uu fi kaffalamuu isaanii osoo hin ilaalin dura ka'an hunda ni dabalata.
- 2) Waliigalteewwan itti fufanii jiran yoo ta'an, gaaffiin adeemsa irra deebiin gurmaa'uu yookiin adeemsi kasaaraa murteessuu erga banamee booda raawwii waliigaltee itti fufiinsa qabu irraa kan ka'e, akka haala isaatti gaaffii kaffaltii dadhabuu boodaa ta'uu danda'a.
- 3) Waliigalteewwan adeemsifamaa jiran to'ataa irra deebiin gurmaa'uu yookiin abbaa imaanaa kasaaraatiin yoo addaa citan, adabbiin fi kanfaltii beenyaa biroo addaan cituu irraa maddu akka gaaffii kaffaltii dadhabuu duraatti ilaalama.

Boqonnaa Sadii

Qabiinsa Waliigalteewwan Itti Fufanii Jiran

Keewwata 593 Waliigalteewwan Itti Fufanii Jiran Itti Fufuu Yookiin Addaan Kutuu

- 1) Adeemsi ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu fi kasaaraa banamuun itti fufiinsa waliigalteewwan adeemsifamaa jiran irratti dhiibbaa hin qabatu.
- 2) Waliigalteewwan itti fufanii jiran waliigalteewwan, kanneen akka, garuu kanneen kanaan hin daangeffamne, waliigalteewwan tajaajila barbaachisoo fi liizii qabeenya daldalaa hin sochoone, iddoowwan qaama isaanii ta'anii fi ofii

isaatiin yookiin maatii isaatiin qabame dabalatee, abbaa liqaa fi liqeeffataa tokko yookiin isaa ol jalatti hojii isaa itti gaggeessu kan yeroo falmiin banamu yoo xiqqaate gareen tokko ammallee dirqama waliigaltee sanaaf adda ta'e raawwachuu qabu yoo jiraate dha.

- 3) Tumaan waliigaltee faallaa ta'e jiraatus, abbootiin liqaa sababoota armaan gadii qofaan liqeessaa irratti miidhaa geessisuuf karaa kamiinuu waliigaltee haquun yookiin addaan kutuun, saffisiisuun yookiin jijjiiruun hin hayyamamu:
 - (a) falmiin adeemsa ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu fi kasaaraa murteessuu akka banamuu gaaffii dhiyeessu; yookaan
 - (b) Gaaffii tarkaanfiiwwan raawwachiisummaa dhuunfaa yeroo tokko akka dhaabbatu, yookiin bu'uura adeemsa ittisa caaseffama irra deebii keessatti turtii akkasii kennuu.
- 4) Haalota armaan gadii keessatti to'ataan olaanaa of eggannof liqaa irra deebiin gurmeessuu yookiin abbaan imaanaa qabeenya kasaaraa waliigaltee itti fufee jiru addaan kutuu ni danda'a:-
 - (a) Hojimaata irra deebiin gurmeessuu yoo ta'e, abbaan idaa yookiin hojimaata kasaaraa muurteessuu yoo ta'e, qabeenya sun waliigaltee itti fufee jiruun itti fufuuf maallaqa kan hin qabne yoo ta'e;
 - (b) Itti fufiinsi waliigaltee adeemsifamaa jiru adeemsa irra deebiin gurmaa'uu yoo ta'e abbaa idaaf yookiin falmii kasaaraa murteessuu yoo ta'e qabeenyaaf faayidaa kan hin qabne yoo ta'e; Yookaan
 - (c) Ariitiin addaan cituun kun dantaa abbootii liqaa haala hin malleen kan hin miine yoo ta'e dha.
- 5) Abbootiin liqaa itti fufiinsa waliigaltee itti fufee jiru akka murteessu to'ataa irra deebiin gurmaa'uu yookiin abbaa imaanaa kasaaraa gaafachuu ni danda'u. To'ataan irra deebiin gurmaa'uu yookiin abbaan imaanaa kasaaraa waliigaltee itti fufee jiru itti fufuu yookiin addaan cituu irratti murteessu murtii isaa gaaffii akkasii guyyaa fudhatee irraa eegalee guyyoota kudha shan walitti aanan keessatti abbootii liqaadhaaf ni beeksisa. Beeksisa akkanaa yoo hin kennine waliigalteen adeemsifamaa jiru akka addaan citetti fudhatama.

- 6) Waliigalteewwan itti fufanii kan jiran yoo ta'ee, to'ataan of eggannoof liqaa irra deebiin gurmeessuu keessa jiru yookiin abbaan imaanaa kasaaraa abbaan idaa qabu dirqama waliigalteedhaan qabu raawwachuu isaa ni mirkaneessa.
- 7) Abbootiin liqaa gaaffii dursa kanfaltii dadhabuu bu'uura waliigalteetiin ka'u kamiyyuu akka haal-duree dursa waliigaltichi itti fufiinsa qabachuu qabuutti gaafachuu hin danda'an.

Keewwata 594 Mormii

- 1) Abbootiin liqaa murtii waliigaltee itti fufee jiru itti fufuu yookiin addaan kutuu irratti mormii dhiyeessuu ni danda'u. Mormiin akkanaa guyyaa murtiin to'ataa irra deebiin gurmaa'uu yookiin abbaa imaanaa kasaaraan kenname irraa eegalee guyyoota torba walitti aanan keessatti dhiyaachuu qaba.
- 2) Mormiin kamiyyuu erga dhiyaatee guyyoota walitti aanan torba keessatti abbaa murtii to'annootiin murtaa'uu qaba.
- 3) Murtii abbaan murtii to'annoo kennee irratti guyyaa murtiin kennamee irraa eegalee guyyoota kudhan walitti aanan keessatti ol'iyyannoon mana murtiitti dhiyaachuu ni danda'a.

Keewwata 595 Tumaalee Biroo Liizii Daldalaa Qabeenya Hin Sochoone Ilaallatan

- 1) Labsii kana keewwata 593 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee liiziin daldalaa qabeenya hin sochoone itti fufee kan jiru yoo ta'ellee, tumaaleen waliigaltee yeroon sun osoo hin xumuramin dura hatattamaan kaffaltii liizii akka raawwatamuu tumame kamiyyuu adeemsa irra deebiin gurmeessuu keessatti yeroo ilaalchaa ji'oota afran jalqabaa keessatti yookiin falmii kasaaraa murteessuu yoo ta'e immoo yeroo itti fufiinsa adeemsa keewwata 744 jalatti tumamee keessatti rawwatinsa hin qabaatu.
- 2) Liiziin daldalaa qabeenya hin sochoone kan itti fufe yoo ta'e, fi kireessaan yeroo liiziin mallattaa'etti kaffaltii kiraa waliigalaa kan argate yoo ta'e yookiin kaffaltii akkasiitiif wabii gahaa kan argate yoo ta'e, kireeffataan erga adeemsi banamee booda kaffaltii kiraa ammaa fi darbe kamiyyuu gaafachuu hin danda'u.

- 3) Haalli waliigalticha keessatti ibsame kan biroo yoo jiraate iyyuu, abbaan imaanaa qabeenya kasaaraa yeroo hafeef liizii kennuu ni danda'a; Haa ta'u malee tajaajilli bakki daldalaa kennu jijjiiramuu hin danda'u. Yeroo barbaachisaa ta'etti abbaan murtii to'annoo tajaajilaa jijjiirraa hayyamuu ni danda'a.

Keewwata 596 Haalawwan Addaa

Labsii kana keewwata 593 jalatti kan tumame jiraatus waliigalteewwan armaan gadii seerota dhimmi ilaallatuun kan bulfaman ta'u:

- 1) Waliigalteewwan hojii;
- 2) Waliigalteewwan baankii fi inshuraansii;
- 3) Waliigalteewwan bulchiinsaa;
- 4) Waliigalteewwan gabaa aksiyoonaa dabalatee bu'uura gabaa faayinaansii keessatti mallattaa'an.

Boqonnaa Afur

Mirgootaa Fi Dantaalee Abbootii Idaa

Keewwata 597 Eegumsa Dantaalee Abbootii Idaa

- 1) Qajeeltoon adeemsa falmii waliigalaa kitaaba kana keessatti kaa'ame dantaa seera qabeessa abbootii liqaa eeguudha.
- 2) Adeemsi ittisa caaseffama irra deebii keessatti karoorri caaseffama haaraa abbootii liqaa dhimmicha keessa jiran hundaan sagalee guutuun ragga'uu qaba.
- 3) Sirna irra deebiin gurmeessuu keessatti karoorri irra deebiin gurmeessuu sagalee caalmaa murtaa'een abbootii liqaa dhimmi ilaallatuun ragga'uu qaba; Akkasumas, sochiin daldalaa itti fufuuf gurgurtaan daldalaa sagalee caalmaa abbootii liqaatiin ragga'uu qaba.
- 4) Adeemsa kasaaraa murteessuu keessatti Murteen dhabbatichi sochii daldalaa irra osoo jiruu dhaabbaticha guutuu yookiin kutaa guddaa isaa gurguruu sagalee caalmaa abbootii liqaatiin ragga'uu qaba.

Keewwata 598 Hirmaannaa Abbootii Liqaa

Abbootiin liqaa yeroo falmii akka waliigalaatti yaada isaanii dhiyeessuu fi yeroo manni murtii dhimmoota ilaalu dhaggeeffachuuf mirga qabu.

Keewwata 599 Mirgoota Odeeffannoo

- 1) Abbaan liqaa, gareen abbootii liqaa, kutaan abbootii liqaa yookiin walgahii waliigalaa abbootii liqaa odeeffannoo barbaachisaa ta'e hunda ogeessota damee gurmaa'insa haaraa, to'ataa of eggannoof liqaa irra deebiin gurmaa'uu fi abbaa imaanaa kasaaraa murteessuu keessa jiru irraa gaafachuuf mirga ni qabu.
- 2) Gaaffiin akkanaa barreeffamaan dhiyaachuu kan qabuu yoo ta'u, ogeessi damee ittisa caaseffama irra deebii, to'ataan irra deebiin gurmaa'uu fi abbaan imaanaa kasaaraa murteessuu keessa jiru gaaffii akkanaa erga fudhatee guyyoota kudhan walitti aanan keessatti deebii kennuu qaba, akkasumas gaaffii sana saffisaan deebisuu garaagahuu qaba.
- 3) Gaaffiin tokko sababa kan hin qabne yookiin garmalee ba'aa kan ta'uu yoo ta'e, ogeessi damee ittisa caaseffama irra deebii, to'ataan irra deebiin gurmaa'uu fi abbaan imaanaa kasaaraa murteessuu gaaffii akkasii diduu ni danda'u.

Boqonnaa Shan

Aangoo

Keewwata 600 Aangoo Biyyoolessaa

- 1) Manni murtii Itiyoophiyaa keessa adeemsa ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu fi kasaaraa murteessuu irratti aangoo qabu Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa bakka waajjirri dhaabbatichaa itti galmaa'ee, bakka teessoon mana jireenyaa nama dhuunfaa yookiin nama mirga seeraa qabu itti argamu dha.
- 2) Manni murtii adeemsa ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu fi kasaaraa murteessuu bane dhimmoota kallattiin hojimaata kana irraa ka'anii fi isaan waliin walitti hidhatan, kanneen akka dhimmoota armaan gadii irratti aangoo qaba:
 - (a) karoora irra deebiin qidaa'uu fi gurmaa'uu;

- (b) Gurgurtaa dhaabbata hojii itti fufee jiru raggaasisuu;
- (c) waliigalteewwan itti fufanii jiran;
- (d) itti gaafatamummaa abbootii murtii to'annoo, imaanaa kan qabeenya liqii qaban, to'attootaa fi daayreektaroota;
- (e) Gaaffii kaffaltii dhiyeessuu, mirkaneessuu fi fudhachuu;
- (f) Mirgoota qabeenya irraa maddan;
- (g) Waldandeessisuu;
- (h) gurgurtaa yookiin dabarsuu qabeenya;
- (i) Gaaffii tartiiba kaffaltii;
- (j) galii gurgurtaa irraa argamu raabsuu;
- (k) gochoota seerummaa dhabsiisuu;
- (l) waliigalteewwan mirkaneessuu fi raawwachiisuu;
- (m)abbaa idaa qabu gadhiisuu;
- (n) adeemsa falmii cufuu

Keewwata 601 Garee Kaampaanotaa Fi Qindoominaa Adeemsaa

- 1) Tokkoon tokkoon dhaabbilee qaama seerummaa qabanii kan garee kaampaanotaa keessatti argamanii fi qabeenya isaanii of danda'ee kan turu ta'a. Manni Murtichaa falmii qaama garee dhaabbilee tokkoo fayyaduuf jecha baname qaama seera qabeessa yookiin nama umaamaa kan biraatti falmii dheeressuu hin danda'u.
- 2) Manni Murtii jalqaba garee kampaanootaa keessaa dhaabbilee tokkoof falmii kan bane yoo ta'ee miseensota garee biroof falmii banuuf aangoo tooraa ni qabaata; Manni Murtichaa adeemsa garee hundaaf to'ataa irra deebiin gurmaa'uu yookiin abbaa imaanaa nama qabeenya nama kasaaree eeguu walfakkaatu muuduu ni danda'a.
- 3) Adeemsii dhaabbilee seera qabeessa lamaa fi isaa ol ilaallatu garee kaampaanota tokko keessatti jiranii mana murtii Itiyoophiyaa tokko yookiin isaa olitti kan baname yoo ta'e, hanga danda'ametti Manneen Murtii, to'attootnii irra deebiin gurmaa'uu fi abbootiin imaanaa qabeenya nama kasaaree bulchanii dhimmoota karoora irra deebi'anii gurmeessuu

qopheessuu yookiin dhaabbatichii akka hojiirra jirutti gurgurtaaf haala mijeessuudhaaf walii tumsuu fi wal deeggaruu qabu.

- 4) Tumsaa fi qindoominni Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (3) jalatti ibsame, karaa Manni Murtii, to'ataan irra deebiin gurmaa'uu fi abbaan imaanaa qabeenya nama kasaaree bulchuu barbaachisaadha jedhee yaadeen kan raawwatamuu ta'ee, keessumaa karaa armaan gadiin raawwatamuu ni danda'aa.

- (a) to'attoota irra deebiin gurmaa'uu fi abbootii imaanaa qabeenyaa nama kasaaree bulchan qindoominaan muuduu keessatti;
- (b) odeeffannoo barbaachisaa ta'e kamiyyuu waljijjiiruu kessatti;
- (c) bulchiinsaa fi hordoffii qabeenyaafi dhimma miseensota garee irratti;
- (d) dhageettiin dhimmootaa yeroo gaggeeffamuu;
- (e) qindoomina karoora irra deebiin gurmaa'uu addunyaa raggaasisuu keessatti yookiin daldallii osoo itti fufee jiruu qaamolee hundaaf yookiin qamolee adda addaa garichaaf gurguruu keessatti

Keewwata 602 Aangoo Idil-addunyaa Baniinsa Adeemsa fi Kenniinsa Murtiileen Walqabatan

- 1) Manneen Murtii Itiyoophiyaa wiirtuun dantaa ijoo abbaa idaa Itiyoophiyaa keessatti kan argamu yoo ta'e falmii bu'uura banuuf aangoo ni qabaatu; Giddu-galli dantaa ijoo bakka abbaan idaa qabu bulchiinsa dantaa isaa dhaabbataadhaan itti gaggeessuu kan qaama sadaffaatiin mirkanaa'uu danda'u ta'a; Kaampaanii yookiin nama seeraan namummaa argate yoo ta'e, ragaan faallaa kanaa yoo hin jiraanne, bakki mana hojii itti galmaa'e wiirtuu faayidaa isaa isa ijoo ta'ee fudhatama; Nama uumamaa yoo ta'e, ragaan faallaa kanaa yoo hin jiraanne bakki hojii ijoo isaa wiirtuun dantaa isaa ijoo ta'ee fudhatama.
- 2) Murtiin falmii ittisaa gurmaa'insa, adeemsa gurmaa'insa haaraa fi falmii kasaaraa banuuf abbaa idaa giddugala dantaa ijoo isaa Itiyoophiyaatii qabu ilaalchisee kan kenname bu'aa addunyaaleessaa ni qabaata.

- 3) Bakki daldalaa abbaa qabeenyaa kamiyyuu Itoophiyaa keessatti kan argamu yoo ta'e, Manneen Murtii Itiyoophiyaa qabeenya biyyattii keessatti argamuun walqabatee falmii banuuf aangoo qabu; Bakka hojii jechuun bakka hojii abbaan idaa namootaa fi qabeenyaatti fayyadamee hojii dinagdee yeroof hin taane itti raawwatudha.
- 4) Abbaa idaa Itiyoophiyaa keessaa bakka hojii qabuu ilaalchisee bu'aan daangaa adeemsa naannoo qabeenya abbaa idaa naannoo Itiyoophiyaa keessatti argamu qofa irratti kan daangeffame ta'a.
- 5) Manneen Murtii Itiyoophiyaa gochoota kallattiin adeemsa akkanaa irraa maddaniiifi akkaataa labsii kana keewwata 600(2) jalatti ibsameen isaan waliin walitti dhiyeenyaan hidhata qaban ilaalchisee murtii kennuuf aangoo ni qabaatu.

Keewwata 603 Murtii Idaa Kaffaluu Dadhabuu Waliin Walqabatan Dabalatee Murtii Biyya Alaaf Beekamtii Kennuu

- 1) Hojimaata ittisa caaseffama irra deebii, hojimaata irra deebiin gurmeessuu fi hojimaata kasaaraa murteessuu akka banamuuf murtiin abbaa taayitaa biyyattiin kennamee kamiyyuu, akkasumas murtiiwwan liqaa kaffaluu dadhabuu waliin walqabatan, haal-duree armaan gadii yoo guutaman qofa aangoo Itiyoophiyaa keessatti beekamtii kan argatu ta'a :
 - (a) murtiin biyya alaa kun, qajeeltoowwan bu'uura sirna haqaa biyyattii dabalatee sirna mootummaa Itiyoophiyaa kan hin faallessinee yoo ta'ee;
 - (b) Murtiin biyya alaa waliin dhahuun kan hin argamne yoo ta'e;
 - (c) Murtiin biyya alaa akkaataa seerota waldhabdee aangoo Itiyoophiyaatiin Mana Murtii aangoo seeraa qabuun kan kenname yoo ta'ee;
 - (d) murtiin biyya alaa kun waliigalteewwan idil-addunyaa yookiin waliigalteewwan Itiyoophiyaan mallatteessite waliin kan walsimu yoo ta'ee;

- (e) Ityoophiyaatti abbaa idaa sana ilaalchisee adeemsi ittisaa gurmaa'insa, adeemsi gurmaa'insa haaraa fi falmiin kasaaraa baname kan hin jirree yoo ta'ee;
 - (f) Murtiin biyya alaa falmii qaamolee walfakkaataa gidduu jiru ilaalchisee murtii Itiyoophiyaatti kenname waliin kan wal hin faallessine yoo ta'e;
 - (g) Raawwatamummaan murtii biyya alaa falmii adeemsa kasaaraa banuuf kennamee qabeenya abbaa idaa Itiyoophiyaa keessatti qabuu irratti qofa kan dangeffamee yoo ta'e;
 - (h) murtiin biyya alaatti kennamee bu'aa kan qabuu fi biyya iddoo murtiin sun kennamee keessatti raawwatiinsa kan qabu yoo ta'ee;
 - (i) Murtii biyya alaa beekamtii kennuu fi raawwachiisuun bulchiinsa falmii kaffaltii dadhabuu abbaan idaa qabu gidduu hin seenu yookiin falmii idaa kanfalu dadhabuu abbaa idaa tokko ilaallatu Itiyoophiyaa keessatti eegalame irratti ajaja akka turuu yookiin ajaja biroo kennameen kan wal hin faallessine yoo ta'ee dha.
- 2) Murtii ittisa caaseffama irra deebii, irra deebiin gurmeessuu, kasaaraa fi kanfaltii idaa dadhabuu akkasumas idaa kanfalu dadhabuu waliin walqabatee jiru ilaalchisee murtii biyya alaatti kennameef beekamtii kennuu fi raawwachiisuuf iyyanni yeroo dhiyaatu ragaaleen armaan gadii Mana Murtiitti dhiyaachuu qabu:
- (a) Murtii biyya alaa kaffaltii dadhabuu waliin walqabatee kenname ilaalchisee waraabbii mirkanaa'e; fi
 - (b) Murtiin sun biyya itti kenname keessatti raawwatiinsa kan qabuu ta'uu isaa mirkaneessuuf sanadoota barbaachisan kamiyyuu; Yookaan
 - (c) keewwata kana keewwata xiqqaa (2) keewwata xiqqaa (a) fi (b) jalatti ragaan ibsame yoo hin jiraanne, dhimmoota sana irratti ragaan biroo Manneen Murtii Itoophiyaa biratti fudhatama qabu kamiyyuu dhiyaachuu danda'a.
- 3) Akkaataa waliigalteewwan yookiin konveenshiniwwan idil-addunyaatiin, to'ataan adeemsa irra deebiin gurmeessuu fi eegduun qabeenya kaasaaraa

murtii mootummoota biyya alaa irratti hundaa’uun gaaffii kaffaltii gibiraa yookiin gibira gumurukaa fi adabbii hin fudhatu.

Boqonnaa Jaha

Namootaa Fi Qaamolee Adeemsicha Raawwachuuf Itti Gaafatamummaa Qaban Keewwata 604 Aangoo Mana Murtii Sirna Kasaaraa

- 1) Manni Murtii falmii irra deebiin gurmaa’uu yookiin adeemsa kasaaraa bane adeemsa hunda ni to’ata, dhimmoota aangoo abbaa murtii to’annootiin ala ta’an irratti ajaja ni kenna; Ajaja abbaa murtii to’annoo irraa ol’iyyannoo dhiyaatu ni ilaala.
- 2) Manni Murtichaa dhimmoota seera kana keewwata 600(2) jalatti ibsaman dabalatee dhimmoota adeemsa irra deebiin gurmaa’uu fi adeemsa kasaaraa waliin walqabatan hunda ilaaluu fi murteessuuf aangoo ni qabaata.

Keewwata 605 Muudama Abbaa Murtii To’annoo

Manni Murtichaa murtii adeemsa gurmaa’insa irra deebii fi adeemsa kasaaraa banuuf kenne keessatti abbaa murtii to’annoo ni muuda. Abbaan murtii to’annoo miseensota Mana Murtii keessaa filatamuu ni danda’aa garuu miseensa Mana Murtii falmii kana banu ta’uu hin danda’uu.

Keewwata 606 Angoo Abbaa Murtii To’annoo

Abbaan murtii to’annoo aangoo armaan gadii ni qabaata:-

- 1) himannaa kaffaltii dadhabuu duraa qabeenya irratti dhiyaatu ni fudhata;
- 2) Qabeenya kunuunsuuf tarkaanfiiwwanii barbaachisan hunda ni fudhataa yookiin qaama dhimmi ilaallatuun akka fudhatamu ni taasisa.
- 3) daldala yookiin waliigaltee adeemsa hojii idileetiin ala ta’e ni hayyama;
- 4) waliigalteewwan adeemsifamaa jiran itti fufuu yookiin addaan cituu irratti ni murteessa;
- 5) himannaan kaffaltii dadhabuu duraa akka kaffalamu ni hayyama;
- 6) Waldhabdee akkaataa gosootni abbootii liqaa itti caaseffaman irraa maddan irratti murtii kennuu.

Keewwata 607 Ajaja Abbaa Murtii To’annoo

Ajajni abbaa murtii to'annootiin kennamee osoo hin tursiifamin galmee Mana Murtii keessatti kan galfamu yoo ta'u, xalayaa mirkanaa'een yookiin karaa elektirooniksii fudhataan fudhachuu isaa mirkaneessuu danda'u kamiiniyyuu qaamolee dhimmi ilaallatuuf guutummaatti kan beeksifamu ta'a.

Keewwata 608 Abbaa Murtii To'annoo Bakka Buusuu

Manni murtichaa yeroo kamiyyuu fedhii isaatiin sababa sirrii ta'eef abbaa murtii to'annoo tokkoo abbaa murtii to'annoo biraatiin bakka buusuu ni danda'a.

Keewwata 609 Raawwatamummaa Murtii

Murtii fi ajajni mana murtii kasaaraa yookiin abbaa murtii to'annootiin kennamee hunduu battalumatti raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 610 Ogeessota adeemsa Irra Deebiin Gurmaa'uu fi Kasaaraa

To'ataan irra deebiin gurmaa'uu fi abbaan imaanaa qabeenya kasaaraa miseensota ogummaa barbaachisaa walfakkaataa qaban keessaa ni filatama.

Keewwata 611 Waa'ee to'annoo Namootaa fi Qaamolee Falmii Keessatti Muudamanii

- 1) Ogeessi ittisa caaseffama irra deebii, to'ataan adeemsa irra deebiin gurmeessuu fi eegduun qabeenya kaasaaraa naamusaa ogummaa fi ulaagaalee naamusaa ogummaa isaanii wajjin walqabatan kabajuuf dirqama qabu.
- 2) Namootaa fi qaamolee dabalataa adeemsa falmii keessatti muudaman irra caalaatti to'achuuf dambiin addaa ni ba'a.

Keewwata 612 Ulaagaalee To'attoota Irra Deebiin Gurmaa'uu fi Abbootii Amaanaa Qabeenya Nama Kasaaree Eeganii

- 1) Manni murtichaa miseensota ogummaa seeraa, herregaa, odiitii, faayinaansii, hoggansaafi kan kana fakkaatan gahumsa qaban keessaa muuxannoo barbaachisaa qaban keessaa to'attoota gurmaa'insa haaraa fi abbootii amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganii ni muuda; Dhimmoota barbaachisoo ta'an keessatti manni murtichaa namni murtaa'e tokko hojii isaa gahumsaan raawwachuuf gahumsa barbaachisu qaba jedhee yoo itti fakkaate miseensota ogummaawwan biroo irraa muuduu ni danda'a.

- 2) Dambiiwwan addaa dhimmoota akka gahumsaa, dandeettii, kenniinsa hayyama, to'annoo, itti gaafatamummaa, hojii gadhiisuu fi naamusaa ogummaa to'attoota irra deebiin gurmeessuu fi abbootii amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganii irratti ni ba'a.

Keewwata 613 Gahumsaa fi Qulqullina To'attoota Irra Deebiin Gurmaa'uu fi Abbootii Amaanaa Qabeenya Nama Kasaaree Eeganii

To'attootni irra deebiin gurmaa'uu fi abbootiin amaanaa qabeenya nama kasaaree eegan keessa jiran:

- 1) hojii itti muudaman raawwachuu fi aangoo isaaniif kenname hojiirra oolchuuf gahumsa qabaachuu qaba;
- 2) amanamummaa, loogii malee fi walabummaadhaan hojjechuu qaba;
- 3) Gahumsa dhabuu, dagannoon, gowwomsuu yookiin gocha badaa biro yoo raawwatee mana murtiin kaafamuu qaba.

Keewwata 614 Itti Gaafatamummaa To'attoota Irra Deebiin Gurmaa'uu fi Abbootii Amaanaa Qabeenya Nama Kasaaree Eeganii

- 1) to'attootni irra deebiin gurmaa'uu fi abbootiin amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganii:
 - (a) hojii isaanii raawwachuu keessatti akka abbootii aangoo mootummaa ta'aniitti fudhatamuu;
 - (b) of eeggannoo barbaachisu hundaa gochuun hojiiwwan isaanii raawwachuu qabu;
 - (c) Sababoota itti gaafatamummaa biroo boqonnaa kana keessatti ibsaman yookiin dambiiwwan birootiin ibsaman akkuma jirutti ta'ee dagannoon guddaan yookiin itti yaaduun badii uumaniif itti gaafatamummaa qabu.
- 2) To'attoota fi abbootii amaanaa duraa duubaan to'attoota irra deebiin gurmaa'uu fi abbootii amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganii bakka bu'an, too'ataa, abbaa alangaa fi falmii irra deebiin gurmaa'uu keessatti abbaan idaa qabu himannaa itti gaafatamummaa to'attoota irra deebiin gurmaa'uu fi abbootii amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganii irratti mana murtii dhimmicha ilaaluuf qofaatti aangoo qabutti dhiyeessuu danda'uu.

- 3) Bu'ura keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) tiin himanni kamiyyuu falmiin erga xumuramee waggaa tokko keessatti yoo hin dhiyaanne darbinsa yeroon kan dhorkame ta'a. Yeroon akkasii addaan hin cituu yookiin yeroof hin dhaabbatuu.

Keewwata 615 Namoota To'attoota Irra Deebiin Gurmaa'uu Fi Abbootii Amaanaa Qabeenya Nama Kasaaree Eeganii Ta'anii Muudamuu Hin Dandeenye

- 1) Namoonni armaan gadii to'attoota irra deebiin gurmaa'uu fi abbootii amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganii ta'anii hin muudaman:-
- (a) Itiyoophiyaattis ta'e biyya biraa keessatti yakka amantaa hir'isuu yookiin gowwomsuutiin walqabatee namni adabamee kamiyyuu;
 - (b) Namni adabbii yakkaa mirga lammummaa isaa daangessuun itti murtaa'e kamiyyuu;
 - (c) abbaa aksiyoona, hogganaa yookiin daayreektaraa Liqii qabu kamiyyuu;
 - (d) Namni kamiyyuu fooniin yookiin gaa'ilaan hanga sadarkaa afraffaatti,, abbaa aksiyoona, hogganaa yookiin daayreektaraa liqaa qabuu waliin firooma qabu kamiyyuu;
 - (e) Namni abbaa liqaa qabuu irraa maallaqa gaafatu kamiyyuu,
 - (f) Nama waldhabdee dantaa qabu yookiin qabaachuu danda'u kamiyyuu.
- 2) To'attootni irra deebiin gurmaa'uu fi abbootiin amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganii qabeenya abbaan idaa qabu kamiyyuu bittaa yookiin karaa birootiin argachuu hin danda'anii. Tuma kana cabsuun qabeenyi argame kamiyyuu bu'aa tokkollee hin qabu. To'attootni irra deebiin gurmaa'uu fi abbootiin amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganii seera kana cabsan aangoo isaanii irraa ni kaafamu.

Keewwata 616 Waa'ee Kaffaltii To'attoota Irra Deebiin Gurmaa'uu Fi Abbootii Amaanaa Qabeenya Nama Kasaaree Eeganii

- 1) Walxaxiinsa dhimmichaa ilaalcha keessa galchuun to'attoota irra deebiin gurmaa'uu fi abbootii amaanaa qabeenya nama kasaaree eeganiif kaffaltiin

madaalawaa hojii isaanii raawwachuu gargaaruu fi aangoo isaanii hojiirra oolchuuf fayyadamuu ni kaffalamaaf.

- 2) Manni murtichaa falmii irra deebiin gurmeessuu yookiin kasaaraa banuuf murtii kenname keessatti kaffaltii madaalawaa ni murteessa.
- 3) Manni murtii akkaataa iyyannoo to'ataa irra deebiin gurmeessuu, eegduu qabeenya nama kasaaree, hogganaa abbaa liqii qabu yookiin liqeessaa irratti hundaa'uun haala jiru ilaalee kaffaltii irratti sirreeffama madaalawaa taasisuu ni danda'a.
- 4) To'ataan irra deebiin gurmaa'uu fi eegduun qabeenya nama kasaaree qabeenya sana irraa baasii fi beenyaa miidhaa isaaniif kaffalamuun alatti maallaqa argachuu hin qaban.
- 5) Akkaataan bal'ina kaffaltii isaa seera biroottiin murtaa'uu danda'a.

Mata Duree Lama

Adeemsa Of-Eeggannoof Liqaa Irra Deebiin Caasessuu

Keewwata 617 Baniinsa Adeemsa Of-Eeggannoof Liqaa Irra Deebiin Caasessuu

- 1) Adeemsi of-eeggannoof liqaa irra deebiin caasessuu kan banamu iyyata abbaa idaa, kaffaltii idaa hin dhaabne yookiin kaffaltii dhaabee booda guyyoota afurtamii shan hin guunnee fi qabatamaan rakkoon dinagdee yookiin maallaqaa isa mudate yookiin isa mudachuu danda'a jedhamee eegamu qofan ta'a.
- 2) Abbaan idaa ibsa faayinaansii isaa isa haaraa, xalayaa haala rakkoo maallaqaa isaa fi akkaataa itti furamuu ibsuu, akkasumas tilmaama maallaqa dhangala'aa mana murtii adeemsa kasaaraa ilaaluuf ni dhiyeessa; Manni Murtichaa sanadootaa fi odeeffannoo dabalataa barbaachisaa ta'ee itti fakkaate akka kennu abbaa idaa ajajuu ni danda'a; akkasumas qaama sadaffaa kan akka baankotaa yookiin abbaan taayitaa taaksii akka kennan ajajuu ni danda'a.
- 3) Seerotni Itoophiyaa dirqisiisoo ta'an akkuma eegamanitti ta'ee, caaseffamnii irra deebii qabiyyee, haala yookiin caasaa qabeenyaafi dirqama Liqeeffataa yookiin kutaa caasaa kaappitaalaa Liqeeffataa kamiyyuu yookiin gurgurtaa qabeenya yookiin kutaalee Daldalaa yookiin hojii daldalaa waliigalaa

liqeeffataa jijjiiruu, akkasumas jijjiirama barbaachisaa ta'e kamiyyuu keessatti gochuu, adeemsa daldalaa yookiin kutaa isaa kamiyyuu of keessatti hammachuu danda'a.

Keewwata 618 Turtii Adeemsichaa

- 1) Karoorri of-eeggannoof liqaa irra deebiin caasessuu ji'a afur keessatti liqeessitoota dhimmi ilaallatu waliin xumuramuu qaba.
- 2) Keewwata kana keewwata (1) jalatti kan tumame jiraatus; Abbaan liqaa karoorri of-eeggannoof liqaa irra deebiin caasessuu liqeeffattoota dhimmi ilaallatu biratti fudhatama argachuuf carraan isaa guddaa ta'uu isaa yoo mirkaneesse, manni murtii yeroon akka dheeratu hayyamuu ni danda'a; Yeroon waliigalaa karoorichii dheeressuu fi haquu dabalatee itti xumuuramuu ji'a saddeet caalu hin qabu.
- 3) Dirqamni abbaan idaa falmii kasaaraa banuuf qabu yeroo falmiin of-eeggannoof liqaa irra deebiin caasessuu gaggeeffamutti yeroof ni dhaabbata.

Keewwata 619 Muudama Ogeessa Damee Caaseffama Irra Deebii

Pirezidaantiin Mana Murtii yaada abbaan idaa dhiyeessuu irratti hundaa'uun yeroo turtii caaseffama irra deebii keessatti ogeessa damee caaseffama irra deebii adeemsichaaf ni muuda.

Keewwata 620 Ogeessa Damee Caaseffamaa Irra Deebii Bakka Bu'uu

- 1) Yeroo kamiyyuu adeemsa falmii keessatti liqeessaan ogeessi damee caaseffama irra deebiin hojjetu akka bakka buufamuuf iyyata Mana Murtiitti dhiyeessu ni danda'a.
- 2) Manni Murtichaa iyyata akkasii fedhii isaatiin kennuu ni danda'a.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatus, liqeessitoonni hojimaata caaseffama irra deebiin walqabatee gaaffii kaffaltii waliigalaa harka sadii keessaa harka lama kan qaban iyyataa muudamaa kan deggaran yoo ta'e, manni murtichaa ogeessa ni muuda.

Keewwata 621 Dirqama Ogeessa Damee Caaseffama Haaraa

- 1) ogeessi damee caaseffama irra deebii hojiiwwan armaan gadii of danda'ee raawwata:

- (a) liqeessitoota adeemsa ittisa caaseffama irra deebii irratti hirmaatan ni murteessa
 - (b) karoora caaseffama haaraa wixinuu fi mari'achuu irratti liqeffataa fi liqeessitoota ni gargaara;
 - (c) walgahii liqeessitootaa waamee ni dursa;
 - (d) karoora caaseffama haaraa irratti yeroo marii gaggeeffamutti sochiiwwan idaa qabu ni to'ata, adeemsa marii irratti yeroo yeroon Mana Murtichaaf gabaasa ni kenna;
 - (e) karoora caaseffama haaraa akka mirkanaa'uuf Mana Murtiitti ni dhiheessa; fi
 - (f) akka haala isaatti, Dhaabbata sochiirra jiru akkuma sochiirra jirutti gurgurtaaf ni qopheessa.
- 2) Ogeessi damee caaseffama haaraa hojii isaa raawwachuu keessatti:
- (a) idaa kan qabu yookiin qaamni sadaffaan kamiyyuu odeeffannoo faayinaansii yookiin herreega dabalataa barbaachisaa ta'e akka kennu ajajuu;
 - (b) haala faayinaansii fi karoora hojii abbaa idaa qabuu odiitii gochuu dabalatee ogeessota walaba ta'an ni muuda.

Keewwata 622 Mindaa Ogeessa Damee Caaseffama Irra Deebii

Waliigalteen kanfaltii abbaa idaa qabuu fi ogeessa gurmaa'insa liqaa gidduutti yoo ta'e, kaffaltiin waliigaltee irra ga'ame yeroo muudamaa mana murtiin raggaasifamuu qaba.

Keewwata 623 Iccitii eeguu

Odeeffannoo yeroo falmii wal jijjiiran dabalatee adeemsa ittisa caaseffama irra deebiin banamuu fi karoora caaseffamni haaraa iccitii cimaa ta'ee kan turu ta'a; akkasumas adeemsi Mana Murtii dhaddacha cufaadhaan kan gaggeeffamu ta'a; tumaa kana cabsuun kamiyyuu akkaataa seerota dhimmi ilaallatuun itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaa fi yakkaa ni fida.

Keewwata 624 Qabeenya Abbaa Idaa Keessa Jiraachuu

Adeemsi of-eeggannoof liqaa irra deebiin caasessuu yeroo gaggeeffamutti, abbaan idaa qabeenya abbaa qabeenyaa keessa kan turu yoo ta’u, murtii adeemsa hojii idilee keessatti kufu hunda fudhachuuf aangoo ni qabaata; Murtiin adeemsa hojii idileetiin ala ta’e kamiyyuu, kan akka gurgurtaa qabeenya qooda guddaa fi dantaa wabii uumuu, ogeessa damee casseffama irra deebii biratti dursee hayyama argachuu qaba.

Keewwata 625 Himannaawwan dhuunfaa dhuunfaan dhiyaatan adda kutuu

- 1) Marii karoora caaseffama haaraa deeggaruuf, abbaan idaa himannaa abbaan mirgaa akka kaffalamu gaafate yookiin himannaa kanfaltii dhiyessee tarkaanfii raawwachiisummaa jalqabe irratti turtii takkaaf Mana Murtiitti iyyachuu ni danda’a; Manni Murtichaa yaada ogeessa damee caaseffama haaraa dhaggeeffachuun ni murteessa.
- 2) Himannaa dhuunfaa dhuunfaan dhiyaatan adda kutuu jechuun himannaa liqeessaan tokko liqeeffata yookiin wabii liqeeffataa qaama sadaffaa irratti dhiheesse yeroodhaaf addaan kutuu jechuudha; himannaawwan addaan kutuun gaaffiiwwan liqaa wabii qabuu fi dursi kennamuufii qaban dabalatee gosoota himannaa hunda kan hammatu ta’a.
- 3) Yeroon waliigalaa turtii himannaa dhuunfaa dhuunfaan dhiyaatan addaan kutuu tarkaanfiiwwanii yeroo adeemsa of eeggannoof liqaa irra deebiin caasessuu caaluu hin qabu.

Keewwata 626 Waa’ee Liqaa Adeemsa Hojii Idilee Keessatti Uumaman Kaffaluu

- 1) Akkaataa seera kana keewwata 625 jalatti tumameen himannaa dhuunfaa dhuunfaan dhiyaatan addaan kutuu irraa kan hafe, liqeeffataan liqaa adeemsa hojii idilee keessatti uumaman hunda kan kaffalu ta’a.
- 2) Liqeeffataan adeemsa hojii idilee keessatti liqaa uumamu hunda kaffaluu akka hin dandeenye dursee yoo tilmaame, liqeeffataan adeemsi caaseffama irra deebii idaa akka banamu ni galmeessa.
- 3) Kaffaltiin yoo addaan citee liqeeffataan akkaataa labsii kana keewwata 705(2)tiin adeemsa kasaaraa iyyachuu qaba.

Keewwata 627 Karoora Of-Eeggannoof Liqaa Irra Deebiin Caasessuu Raggaasisuu

- 1) Karoorri of-eeggannoof liqaa irra deebiin caasessuu deeggarsa ogeessa damee caaseffama irra deebii liqaatiin kan qophaa’u ta’a; liqeessitoonni karoora caaseffama liqaa irra deebii qophaa’ee fooyyessuu fi yaada faallaa ta’ee dhiyeessuuf mirga qabu.
- 2) Karoorri caaseffamaa haaraa liqeessitoota dhiibbaan irra gahe hundaa kanneen adeemsa ittisaa caaseffama irra deebii liqaa keessatti hirmaatan hunda biratti fudhatama argachuu qaba.
- 3) Karoorri caaseffama irra deebii kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu danda’a:
 - (a) himannaa liqeessitoota dhiibbaan irra gahe irra deebiin saganteessuu;
 - (b) Himata kaffaltii liqeessitoota dhimmi ilaallatu dhiisuu;
 - (c) Bu’uura seerota sanada liqii kennuu ilaalchisee jiruun sanada liqii kennuudhaan gaaffii kaffaltii ni fura;
 - (d) Himata gaaffii kaffaltii liqaa abbootii mirgaa dhimmi ilaallatu gara aksiyoonaatti jijjiiruu;
 - (e) Tumaalee dirqisiisoo Seera kanaa osoo hin cabsiin,hanga kaappitaala liqaa kan liqeeffataa liqeessaatiin yookiin invastaroota qaama sadaffaatiin bitaman hir’isuu yookiin guddisuu;
 - (f) Liqueessitoota maallaqaa gaafatan yookiin invastaroota qaama sadaffaa fayyaduuf jechaa qooda aksiyoona jiruu gurguruu yookiin haaraa kennuu.

Keewwata 628 Maallaqa Haaraa Dhiyaateef Eegumsa Taasifamuu

- 1) Karoorri gurmaa’insa maallaqaa haaraa qabiyyee karoora caaseffama irra deebii keessatti dhiyaatee mana murtiin ragga’uu qaba. Maallaqaa haaraa dhiyaate jechuun karoora gurmaa’insa liqaa haaraa hojiirra oolchuuf karoora gurmaa’insa liqaa fi maallaqa haaraa liqeessitoota duraan jiraniin yookiin haaraa ta’aniin kennamee booda mana murtiin raggaasifame kamiyyuu of keessatti ni hammata.

- 2) Maallaqa haaraaf namoonni wabii ta'an maallaqichi dhiyaachuun akka waliigalaatti liqeessitoota irratti miidhaa geessisa sababa jedhuun itti gaafatamummaa siviilii, bulchiinsaa yookiin yakkaa hin qabani.
- 3) Maallaqni haaraan adeemsa kasaaraa booda kan baname yoo ta'ee liqeessitoota wabii hin qabne caalaa dursa ni qabaatu.

Keewwata 629 Karoora Caaseffama irra deebii Mana Murtiitiin Raggaasisuu

- 1) Karoorri caaseffama irra deebii Mana Murtiitiin ni ragga'a.
- 2) Manni Murtii karoora caaseffama irra deebii yeroo raggaasisuu dhimmoota armaan gadii mirkaneeffachuu qaba:-
 - (a) qabiyyee maallaqaa haaraa fi wabii qabsiifamee keessatti bu'uura faayinaansii haaraatiin dantaan qaama sadaffaa haala gahaa ta'een eegamu;
 - (b) Karoorri caaseffamaa irra deebii kun kasaaraa liqeeffataa kan ittisuu fi bu'aa qabeessummaa daldalaa kan mirkaneessuu ta'uu abdii madaalawaa qabachuu.
- 3) Karoora irra deebiin caaseffamaa idaa hojjechuu keessatti haalotni taa'an hayyama abbootii aksiyoona kan barbaadan yoo ta'e, hayyamni akkanaa akkaataa tumaalee seera daldalaatiin kan mirkanaa'uu ta'a.
- 4) Maallaqni haaraa dhiyaate kan jiru yoo ta'ee, maallaqa haaraa dhiyaate keessaa kan mirga addaa qabu murtii kennamee keessaa adda baafame koopiin isaa ummataaf ni dhiyaata.
- 5) Wabii kennitoonni karoora caaseffama liqaa bu'uura godhachuun mirga isaanii gaafachuu ni danda'u; keewwata kanaan walqabatee waldhabdeen uumamu kamiyyuu mana murtii adeemsa of eeggannoof caaseffama irra deebii liqaa baneen ni ilaalama.
- 6) Karoorri irra deebiin gurmeessuu liqaa of eeggannoo Mana Murtiin erga ragga'ee booda hojiirra oola.

Keewwata 630 Ol'iiyannoo

- 1) Liqeeffataan Murtii Manni Murtii karoora gurmaa'insa haaraa kuffisuun kennee irratti ol'iiyannoo dhiyeessuu ni danda'a.

- 2) Ol'iyyannoon akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)tiin dhiyaatu guyyaa murtiin kenname irraa eegalee guyyoota kudhan walitti aanan keessatti ta'uu qaba.

Keewwata 631 Mormii Qaamolee Sadaffaatiin Dhiyaatu

Qaamoleen sadaffaa mirga addaa faayinaansiin haaraa qabu irratti mormii Mana Murtiitti dhiyeessu ni danda'u; Mormiin kunis murtiin sun erga ifa taasifamee booda guyyaa digdama keessatti dhiyaachuu qaba.

Keewwata 632 Karoora Idaa Irra Deebiin Caasessuu Dhiisuu

- 1) Liqeeffataan akkaataa karoora caaseffama irra deebiitiin raawwachuu yoo dadhabe, abbaan mirgaa Mana Murtiichaa karoora caaseffama irra deebii akka dhiisu fi adeemsa gurmaa'insa irra deebii yookaan kasaaraa akka banamuuf iyyata dhiyeessu ni danda'a.
- 2) Adeemsi gurmaa'insa haaraa yookiin kasaaraa banamuun adeemsi caaseffama haaraa ofumaan akka addaan citu taasisa.
- 3) Karoorri caaseffama haaraa addaan cituun duubatti deebi'ee raawwatinsa hin qabu; keessumaa, abbootiin mirgaa akkaataa idaa irra deebiin caaseffameen maallaqa argatan maallaqicha ni fudhatu; maallaqichii deebifamee irraa fuudhatamuu hin danda'uu; Abbootiin mirgaa faayidaa dursa bu'uura seera kana keewwata 628tiin qaban akkaataa idaa irra deebiin caaseffameenis mirgi kuni kan itti fufu ta'a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame jiraatus, gaaffiin fooyya'insa gabatee yeroo fi yeroo haara galfii bu'uura karoora caaseffama liqaatiin dheerate kamiyyuu ofumaan hojiirra ooluu ni dhaaba; Abbootiin mirgaa akkaataa karoora caaseffamaa liqaa irra-deebiin gaaffii mirgaa isaaniif maluu fi mirga wabii dhiifamanii turan hunda ni deebifatu.

Keewwata 633 Karoora Of eeggannoof Idaa Irra Deebiin Caasessuu Fooyyessuu

- 1) Labsii kana keewwata 629 Keewwata Xiqqaa (6) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, karoora irra deebiin caasessuu erga ragga'ee booda fooyyessuuf waliigaluu ni danda'u.

- 2) Fooyya'iinsi akkanaa bu'uura seera kana keewwata 629tiin Mana Murtiitiin osoo hin mirkanaa'iin gareewwan gidduutti seera qabeessaa fi dirqisiisaa ta'u.

Keewwata 634 Adeemsa Of eeggannoof Idaa Irra Deebiin Caasessuu Gara Adeemsa Irra Deebiin Gurmaa'uu yookiin Adeemsa Kasaaraatti Jijjiiruu

- 1) Gaaffii liqeeffataa irratti hundaa'uun, xumura adeemsa of eeggannoof idaa irra deebiin caasessuu irratti karoora irra deebiin caasessuu ilaalchisee gareewwan gidduutti waliigaltee irra kan hin ga'amne yoo ta'ee, Manni Murtii adeemsa of eeggannoof idaa irra deebiin caasessuu gara adeemsa gurmaa'insa irra deebii yookiin adeemsa kasaaraatti jijjiiruu danda'a.
- 2) Manni Murtii yaada mataa isaatiin socho'uudhaan adeemsa of eeggannoof idaa irra deebiin caasessuu gara adeemsa kasaaraatti jijjiiruu kan danda'uu:
 - (a) karoorri idaa irra deebiin caasessuu Mana Murtiitiin kufaa yoo ta'ee; yookaan
 - (b) Karoorri idaa irra deebiin caasessuu yoo hafaa ta'e dha.
- 3) Ogeessi idaa irra deebiin caasessuu akkaataa seera kana keewwata 689tiin hojii daldalaa sochoosaa osoo jiruu hojii daldalaa bitachuuf gaaffiin yoo dhiyaate gaaffii abbaa idaa irratti hundaa'uudhaan Manni Murtii karoora idaa irra deebiin caasessuu gara adeemsa gurmaa'insa irra deebiitti jijjiiruu ni danda'a.

Mata Duree Sadii

Adeemsa Gurmaa'insa Irradeebii

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 635 Gaaffii Adeemsa Gurmaa'insa Irra Deebiin Akka Banamuuf Dhiyaatu

- 1) Manni Murtii adeemsa irra deebiin gurmaa'uu banuu kan danda'uu:
 - (a) Abbaa idaatiin rakkoon maallaqaa irra aanuu hin dandeenye kan isa mudate yoo ta'ee fi kaffaltii kan addaan hin kutnee yookiin kanfaltii erga addaan kutee guyyoota afurtamii shan kan hin caallee yoo ta'e;

- (b) abbaan idaa kaffaltii addaan kan kutee yoo ta'ee fi adeemsi of eeggannoof liqaa irra deebi'uun gurmeessuu kan hin xumuramne yoo ta'e gaaffii abbaa idaa yookiin abbaa alangaa tiin yoo ta'e,
 - (c) Abbaan liqaa yookiin abbaan alangaa kamiyyuu yeroo iyyannoo adeemsa kasaaraa banuuf dhiyaatutti, iyyata abbaa idaatiin gaaffiin dhiyaatee kaffaltiin kan addaan citee guyyoota afurtamii shan kan hin caallee ta'uu yoo mirkaneesse dha.
- 2) Gaaffii liqeessaa, abbaa alangaa, abbaa aangootiin yookiin Manni Murtichaa kaka'umsa mataa isaatiin liqaa amanamummaa hin qabne kanneen akka yoo liqeffattoonni qabeenya isaanii keessaa gar tokko sobaan dhoksanii, liqeessitoota murtaa'an sobaan dhiisanii, sababa tokko malee warren baasii isaanii dabalani dhiyeessanii yookiin gocha sobaa biroo yoo raawwataniif adeemsa irra deebiin gurmaa'uu banuu hin qabu.

Keewwata 636 Dirqamoota Abbaa Idaa

Abbaan idaa namootaa fi dhaabbilee sirnoota kana to'atan yookiin raawwatan waliin guutummaatti tumsuuf dirqama qaba.

Keewwata 637 Sanadoota Dhiyaachuu Qaban

- 1) Adeemsi gurmaa'insa irra deebii akka banamuuf iyyata dhihaate waliin sanadoonni armaan gadii akka dabalataatti dhiyaachuu qabu:
- (a) Madaallii herreegaa sadan dhumaa kanaa yookiin ibsa faayinaansii dhaabbata daldalaa;
 - (b) herrega bu'aa fi kasaaraa;
 - (c) Ibsa dhangala'a maallaqaa liqeessaan maallaqa of eeggannoo gahaa qabaachuu isaa agarsiisu;
 - (d) Tarree maqaa fi teessoo liqeffattootaa fi liqeessitoota daldalaa kan qabatee galii fi idaa daldala fi kanneen isaan walitti hidhata qaban irraa kan sassaabamuu.
- 2) Abbaan idaa sanada guutuu mana murtiif dhiyeessuu yoo dadhabe sababa isaa iyyata keessatti ibsuu qaba.

- 3) Manni Murtichaa sanadoota barbaachisoo dabalataa kamiyyuu akka dhiyeessuu abbaa idaa gaafachuu kan danda’u yoo ta’u, qaamni sadaffaan kamiyyuu, keessumaa baankotaa fi bulchiinsa mootummaa sanadoota akkasii akka dhiyeessan gaafachuu ni danda’a.
- 4) Iyyanni liqeessaan dhiyaatuu ragaa kakuu fi sanadoota armaan gadii of keessatti qabaachuu qaba:
 - (a) Liqeessitoonni himannaa kaffaltii yeroon isaa ga’uu fi kaffalamuu qabu garuu hin kaffalamiin jiruu qabaachuu isaanii ragaa agarsiisu;
 - (b) ragaa abbaan idaa maaliif kaffaltii raawwachuu akka hin dandeenye agarsiisu;
 - (c) Abbaan mirgaa seera deemsa hariiroo hawaasaa sirna idilee fayyadamuun himannaa isaa nama idaa qabu irratti dhiheesse raawwachiisuu akka hin dandeenye yookiin haala hin dandeenyerra kan jiruu ta’uu ragaa agarsiisu;
 - (d) Abbaan idaa ofirraa qabu haala kaffaluu hin dandeenyee keessa jiraachuu ragaa agarsiisu.

Keewwata 638 Murtii Adeemsa Irra Deebiin Gurmeessuu Banuuf Kenname

- 1) Murtiin falmii irra deebiin gurmeessuu banuuf kenname sa’aatii calqabaa guyyaa murtiin Mana Murtichaan kenname irraa eegalee gareewwan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Murtiin falmii irra deebiin gurmeessuu banuuf kenname battalumatti raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 639 Ol’iyyannoo Murtii Adeemsa Gurmaa’insa Irra Deebiin Banuu Irratti fudhachuu

- 1) Abbaan idaa, abbaan mirgaa yookiin abbaan alangaa guyyaa murtiin adeemsa gurmaa’insa irra deebiin banuu ilaalchisee kufaa taasisuun kenname irraa eegalee guyyaa kudhan keessatti ol’iyyannoo dhiyeessuu ni danda’a.
- 2) Ol’iyyannoon sirna gabaabaan ilaalamee ji’a lama keessatti murtiin kennamee, murtichis battalumatti raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 640 Murtii Adeemsa Irra Deebiin Gurmaa’uu Banuuf kenname Mormuu yookiin Ol’iyyannoo Dhiyeessuu

- 1) Abbaan Alangaa murtiin falmii irra deebiin gurmeessuu banuu guyyaa kennamee irraa eegalee guyyoota kudhan keessatti ol'iyyannoo yookiin mormii dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Abbootiin liqaa falmii irra deebiin gurmeessuu keessatti iyyata hin dhiyeessine murtiin guyyaa kennamee irraa eegalee guyyaa kudhan keessatti mormii isaanii dhiyeeffachuu ni danda'u.
- 3) Ol'iyyannoon dhiyaatus sirna gabaabaan ji'a lama keessatti ilaalamee murtii ni argata. Murtichis battalumatti raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 641 Murtii Ol'iyyannoo Hin Qabne

Murtoon muudama yookiin bakka bu'iinsa abbaa murtii to'annoo, to'ataa irra deebiin gurmaa'uu, yookiin to'attoota ilaallatan ol'iyyannoof yookiin mormiif banaa ta'uu hin qaban.

Keewwata 642 Muudama To'ataa Irra Deebiin Gurmeessuu

- 1) Manni murtichaa adeemsa murtii gurmaa'insa irra deebii keessatti, akkaataa tumaalee seera kana keewwata 610 hanga keewwata 616tiin, to'ataa irra deebiin gurmaa'uu ni muuda. Dhimmoota walxaxaa ta'an keessatti manni murtii to'attoota irra deebiin gurmeessuu lama muuduu ni danda'a. Manni murtichaa yoo barbaade nama namni idaa qabu eeree muuduu ni danda'a.
- 2) Bakka to'attoonni hedduun muudamanitti manni murtii dhuunfaan akka hojjetan yoo hayyamee malee waliin ta'uun hojjetu.
- 3) Ogeessi damee gurmaa'insa haaraa gurgurtaan hojii daldalaa akka dhimma itti fufiinsa qabuutti kan qopheesse yoo ta'e, manni murtii gurmaa'insa haaraa keessatti ogeessichaa to'ataa gochuun ni muuda.

Keewwata 643 Itti Gaafatamaa Irra Deebiin Gurmeessuu Kan Birootiin Bakka Buusuu

- 1) Sirnichi yeroo gaggeeffamutti, yeroo kamiyyuu abbaan murtii, maallaqa gaafataan kamiyyuu, to'ataan yookiin abbaan alangaa ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu kan biraatiin akka bakka bu'u mana murtichaatti iyyata dhiyeessuu ni danda'u.
- 2) Manni Murtichaa iyyaticha hayyamuu ni danda'a.

- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) keessatti kan ilaalame jiraatus, gaafiwwan kaffaltii kisaaraan duraa keessaa kanneen baay'ina caalmaa qaban akka muudamu kan deeggaran yoo ta'e manni murtichaa iyyanicha hayyamuun Itti gaafatamaa Irra deebiin gurmeessuu iyyataan dhiyeesse ni muuda.
- 4) idaa kisaaree irraa dantaa addaa qabna jedhanii abbaa murtii too'ataaf ni erga.
- 5) 2) Itti gaafatamaan irra deebiin gurmeessuu gaaffii kaffaltii gartokkeen yookiin guutumatti kufaa kan taasise yoo ta'e tarreeffamicha keessatti sababa isaa ifatti kaa'uu qaba.

Keewwata 643 Itti Gaafatamaa Irra Deebiin Gurmeessuu Kan Birootiin Bakka Buusuu

- 1) Sirnichi yeroo gaggeeffamutti, yeroo kamiyyuu abbaan murtii, maallaqa gaafataan kamiyyuu, to'ataan yookiin abbaan alangaa ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu kan biraatiin akka bakka bu'u mana murtichaatti iyyata dhiyeessuu ni danda'u.
- 2) Manni Murtichaa iyyaticha hayyamu ni danda'a.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) keessatti kan ilaalame jiraatus, gaafiwwan kaffaltii kisaaraan duraa keessaa kanneen baay'ina caalmaa qaban akka muudamu kan deeggaran yoo ta'e manni murtichaa iyyanicha hayyamuun Itti gaafatamaa Irra deebiin gurmeessuu iyyataan dhiyeesse ni muuda.

Keewwata 644 Aangoo fi Hojii Itti Gaafatamaa IrraDeebiin Gurmeessuu

Yeroo sirni irradeebiin gurmeessuun gaggeeffamutti itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Adeemsa hojii idilee raawwachuu ilaalchisee abbaa idaa ni to'ata;
- 2) Odeeffannoo bakka qabeenyi abbaa idaa itti argamu beekuuf dandeessisu qaamolee mootummaa, dhaabbilee wabii hawaasummaa, dhaabbilee liqeessitootaa fi dhaabbilee biroo irraa fudhachuu;
- 3) Tarreeffama qabeenya qopheessuun walqabatee abbaa idaa to'achuu;
- 4) Karoora irra deebiin gurmeessuu qopheessuu keessatti abbaa idaa gargaaruu;
- 5) Yeroo barbaachisaa ta'etti garee maallaqa gaafattootaa gurmeessuu;

- 6) Sochiin daldalaa gaggeeffamaa osoo jiru hojiin daldalaa akka gurguramu qopheessuu;
- 7) Maallaqa hojii idilee abbaa idaatii ala fudhate kamiyyuu herrega baankii maqaa qabeenyichaatiin baname keessa galchuu;
- 8) Gaaffilee kasaaruun duraa akka fudhatu yookiin kufaa taasisu abbaa seeraa to'ataaf yaada dhiyeessuu;
- 9) Walgahiin gartuu maallaqa gaafattoota yookiin Yaa'ii Waliigalaa maallaqa gaafattoota gaggeeffamuu yoo xiqqaate guyyoota shan dursee itti gaafatamaan mana galmee mana murtichaatiif galii kan taasifamu dhimmoota fi hojiiwwan abbaa idaa ilaalchisee gabaasa tarreeffamaa qopheessee dhiyeessuu;
- 10) Walgahiin gartuu maallaqa gaafattoota yookiin Yaa'ii Waliigalaa maallaqa gaafattoota gaggeeffamuu yoo xiqqaate guyyoota shan dursee itti gaafatamaan mana galmee mana murtichaatiif galii kan taasifamu wabiiwwan abbaa idaatii dhiyaatan dabalatee karoora irradeebiin gurmeessuu adda addaa qophaa'an ilaalchisee gabaasa tarreeffamaa qopheessee dhiyeessuu;
- 11) Walgahiwwan gartuu gaafattoota maallaqaa yookiin yaa'ii waliigalaa gaafattoota maallaqaa dura taa'aa ta'ee hogganuu;
- 12) Keessattuu haala faayinaansii fi karoora hojii abbootii idaa ooditii akka ta'anii fi tilaamni gatii akka qophaa'u ogeessota of danda'an akka muudaman abbaa murtii to'ataaf gaaffii dhiyeessuu;
- 13) Tajaajilli kennamu addaan citee guyyoota soddoma keessatti yookiin yoo baay'ee barfate sirnichi adda citee guyyoota soddoma keessatti mana murtichaatti gabaasa dhiyeessuu.

Keewwata 645 Too'attoota Muuduu

- 1) Abbaan murtii to'ataan gaaffii maallaqa gaafattoota keessaa dhiyaatu irratti hundaa'uun too'attoota hanga nama shanii gahan ni muuda. Abbaan murtii to'ataan, too'ataa tokko gaafattoota maallaqaa wabummaa qaban fi too'ataa tokko gaafattoota maallaqaa wabummaa hin qabne keessaa filatamuu ni mirkaneessa.
- 2) namni Abbaa idaa yookiin hojii gaggeessaa abbaa idichaa waliin hanga sadarkaa 4ffaatti kan lakkaa'amu firummaa dhiigaa yookiin firummaa fuudhaaf heerumaa qabu

kamiyyuu yookiin namni qabeenya abbaa idaa keessaa kallattiinis ta'ee alkallattiin gahee qabu kamiyyuu to'ataa taasifamee muudamuu hin danda'u.

3) Too'attootni faayidaa waloo gaafattoota maallaqaa hunda ni kabachiisu; Akkasumas karoora irra deebiin gurmeessuu qopheessuu keessatti irra deebiin gurmeessaaf deeggarsa ni taasisu.

4) Too'attootni bu'uura itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu mirkaneessuun kaffaltii baasii isaanii uwwisuuf argataniin alatti kaffaltii gosa biroo kamiyyuu argachuuf mirga hin qaban.

5) Too'attootni qabeenya abbaa idaa kamiyyuu bituu hin danda'an; bittaan tumaa kana darbuun raawwatamu kamiyyuu bu'aa kamiyyuu hin qabaatu; akkasumas too'ataan tumaa kan cabse muudamarraa ka'ee nama biraatiin bakka bu'a.

Keewwata 646 Too'attoota Bakka Buusuu

Manni murtichaa yeroo kamiyyuu kaka'umsa mataa isaatiin yookiin bu'uura gaaffii abbaan murtii to'annootiin yookiin too'ataan yookiin abbaan alangaa dhiyeessu sababni amansiisaan yoo jiraate too'ataa kamiyyuu kan biraatiin bakka buusuu ni danda'a.

Keewwata 647 Itti Gaafatamummaa Too'attootaa

To'ataan kamiyyuu itti gaafatamummaa fudhachuu kan danda'u badii dagannoo olaanaadhaan yookiin ta'e jedhee raawwateen qofaadha.

Keewwata 648 Beeksisa Murtii

1) Qondaalli mana galmee murtii seensa mana murtichaa irratti beeksisa maxxansuun fi gaazexaa Itoophiyaa keessatti dhaqqabamummaa bal'aa qabu irratti maxxansiisuun murtii sirna irradeebiin gurmeessuu banuu yookiin cufuu ni beeksisa;

2) Qondaalli mana galmee murtichaa sirna irradeebiin gurmeessuu banuuf murtii kenname bu'uura seerota rogummaa qabaniin galmee daldalaa keessa seenuu isaa ni mirkaneessa.

3) Itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu fi qondaalli mana galmee murtichaa galmeewwan herreegaa abbaa idaa dhuma irratti murtii sirni irradeebiin gurmeessuu akka banamu kenname itti galchuun yaadannoo barreessuun ni mallatteessa. Sana booda galmeewwan herreegaa abbaa idattiif ni kennamu.

4) Waraabbii murtii sirna irradeebiin gurmeessuu banuuf yookiin cufuuf kennamee abbaa idaaf, itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuu fi maallaqa gaafataa iyyannoo dhiyeesseef murtichi akka kennamu yeroma sana ni ergama; waraabbichi maqaa abbootii idaa, gareewwan sirnichaa kan biroo, ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuu fi abbaa murtii too'ataa akkasumas guyyaa murtichi hojjiirra itti oolu ni ibsa.

5) Qondaalli mana galmee mana murtichaa waraabbii murtii abbaa alangaatiif ni erga.

6) Qondaalli mana galmee murtii galmee daldalaa irratti sirreeffamoonni barbaachisaan akka taasifamu waraabbii murtichaa sadi abbootii taayitaa federaalaa yookiin naannoo galmee daldalaa too'ataniif ni erga.

7) Waraabbiin murtichaa dallaa abbaa idichaa fi iddoo abbaan idichaa hojii isaa itti raawwatu kamittuu ni maxxanfama.

649 Beeksisa Maallaqa Gaafattootaaf Kennamu

Ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu murtiin sirni irradeebiin gurmeessuu akka banamu kennamee yeroo ji'a tokkoo keessatti:

- 1) Guyyaa murtiin sirni irradeebiin gurmeessuu akka banamu kenname;
- 2) Maqaa abbaa murtii to'ataa fi itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuu;
- 3) Beeksisa haalota gaaffiin kaffaltii kiisaaraan duraa itti dhiyaatu qabate maallaqa gaafattoota abbaa idichaa hunda xalayaa imaanaa yookiin karaa elektrooniksii fudhataan fudhachuu isaa mirkaneessa kennuu itti danda'u biroo kamiyyuun ni erga.

650 Ragaa Barreeffamaa

Dirqamoonni beeksisoonni akka bahan dirqisiisan guutamuu fi maallaqa gaafattootaaf kennamuu ragaaleen barreeffamaa agarsiisan faayila sirna irradeebiin gurmeessuu keessatti qondaala mana galmee mana murtichaatiin ni galmaa'a.

Boqonnaa Lama

Yeroo Eggannootti Waa'ee Abbaa Idaa

651 Yeroo Eggannoo

1) Sirni irradeebiin gurmeessuu akka banamu murtiin akkuma kennameen yeroon eeggannoo kan jalqabu yoo ta'u kaayyoon isaas:

(a) Deeggarsa ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuutiin abbaan idaa karoora irradeebiin gurmeessuu akka qopheessu dandeessisuu;

(b) Maallaqa gaafattoota fi ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu karoora irradeebiin gurmeessuu abbaan idaa qopheesse irratti yaadota fooyya'iinsaa akka dhiyeessan yookiin barbaachisaa ta'ee yeroo argametti karoora irradeebiin gurmeessuu filannoo akka dhiyeessan dandeessisu;

(c) Itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu dabalataan sochiin daldalaa gaggeeffamaa osoo jiru karoora hojiin daldalaa abbootiin qabeenyaatiif ittiin gurguramu akka qopheessu dandeessisuudha. Sochiin hojii daldalaa gaggeeffamaa osoo jiru hojiin daldalaa akka gurguramu qophiin yeroo taasifamutti ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu qorannoo gabaa kanaan walqabatu gaggeessuu ni danda'a; akkasumas abbootiin qabeenyaa caalbaasii akka dhiyeessan ni affeera.

2) Dheerinni yeroo eeggannoo jalqabaa yoo baay'ate ji'a afuriin kan daangeffameedha.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan ilaalame jiraatus, bu'uura gaaffii abbaan idaa, maallaqa gaafataan kamiyyuu, too'ataan yookiin itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu dhiyeessaniin manni murtichaa yeroo eegichaa dheeressuu yookiin yeroo eeggannoo haaraa kennuu ni danda'a. Manni murtichaa yeroo dheeressuu kennuu kan danda'u bu'uura haalota armaan gadiitiin yeroo dheeressuu kennisiisuuf sababni gahaan yoo jiraate qofa:

(a) Karoora irradeebiin gurmeessuu irratti walta'iinsi taasifamu sadarkaa raawwii sirrii irratti kan argamu yoo ta'ee; fi

(b) Falmiiwwan kaffaltii raawwachiisuuf kophaatti taasifamu guutummaatti addaan citanii turuu isaanii mirgaa fi faayidaa qaama dhimmi ilaallatu kamiyyuu karaa madaalawaa hin taaneen kan hin mine yoo ta'e.

4) Yeroo eeggannoo dheeressuun fi haaromsoota dabalatee yeroo kennamutti dheerinni waliigalaa ji'oota kudha lama caaluu hin qabu.

Keewwata 652 Yeroo eeggannoo Adda Kutuu

Keewwata 651 jalatti kan ilaalame jiraatus:

1) Baay'inni gaafattoota maallaqaa karoorri irradeebiin gurmeessuu akka hin mirkanoofne, walta'iinsichi akka itti fufu kan daneessisu ifa yoo ta'e; Abbootii liqaa karoorri irra deebiin gurmeessuu akka hin raggaasifamne dhorkuu danda'an Baay'inni mariin akka itti fufu kan hin hayyamne yoo ta'e, yookiin

2) Ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu sochiin hojii daldalaa gaggeeffamaa osoo jiru hojii daldalaa gurguruuf abbaan qabeenyaa kamiyyuu argamuu dhabuun ifa yoo ta'e;

3) Abbaan idaa, ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu yookiin too'ataan gaaffii yoo dhiyeesse;

4) Sirni irradeebiin gurmeessuu erga baname booda gaaffilee kaffaltii uumaman ilaalchisee dirqama kaffaluu bahachuu yoo dadhabe, manni murtichaa yeroo eeggannoo adda kutuu fi sirna irradeebiin gurmeessuu gara sirna kasaaruutti jijjiiruu ni danda'a.

Keewwata 653 Qabiyyee Abbaa Idaa Keessa Turuu

1) Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) keessatti kan ilaalame akkuma eegametti ta'ee, yeroo eegaa keessatti qabeenyi fi dhimmi abbaa idaa qabu harka abbaa idaa keessa tura.

2) Abbaan idaa, itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu yookiin abbaan murtii to'ataan dursanii akka hayyamaniif osoo hin barbaachisin, sochiiwwan hojii guyyaa guyyaa guutumatti raawwachuuf mirga qaba.

3) Sirni irradeebiin gurmeessuu erga baname booda waliigalteen kennaa fi wabummaa fi mirgi wabummaa qabeenyaa dabalatee dabalatee garuu kanaan osoo hin daangeffamne waliigalteewwan yookiin bittaaf gurgurtaan adeemsa hojii idileetiin ala taasifamu hundi ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuutiin dursee hayyamamuu qabu.

4) Itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu yookiin abbaan murtii to'ataan yeroo kamiyyuu galmeewwan herreegaa abbaa idaa qorachuu ni danda'u.

5) Itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu ta'e jedhee maallaqa gaafattoota ibsuu dhabuu dabalatee sarbiiwwan keewwata kana keewwata xiqqaa (3) irratti raawwataman kamiyyuu akkasumas gocha waliin dhahuu kamiyyuu abbaa alangaa fi qaamolee seera kabachiisaniif beeksisuu qaba.

Keewwata 654 Falmii Dhuunfaa Kaffaltii Raawwachiisuuf Taasifamu Addaan Kutuu

1) Wabii liqii fi qabeenya hin sochoone kan qaban dursa kan qaban akkasumas abbaa qabeenyaa ta'uun isaanii akkuma eegametti ta'ee maallaqa gaafattootni

waliigalteewwan buttaaf gurgurtaa raawwataman qaban dabalatee maallaqa gaafattoota kamiyyuuf kaffaltii raawwachiisuuf falmiiwwan dhuunfaan taasifaman kamiyyuu abbaan idaa yookiin ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu falmiiwwan kaffaltii raawwachiisuuf dhuunfaan taasifaman akka adda citan gaaffii dhiyeessuu osoo hin barbaachisin yeroo eeggannoo keessatti seeraan adda citanii ni turu.

2) Namoota uumamaa wabii ta'an sirna irra deebiin gurmeessuu keessatti falmiiwwan dhuunfaan kaffaltii raawwachiisuuf taasifaman akka adda citan gaafachuu ni danda'u.

3) Yeroo eeggannoo keessatti darbiinsi yeroo fi mirgi dursa argachuu ni daangeffamu.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ilaalame jiraatus, kaffaltiin hojjattoota abbaa idaatiif kaffaltiin taasifamu addaan hin citu.

5) Abbaan Murtii To'ataan:

(a) Qabeenyi idaaf wabii ta'ee harka abbaa idaa yoo hin jiraanne;

(b) Falmiiwwan kaffaltii raawwachiisuuf dhuunfaan taasifaman hojii daldalichaa irradeebiin gurmeessuu gufachiisuuf carraan qaban xiqqaa yoo ta'e yookiin

(c) Falmiiwwan dhuunfaan kaffaltii raawwachiisuuf taasifaman akka waliigalaatti adda cituu maallaqa gaafattoota tokko yookiin sanaa ol haala hin malleen kan miidhu yoo ta'e, himannaan gaaffileen kaffaltii biroo raawwachiisuuf dhiyaatan irratti dhoorkiiwwan waliigalaan taasifaman raawwatiin akka hin qabaanne gochuu ni danda'a.

Keewwata 655 Bu'aa Adda Cituun Falmiiwwan Kaffaltii Dhuunfaan Raawwachiisuuf Gaggeeffaman Akka Waliigalaatti Hordofsiisu

Yeroo eeggannoo keessatti:

1) Dirqamni sirni kasaaruu banuuf iyyannoo dhiyeeffachuu adda ni cita;

2) Yeroo gaaffilee kaffaltii kisaaraan duraa kaffaluu saffisiisuun hin danda'amu;

3) Gaaffilee kaffaltii kisaaraan duraa irratti dhalli herreegamu haala diinagdee rogummaa gqabuun herreegamuun itti fufa;

4) Gaaffiiwwan kaffaltii kisaaraan duraa kaffaluu ilaalchisee falmiiwwan seeraa kamiyyuu hin eegalaman;

5) Maallaqa gaafattootni gaaffii kaffaltii kisaaraan duraa simachuu hin danda'an.

Keewwata 656 Abbaan Idaa Kaffaltiiwwan Kisaasaaraa Duraa Akka Hin Kaffalle Dhoorkamuu

- 1) Abbaan idaa yeroo eegannoo keessatti kaffaltii kiisaaraan duraa irratti dhala herreegaman dabalatee kaffaltiiwwan kisaaraas duraa kaffaluu hin qabu.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) keessatti kan ilaalame jiraatus qabeenyotni deebi'iin abbaa qabeenyaatiif kan fayyadu yoo ta'e qabeenyota wabummaan qabamanii darban dabalatee qabeenyota abbaa idaatiin qabaman deebisee harkatti galfachuu akka danda'u taasisuuf jecha abbaan murtii to'ataan kaffaltiiwwan akkanaa akka kaffalaman hayyamuu ni danda'a.

Keewwata 657 Sirnoota Adeemsa Irra Jiran

- 1) Yeroo eegannoo keessatti gaaffiin kaffaltii kasaaraan duraa hanga hin dhiyaannetti walta'iinsa dabalatee sirnoonni seeraa adeemsarra jiran hundi addaan citu;
- 2) Gaaffiin kaffaltii kiisaaraan duraa fudhatama yoo argate ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu garee sirnichaa tokko ta'ee sirnichi itti fufa; ta'us garuu sirnichi gaaffii kaffaltii kisaaraan duraa hanga isaa mirkaneessuu irratti kan daangeffame ta'a.
- 3) Sirni irradeebiin gurmeessuu banamuun waldandeessisuu waliigalteewwan adeemsarra jiran irraa maddan osoo hin dabalatin kaffaltii kisaaraan duraa kaffaluu yookiin sababa kaffaltiin raawwatuu dhabuutiin waliigalteen adeemsarra jiran adda cituu sirnoota hin hordofsiifne irratti akkasumas keessattuu sirnoota armaan gadii irratti dhiibbaa hin dhaqqabsiisu:
 - (a) Sirnoota yakkaa abbaa idaa irratti bu'uuraman;
 - (b) Himata mirga mirkaneessuuf abbaa idaa irratti bu'uuraman;
 - (c) Sirnoota aangoo too'achuu mootummaa raawwachiisuuf taasifaman;
 - (d) Taaksii sassaabuun alatti kan jiran odiitiiwwanii fi qorannoowwan taaksii.

Keewwata 658 Mirga Meeshaa Gurgurataa Qabachuun Tursiisuu

- 1) Meeshaaleen abbaan idaa kan fudhanne yoo ta'e yookiin meeshaalee abbaa idaaf yookiin nama sadaffaa bakka bu'aa abbaa idaatiif yoo hin ergamin gurguraan meeshaalee gurgure akka qabatetti turuuf mirga qaba.

2) Abbaan murtii to'ataan yeroo hayyametti, ittigaafatamaan irra deebiin gurmeessuu gatii itti waliigalame gurguraaf kaffaluun gurguraan meeshaalee qabate akka kennu gaafachuu ni danda'a.

3) ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu akkaataa keewwata xiqqaa 2tiin meeshaalee fudhachuuf kan hin gaafatin yoo ta'e, gurguraan kaffaltiiwwan walitti fufee fudhate akkasumas baasiiwwan fe'iinsaa yookiin geejjibsiisuu, kommishiniif, insuraansiif yookiin baasiiwwan birootiif kaffaltiiwwan abbaa idaa irraa dursee fudhate deebisuu qaba; akkasumas gurguraan maallaqoota kana ofii isaatii kaffaluuf dirqama qaba. Ta'us garuu gurguraan waliigaltee raawwatuu dhabuun walqabatee beenyaa miidhaa gaafachuu hin danda'u.

Boqonnaa Sadii

Qabeenya Abbaa Idaa

Kutaa Tokko

Tarree Qabeenyaa

Keewwata 659 Tarree Qabeenyaa Mirkaneessuu

1) Abbaan idaa, to'annoo ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuu jalatti ta'ee sirni irradeebiin gurmeessuu banamee guyyoota guyyoota kudha shan keessatti qabeenyota hunda of keessaa kan qabu tarree qabeenya ni qopheessa; tarreeffamni keessattii kanneen armaan ni qabata:

(a) Hanga gaaffii kaffaltii, maqaa fi teessoo isaanii kan ibsu tarree gaafattoota maallaqaa;

(b) Abbaan qabeenyummaa isaanii akkuma eeggametti ta'ee waliigalteewwan gurgurtaa raawwataman dabalatee waliigalteewwan adeemsarra jiran;

(c) Qabeenyota wabummaan qabamanii dabarfaman, wabiiwwan hojii daldalaa irratti kennamanii fi qabeenya hin sochoone dabalatee wabummaa dhuunfaa fi qabeenyota wabummaaf oolan;

(d) Sirnoota seeraa abbaan idaa garee walfalmii tokko ta'uu adeemsarra jiran;

(e) Meeshaalee gumurukaa jala jiranii fi kuusaa keessa jiran;

(f) Meeshaalee socho'aa manneen kiraa keessatti argaman;

(g) Taaksii, qaraxa, fi kaffaltiiwwan wabummaa hawaasummaa;

2) Tarreen qabeenyaa waraabbii lamaan qophaa'ee tokkoon isaa qondaala galmee mana murtiif galii kan ta'u yoo ta'u kan biroo immoo ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuu bira kaa'ama.

Keewwata 660 Waa'ee Ogeessota Muuduu

Manni murtichaa abbootii idaa akka isa gargaaran yookiin bakka abbaa idaa tarree qabeenyaa akka qopheessu tilmaamaa, ogeessa hojii herreegaa, ogeessa galmeessa sanadootaa yookiin ogeessa biro gahumsa qabu kamiyyuu muuduu ni danda'a.

Keewwata 661 Meeshaalee Qabeenyichaan Ala Jiran

Meeshaalee akkaataa seera kana keewwata 751 fi keewwata 752tiin deebi'uu qaban qaama qabeenya abbaa idaa ta'anii hin ilaalaman.

Kutaa Lama

Gaaffilee Kaffaltii Kiisaaraan Duraa Dhiyeessuu Fi Adda Baasuu

Keewwata 662 Sirna Gaaffileen Kaffaltii Kiisaaraan Duraa Itti Dhiyaatan

1) Tokkoon tokkoon maallaqa gaafataa sirni irradeebiin gurmeessuu akka banamu murtiin kennamee ji'oota afur keessatti ofii isaatiin yookiin karaa bakka bu'aa isaatiin xalayaa adaraatiin yookiin karaa elektrooniksii biraa fudhataan fudhachuu isaa mirkaneessa kennuu itti danda'uun itti gaafatamaa deebisanii dhaabuutiif erguun gaaffilee kaffaltii kisaaraan duraa ni dhiyeessa; daangaan yeroo kun haalotni addaa yeroo mudatan abbaa murtii too'ataan dheerachuu ni danda'a.

2) Maallaqa gaafattootni gaaffii gaafatan keessatti kanneen armaan gadii hammachiisuu qabu:

(a) Kaffaltii ijoo fi yoo barbaachisaa ta'e dhala akkasumas yeroon kaffaltii guyyaa itti gahe yookiin gahu ibsuun hamma gaaffii kaffaltii kisaaraan duraa;

(b) Gaaffilee kaffaltii eeggannoo ilaalchisee tilmaama hamma gaaffii kaffaltii;

(c) Bu'uura seeraa gaaffiin kaffaltii kisaaraan duraa itti dhiyaate;

(d) maqaa, teessoo fi odeeffannoo ibsa baankii maallaqa gaafataa;

(e) Mirgaa dursaa nan qaba jedhu kamiyyuu fi bu'uura seeraa mirga dursaa;

(f) gaaffii kaffaltii kiisaaraan duraatiin walqabatee wabummaa qabeenyaa nan qaba jedhu kamiyyuu yookiin abbaa qabeenyaa ta'uun isaanii akkuma eeggametti ta'ee waliigaltee gurgurtaa taasifaman fi qabeenya wabummaan uwwifame nan qaba kan

jedhu, guyyaa wabummaan itti kenname fi wabummaan kan galmaa'e yoo ta'e iddoo itti galmaa'e fi lakkoofsa galmee;

(g) Gaaffii kaffaltii kiisaaraan duraatiin walqabatee wabummaa dhuunfaa kamiyyuu, maqaa fi teessoo wabiiwwanii, hanga wabii, guyyaa kennamee fi wabiin dhuunfaa, waliin yookiin dhuunfaa fi waliin ta'uu;

(h) Waldandeessisa gaafatamuu danda'u kamiyyuu kan gaafatu yoo ta'e guyyaa sirni irra deebiin gurmeessuu itti baname irratti hanga gaaffii kaffaltii gama lachuun jiru, guyyaa kaffaltiin itti kaffalamu fi hanga maallaqaa erga sassaabamee booda hafe;

3) Maallaqa gaafattootni gaaffii kaffaltii isaanii sanadoota deeggaran dhiyeessuu qabu, sanadoota isaan dhiyeessaniifi nagahee ni kennamaaf.

4) Sirni irradeebiin gurmeessuu erga cufame booda ragaalee ni deebisa; akkasumas waggaa tokkoon booda ragaalee deebisuuf itti gaafatamaa hin ta'u.

5) Daangaa yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kaa'ame keessatti gaaffileen kaffaltii kisaaraan duraa fi maallaqa gaafattoota mirga wabii isaanii hin dhiheessine qoodinsa irratti hirmaachuu hin danda'an; akkasumas dhaabbata daldalaa sochii daldalaa irratti argamu socho'aa osoo jiru kan gurgurame yoo ta'e gaaffiin kaffaltii isaanii abbaa qabeenyaatiif dhiyaachuu hin danda'u.

Keewwata 663 Maallaqa Gaafattoota Kaffaltii Kisaaraan Duraa Irraa Bilisa Taasifaman

1) Maallaqa gaafattootni armaan gadii gaaffii kaffaltii kisaaraan duraa dhiyeessuu irraa bilisa kan taasifamaniidha:

(a) hojjattoota abbaa idaa mindaa hin kaffalamin yookiin kaffaltii biroo waliigaltee hojii irraa maddan kamiyyuu gaafatan;

(b) Qaamolee mootummaa gibiraa fi taaksii akka kaffalamu gaafatan;

(c) Maallaqa gaafattoota gaaffileen kaffaltii kisaaraan duraa isaanii qarshii kuma tokkoo gadi ta'e;

2) itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu ibsa herreegaa abbaa idaa, uunkaa kaffaltii mindaa fi sanadoota roggummaa qaban kan biro xiinxaluun gaaffilee kaffaltii kana fakkaatan mirkaneessuun ni simata; Itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuu keewwata xiqqaa 1 keessatti ggaaffilee kaffaltii ilaalaman mirkaneessuu kan hin

dandeenye yoo ta'e maallaqa gaafattootni gaaffilee kaffaltii isaanii ragaalee deeggaran akka dhiyeessan gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 664 Sirna Gaaffileen Kaffaltii Kisaaraan Duraa Itti Mirkanaa'anii fi Simataman

- 1) Itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu gaaffileen kaffaltii kisaaraan duraa fi mirgoota wabii sirrummaa, hangaa fi yeroon dhiyaachuu ni mirkaneessa.
- 2) Abbaan idaa sanadootaa fi odeeffannoowwan mirkaneessuuf barbaachisaa ta'an hunda itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuuf dhiyeessuu qaba.
- 3) Gaaffiin kaffaltii yoo jiraate, itti gaafatamaan gurmaa'insa irra deebiin ni qoratama Qondaala qindeessaa yookiin fudhataatiin nagahee argachuu isaa mirkaneessuu Meeshaalee elektirooniksii biroo iyyataadhaaf kennamuu danda'an kamiyyuu Innis ni beeksisa. Gaaffiin erga fudhatee guyyaa saddeet keessatti Gaaffii jedhuuf deebii kennuu qaba; Gaaffii kaffaltii itti gaafatamaa irra deebiin gurmeessuu guutummaatti yookiin gartokkoon fudhatama argachuu ni danda'a;
- 4) Itti gaafatamaan irradeebiin giurmeessuu gaaffilee kaffaltii hanga isaanii ifatti hin teeny yookiin idaawwan raawwiin isaanii haalduree qabu yeroodhaaf simachuu ni danda'a.
- 5) Tarreeffama gaaffiilee kaffaltii kisaaraan duraa yeroo dhumaaf mirkanaa'anii fi fudhatama argatanii irratti itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuu ni mallatteessa;
- 6) Gaaffiilee kaffaltii kisaaraan duraa fi wabiiwwan yeroon dhiyaachuu ilaalchisee komiiwwan ka'an ilaalchisee murtii ittigaafatamaan gurmeessuu kenne irratti murtichi kennamee guyyaa kudhan keessatti abbaa murtii too'ataan nu ni murtaa'a.
- 7) Qondaalli mana galmee mana murtichaa gaaffilee kaffaltii kisaaraan duraa fudhatama argatani fi mirgoota wabii kan qabate tarreeffama xumuraa qaamoleen dhimmi ilaalu hundi akka argachuu danda'an ni taasisa;

Keewwata 665 Murtii Gaaffilee Kaffaltii Kisaaraan Duraa Falmiin Irratti Ka'e Irratti Kennamu

- 1) Abbaan murtii to'ataan gaaffilee kaffaltii kisaaraan duraa falmiin irratti ka'e guyyaa dhimmichi dhaghamu guyyoota shan dursee xalayaa adaraatiin yookiin karaa elektirooniksii fudhataan fudhachuu isaa mirkaneessuu danda'u biroo kamiyyuun qaamolee dhimmi qaamolee dhimmi ilaallatuuf erga beeksisanii booda

murtii murtii murtii kennuudhaaf aangoo seeraa qabutti yookiin gumii murtiitti ni dabarsa.

2) Manni murtii aangoo seeraawaa qabu yookiin gumiin murtii hanga maallaqa falmiin mana murtii yookiin yaa'iin walitti qabamu Guddina ilaalchisee, kan sirna irra deebiin gurmaa'uu irratti hirmaachuuf kan dandeessisu Ajajni dhaddacha duraa kennamuu ni danda'a;

3) Ajaja mana murtii aangoo seeraan qabuun yookiin yaa'ii murtiitiin kenname, ajajichi kennamee guyyoota sadi keessatti xalayaa imaanaan yookiin karaa elektirooniksii fudhataan fudhachuu isaa mirkaneessa kennuu dandeessisuun qaamolee dhimmi ilaallatuuf ni kenname.

4) Qaamni ajajicharraa komii qabu kamiyyuu guyyaa ajajni kenname irraa eegalee guyyoota kudha shan keessatti ajajicha irratti ol'iiyannoo dhiyeessuu ni danda'a.

5) Gaaffiiwwan kaffaltii falmiin irratti ka'e sirna irradeebiin gurmeessuu adda kutuu hin hordofsiisan; Mana murtii murtii kennuuf aangoon seeraan kennameefitti darbu; gaaffiiwwan kaffaltii kisaaraan duraa yeroof fudhatama argatan murtii manni murtii aangoo seeraan qabu yookiin gumii murtii bu'uura godhachuun sirreeffamni ni taasifamaaf.

Keewwata 666 Tarree Gaaffilee Kaffaltii Yeroo Qondaala Mana Galmee Mana Murtichaa Bira Kaa'uu

1) Gaaffiiwwan kaffaltii kasaaraan duraa mirkanaa'anii fudhatama kan argatan yoo ta'e ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu gaaffiiwwan kaffaltii fudhatama argatanii fi kufaa taasifaman kan agarsiisu tarreeffama gaaffiiwwan kaffaltii kisaaraan duraa mirkanaa'anii fi fudhatama argatan qondaala mana galmee mana murtii bira akka taa'u ni taasisa; dabalataanis gaafattootni maallaqaa qabeenya abbaa idaa kisaaree irraa dantaa addaa qabna jedhanii abbaa murtii too'ataaf ni erga.

2) Itti gaafatamaan irra deebiin gurmeessuu gaaffii kaffaltii gartokkeen yookiin guutumatti kufaa kan taasise yoo ta'e tarreeffamicha keessatti sababa isaa ifatti kaa'uu qaba.

Keewwata 667 Beeksisa Mirkaneessa Galii Ta'uu

1) Tarreeffamni gaaffiiwwan kaffaltii kisaaraan duraa Itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuun mirkanaa'anii fi fudhatama argatan yeroma sana qondaala mana galmee mana murtichaa bira akka kaa'amu ni taasifama. Tarreeffamuma kana gaazexaa Itoophiyaa keessatti uuwwisa bal'aa qabu irratti akka maxxanfamu ni taasisa.

2) Gaaffiiwwan kaffaltii Ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuun mirkanaa'anii kufaa taasifaman ilaalchisee xalayaa imaanaa yookiin karaa elektirooniksii fudhataan fudhachuu isaa mirkaneessa kennuu dandeessisuun maallaqa gaafattoota dhimmi ilaallatuuf yeroma sana ni beeksisa.

3) Maallaqa gaafataan kamiiyyuu tarreeffama gaaffiiwwan kaffaltii kisaaraan duraa mirkanaa'anii fi fudhatama argatanii mormuu ni danda'a. Ta'us maallaqa gaafataan dantaan kabachiifatu jiraachuu isaa hubachiisuu qaba. Mormiin akkanaa guyyaa beeksifni isa gahe irraa eegalee guyyoota kudhan keessatti abbaa murtii too'ataaf dhiyaachuu qaba.

Keewwata 668 Maallaqa Gaafattoota Wabii Qabeenya Isaanii Yookiin Mirga Dursa Argachuu Isaanii Irratti Falmiin Ka'e

1) Maallaqa gaafataan kamiiyyuu wabii qabeenyaa yookiin mirga dursa argachuu kan qabu yoo ta'ee fi wabiin qabeenyichaa yookiin mirga dursa argachuu irratti falmiin yoo ka'e maallaqa gaafataan akka maallaqa gaafataa wabummaa hin qabneetti sirnicha irratti hirmaachuu ni danda'a.

2) Falmiin wabummaa qabeenyaa yookiin mirga dursaa argachuu irratti ka'u kamiiyyuu Mana Murtichaatiin murteen itti ni kennama.

Keewwata 669 Maallaqa Gaafattoota Kaffaltii Kisaaraan Duraa Daangaa Yeroo Kaa'ame Keessatti Hin Dhiyeeffannee

1) Maallaqa gaafattootni yeroo keewwata 662 jalatti tumame keessatti ggaaffiiwwan kaffaltii kisaaraan duraa kan hin dhiyeeffanne yoo ta'es sirnicha keessatti ni hirmaatu. Ta'us gaaffiiwwan isaanii yoo xiqqaate sirnichi akka banamu ajajni mana murtii kennamee waggaa tokko keessatti dhiyaachuu qaba.

2) Yeroon waggaa tokkoo kun addaan hin citu yookiin hin dhoorkamu.

Keewwata 670 Gaaffiiwwan Kaffaltii Wabummaa Qaban Dhuunfaan yookiin Waliin Daangaa Malee Galfachuu

Maallaqa gaafataan kamiyyuu gaaffiin kaffaltii wabii kennitoota hedduun dhuunfaan yookiin waliin mirkanaa'e yookiin wabummaa kan kenne yoo ta'e tokkoo tokkoon maallaqa gaafataa fi wabummaa kennaan iyyannoo kamiyyuu hubannoo keessa osoo hin galchin gaaffii kaffaltii kisaaraan duraa hanga maallaqa hundaaf galfachuu ni danda'a.

Kutaa Sadii

Kaffaltiiwwan Addaan Cituun Dura Gochoota Shakkisiisoo fi Bittaaaf Gurgurtaa

Raawwataman

Keewwata 671 Dirqama kan Diigamu Ta'uu

Gaaffiin Itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuun yeroo dhiyaatutti manni murtichaa gochoota yeroo shakkisiisaa ta'e keessatti abbaa idaatiin raawwataman armaan gadii akka diigaman taasisuu ni danda'a:

- 1) Qabeenyota yookiin mirgoota kennaan dabarsuu, gargaarsaan, mirga haquu yookiin dhiisuun namoota biroof dabarsuu;
- 2) Qabeenyota yookiin mirgoota karaa ifa ta'een gatii maluu gadiin namoota biroof dabarfaman;
- 3) Idaawwan maallaqa callaan, dabarsuun, waldandeesisuunis ta'ee karaa birootiin yeroon isaanii osoo hin gahin kaffalaman;
- 4) Idaawwan karaa maallaqa callaan yookiin waldandeessisuun yookiin sanadoota faayinaansii dabarfamuu danda'an irraa yookiin herrega baankiitiin daddabarsuun ala ta'ee yeroon gahee kaffalaman;
- 5) Waliigalteewwan liqii osoo mirgi qabeenyaa hin uumamin dura mallattaa'aniif wabiiwwan qabeenya socho'aa, wabiiwwan qabeenya socho'aa yookiin mirgoota wabii qabeenya abbaa idaa irratti uumaman kan biroo.

Keewwata 672 Filannoodhaan Haquu

- 1) Ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu gaaffiin yeroo dhiyeessu:
 - (a) Abbaan idaa dursee kaffaltiiwwan haala addaan kute keessatti kan argamu ta'uu maallaqa gaafataan kan beeku yookiin beekuu kan qabu yoo ta'ee; fi
 - b) Gochichi qabeenya abbaa idaa kan miidhu yoo ta'e yookiin kaffaltiin kan raawwatame maallaqa gaafattoota biroo irraa dursa kennuun yoo ture, manni murtii

shakkisiisaa yeroo ta'etti gochoota abbaa idaatiin raawwataman kamiyyuu akka diigaman taasisuu ni danda'a.

2) Gochichi kan raawwatame nama firummaa qabu waliin yoo ta'e malee Keewwata xiqqaa 1(a) keessatti bu'uura ibsameen maallaqa gaafataan kan beeku akka ture hubachiisuuf itti gaafatamummaa kan qabu itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuuti.

Keewwata 673 Falmii Akka Diigamu Taasisuu Dhiyeessuu

1) Sirni akka diigamu taasisuu qabeenyichaaf faayidaa kan qabu yoo ta'e yookiin gochichi maallaqa gaafattootaaf mirga dursa argachuu sababaawaa hin taane kan kennuuf yoo ta'e ittigaafatamaan deebisanii dhaabuu gochichi yookiin gurgurtaan diigamaa akka ta'u gaaffii isaa mana murtiif dhiyeessuu qaba.

2) Ittigaafatamaan irra deebiin gurmeessuu dhimmicha mana murtiif dhiyeessuu dhabuuf kan murteesse yoo ta'e:

(a) To'ataan yookiin maallaqa gaafataan kamiyyuu ittigaafatamaa gurmeessuuf himata akka dhiyeessu waamicha taasisee deebii homaatuu yoo hin arganne yookiin deebbii eyyentaa kan hin arganne yoo ta'e waamichi gahee ji'a tokko keessatti ofii isaatii himata hundeessuu ni danda'a.

(b) To'ataan yookiin maallaqa gaafataan himaticha kan injifate yoon ta'e baaisswwan sababa himatichaatiin baase qabeenya abbaa idaatiin ni uwwifama.

Keewwata 674 Gochootaa fi Kaffaltiiwwan Diigamuun Ala Taasifaman

Waliin dhahuun yoo jiraate malee Yeroo shakkisiisaa ta'e keessatti abbaan idaa gochoota armaan gadii fi kaffaltiiwwan raawwataman kufaa taasisuu hin danda'u:

1) Akkaataa karoora irradeebiin gurmeessuutiin abbaa idaatiin kan dhiyaatee fi mana murtiitiin kan ragga'e maallaqni haaraan dhiyaate, mirgootni wabummaa uumaman, qabeenyotni gurguraman, idaawwan kaffalaman, akkasumas gochoonni seera qabeessi biro fi kaffaltiiwwan;

2) Mirgoota wabummaa Qabeenya hin sochoone, wabummaa qabeenya socho'uu fi wabummaa qabeenyaa biro gurguruu;

3) Bittaa Qabeenyaa hojii daldalaa idilee raawwachuuf barbaachisaa;

4) Meeshaalee fi tajaajilootaaf gatii madaalawaa kaffaluun yaada qajeelummaan meeshaalee qaama sadaffaan bitaman yookiin tajaajiloota qaama sadaffaaf kennaman.

Keewwata 675 Mirgoota Sirni Akka Banamu Murtiin Kennamuun Dura Galmaa'an

Mirgoonni wabiiwwan qabeenyaa karaa sirrii ta'een raawwataman irra burqan sirni akka banamu hanga guyyaa murtiin kennametti galmaa'uu ni danda'u.

Keewwata 676 Darbiinsa Yeroo

- 1) Bu'uura kutaa kanaatiin gurgurtaan yookiin gochi akka diigamu taasisuuf falmiin dhuyaatu guyyaa murtiin sirni irradeebiin gurmeessuu akka banamu kenname irraa eegalee waggoota lama booda daangaa yerootiin ni dhoorkama.
- 2) Abbaan Idaa gochootaa fi gurgurtaawwan diigamuu qaban ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuuf kan hin beeksisin yoo ta'e daangaan yeroo asii olitti ilaalame lakkaa'amuu kan eegalu ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu gochichi raawwatamuu yeroo beeke irraa eegalee ta'a.

Keewwata 677 Bu'aa Diigamaa Ta'uun Hordofsiisu

- 1) Murtin kaffaltiin kamiyyuu yookiin gochi kamiyyuu akka diigamu kenname duubatti deebi'ee hojiirra oola.
- 2) Akaakuun bakka tureetti deebisuun kan danda'amu yeroo ta'e gatiin gabaa qabeenyichaa gara qabeenya isaatti deebi'a.
- 3) Qabeenya yookiin mirgi diigamaa ta'uun ilaallatu qaama sadaffaaf kan darbe yoo ta'e maallaqni callaan qabeenya yookiin mirga waliin wal gitu shallagamee qabeenya sanatti ni deebi'a;
- 4) Maallaqa gaafattootni diigamuun miidhaa irraan gahu gaaffii kaffaltii kisaaraan duraa diigamuu irraa maddu dhiyeeffachuu ni danda'u. Ta'us bu'uura seera kana keewwata 669tiin yeroo gaaffiiwwan kaffaltii dhiyeessuun danda'amu irraa darbuu hin qabu.

Boqonnaa Afur

Karoora Irradeebiin Gurmeessuu

Keewwata 678 Karoora IrraDeebiin Gurmeessuu Qopheessuu

- 1) Karoorri irradeebiin gurmeessuu deeggarsa ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuutiin abbaa idaatiin ni qophaa'a.

2) Maallaqa gaafattootni karoorri irradeebiin gurmeessuu akka fooyya'u gaaffii dhiyeessuu fi yaadota isaanii dhiyeessuu ni danda'u.

3) Seeronni dirqisiisoon akkuma eeggametti ta'ee karoorri irradeebiin gurmeessuu wantoota armaan gadii hammachuu ni danda'a:

(a) Gabatee yeroo gaaffii kaffaltii maallaqa gaafattoota dhimmi ilaallatu irradeebiin qopheessuu;

(b) Gaaffii kaffaltii maallaqa gaafattoota dhimmi ilaallatu tilmaamuu;

(c) Seerotni sanada idaa faayinaansii baasuu bulchan akkuma jiranitti ta'ee, sanadoota idaa faayinaansii baasuun idaawwan kaffaluu;

(d) Gaaffilee kaffaltii maallaqa gaafattoota dhimmi ilaaluu gara waldaa aksiyoonaatti jijjiiruu;

(e) Kaappitaala Abbaa Idaa maallaqa gaafattootaan yookiin abbootii qabeenyaa qaama sadaffaan akka bitamu hir'isuu yookiin dabaluu yookiin maallaqa gaafattoota yookiin abbootii qabeenyaa karaa fayyaduun gahee aksiyoona gurguruu

(f) Sochiin hojii daldalaa osoo taasifamaa jiru hojii daldalaa gurguruu osoo hin dabalatin qabeenyota yookiin kutaalee hojii daldalaa gurguruu;

4) Karoora irra deebiin gurmaa'uu gosoota liqeessitootaa qooduuf itti fayyadamu Ulaagaalee itti fayyadaman ibsuu qaba;

5) Karoorri irradeebiin gurmeessuu yeroo hunda "faayidaa fooyya'aa maallaqa gaafattootaa" ulaagaan jedhu guutamuu qaba. Kana jechuun maallaqa gaafataan mormii qabu kamiyyuu bu'uura karoora irradeebiin gurmeessuutiin faayidaan argatu akkaataa seera kana keewwata 786tiin tarreeffamni yeroo sirna kisaaruu keessattii hojiirra yoo oole faayidaa argatu waliin yoo ilaalamu xiqqaa ta'uu hin qabu.

Keewwata 679 Maallaqni Haaraan Dhiyaate

1) Karoora irradeebiin gurmeessuu hojiirra oolchuuf maallaqni haaraan yookiin gaafattoota maallaqaa haaraan dhiyaachuu ni danda'a.

2) Maallaqni haaraan karoora irradeebiin gurmeessuu keessatti hammatamee fi mana murtiitiin ragga'e, boodarra sirni kisaaruu kan baname yoo ta'e maallaqa gaafattoota wabummaa hin qabne dursuun ni argata. Haata'u malee sirna deebisanii gurmeessuu of eeggannoo dursaa keessatti yoo dhiyaate maallaqni haaraan iddoo xiqqaa ni

qabaata. Manni murtiiichaa qabeenyi abbaa idaa wabummaan hin qabamne maallaqa haaraa dhiyaateef wabumaa akka ta’u hayyamuu ni danda’a. Yeroo kun ta’u, dhiyeessitoota maallaqa haaraa bu’uura dambiiwwan maallaqa gaafattootni wabummaa dursaa qabaniitiin keessummaa’u.

Boqonnaa Shan

Karoora Irradeebiin Gurmeessuu Raggaasisuu

Keewwata 680 Ramaddii Maallaqa Gaafattootaa

- 1) Ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu karoorri irra deebiin gurmeessuu saffisaan akka ragga’u haala mijeessuuf maallaqa gaafattoota dhimmi ilaalu ramaddii adda addaatti ni qooda.
- 2) Ramaddiin maallaqa gaafattootaa bu’uura ulaagaalee qabatamaan mirkanaa’uu danda’aniin walfakkaatinsa kan agarsiisan ta’uu qaba; yoo xiqqaate maallaqa gaafattootni wabummaa qabanii fi wabummaa hin qabne ramaddii garaagaraa kessatti qoodamanii keessummaa’uu qabu.
- 3) Maallaqa gaafattootni qabeenya abbaa idaa irraa mirga wabummaa qaban qabeenyi wabummaan qabame yemmuu qulqullaa’u gatiin qabaatu hanga gaaffii kaffaltii isaanii kan hin uwwifneef maallaqa gaafattoota wabii hin qabne keessatti ni hirmaatu.
- 4) Maallaqa gaafattoota wabii dhuunfaa fi wabii inshuraansii qaban ramaddii of danda’e uumuu ni danda’u.
- 5) Karoorri irra deebiingurmeessuu gaaffii kaffaltii hojjettootaa irratti dhiibbaa kan uumu yoo ta’e hojjattootni abbaa idaa ramaddii of danda’e uumuu ni danda’u.
- 6) Abbootiin aksiyoona maallaqa gaafattoota ta’uu baatan illee ramaddii adda ta’e kan mataa isaaniiti ni qabaatu.
- 7) Qoqoodinsi ramaddii fi ulaagaaleen ramaddii gaggeessuuf hojiirra oolan qondaala mana galmee mana murtiitiif galii ni taasifama.
- 8) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, abbaan idaa interpretaayizii xixiqqaa yookiin giddugaleessa yoo ta’e bu’uura gaaffii abbaan idaa yookiin ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu dhiyeessuun abbaan murtii to’ataan maallaqa gaafattoota dhimmi ilaaluu fi abbootii aksiyoona ramaddii adda addaatti

qoqqooduun akka hin keessummoofne murteessuu ni danda'a. Kaayyoo tumaa kanaaf daldalaan dhuunfaa yookiin waldaa daldalaa akka interpraayizii xixiqqaa yookiin giddu galeessaatti kan lakkaa'amu:

(a) Hojjetoota kudhanii gadi yoo qabaate, yookiin

(b) Galiin gurgurtaa ji'oota kudha lama darban keessatti qarshii miiliyoona shanii gadi yoo ta'e (qaala'iinsi gatii akkuma eeggametti ta'ee); yookiin

(c) Bu'uura ibsa herrega dhumaa ji'oota kudha lama darbanii keessatti hammi qabeenya miliyoona diigdamaa gadi yoo ta'eedha.

9) Komiin ramaddii maallaqa gaafattootaatiin walqabatee ka'u guyyaa ramaddiin maallaqa gaafattootaa qondaala galmee mana murtiitti galii ta'e irraa eegalee guyyoota kudhan keessatti abbaa murtii too'ataan ni murtaa'a; murtii abbaa murtii too'ataan kenne irratti guyyaa murtichi kenname irraa eegalee guyyoota kudhan keessatti ol'iyyannoon dhiyaachuu ni danda'a.

Keewwata 681 Walgahii Ramaddii Maallaqa Gaafattootaa fi Walgahii Waliigalaa Maallaqa Gaafattootaa Irratti Mirga Filachuu Jiru Murteessuu

1) Walgahii ramaddii maallaqa gaafattootaa fi yaa'ii waliigalaa maallaqa gaafattootaa irratti mirgi filachuu maallaqa gaafattootni qaban ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuutiin murtaa'u; akkasumas bu'uura herreega dhumaa abbaa idaatii mirkanaa'ee yookiin ibsa herreegaatiin dhala osoo hin dabalatin gaaffii kaffaltii dursaa ijoo qaban waliin kan walmadaalu ta'a.

2) Mirgi filachuu maallaqa gaafattoota walgahiin gaggeefamuuf guyyoota sadi dursee ni murtaa'a; akkasumas mirgoota sirnichi erga baname booda dabarfaman yookiin gaaffilee kaffaltii dursaa deebi'anii kaffalaman hubannoo keessa galchu; hanga gaaffilee kaffaltii kisaaraan duraa murteessuun walqabatee ittigaafatamaan irra deebiin gurmeessuu ooditaroota walaba ta'aniin deeggarsi taasifamuufi qaba.

3) Ramaddii maallaqa gaafattootaa fi yaa'ii waliigalaa maallaqa gaafattootaa guyyaa sadi kan hin caalleen dursee kaffaltiiwwan kisaaraan duraa kamiiyyuu kennuu fi dabarsuu sirnoota irratti raawwatiin hin qabaatu.

4) Komiin mirga sagalee kennuu murteessuun walqabatee uumamu kamiiyyuu abbaa murtii too'ataan murtaa'a; akkasumas ol'iyyannoon irratti dhiyaatuu hin danda'u.

5) Gaaffii kaffaltii kiisaaraan duraa ilaalchisee, itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu bu'uura seera kana keewwata 665 keewwata xiqqaa (2)tiin yeroof fudhachuu akka filannootti ni fudhata; Ta'us garuu abbaan murtii too'ataan yookiin manni murtii aangoo seeraa qabu yookiin yaa'iin murtii murtii dhumaa hanga kennutti hin eeggamu.

6) Walgahii ramaddii maallaqa gaafattootaa fi yaa'ii waliigalaa maallaqa gaafattootaa irratti mirga filachuu maallaqa gaafattootaa ilaalchisee murtiin kennamu kamiyyuu abbaa murtii too'ataa yookiin mana murtii aangoo seeraa qabuu yookiin yaa'ii murtii gaaffii kaffaltii kisaaraan duraa fudhachuu irratti dhiibbaa gosa kamiyyuu hin qabaatu.

Keewwata 682 Walgahii Ramaddii Maallaqa Gaafattootaa

1) Yeroon eegaa osoo hin xumuramin dura namni itti gaafatamaan gurmaa'insa haaraa yookiin Walgahii gita abbootii liqaa hedduu ni waama;

2) Itti gaafatamaa irra deebiin gurmeessuu guyyaa walgahiin gaggeeffamu guyyaa kudha shan dura xalayaa imaanaatiin yookiin karaa biraa fudhataan ragaa nagahee kennuu danda'uun Karaan elektirooniksii kamiyyuu abbootii liqaa ni beeksisa;

3) karoora irra deebiin gurmaa'uu abbaa idaa qabu, itti gaafatamaa gurmaa'insa irra deebiin qopheesse; Fooyya'iinsa yookiin yaada faallaa iyyattootaan dhiyaate akkasumas Daldalli sun akkuma daldalli sun socho'aa jiruutti gurguruuf Walgahii daree maallaqa kennitootaaf yaada ni dhiheessa;

4) Abbaan idaa walgahii gita abbootii liqaa hunda irratti qaamaan argama Gaaffii liqeffattoonni qabaachuu danda'anis ni deebisa. Maallaqa Iyyataan bakka bu'aa seeraatiin bakka bu'uu ni danda'a;

5) Marii walgahii akkanaa irratti gaggeeffamu, maqaa hirmaattotaa fi Bu'aan sagalee kennuu walgahii irratti galmaa'ee barbaachisaa dha Sanadoonni hundinuu daqiiqaa walgahii waliin qabsiisaniiru.

Keewwata 683 Karoora IrraDeebiin Gurmeessuu Irratti Sagalee Kennuu

1) Ofisara irra deebiin gurmaa'insaa abbaa idaa qabuun qopheessee abbootiin liqaa fooyyesse Karoora irra deebiin gurmaa'uu akkasumas sirrii ta'ee abbootii liqaatiin

qophaa'e Yaada faallaa kamiyyuu qindeessuun gita maallaqa kennitootaa tokkoon tokkoon isaaniif sagalee kennuu Innis kennuudhaaf dhiheessa

2) Gaaffii kaffaltii waliigalaa tokkoon tokkoon gosa abbootii liqaa keessatti dhiyaate irraa Isaan keessaa harka sadii keessaa lama liqeessaa tokko yookiin isaa ol qabu Karaa waliigaltee barreeffamaan karoora irra deebiin gurmaa'uu raggaasisuu Karoorri irra deebiin gurmaa'uu yeroo isaanis sagalee kennan ni ragga'a. Beeksisa walgahii irratti qaamaan yookiin karaa bakka bu'aa seeraa isaaniitiin kennameefii jira Iyyattoonni bakka hin jirre sagalee kennuu irratti hin lakkaa'aman;

3) Walgahii gita tokkoon tokkoon abbootii liqaa irratti harka sadii keessaa lama Sagalee yoo hin arganne; Karoora irra deebiin gurmaa'uu abbaa idaa qabuu fi harka caaluun Kutaan iyyattoota dhimmi ilaallatu yoo mirkanaa'e fudhatama kan argatu ta'a

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti sagalee caalmaa caqafame hin argamu Yoo gita yookiin qabeenyi abbootii aksiyoona sakatta'ame Qabeenyi nama liqii qabu yeroo tilmaamamu kaffaltii tokkollee hin argatu yookiin homaa hin argatu Yoo xiqqaate fandii tokko kan gosa biraa kamiyyuu keessaa ba'ee fi faayidaa hin qabne Kutaan Himatamaa Karoorichaaf sagalee yoo kenne Karoorichi akka ragga'etti fudhatama;

5) Abbootii liqaa walgahii irratti yoo hin argammeltee beeksisa dabalataa kennuu Walgahiin gita abbootii liqaa osoo hin kennin gara guyyaa hojii itti aanutti dabarsuu ni danda'ama Ni dandeessa.

Keewwata 684 Karoori IrraDeebiin Gurmeessuu Yaa'ii Waliigalaa Maallaqa Gaafattootaan Ragga'uu

1) Intarpiraayizii xixiqqaa fi giddu galeessaa kamiyyuu ilaalchisee abbootii liqaa Yoo gosootni hin ramadamne, karoora irra deebiin gurmaa'uu itti gaafatamaa irra deebiin gurmaa'insi Walgahiin waliigalaa abbootii liqaa sagalee kennuuf waamamuu ni danda'a Gaaffii kaffaltii walgahii waliigalaa abbootii liqaa yoo xiqqaate harka sadii keessaa lama Abbootiin liqaa karoora irra deebiin gurmaa'uu yoo sagalee kennan Karoorri fudhatama ni argata.

2) Walgahii gita abbootii liqaa ilaalchisee keewwata 682 irratti Dambiiwwan kaa'aman haala walfakkaatuun raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 685 Karoorri IrraDeebiin Gurmeessuu Mana Murtiin Ragga'uu

1) Itti gaafatamaa karoora irra deebiin gurmeessuu mirkanaa'e irra deebiin gurmeessuu waliin gabaasa yaadaafi yaada mana murtiif kenname of keessaa qabu waliin ni kenna Gabaasni kun yoo xiqqaate dhimmichi mana murtiin ilaalamuu isaa dura guyyaa sadii dura Dursee mana murtii fi qaamota qaama sirnichaa ta'aniif ni dhiyaata Wanti hundi akka salphaatti akka argattu siif taasifama.

2) Yeroo dhaddacha dhimmichaa itti gaafatamaa irra deebiin gurmeessuu, abbaa idaa fi maallaqa Gaafattoonni ni dhagahamu.

3) Manni murtichaa karoora irra deebiin gurmeessuu yeroo raggaasisu: Mirkaneessa:

(a) Karoorri irra deebiin gurmeessuu sagalee caalmaa barbaadamuun akka ragga'uu fi Kisii abbaa idaa qabu akka hin kufnee fi hojiin daldalaa akka jiraatu gochuuf wanti madaalawaa ta'e eegamu akka jiru;

(b) Karoora Irra Deebiin Gurmeessuu “Fedhii maallaqa gaafattootaa” waan jedhe ulaagaa guutu ta'uu isaa;

(c) Faayidaa abbaan liqaa kamiyyuu akkaataa karoora irra deebiin gurmaa'uutiin argatu adeemsa kiisaa keessatti kan argatu irraa gadi akka hin taane;

(d) Faayidaa qaama sadaffaa, keessattuu mirga wabii haaraa Gama argachuu fi bu'uura maallaqaa haaraatiin gahaa ta'ee eeguuf

(e) Akkaataa keewwata 683 keewwata xiqqaa (3) tiin gita adda addaa walitti makamanii Namni yeroo bu'aan isaa fudhatamu isaan gadiitti sadarkaa qabu Kutaa kaffaltii kamiyyuu argatu yookiin faayidaa kamiyyuu qabu Himattoonni dhimmi ilaallatu sagalee mormii kennan kaffaltii guutuu wal fakkaatu yookiin wal gitu akka argatan;

(f) Gosootni liqeessitoota sadarkaa walfakkaataa qaban tokko yookiin walqixa ta'uu isaanii gaaffiin kaffaltii isaanii haala kamiinuu akka kaffalamu;

(g) Kaayyoo karoora irra deebiin gurmeessuu galmaan gahuun yeroo barbaachisaa ta'ee fi Karoorri irra deebiin gurmeessuu mirga qaamolee fedhii qaban kamiyyuu ni eega Faayidaan haqa malee yeroo hin miidhamne manni murtii mataan isaa Qajeeltoowwan armaan olitti (e) fi/yookiin (f) keessatti ibsaman irraa kan hafe jalqabbii Mala tokko tokko hordofuun ni danda'ama

(h) Akkaataa karoora irra deebiin gurmeessuutiin maallaqa barbaachisaa ta'e kamiyyuu Iyyattoonni kaffaltii guutuu daree barbaadu caalaa argachuu yookiin qabachuu ni danda'u Hin danda'u.

4) Tumaalee karoora irra deebiin gurmaa'uu namoota uumamaa wabii ta'an eeruun Dantaa isaanii eeguu danda'u.

5) Murtii kenname karoora irra deebiin gurmeessuu mirkaneessuu yookiin kuffisuu Nama hundaaf dirqisiisaa fi Itoophiyaa keessatti bal'inaan kan babal'atu ta'a Gaazexaa jiru irratti ni maxxanfama.

Keewwata 686 Karoora Irradeebiin Gurmeessuu Fooyyessuu

1) Karoorri irradeebiin gurmeessuu mana murtichaatiin erga ragga'e booda karoorichi fooyya'uu kan danda'u abbaan idaa yoo waliigalee fi maallaqa gaafattootni sagalee isaanii guutii yoo kennan qofaadha.

2) Fooyya'iinsi akkanaa mana murtiin ragga'uun osoo hin barbaachisin abbootii dhimmaa giddutti seera qabeessaa fi dirqisiisaa ta'a.

Keewwata 687 Raawwii Karoora Irra Deebiin Gurmeessuu

1) Abbaan idaa akkaataa haal-duree karoora irradeebiin gurmeessuu keessatti kaa'ameen karooricha ni raawwata; Akka karoorichaatiin maallaqa yeroon isaa hin geenyee fi kaffalamuu hin qabne hin kaffalu.

2) Maallaqa gaafattootni maallaqa akkaataa karooraatiin hin geenyee fi kaffalamuu hin qabne kamiyyuu gaafachuus ta'ee fudhachuu hin danda'an.

3) Ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu karoorri irradeebiin gurmeessuu bu'uura sirna murtii keessatti taa'een raawwatamuu ni too'ata.

4) Ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu dhimmi yookiin gochi faayidaa maallaqa gaafattootaa miidhu kamiyyuu yeroo jiraatutti mana murtichaaf hatattamaan ni beeksisa.

5) Ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu baasiwwan fi kaffaltiiwwan yeroo tajaajila isaatti baasee fi deebi'anii kaffalamuu qaban manni murtichaa ni murteessa.

Manni murtichaa baasii fi kaffaltii kaffalamuu qabu ni murteessa.

Keewwata 688 Haala Karoorri IrraDeebiin Gurmeessuu Addaan Itti Citu

Abbaan idaa karrora irradeebiin gurmeessuu keessatti dambiiwwan taa'an raawwatamuu yeroo dhabanitti maallaqa gaafataan kamiyyuu, too'ataan yookiin abbaan alangaa karoora irradeebiin gurmeessuu addaan kutuu fi sirna kasaaruu banuuf mana murtichaatti iyyannoo dhiyeeffachuu ni danda'u.

Boqonnaa Jaha

Dhaabbata Hojii Daldalaa Gaggeessaa Jiru Osoo Sochii Taasisaa Jiru Gurguruu Keewwata 689 Karoora Sochii Daldalaa Qaamni Sadaffaan Akka Fudhatu Dhiyaatu

- 1) Akka dhaabbata itti fufiinsa qabuutti gurguruu Hojimaata gurmaa'insa of eeggannootiin irra deebiin gurmeessuu Erga ispeeshaalistii damichaa banamee booda yookiin sirna irra deebiin gurmaa'uu Gurmeessuudhaan qondaalli qophaa'uu danda'a.
- 2) Abbaan idaa qabu, daayreetaroota isaa fi abbootiin aksiyoona hojii daldalaa irratti bobba'anii jiru Dhaabbata sochiirra jiru bitachuuf mirga dorgomuu qabu; Haa ta'u malee Hayyama abbaa murtii to'ataa argachuu qabu.
- 3) Ogeessa gurmaa'insa haaraa fi abbootii liqaa itti gaafatamaa gurmaa'insa haaraa Gatii daldalaa karaa faayidaa qabuun guddisuuf Adeemsa gurgurtaa haala sirrii dha jettanii amantaniin gaggeessuuf kaayyoo qabataniis Isaan gurmaa'u. Akka barbaachisummaa isaatti ogeeyyii, gorsitoota yookiin invastimantii Gargaarsa baankota gaafachuu dandeessa.
- 4) Itti gaafatamaan irra deebiin gurmaa'uu dhaabbata sochii daldalaa keessatti argamudha Akkuma sochii keessa jirutti gurguruu, caalbaasii qopheessuu yookiin dhuunfaatti gurguruu Karoorri irra deebiin gurmaa'uu akka kufamu yookiin akka didamu haala mijeessuu danda'a Ta'uu akka malu yeroo ifa ta'e qofa.
- 5) Daldalli dhuunfaan yoo gurgurame daldalli sun socho'aa jira Gatii gurgurtaa akkuma jirutti dabaluuf jecha gatiiwwan dhoksaan dhiyaatan Hidhamuu dandeessa.
- 6) Dhaabbata hojii daldalaa keessa jiru akkuma hojii irra jirutti gurguruu Itti gaafatamaan caalbaasii dorgommii fudhachuuf yoo qophaa'e irra deebiin gurmaa'uu Sirna gurmaa'insa irra deebiin erga banamee booda qondaalli qindeessaa yoo dhiyaate gatii keessatti filatame beeksisuu; Waan manni murtii murteessu irraa Yeroo

barbaachisaa ta'een booda itti gaafatamaan gurmaa'insa haaraa gatiiwwan dhiyeessan Yaa'ii waliigalaa abbootii liqaa irratti sagalee kennuudhaaf dhiyaachuu qaba.

Keewwata 690 Sirna Caalbaasii

1) Itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuu abbaa idaa waliin ta'uudhaan kutaa odeeffannoo dorgomtoota fedhii qaban kamiyyuufiyyuu dhaqqabamaa ta'e ni gurmeessa.

2) Dorgomtoonni fedhii qaban kamiyyuu kutaa odeeffannootti osoo hin fayyadamin dura Waliigaltee iccitii eeguu mallatteessuu qabu.

3) Kanneen armaan gadii dabalatee dorgomaan fedhii qabu kamiyyuu caalbaasii sanadoota rogummaa qaban waliin ni dhiyeessa:

(a) Dandeetti faayinaansii dorgomaa;

(b) Madda maallaqaa sochii hojii daldalaa fudhachuuf kaffalamu;

(c) Karoorra hojii daldalaa;

(d) Tarree qabeenya bitamuuf yaadamanii;

(e) Gatii bittaa;

(f) Seerotni dirqisiisoo dhimma hojjataa fi hojjachiisaa akkuma eeggamanitti ta'ee akaakuu fi baay'ina hojjattoota dorgomaan fudhachuuf hayyamamaa ta'ee; fi

(g) Dhaabbanni hojii daldalaa keessa jiru hojii irra osoo jiru akka gurguramu dorgomtootaaf akka darbu waliigalteewwan barbaachisoo ta'an.

Keewwata 691 Waliigalteewwan Dabarfamuu Kan Danda'an Ta'uu

Waliigalteewwan dhuunfaan raawwatan dabalatee tumaaleen waliigaltee dabarfamuu waliigaltee daangessan hojii daldalaa itti fufsiisuuf barbaachisaa hanga ta'anitti raawwatiinsa hin qabaatan.

Keewwata 692 Waliigaltee Maallaqa Gaafattoota Wabummaa Qabanii

1) Qabeenya akka wabii liqaatti fudhatame akka daldalaatti hojiirra oolaa jira Yoo riil isteetii hojii daldalaa gurguramaa jiru keessatti hammatame Fudhattoota boondii, fudhattoota boondii qabeenya socho'aa fi qabeenya biro Hayyamni fayyadamtoota wabii argachuu qaba;

2) Wabii gatii qabeenya socho'aa yookiin hin sochoone liqaadhaaf wabii ta'ee oolu Gaaffii kaffaltii kenname caalaa yoo ta'e, itti gaafatamaan gurmaa'insa irra deebiin ni

kaffala Qabeenya gatii walfakkaataa qabu kan biraatiin gaaffii yookiin qabeenya kaffaluun dirqama wabii bakka bu'iinsaan dhiisuu ni danda'a;

3) Qabeenya wabii ta'ee itti fayyadame akka gadhiisuuf abbaan liqaa fayyadamaa ta'e Yoo dide immoo itti gaafatamaan gurmaa'insa irra deebiin iyyata mana murtiif dhiyeessu qaba. Manni murtii gaaffii kaffaltii wabii qabuuf kaffaltii akka fudhatuuf yookiin qabeenya sun qabeenya biraa gatii walfakkaataa qabuun akka bakka bu'u ajajuu ni danda'a;

4) Qabeenya akka bakka bu'aa ta'ee dhiyaatu qabeenya liqaadhaaf wabii ta'ee itti fayyadamudha. Kaffaltiin wabii qabu gaaffii deebisuu guutummaatti uwwisuuf gahaa yoo hin taane Manni murtichaa qindeessaan garaagarummaa jiru abbaa idaa wabii qabuuf akka kaffalu ajajeera Ajajni kennamuu ni danda'a.

Keewwata 693 Karoorri Sochii Hojii Daldalaa Fudhachuuf Dhiyaate Walgahii Waliigalaa Maallaqa Gaafattootaan Ragga'uu

1) Karoorra irra deebiin gurmaa'uu walgahii abbootii liqaa yookiin mana murtii irratti Gurmaa'insi irra deebiin yoo dide itti gaafatamaan hojii daldalaa Caalbaasii gurgurtaa daldalaa akka dhaabbata itti fufiinsa qabuutti Gaaffii sagalee kennuu

2) Abbootii liqaa yoo xiqqaate kaffaltii harka sadii keessaa lama qaban dabalatee karaa waliigaltee barreeffamaa abbootii liqaa gidduutti taasifameen Yoo deeggartan caalbaasiin fudhatama argata. Akkasumas qaamaan beeksisi kaayyoo iyyattoota bakka hin jirre sagalee kennuudhaaf karaa bakka bu'ummaa isaaniitiin ilaalcha keessa hin galfaman.

Keewwata 694 Dhaabbata Hojii Daldalaa Keessatti Gurguruuf Manni Murtii Hayyama Kennuu Ilaalchisee

1) Daldala akka dhaabbata itti fufiinsa qabuutti gurguramu Sagalee caalmaa manni murtii barbaaduun abbootii liqaatiin raggaasifama Karoorri irra deebiin gurmaa'uu fi karoorri hojii dorgomaa mo'ataa jiraachuu dhabuu Jireenya hojii daldalaa mirkaneessuuf abdiin akka jiru ni mirkaneessa;

2) Mana murtii sochii daldalaa dhaabbatichaa Itti fufuuf jechootni gaaffii bittaa keessatti tarreeffaman barbaachisoodha akka dabarfaman ni ajaja; Akkasumas hanga maqaan akka seeraatti dabarfamutti Mo'ataa daldalaa caalbaasii mo'ate bulchiinsa

hojii akka fudhatu hayyamuuf Guyyaa gara dorgomaa milkaa'etti dabarfamuu murteessa.

3) Qabeenya dorgomaan mo'ate bite bilisaan dabarsuu irratti daangaa kaa'ame Yoo baay'ate waggaa lamaaf tursiisuun ni danda'ama.

4) Qabeenyi dabarfamee jiru konkiriitii tokko malee, haaldureedhaan gurgurama yookiin gosa liqaa, daangessuu, kaffaltii fi itti gaafatamummaa gosa biroo kamiyyuu fi keessumaa Kaffaltii fi itti gaafatamummaa naannoo irraa bilisa ta'u.

Keewwata 695 Dhaabbata Sochii Hojii Daldalaa Keessa Jiru Sochii Taasisaa Osoo Jiru Raawwii Hojii Daldalaa Gurguruu

1) Murtiin ragga'uu hordofee ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu waliigaltee abbummaa dabarsuu dabalatee waliigaltteewwan barbaachisaa ta'an hundi akka raawwataman haala ni mijeessa; Akkasumas dhaabbanni sochii hojii daldalaa irra jiru osoo sochii taasisaa jiru dabarfamuu isaa raawwachiisuuf haaldureewwan barbaachisoo ta'an hunda ni guuta.

2) Dhaabbanni sochii hojii dadalaa keessa jiru sochii taasisaa osoo jiru gurgurtaan dabarfamuun dura qabeenyotni qaama gurgurtaa hin taane ni gurguramu; Akkasumas hojjatootni hin dabarfamin hojiirraa ni gaggeeffamu; maallaqni gurgurtaa irraa argamu tarreeffama sirna duraa duubaa seera kana keewwata 786 keessatti taa'e bu'uura godhachuun maallaqa gaafattootaaf ni qoqqoodama.

Boqonnaa Torba

Sirna Irradeebiin Gurmeessuu Jijjiiruu fi Ol'iiyannoo

Keewwata 696 Sirna Irradeebiin Gurmeessuu Gara Sirna Kisaaruutti Jijjiiruu

Dhaabbata sochii daldalaa keessa jiru, sochii taasisaa osoo jiru akka gurguramu erga raga'e booda yookiin karoorri irradeebiin gurmeessuu kufaa kan taasifame yo ta'e, manni murtii sirna irradeebiin gurmeessuu gara sirna kasaaruutti ni jijjiira.

Keewwata 697 Ol'iiyannoo

1) Maallaqa gaafataan mormii qabu murtii karoora irra deebiin gurmeessuu yookiin dhaabbanni sochii daldalaa keessa jiru sochii taasisaa osoo jiru akka gurguramu murtii kenname irratt ol'iiyannoo dhiyeessuu ni danda'a.

2) Abbaan idaa murtii karoora irradeebiin gurmeessuu kufaa taasisu yookiin murtii sochiin hojii daldalaa taasifamaa osoo jiru hojiin daldalaa akka gurguramu taasisu irratti ol'iiyannoo dhiyeessuu ni danda'a.

3) Qaamoleen waliigalteewwan dabarfaman taasisan murtii sochiin hojii daldalaa taasifamaa osoo jiru hojiin daldalaa akka gurguramu kenname irratti ol'iiyannoo dhiyeessuu ni danda'u; ta'us garuu ol'iiyachuu kan danda'an waliigalteewwan dabarfamuu ilaalchisee qofaadha.

4) Abbaan idaa ittigaafatamaa irradeebiin gurmeessuu fi qaamolee sirnichaan hammataman hunda waa'ee ol'iiyannoo beeksisa ni kennaaf.

5) Murtii karoora irradeebiin gurmeessuu raggaasisuu irratti ol'iiyannoo dhiyeessun raawwii karoorichaa dhoorkamuu hin hordofsiisu.

6) Ol'iiyannoon karoora irradeebiin gurmeessuu mormuun dhiyaate fudhatama kan argate yoo ta'e, Manni Murtichaa:

(a) Akkuma haala isaatti sarbiin sirna deemsaa ifa ta'e yookiin faayidaa fooyya'aa maallaqa gaafattootaa ulaagaa jedhu irratti sarbiin taasifame yoo jiraate karoora irradeebiin gurmeessuu dhiisuu; yookiin

(b) Karooricha raggaasisuu fi qaama miidhameef beenyaa kennuu ni danda'a.

7) Qaamni fedhii qabu kamiyyuu karoorri irradeebiin gurmeessuu akka addaan citu murtee kenname irratti ol'iiyannoo dhiyeessuu ni danda'a.

8) Ol'iiyannoowwan bu'uura keewwata kanaatiin dhiyaatan murtiin karoora irradeebiin gurmeessuu raggaasisu yookiin kufaa taasisuu kennamee guyyaa digdama keessatti dhiyaachuu qabu.

Keewwata 698 Mormii Dorgomtoota Caalbaasii Moo'amanii

Dorgomtootni caalbaasiin moo'aman sochiin hojii daldalaa taasifamaa osoo jiru murtii hojii daldalaa gurguruuf kenname irratti mormii dhiyeessuu hin danda'an.

Boqonnaa Saddeet

Dirqamoota Daayirektarootaa Fi Hojii Gaggeessitootaa

Keewwata 699 Dirqamoota Hojii Gaggeessitootaa fi Daayirektarootaa

Kisaaraan dhaqqabuu haala itti danda'u yeroo jiraatutti hoji gaggeessitootnii fi daayirektarootni adda durummaan:

- (a) Dantaa maallaqa gaafattootaa eegsisuu; fi
- (b) Kasaaraa ittisuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an hunda fudhachuuf itti gaafatamummaan imaanaa itti kennameera.

Boqonnaa Sagal

Sirna Irradeebiin Gurmeessuu Salphaa

Keewwata 700 Sirni Irradeebiin Gurmeessuu Salphaan Banamuu

1) Manni murtichaa:

- (a) Sirni of eeggannoof idaa irradeebiin gurmeessuu adeemsarra kan jiru yoo ta'e;
- (b) Karoorri irradeebiin gurmeessuu maallaqa gaafattoota lakkoofsa hedduutiin kan deeggaramu ta'uu fi walgahii ramaddii maallaqa gaafattootaa yookiin yaa'ii waliigalaa maallaqa gaafattootaa irratti maallaqa gaafattootni sagalee kennanii sagalee caalmaa barbaachisaan kan ragga'u ta'uu carraan bal'aan jiraachuu abbaan idaa yoo agarsiise, sirna irradeebiin gurmeessuu salphaa ni bana.

2) Sanadoota seera kana keewwata 637 jalatti tarreeffaman dabalatee, abbaan idaa sanadoota armaan gadii ni dhiyeessa:

- (a) Waraabbii murtii sirni of eeggannoof idaa irradeebiin gurmeessuu akkuma banameen kennamee;
- (b) Wixinee karoora irradeebiin gurmeessuu maallaqa gaafattoota ijootiin irratti waliigalame;
- (c) Bu'uura karoora hojii daldalaa irradeebiin gurmeessuutiin sanadoota bu'aa qabeessa ta'uu agarsiisan hunda.

Keewwata 701 Yeroo Turtii

Manni Murtichaa murtii sirni irradeebiin gurmeessuu salphaan akka banamu kennuun turtii yeroo sirnichaa ni murteessa.

Keewwata 702 Ittigaafatamaa Irradeebiin Gurmeessuu Muuduu

- 1) Manni murtichaa ogeessa damee idaa irradeebiin gurmeessuu itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessuu taasisee ni muuda.
- 2) Itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessuu ramaddii maallaqa gaafattootaa rogummaa qabanii of eeggannii ni ramada. Akkasumas karoora irradeebiin gurmeessuu irratti

sagaleen akka kennamu walgahii ramaddii maallaqa gaafattootaaf yookiin yaa'ii waliigalaa maallaqa gaafattootaaf ni dhiyeessa.

Keewwata 703 Tumaalee Rogummaa Qaban

Boqonnaa kana keessatti haala addaatiin yoo tumame malee, tumaalee boqonnaa sadii (Qabeenya abbaa idaa) osoo hin dabalatin tumaaleen mata duree sadii sirna irradeebiin gurmeessuu salphaan hojiirra kan oolu ta'a.

Keewwata 704 Sirna Waa'ee Irradeebiin Gurmeessuu Salphaan Adda Cituu

- 1) Karoorri irradeebiin gurmeessuu ramaddii maallaqa gaafattootaa yookiin yaa'ii waliigalaa maallaqa gaafattootaan sagalee caalmaa barbaachisuun maallaqa gaafattootaan yoo ragga'uu baate sirni irradeebiin gurmeessuu salphaan adda ni cita.
- 2) Sirnicha adda kutuuf murtiin yemmuu kennamu yeroma sana sirni irradeebiin gurmeessuu salphaan gara karoora irradeebiin gurmeessuutti ni jijjiirama.
- 3) Keewwatni xiqqaan (2) jiraatus sochiin daldalaa gaggeefamaa osoo jiruu carraan hojii daldalaa gurguruu dhiphaa yeroo ta'utti manni murtichaa aangoo isaatiin abbaan idaa fi ittigaafatamaan irradeebiin gurmeessuu waan jedhan erga dhagahe booda sirna irradeebiin gurmeessuu salphaa gara kasaaruutti jijjiiruu ni danda'a.

Mata-Duree Afur

Sirna Adeemsa Kasaaruu

Boqonnaa Tokko

Sirna Adeemsa Kasaaruu Banuuf Murtii Kennamu

Keewwata 705 Sirna Adeemsa Kasaaruu Banuu

- 1) Abbaan idaa kaffaltiiwaan raawwachu kan adaan kute ta'ee iyyata yoo dhiyeesse adeemsi kasaaruu ni banama.
- 2) Abbaan idaa akkaataa kitaaba kana mata duree 3 tiin adeemsa irra deebiin gurmeessuu akka banamu dursee iyyata kan dhiyeesse yoo ta'e malee, abbaan idaa kaffaltii addaan kute yoo baay'ee dheerate guyyaa afurtamii shan keessatti sirna adeemsa kasaaruu eegaluuf iyyata Mana Murtiitti dhiyeesuu qaba.

- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin dirqamni abbaan idaa qabu miseensa waldaa shariikaa keessatti dirqama tokkoon tokkoon miseensaa qaban, akkasumas miseensa waldaa sahariikaa itti gaafatamummaa gosa lamaa qabu keessatti dirqama miseensa itti gaafatamummaan isaanii hin murtoofne irratti raawwattiinsa qabaata.
- 4) Sirna adeemsa kasaaruu:
- (a) Namoota abbaa idaa waliin itti gaafatamummaa waloofi qeenxee qaban;
 - (b) Gaafattoota liqaa tokko yookiin isaa ol ta'an kan abbaa idaa irraa liqa yeeroon isaa gahe yookiin kaffalamuu qabu kan qaban;
 - (c) calaltuu qabeenyaa sirna adeemsa kasaaruuraatiin ala qabeenya abbaa idaa akka qulqulleessu muudame;
 - (d) Abbaan idaa hojii daldalaa addaan kutuun isaa sirna adeemsa seera yakkaatiin abbaa idaatiin kan walqabatu ta'uun isaa ifa yoo ta'e, yookiin abbaa alangaa kamiyyuu iyyata kan dhiyeessu yoo ta'e yeroo kamiyyuu banamuu ni danda'a.
- 5) Sababa falmii abbaan idaa qabu irratti adeemsifamaa jiruun abbaan idaa kaffaltii raawwachuu dhaabuun/addaan kutuun isaa ifa yoo ta'e, Manni Murtichaa kaka'umsa isaatiin falmiin kasaaruu akka jalqabu taasisuu ni danda'a; Manni Murtii abbaan idaa kaffaltii addaan kutuu isaa yoo mirkaneesse akkaataa kitaaba kanaatiin Mana Murtii murtii kasaaruu kennuuf aangoo qabutti ni qajeelcha.
- 6) Abbaan idaa iyyata isaa dabalatee, seera kana keewwata 637 keewwata xiqqaa (1) jalatti sanadoota tarreeffaman dhiyeessuu qaba.
- 7) Gaafattoonni maallaqaa iyyata isaanii dabalatee sanadoota seera keewwata 637 keewwata xiqqaa (4) jalatti tarreeffaman dhiyeessuu qabu; Akkasumas qabeenya nama kasaaree akka eegu nama muudamu ilaalchisee yaada dhiyeessuu ni danda'u.

Keewwata 706 Murtii Kasaaruu

- 1) Dhimmichi yeroo jalqabaatiif yommuu dhagahamu yookiin barbaachisaa ta'ee yoo argame, akkaataa Seera kana keewwata 591 keewwata xiqqaa 2tiin gabaasni qorataa yammuu isa dhaqqabu Manni Murtichaa:
 - (a) Abbaan idaa kasaaruu isaa ni murteessa;
 - (b) Bu'uura seera kana keewwata 605tiin abbaa seeraa to'ataa ni muuda;
 - (c) Bu'uura tumaalee labsii kana keewwata 610-616tiin sirna adeemsa kasaaruu raawwachuuf eegduu qabeenya nama kasaaree ni muuda;
 - (d) Bu'uura Labsii kana keewwata 591tiin, hojimaata irra deebiin gurmeessuu keessatti guyyaan kaffaltiin itti addaan cite yoo hin murtoofne, guyyaan kaffaltiin itti addaan citu ni murtaa'a;
- 2) Waldaa daldalaa miseensota itti gaafatmummaa waloofi qeenxee qaban irratti murtiin kasaaruu yammuu kennamu miseensonni waldichaa kan kasaraan ta'u. Qabeenyi dhaabbatichaa fi waldichaa qofa qofaatti kan ilaalman ta'u; akkasumas sirni adeemsa kasaaruu qofa qofaatti gaggeeffama.

Keewwata 707 Beeksisa Gaafattoota Maallaqaatiif Kennamu

- 1) Iyyanni kasaaruu gaafattoota maallaqaa, miseensota waldaa ittigaafatamummaa waliiniifi qeenxee qabaniin yookiin abbaa alangaatiin kan dhiyaate yoo ta'e, Manni Murtichaa iyyanni kan dhiyaate ta'uu isaa guyyaa torba keessatti abbaa idaatiif ni beeksisa.
- 2) Abbaan idaa iyyanni dhiyaatee guyyoota digdama keessatti iyyata kasaaruufudhachuu yookiin mormuu isaa ibsuun deebii isaa dhiyeessa; Abbaan idaa sanadoota seera kana keewwata 637 keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffaman, akkasumas sanadoota deeggarsaa biroo kaffaltii addaan kutuu yookiin kan addaan hin kunne ta'uu isaa agarsiisan ni dhiheessa;
- 3) Abbaan idaa kaffaltiiwwan addaan cituu isaanii kan amane yoo ta'e, abbaan idaa hojiin daldalichaa bu'uura kitaaba kana Mata duree IIItiin sirna adeemsa irra deebiin gurmeessuuf ulaagaa guutuu isaa yookiin mataduree kana jalatti bu'uuraa tumaa sirna deemsa kasaaruutiin gara sirna adeemsa kasaaruutti seenuu akka qabu ibsuu qaba.

- 4) Abbaan idaa sirna adeemsa kasaaruu irra deebiin gurmeessuuf ulaagaa kan guutu yoo ta'e, Manni Murtichaa karoorri gurmaa'insa irra deebiin qophaa'ee yammuu dhiyaatuuf falmii irra deebiin gurmeessuu banuuf akkaataa kitaaba kanaa Mata duree IIItiin sagalee barbaachisu argachuuf kan danda'u ta'uu isaa kan hubate yoo ta'e, bakka sirna deemsa kasaaruu ajaja sirna adeemsa irra gurmeessuu kennuu ni danda'a.

Keewwata 708 Hojiin Daldalicha Erga Addan Citee Booda Kasaaruu

- 1) Abbaan idaa galmee daldalaa irraa haqame galmee daldalaa irraa guyyaa haqame irraa eegalee waggaa tokko keessatti kaffaltii raawwachuu yoo dhaabe kan kasaare ta'uun isaa labsamuu ni danda'a.
- 2) Daldalaan galmee daldalaa keessatti kan hin galmoofne yoo ta'e, kaffaltiiwwan erga addaan citanii booda kasaaruun isaa yeroo kaminiyyuu itti himamuu ni danda'a.

Keewwata 709 Sirna Adeemsa Kasaaruu Du'aan Booda Banamu

- 1) Daldalaan kaffalti erga addaan kutee yoo du'e, du'ee wagga tokko keessatti kasaaruun isaa labsamuu ni danda'aa.
- 2) Daldalaa akkasii irratti:
 - (a) Gaafataa maallaqaa tokkoon;
 - (b) Abbaa Alangaatiin, yookiin;
 - (c) Manni Murtii kaka'umsa isaatiin;

Sirna adeemsi kasaaruu akka banamu murteessuu ni danda'a.

- 3) Dhaaltuun kamiyyuu qabeenyi dhaaltummaan argate qabeenya dhuunfaa isaa waliin akka walitti hin makamne taasisuuf kasaaruun nama du'ee akka labsamu iyyata dhiyeessuu ni danda'a.
- 4) Murtiin erga daldalaan du'ee booda sirni deemsa kasaaruu akka banamu kennamu faayidaa qabeenya addaan baasuu akkaataa tumalee Seera Hariiroo Hawaasaatiin gaafattootni maallaqaa argatan battalumatti kan haqu ta'a.

Keewwata 710 Beeksisa Murtii

- 1) Mata duree kana keessatti haala addaatiin kan tumame yoo ta'e malee, murtii kasaaruubeeksisuu ilaalchisee tumaaleen seera kana keewwata 648 haala walfakkaataan raawwatiinsa ni qabaatu.
- 2) Abbaan idaa nama uumamaa ta'e kan du'e yoo ta'e, gargalchi murtichaa dhaaltuun yoo jiraate dhaaltuu abbaa idaatiiif battaluma murtichi kennametti ni ergama.

Keewwata 711 Oliyyata Mana Murtiin Sirna Adeemsa Kaasaaruu Irratti Banamuu Yookiin Kufaa Akka Ta'u Kenname Irratti Dhiyaatu

- 1) Abbaan idaa fi Abbaan Alangaa murtiin sirna adeemsa kasaaruu kennamee guyyoota kudhan keessatti ol'iyyannoo dhiyeessuu ni danda'u
- 2) Gaafataan maallaqaa/Abbaan liqaa fi Abbaan Alangaa kamiyyuu sirni adeemsa kasaaruu kenname kufaa akka ta'u murtii kenname irratti ol'iyyannoo dhiyeessuu ni danda'u.
- 3) Ol'iyyannichi sirna murtii ariifachiisaatiin kan dhagahamu ta'ee ji'a lama keessatti murtiin kennamuu qaba; Murtiin kunis battalumatti kan hojiirra oolu ta'a.

Keewwata 712 Sirna Adeemsa Kaasaaru Akka Banamu Murtii Kenname Mormuu

- 1) Murtii sirna Adeemsa Kasaaruu akka banamu kenname irratti mormiin dhiyaachuu kan danda'u murtichi kennamee guyyoota kudhan keessatti dha; Haa ta'u malee, murtiiwwan gaazexoota beeksisa fudhachuuf kanneen hayyamameef irratti yeroon kun kan lakkaawwamu guyyaa beeksisni bahe yookiin maxxanfame irraa eegalee ta'a.
- 2) Namni murtii kasaaruu akka kennamu gaafate murtii kasaaruu kenname irratti mormii dhiyeessuu hin danda'u;
- 3) Mormiin abbaan idaa murticha irratti dhiyeessu bu'aa raawwii murtichaa dhaabsisuu hin qabaatu.

Keewwata 713 Murtii Mormiin Yookiin Ol'iyyannoon Irratti Dhiyaachuu Hin Dandeenye

- 1) Murtiiwwan armaan gadii kanneen mormiin yookiin ol'iiyannoon irratti hin dhiyaanne dha:
 - (a) Murtii to'ataan murtii kasaaruu Abbaa seeraa isaa yookiin eegduu qabeenya kasaaraa muuduuf yookiin mudama irraa kaasuuf murtii kenname;
 - (b) Gaaffiiwwan bilisaan gadilakkifamuufi gaaffii deggarsaa abbaa idaa yookiin maatiisaatiif dhiyaatu irratti murtii kenname;
 - (c) Murtii meeshaalee qaama qabeenya abbaa idaa ta'an yookiin shaqaxoota abbaa idaa gurguruuf dhiyaatan irratti kennamu;
 - (d) Iyyata eegduun qabeenya abbaa idaa bu'uura aangoo isaaf kennameen dhiyeesse irratti murtii kenname;
 - (e) Murtii hojiin daldalaichaa akka itti fufu kenname irratti ;
- 2) Eegdoonni qabeenya murtii kasaaraa dhimma keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (d) jalatti ibsame irratti aangoo abbaa seerummaa keessatti hin dhiyatu.

Keewwata 714 Kasaaruu Beeksisuuf Murtii Kenname Kaasuu

- 1) Guyyaa murtiin kasaaruu kennameefi murtiin mormii yookiin ol'iiyannoo irratti kenname gidduutti, namni kaasaare gaaffattoota maallaqaatiif kaffaltii raawwachuun haala kaffaltii addaan akka kutu isa taasisu keessaa kan bahe yoo ta'e yookiin Manni Murtichaa bakka murtii kasaaruu murtii irradeebiin gurmeessuu akka banamu kan murteesse yoo ta'e, murtiin kasaaraa kenname ka'uu qaba.
- 2) Haala kaminiyyuu namootni hojiiwwan sirna adeemsa kasaaruu raawwachiisan akkaataa seeraatiin raawwatan bu'aan hordofiisiisan ragga'an turu.

Boqonnaa Lama

Namootaafi Qaamolee Hojii Kasaaruu Raawwachiisan

Kutaa Tokko

Waa'ee Mana Murtii

Keewwata 715 Aangoo Mana Murtii

Tumaan seera kanaa keewwatni 604 Mana Murtii akkaataa Mata duree kanaatiin sirna adeemsa kasaaraa akka banamu murtii kennu kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Waa'ee Abbaa Seeraa To'ataa

Keewwata 716 Muudamaafi Aangoo Abbaa Seeraa To'ataa

Abbaan seeraa to'ataa murtii sirna adeemsa kasaaruu irradeebiin gurmaa'insuuf kan hin muudamne yoo ta'e, akkaataa seera kana keewwata 605tiin kan muudamu ta'a. Abbaan seeraa to'annoo aangoo seera kana keewwata 606 jalatti ibsame ni qabaata.

Keewwata 717 Aangoo abbaa Seeraa To'ataa

- 1) Bu'uura labsii kana keewwata 606tiin aangoo tarreeffamee kennameen alatti abbaan Seeraa sirna adeemsa kasaaruu:
 - (a) Falmii kasaaruuwaliin walqabatee falmiiwwan ka'aniifi falmiiwwan aangoo Mana Murtii jalatti kufan kamiyyuu irratti Mana Murtiitiif ibsa dhiheessuu; Ibsi haala kanaan dhiyaatus murtii Mana Murtii keessatti eeramuu qaba;
 - (b) Qabeenya abbaa idaa qabu kunuunsuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an hunda fudhachuu yookiin abbootii aangoo dhimmichi ilaaluun akka fudhatau taasisuu;
 - (c) Seeraan kan ajajame yoo ta'e yookiin barbaachisaa ta'uu isaa kan itti amaneyoo ta'e walgahiin koree gaaffattoota maallaqaa akka gaggeeffamu waamicha taasisuu;
 - (d) Eegduun qabeenyaa ofii isaatiin akka muudu seeraan kan ajajame yoo ta'e malee, sirna adeemsa kasaaruu deeggaruuf namoota barbaachisaa ta'an eegduun qabeenaya nama kasaaree akka muuduu hayyamu;
 - (e) Kunuunsaa qabeenya kasaaruuakka himataa yookiin himatamaa ta'ee mana murtiitti akka iyyatu barreeffamaan hayyamuuf aangoo ni qabaata.
- 2) Ajajni seera qabeessi abbaa seeraa to'ataan kennamu akka ajaja Mana Murtiitti lakkaawwamu.

Kutaa Sadii

Eegduu Qabeenya Nama Kasaaree

Keewwata 718 Muudama Eegduu Qabeenya Nama Kasaaree

- 1) Manni Murtichaa akkaataa tumaalee seera kana keewwata 610-616tti sirna adeemsa kasaaruu akka banamu murtii kennu keessatti eegduu qabeenya nama kasaaree ni muuda.
- 2) Gaafataan maallaqaa sirni adeemsa kasaaruu akka banamu gaafate nama eegduu qabeenya nama kasaaree ta'u kan dhiyeesse yoo ta'e Manni Murtichaa nama gaafataan maallaqaa kun dhiyeesse muuduu ni danda'a.
- 3) Murtiin sirna adeemsa irradeebiin gurmeessuu gara sirna adeemsa kasaaruutti kan jijjiirame yoo ta'e, Manni murtichaa itti gaafatamaa sirna adeemsa irradeebiin gurmeessuu eegduu qabeenya nama kasaaree taasisee ni muuda.

Keewwata 719 Eegduu Qabeenya Nama Kasaaree Bakka Buusuu

- 1) Sirnicha keessatti yeroo kamiyyuu eegduun qabeenya nama kasaaree, gaafataan maallaqaa kamiyyuu, koreen gaaffattoota maallaqaa yookiin abbaan alangaa eegduun qabeenya nama kasaaree kan biraatiin akka bakka bu'u Mana Murtiitti iyyata dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Manni Murtichaa aangoo mataa isaatiin eegduu qabeenya nama kasaaree bakka buusuu ni danda'a.
- 3) Manni murtichaa, keessumaayyuu eegduun qabeenyaa nama kasaaree hayyama abbaa seeraa to'ataatiin alatti maallaqa fuudhe akkaataa seera kana keewwata 720 keewwata xiqqaa (1) (e)tiin lakkoofsa herregga baankii maqaa nama kasaareetiin banametti kan hin galchine yoo ta'e, yookiin herrega baankii keessaa kan baase yoo ta'e Manni Murtichaa kaka'umsa isaatiin eegduu qabeenya nama kasaaree bakka buusuu ni danda'a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatuuyyuu, koreen gaaffattoota maallaqaayookiin hanga gaaffattoota maallaqaa murtii kasaaruu dura hojiiwwan hojjetaman keessatti murtiin kasaaruu akka kennamu namni gaafate akka muudamu nama inni dhiyeesse kan deeggaran yoo ta'e Manni Murtichaa iyyata isaa hayyamuufi abbootiin liqaa harki caalaan isaanii maallaqa waliigalaa himannaa kasaaruu duraa keessaa harka caalu qaban nama

iyyate muuduuf kan deggeran yoo ta'e akka eegduu qabeenya nama kasaareetti muudamuu ni danda'a.

Keewwata 720 Aangoo fi Dirqama Eegdota Qabeenya Nama Kasaaree

1) Eegduun qabeenya nama kasaaree aangoowwan armaan gadii ni qabaata:

- (a) To'annoo abbaa seeraa to'ataa jalatti akkaataa tumaalee seera kanaa keewwata 742-746tti qabeenya nama kaasaaree bulchuu;
- (b) Haala qabeenyi abbaa idaa irra jiru sirriitti beekuuf odeeffannoo isa dandeessisu qaamolee mootummaa, dhaabbilee liqii fi dhaabbilee biroo irraa argachuu;
- (c) Akkaataa tumaalee seera kanaa keewwata 735 -741tti tarreeffama qabeenyaa abbaa idaa deeggarsa abbaa idaatiin qopheessuu;
- (d) Kasaaruutiin dura gaaffiiwwan kaffaltii akka fuudhu yookiin kufaa akka taasisuu abbaa seeraa to'ataadhaaf yaada gorsaa kennuu;
- (e) Baasii abbaa seerummaa fi bulchiinsaa uwwisuuf abbaan seeraa to'ataa sirna adeemsa kasaaruutiin maallaqa murtaa'e irraa hir'isuun maallaqa fuudhe battalumatti herrega baankii maqaa qabeenya kasaareetiin banametti galchuu;
- (f) Tajaajila erga addaan kutee booda guyyoota soddoma keessatti yookiin yoo ture, sirni adeemsa kasaaruu erga addaan citee booda guyyoota soddoma keessatti mana murriitiif gabaasa dhiyeessuu.

2) Aangoon eegduu qabeenyaa nama kasaaree nama biratti kan hin dabarre dha; Haa ta'u malee, abbaan seeraa to'ataan kan hayyameef yoo ta'e hojiiwwan adda ta'aniif ogeeyyii loogii irraa bilisa ta'aniif dabarsee kennuu ni danda'a.

Keewwata 721 Hojiiwwan Eegduun Qabeenyaa Hojjete Irratti Iyyaata Dhiyeessuu

Hojiiwwan eegduun qabeenya nama kasaaree hojjete irratti yookiin abbaan dhimmaa kan biroo kamiyyuu abbaa seeraa to'ataa sirna deemsa kasaaraatti mormii isaa dhiyeeffachuu ni danda'a. Abbaan seeraa to'ataanis mormii dhiyaate irratti guyyaa sadii keessatti murtii kennuu qaba.

Kutaa Afur

Koree Gaaffattoota Maallaqaa

Keewwata 722 Hundeeffama Koree Gaaffattoota Maallaqaa

- 1) Sirni Adeemsa kasaaruu erga banamee guyyoota kudhan keessatti Abbaan Seeraa to'ataa gaafattoota maallaqaa baayyina ol'aanaa qaban keessaa miseensota koree gaafattoota nama shan of keessaa qaban ni hundeessa; Walitti qabaan koree gaafattoota maallaqaas miseensota koree kanaa keessaa kan filatamu ta'a.
- 2) Koreen gaafattoota maallaqaa hundeeffame akka ragga'u Mana murtiif ni dhiyaata.
- 3) Miseensi Koree gaafattoota maallaqaa hojii isaa irraa kan ka'u yaada murtii abbaan seeraa to'ataa dhiyeessu irratti hundaa'uun murtii Manni Murtichaa kennuun ta'a.
- 4) Haa ta'u malee, abbaan seeraa to'ataa miseensa koree nama biraatiin akka bakka bu'u yaada dhiyeesse ofii isaatiin gaafataa maallaqaa biraatiin bakka buusuu ni danda'a.
- 5) Abbaa idaa waliin hanga sadarkaa afuraffaatti namni fira dhiigaa yookiin fira fuudhaafi heeruumaa qabu kamiyyuu miseensa koree gaaffattoota maallaqaa ta'ee filatamuu ni danda'a.

Keewwata 723 Mirgaafi Dirqama Koree Gaafattoota Maallaqaa

- 1) Manni Murtichaa, abbaan seeraa to'ataa fi eegduun maallaqa nama kasaaree barbaachisaa ta'ee yommuu argamutti koreen gaafattoota maallaqaa yaada gorsaa akka kennaniif gaafachuu ni danda'u.
- 2) Murtoon Koree gaafattoota maallaqaa sagalee caalmaa kan murtaa'u ta'a.
- 3) Eegduun qabeenya nama kasaaree:
 - (a) Herrega mirkaneessuu;
 - (b) Ibsa abbaan idaatiin qophaa'e fi;
 - (c) Falmiiwwan seeraa,

Ilaalchisee miseensota koree gaaffattoota maallaqaa yaada gorsaa gaafachuu ni danda'a.

- 4) Koreen gaafattoota maallaqaa eegduuqabeenya nama kasaaree ni too'atu.

- 5) Koreen gaafattoota maallaqaa eegduu qabeenya nama kasaaree bakka busuuf Mana Murtiitti iyyata dhiyeessuu ni danda'a; koreen kun iyyatta akkasii kan dhiyeessu gaafattoot maallaqaa hojii sirna adeemsa kasaaruu duraa keessatti gaaffattootni mallaqaa garri caalaan eegduun qabeenya nama kasaaree akka bakka bu'u kan deeggaran yoo ta'e qofa dha.
- 6) Koreen gaafattoota maallaqaa haala sirni adeemsa kasaaruu irra jiruufi haala kaffaltii galiifi baasii ilaalchisee yeroo kaminiyyuu ragaa gaafachuu ni danda'a; eegduun qabeenya nama kasaaree falmiiwwan kaminiyyuu ilaalchisee koree gaaffattoota maallaqaa ni mariisisa.
- 7) Miseensi koree gaafattoota mallaqaa kan itti gaafatamu ta'e jedhee yookiin dagannoon guddaan balleessaa yoo raawwate qofaadha.
- 8) Miseensonni Koree gaafattoota maallaqaa faayidaa gaafattoota maallaqaa hunda kan bakka bu'an ta'a.
- 9) Miseensota Koree gaafattoota maallaqaa kaffaltiin kamiyyuu hin kaffalamuuf; Haa ta'u malee, baasiiwwan eegduu qabeenya nama kasaareetiin barreeffamaan kan mirkanaa'e yoo ta'e baasiiwwan baasan gaafachuuf mirga qabu.

Kutaa Shan

Waa'ee Abbaa Alangaa

Keewwata 724 Sirna Adeemsa Murtii Kasaaruu keesstti Aangoo Abbaa Alangaa

- 1) Abbaan Alangaa sirna adeemsa kasaaruu raawwachiisuun walqabatee galmee fi sanadoota abbaa qabeyyumma mirkaneessan kamiyyuu abbaa seeraa to'ataa ajajuuf mirga qaba.
- 2) Abbaan Alangaa qorannoowwan isaanii iccitiin akka qabaman kan barbaachisu yoo ta'es, falmiiwwan yakkaa abbaa idaa ilaallatan dabalatee odeeffannoowwan sirna adeemsa kasaaruu waliin rogummaa qaban kamiyyuu yammuu gaafataman yookiin kaka'umsa mataa isaatiin abbaa seeraa to'ataatiif beeksiisuuf dirqama qaba.

Boqonnaa Sadii

Qabeenya Abbaa Idaa Simachuufi Bulchuu

Kutaa Tokko

Mirgi Abbaa Idaa Kan Mulqamu Ta'uu Isaa

Keewwata 725 Daangaa Raawwatiinsa Mirgoota Mulqamanii

- 1) Murtiin sirna adeemsa kasaaruu yammuu kennamu, abbaan idaa qabeenya isaa ilaachisee mirgoota qabu kamiyyuu battalamutti kan irraa mulqamu ta'a.
- 2) Sirni Adeemsa kasaaraa akka banamu murtiin yammuu kennamu mirga himachuuf himatamuu kan qabu eegduun qabeenya abbaa idaa qofa dha; Manni Murtichaa abbaan idaa gaaffii yammuu dhiyeessuuf falmii kamiyyuu keessatti akka hirmaatu hayyamuufii danda'a.
- 3) Gochaawwan haala tumaa kana waliin walfaalleessuun raawwataman kamiyyuu qaamota sadaffaa irratti raawwatiinsa hin qabaatan.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti kan tumame jiraatuuyyuu, abbaan idaa falmiiwwan yakkaa keessatti akka seera Hariiroo Hawaasaatti mirga akka beenyaa argachuu amala dhuunfaa qabanitti fayyadamuuf mirga qaba.

Kutaa Lama

Hojiiwwan Eegumsaa

Keewwata 726 Galmeewwan Abbaa Idaa Dabarsuu fi Cufuu

- 1) Seera kana keewwata 725 keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuuyyuu, eegduun qabeenya abbaa idaa akkaataa Keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin qabeenaya abbaa idaa hanga ofitti fudhattutti hojiiwwan eegumsaafi bu'uura hojimaata baramaa damee hojichaatiin hojiiwwan bulchiinsaa guyyaa guyyaa abbaa idaatiin kan raawwataman ta'u.
- 2) Sirni adeemsa kasaaruu erga banamee guyyoota sadii keessatti galmeewwan qoratamanii akka cufaman abbaan idaa eegduu qabeenya nama kasaareetti dabarsee kennuu qaba; Qaamni sadaffaan galmeewwan kana abbaa idichaatiif jedhee of harkaa qabu kamiyyuu eegduun qabeenya nama kasaaree yammuu gaafatu dabarsee kennuuf dirqama qaba; Barbaachisaa ta'ee yoo argame abbaan seeraa to'ataa galmeewwan kana dabarsee akka kennu ajaja ni kenna.

- 3) Seera kana keewwata 732 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, eegduun qabeenya abbaan idaa bakka abbaan idaa jirutti galmeewwan cufuufi herrega isaa dhaabsisuuf abbaa idichaa ni waama.
- 4) Waamicha taasifameen abbaan idichaa kan hin argamne yoo ta'e, sa'aatii afurtamii saddeet keessatti akka dhiyaatuufi galmeewwan akka dhiyeessuufi xalayaa imaanaatiin yookiin toora elektirooniksi fudhataan xalayichi isa dhaqqabuu isaa mirkaneessuu danda'u kamiiniyyuu waamicha ni taasisa.
- 5) Abbaan seeraa to'ataa kan irratti waliigale yoo ta'e abbaan idaa nama biraa bakka isa bu'u bakka buusuu ni danda'a.
- 6) Abbaan idaa ofii isaatii dhiyaachuuf yookiin nama biraa bakka buufachuuf hayyamamaa kan hin taane yoo ta'e, wantoota barbaachisaa raawwachuu akka isa dandeessisu eegduun qabeenya nama jasaaree Abbaa Alangaa ni beeksisa.

Keewwata 727 Eegumsa Mirgoota Abbaa Idaa

- 1) Eegduun qabeenya nama kasaaree hojii isaa akkuma eegaleen mirgoota abbaan idaa qabu eeguuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu qaba.
- 2) Abbaan idaa yeroo sirna irra deebiin gurmeessuu yookiin dhaabbatni daldalichaa yammuu diigamu mirga wabii qabeenya hin sochoone irratti inni qabuufi hin galmoofnee fi mirgoota wabii kan biroo eegduun qabeenya abbaa idaa galmeessisuu qaba; eegduun qabeenya nama kasaaree eegduu qabeenyichaa ta'uu isaa ibsuun mirga galmeen wabii qabeenya hin sochoone nama kasaaree kan galmeessisu maqaa qabeenya nama kasaareetiinidha.

Keewwata 728 Ibsa Abbaa Seeraa To'ataaf Taasifamu

- 1) Eegduun qabeenya nama kasaaree hojii isaa eegalee yeroo ji'a tokkoo keessatti haala dhimmi abbaa idaa irra jiruufi sababoota sirni adeemsa kasaaruu itti baname kan ibsu abbaa seeraa to'ataatiif ni erga.
- 2) Abbaan seeraa to'ataanis yaada isaa itti dabaluun ibsa kana battalumatti Abbaa Alangaatiif ni dabarsa; Ibsichi akkaataa yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame keessatti Abbaa Alangaatiif kan hin

kennamne yoo ta'e sababoota tureef isaa ibsuun Abbaa Alangaatiif beeksisuu qaba.

Kutaa Sadii

Qabeenya Nama Kasaaree Saamsuu

Keewwata 729 Qabeenya Nama Kasaaree

- 1) Qabeenyi nama kasaaree kanneen rmaan gadiiti:
- 2) Qabeenyi nama kasaaree kanneen armaan gadiiti:
 - (a) Mirga bu'aa/firii qabeenyicha irraa argamutti fayyadamuu dabalatee qabeenyaafi mirga abbaan idichaa qabu kamiyyuu;
 - (b) Akkaataa seera kana keewwata 803tiin qabatamaatti yookiin akkaataa seeraatiin itti gaafatmummaa namootni hojigaggeessaa ta'an qaban dabalatee ittigaafatmummaa akkaataa seeraa Seera Hariiroo Hawaastiin gaaffiiwwan qaamota sadafaa irratti dhiyaatan;
- 3) Qabeenyi nama kasaaree akkaataa Seera kana keewwata 751fi 752tiin qabeenya deebi'uu qabu hin dabalatu.

Keewwata 730 Waa'ee Saamsuu

- 1) Mana Murtii kasaaruu abbaa idaa murteesse kasaaruu abbaa idaa beksiisuuf murtii kenne keessatti qabeenyi abbaa idaa akka saamsamu ajajuu ni dand'a; Saamsichis kan raawwatamu mana kuusaa, saanduqa, galmee, sanadoota, waraqaa fi akka barbaachisummaa isaatti qabeenya abbaa idichaa kanta'an meeshaalee manaa fi qabeenya socho'aa irratti dha.
- 2) Haa ta'u malee, abbaan idichaa kan miliqe yookiin bade, qabeenya isaa kan dhokse, yookiin qabeenya isaatti sirnaan ala kan itti fayyadame yoo ta'e, qaamoleen mootummaa dhimmi ilaallatu kaka'umsa mataa isaaniitiin yookiin iyyata gaafataa maallaqaa tokkoon murtiin kasaaruu osoo hin kennamin dura meeshaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffaman irratti saamsaan akka raawwatamu taasisuu ni danda'u.

Keewwata 731 Meeshaalee Saamsaan Irratti Taasifamu Hin Qabne

- 1) Gaaffii eegduu qabeenya nama kasaareetiin qabeenyi abbaa idichaa armaan gaditti tarreeffaman akka hinsaamsamne yookiin saasamanis yoo ta'e saamsaan akka irraa ka'u Manni Murtichaa hayyamuu ni danda'a:
 - (a) Namni kaasaare daldalaa dhuunfaa yoo ta'e tarreeffama qabeenyaa kennuu keessatti qabeenya dhuunfaa socho'aafi meeshaalee bu'uuraa jireenya dhuunfaa nama kasaareefi maatii isaatiif barbaachisaa ta'an;
 - (b) Hojichi akka itti fufu kan hayyamame yoo ta'e, daldalichaaf yookiin hojicha raawwachuuf meeshaalee tajaajilan;
- 2) Tarreeffama meeshaaleefi qabeenyichaa qaamni mallatteesu akka abbaa aangoo dhimmi ilaallatu argametti ta'ee eegduun qabeenya nama kasaaree meeshaaleefi qabeenya keewwata kana keewwata xiqqaa ljalatti ibsaman tarreeffamaaafi gatii isaanii ni qopheessa.

Keewwata 732 Waa'ee Meeshaalee Saamsaa Keessaa Bahanii

- 1) Bu'uura Seera kana keewwata 730 keewwata xiqqaa (1) tiin sanadoonni fi galmeewwan herregaa kan saamsaman yoo ta'e, abbaan seeraa to'ataa fi qaamni dhimmi ilaalu saamsicha kaasuun sanadootaa fi galmeewwan erga cufamanii booda eegduu qabeenya nama kaasaareetti dabarsuu qabu; akkasumas haala sanadoonniifi galmewwan irra jiran ni agarsiisu.
- 2) Kanneen yeroon kaffaltii isaanii gabaabaa ta'e, hayyama qama biraa kan barbaadan yookiin waraqaalee daldalaa eegumsa addaa barbaadaniifi borsaa nama kasaaree keessatti kan argaman abbaan aangoo dhimmi ilaallatu samsaan ala taasisuun tarreeffama isaanii erga qopheessee booda maallaqni galii akka ta'u yookiin wanti barbaachisu akka raawwatamu eegduu qabeenya nama kasaareetti dabarsee kennuu qaba; Eegduun qabeenya nama kasaarees haala waraqaaleen kun irra jiran ibsa qopheessuun Mana Murtiif ni dhiyeessa.

Keewwata 733 Waa'ee Xalayaa Nama Kasaareef Ergamee

- 1) Abbaan seeraa to'ataa xalayaawwan nama kasaareef ergaman sirni adeemsa kasaaruu erga banamee booda gara eegduu qabeenya nama kasaareetti akka darbu ajajuu kennuu ni danda'a; Namni kasaare xalayaa dabarsuu irratti

eegduu qabeenya nama kasaaree deeggaruu qaba; Namni kasaare xalayaan isaaf ergame eegduu nama ksareetiin yammuu banaman argamuf mirga qaba.

- 2) Xalayaaleen dhuunfaa hundi eegduu qabeenya nama kasaareetiin erga qulqullaa'anii booda nama kasaareef deebifamanii ni kennamu.
- 3) Eegduun qabeenya nama kasaaree namni kasaare toora Imelii addaa kan dhuunfaa isaa akka banatu ni hayyama; Manni Murtichaa iccitii dhuunfaa nama kasaaree eeguuf akka tolu namni kasaare yammuu imelii dhuunfaa isaa addatti banatu eegduu qabeenya nama kasaaree irratti daangaa ka'uu ni danda'a.

Keewwata 734 Waa'ee Saamsaa Kaasuu

Eegduun qabeenya nama kasaaree, samsaan taasifamee guyyoota shan keessatti tarreeffama qabeenya nama kaasaaree galmeessuuf saamsaan akka ka'u ni gaafata.

Kutaa Afur

Galmee Tarreeffama Meeshaa

Keewwata 735 Tumaa Waliigalaa

Tumaaleen galmee tarreeffama meeshaalee kutaa kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, seera kana keewwatni 659 sirna adeemsa kasaaruu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 736 Madaala Herregaa Qopheessuufi Kennuu

Namni kasaare madaala galmee herregaa kan hin kennine yoo ta'e galmeewwan jiran irratti hundaa'uun, sanadoota herregaa, waraqaawwanii fi ragaalee jiran bu'uura godhachuun eegduun qabeenya nama kasaaree yeeroo gabaabaa keessatti madaala herregaa qopheessuun ofiseera Mana Murtiitiif ni dhiyeessa.

Keewwata 737 Qabeenyaawwan Abbaa Idaa Tarreeffama Galmee Qabeenyaatti Galchuu

- 1) Namni kasaare xalayaa imaanaatiin yookiin mala elektirooniksii biroo namni xalayicha fudhatu fudhachuu isaa mirkaneessuu danda'uun erga waamamee booda, eegduun nama kasaaree deggarsa nama kasaare saniin tarreeffama galmee meeshaaleefi qabeenyaatti ni galcha.

- 2) Namni kasare galmeen tarreeffama qabeenyaa yammuu qophaa'u hanga maallaqa gaafattootni maallaqaa gaafatan, maqaafi teessoo isaanii, akkasumas waliigalteewwan adeemsa irra jiran, abbaan idichaa himataa yookiin himatamaa kan itti ta'e falmiiwwan adeemsa irra jiran kan ibsu tarreeffama gaafattoota maallaqaa eegduu qabeenyaatti ni dabarsa.
- 3) Kun yammuu rawwatamu meeshaaleen akkaataa Seera kana Keewwata 730 keewwata xiqqaa (1)tiin saamsamaman yookiin akkaataa Seera kana Keewwata 734tiin hin saamsaan irraa ka'e hundi irra deebiin ni qoratamu;
- 4) Meeshaaleen gumurukatti argamaniifi mana kuusaatti argaman tarreeffama galmee qabeenyaa keessatti addatti ibasamuu qabu.
- 5) Eegduun qabeenya nama kasaaree waraabbii jalqabaa tarreeffama galmee qabeenyichaa ni qabata.
- 6) Eegduun qabeenya nama kasaaree tarreeffama galmee qabeenyaa qopheessuuf ogeessa tilmaama qabeenyaa, ogeessa hojii herreggaa, ogeessa galmee sanadootaa yookiin ogeessa gahumsa qabu kan biroo muuduu ni danda'a.
- 7) Galmeen tarreeffama qabeenyaa dhabamuun isaa himannaa kaffaltii yookiin kaffaltiiwwan deebi'anii hin hambisu.

Keewwata 738 Waa'ee Gibiraafi Taaksii

- 1) Galmeen tarreeffama qabeenya nama kasaaree yammuu qophaa'u dirqamoota gibiraa fi taaksii irra jiru eegduu qabeenyaatiif beeksisuu qaba.
- 2) Eegduun qabeenyaa ibsa abbaan idaa kenne abbootii aangoo gibiraafi taaksiifi wabii hawaasummaatti ni galcha.
- 3) Abbaan idaa guyyaa gaafataan qabeenyaa gaaffii isaa dhiyeesse irraa eegalee guyyoota digdama keessatti attoomuuf hayyamamaa yoo hin taane eegduun qabeenya nama kasaaree abbaa seeraa to'ataafi abbootii aangoo gibiraafi taaksii, akkasumas wabii ni beeksisa.

Keewwata 739 Du'aan Booda Kasaaruu Labsameef Haala Qophii Galmee Tarreeffama Qabeenya

Kasaaruun du'aan booda kan labsame ta'ee galmeen tarreeffama qabeenyaa kan hin qophoofne yoo ta'e, yookiin tarreeffamni qabeenyaa osoo hin qophaa'iin

abbaan idaa kan du'e yoo ta'e, tarreefamni qabeenyaa kan qophaa'uu qophaa'uu isaa dhaaltotnni yookiin raawwachiistotni dhaamoo bakka argamanitti yookiin xalayaa imaanatiin yookiin mala elektirooniksii biroo kaminiyuu fudhataan xalayichaa fudhachuu isaa mirkanessuu danda'uun waamichi taasifameefii kan hin argamne yoo ta'e bakka isaan hin argamneti ta'a.

Keewwata 740 Mirgoota Abbaa Alangaa

- 1) Abbaan Alangaa galmeen tarreeffama qabeenyaa yammuu qophaa'uu argamuufi ilaaluuf mirga qaba.
- 2) Yeroo kaminiyyuu waliigalteewwan, sanadoota, galmeewwan yookiin waraqaawwan kasaaruun walqabatan kamiyyuu ilaaluuf mirga qaba.
- 3) Galmeen tarreeffamni qabeenyaa yammuu gurmaa'u Abbaan Alangaa argamuu akka danda'u eegduun qabeenyaa beeksisuunii qaba.

Keewwata 741 Qabeenya Abbaa Idaa Eegduu Qabeenyaatti Dabarsuu

Galmeen tarreeffama qabeenyaa erga qophaa'ee booda qabeenya galme tarreeffama qabeenyaa keessatti ibsame akkasumas sanadoonii fi ragaaleen qunnamtii qaban hundi eegduu qabeenyaatti ni kennamu; eegduun qabeenyaas isa dhaqqabuu isaa/fudhachuu galme tarreeffama qabeenyaa kana jalatti ni ibsa.

Kutaa Shan

Qabeenya Abbaa Idaa Bulchuu

Keewwata 742 Hojii Waliigalaa Eegduu Qabeenya Nama Kasaaree

- 1) Eegduun qabeenya nama kasaaree meeshaalee manca'uu danda'an yookiin kanneen gara fuula-duraatti gatiin isaanii hir'achuu danda'an jedhamanii tilmaamaman yookiin ol ka'uuf baasii ol'anaa gaafatan hayyama abbaa seeraa to'ataatiin ni gurgura; haalaafi sirna gurgurtaawwan kunnniin itti rawwataman Abbaa seeraa to'ataatiin ni murtaa'a.
- 2) Eegduun qabeenya nama kasaaree kaffaltiiwwan galii fuudhuun baasii abbaa seeraa to'ataatiin hayyamamam erga hir'isee booda herrega baankii maqaa qabeenyaatiin baname irratti battalumatti ni galcha.

- 3) Eegduun qabeenya nama kasaaree yoo xiqqaate ji'a sadiitti al tokko sadarkaa dhimmichi irra jiru Abbaa Seeraa to'ataa fi Abbaa Alangaa ni beeksisa.

Keewwata 743 Aksiyoanonniifi Maallaqoonni Waadaa Seename Akka Kaffalaman Waamicha Dabarsuu

- 1) Eegduun qabeenya nama kasaaree aksiyoanonni akka kaffalaman waamicha taasisuufi maallaqoonni waadaa seenaman guyyaa murtiin kasaaruu kennametti yeroon kaffaltii isaanii kan hin geenye yoo ta'elleeabbootiin aksiyoonaafi miseensotni isaanii maallaqa waadaa seename akka kaffalan ajajuuf aangoo ni qabaata.
- 2) Abbootiin aksiyoona fi miseensonni isaanii guyyaa eegduu maallaqaa qabeenya nama kasaareetiin beeksifni isaanii kennamee booda guyyaa kudhan keessatti kaffaltii waadaa seenan kan hin kaffalle yoo ta'e eegduun qabeenya nama kasaaree qabeenya nama kasaaree bakka bu'uun maallaqoota waadaa seenaman kaffalchiisuuf tarkaanfii seeraa ni fudhata.

Keewwata 744 Hojii Daldalaa Nama Kasaaree Itti Fufsiisuu

- 1) Tumaan Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) akkuma eegametti ta'ee, sirni adeemsa kasaaruu akka banamu murtiin kenname hojiin daldalaa nama kasaree akka dhaabbatu ni taasisa.
- 2) Bu'uura ibsa abbaa seeraa to'ataafi yaada gorsitoota koree gaafattoota maallaqaa tiin Manni Murtichaa kan hayyameef yoo ta'e eegduun qabeenya nama kasaaree hojii daldalichaa itti fufuu ni danda'a. Hayyamichi kan kennamu gatii qabeenya abbaa idaa fooyyessuuf yookiin faayidaa uummataatiif yammuu ta'u, keessumaayyuu akkaataa seera kana keewwata 747 -750tiin dhaabbatni sochii hojii daldalaa irra akkuma jiruun gurguruuf qophii taasisuufdha; Manni murtichaa yoo baay'ate guyyoota jahaatamaa hojiin daldalaichaa itti fufu ajajuu ni danda'a; barbaachisaa ta'ee yoo itti fakkaate yeroo wal fakkaatuuf al tokko qofa dheeressuu ni danda'a.
- 3) Hojii daldalaa itti aanu ofii isaatiin akka hin hojjenne taasisuuf Abbaan Seeraa to'ataa:

- (a) Eegduun qabeenyaa nama kasaaree guddisaa ramaduu akka danda’u eegduu qabeenyaa nama kasaareetiif aangoo kennuu ni danda’a; guddistuunis hojii daldalichaa hojjechuuf aangoowwan barbaachisaa ni qabaata; yookiin
- (b) Hojiin daldalichaa akka fooyya’u taasisuuf hojjettoota abbaa iddaa tokko tokkoon deggarsa akka taasifamuuf eegduu qabeenya nama kasaareetiif aangoo kennuufii ni danda’a.
- 4) Hojiin daldalichaa kan itti fufe yoo ta’e gaaffatootni maallaqaa murtiin kasaru erga kennamee boodaa akkaataa waadaa seenameen ni kaffalamaaf; kaafaltiiwwan maallaqaa murtii kasaaruun boodaa akkasii kamiyyuu kan hin kaffalamne yoo ta’e, gaafattoota maallaqaa wabii hin qabne dura dursi ni qabaatu; haa ta’u malee, sadarkaan duraa duba isaanii akkaataa seera kana keewwata 786tiin sirna irra deebi’anii gurmeessuu yookiin ofeeggannoo uwwisa idaa keessatti maallaqa dhiyaatuu gadi ta’a.

Keewwata 745 Maallaqa Haaraa Dhiyaate

- 1) Haala addaa keessatti, koreen gaafattoota maallaqaa yammuu hayyamu hojiin daldalaa nama kasaaree akka itti fufu deggarsa taasisuuf maallaqni haaraan akka dhiyaatu hayyamamuu ni danda’a.
- 2) Maallaqni haaraan dhiyaate gaafattoota maallaqaa wabii hin qabne dura mirga dursaa ni qabaata; haa ta’u malee, sadarkaan duraafi duuba isaanii akkaataa seera kana keewwata 786tiin sirna deebisanii gurmeessuun yookiin ofeeggannoo uwwisa idaa keessatti maallaqa dhiyaatuu gadi ta’a; Manni Murtichaa qabeenyaawwan nama kasaaree akka wabii idaatti hin qabamane maallaqa haaraa dhiyaateef wabii akka ta’an hayyamu ni danda’a. Haalli akkasii yammuu uumamus mirgi dursaa namootni maallaqa haaraa dhiyeessan argatan akkaataa duraa duuba gaafattoota maallaqaatiin ta’a.

Keewwata 746 Marii fi Waliigalteedhaan Xumuruu

- 1) Abbaan seeraa to’ataa koree gaafattoota maallaqaa waliin ma’achuufi yaada namicha kasaaree erga dhaggeeffatee booda yookiin xalayaa imaanaatiin yookiin fudhataan xalayichaa fudhachuu kan mirkaneessuu mala

elektrooniiksii kan biroo kaminiyyuu sirnaan qulqulleessee kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka hin jirretti eegduun qabeenya nama kasaaree nama idaan qabeenya nama kasaaree isa ilallatu kamiyyuu marii akka hiikamu yookiin waliigalteen akka xumura argatu hayyamuu ni danda'a.

- 2) Mariin yookiin waligalteen qarshii kumaa dhibba tokkoo (100,000) ol ta'eef taasifamu kamiyyuu yaadni nama kasaaree dhagahamee Mana Murtiitin ragga'uu qaba.

Kutaa Jaha

Sirna Adeemsa Kasaaraa Keessatti Dhaabbata Sochii Hojii Daldalaa Irra Jiru

Gurguruu

Keewwata 747 Sirna Adeemsaa

Bu'uura Seera kana keewwata 744tiin Manni Murtiichaa yaada koree gaafattoota maallaqaa erga dhagahee booda hojiin daldalaa abbaa idaa akka itti fufu kan hayyame yoo ta'e, eegduun qabeenya nama kasaaree akkaataa seera kana keewwata 689-692 jalatti tumameen dhaabbatni hojii daldalaa irra jiru akka socho'aa jirutti akka gurguramu ni qopheessa; gurgurtaa isaas ni raawwata.

Keewwata 748 Sochii Hojii Daldalichaa Ofitti Fudhachuuf Karoora Qophaa'e

Koree Gaafattoota

Maallaqaatiin Ragga'uu Isaa

- 1) Eegduun qabeenya nama kasaaree dhaabbatni daldalaa sochii hojii daldalaa keessaosoo jiruu caalbaasiiwwan bituuf dhiyaatan sagaleen akka itti kennamu koree gaafattoota maallaqaatiif ni dhiyeessa.
- 2) Gaaffiiwwan maallaqaa murtii kasaraatiin boodaa yoo xiqqaate gaafattootni maallaqaa tokko yookiin tokkoo ol kan ta'an harka dhibba keessaa harki digdamii shan qaban caalbaasiiwwan kana irratti a sagaleen akk itti kennamu Yaa'ii Waliigalaa gaafattoota maallaqaa akka waamamu eegduu nama kasaaree gaafachuu ni danda'u.
- 3) Gaafattoota maallaqaa keessaa yoo xiqqaate walakkaa kan kan qaban tokko yookiin gaafattootni mallaqaa waliigaltee barreeffamaa gaafattoota maallaqaa jidduutti taasifamu dabalatee caalbaasicha kan deggaran yoo ta'e caalbaasichi fudhatama ni argta; beeksifni kennameefii gaafattonni maallaqaa qaamaan

yookiin karaa bakka bu'aa seeraa isaaniitiin hin argamne sagaleen isaanii tilmaama keessa hin galu.

Keewwata 749 Dhaabbatni Daldalaa Hojii Keessa Jiru Akka Gurguramu Mana Murtiitiin Kan Ragga'u Ta'uu Isaa

- 1) Manni Murtichaa karoorri hojii daldalaa caalbaasii mo'atee bu'a qabeessummaa hojii daldalichaa mirkaneessuuf abdii sababawaa qabaachuu isaa ni mirkaneessa.
- 2) Sirna Adeemsa kasaaruu keessa dhaabbatni daldalaa jiru sochii hojii irra akka jirutti ilaalamee tumaan seera kana keewwata 694 keewwata xiqqaa (2)- (4) kan irratti raawwatamu ta'a.

Keewwata 750 Qabeenyota Biroo Nama Kasaaree Gurguruu

Dhaabbanni hojii daldalaa keessa jiru tokko akkuma hojii irra jirutti yoo gurgurame, eegduun qabneenya nama kasaaree akkaataa tumaalee labsii kana keewwata 775 hanga keewwata 779tiin qabeenyoota abbaa idaa hafe ni gurgura.

Waa'ee qabeenya deebisuu kwt torba

KutaaTorba

Waa'ee Qabeenyaa Deebisiisuu

Keewwata 751 Qajeeltoo Waliigalaa

- 1) Abbaan qabeenyaa mirgoota socho'aa qabatamaa fi hin qabamne meeshaalee fi qabeenya guyyaa adeemsa kasaaruubanametti abbaa idaa biraa jiru akkaataa tumaalee keewwata kanaatiin qabeenya sana deebisuuf mirga qaba.
- 2) Kaayyoo kutaa VII kanaatiif, mirgoota qabeenya, meeshaalee fi qabeenya irraa deebi'uun, keessumaa:
 - (a) Sanadoota faayinaansii,
 - (b) Meeshaalee imaanaan taa'anyookiin gurgurtaaf dhiyaatan;
 - (c) Meeshaalee abbaa qabeenyummaa isaani akka eegametti ta'e gurguraman;
 - (d) Meeshaalee abbaa idaa qabuuf ergamee fi abbaa idaa qabu yookiin nama idaa qabu bakka bu'ee gurguruuf hayyamameen dhiyaate;

3) Kaffaltiin gurgurtaa mirgoota, meeshaalee fi qabeenya keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsaman bitaan hin kaffalamiin irraa maddu deebifamuu ni danda'a.

Keewwata 752 Sassaabbii Gibiraa Fi Taaksii Hir'ifamee Fi Galii Mootummaaf Ta'e Ilaalchisee

- 1) Abbaan taayitaa taaksii gibira liqii kasaaruun mootummaa irraa liqii qabu sassaabuuf mirga qabu;
- 2) Hanga maallaqaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame dhala fi adabbii abbaan liqaa kasaaruuakkaataa seerota taaksii dhimmi ilaallatuun kaffaluu qabu hin dabalatu; Dhalaafi adabbiin akka himannaa kasaaruuduraatti ilaalama; Adeemsa kasaaruukeessattis akkasumatti dhiyaatu.

Keewwata 753 Iyyata qabeenya deebisuu

- 1) Namoonni akkaataa keewwata kanaatiin qabeenya akka deebifatan gaafatan, adeemsi kasaaruubaname irraa eegalee ji'a sadii keessatti qabeenya isaanii karaa xalayaa imaanaa yookiin karaa elektirooniksii fudhataan fudhachuu isaa mirkaneessuu danda'u kamiiniyyuu akka deebifatan eegduu qabeenya kisii sanaaf iyyachuu qabu kan;
- 2) Iyyanni kun erga dhiyaatee ji'a tokko keessatti, imaanaan qabeenya kasaaruusababa murtii isaa xalayaa imaanaatiin iyyataaf fudhachuu yookiin diduu ni danda'a yookiin karaa elektirooniksii fudhataan fudhatama mirkaneessuu danda'u kamiyyuu iyyataaf ibsuun ni danda'am .
- 3) Abbaan qabeenyaa kasaaruuiyyata erga fudhatee booda ji'a tokko keessatti deebii yoo hin kennine iyyannichi akka fudhatama argateetti fudhatama;
- 4) Abbaa imaanaa qabeenya kasaaruuiyyata yoo dide, abbaan qabeenyaa yookiin mirga iyyaticha dhiyeesse murtii abbaa imaanaa qabeenya kiisa kanaa ji'a tokko keessatti abbaa murtii to'annoodhaaf mormii dhiyeessuu ni danda'a. iyyata sana kuffisuu;
- 5) Abbaan murtii to'ataa iyyannicha erga fudhatee booda guyyoota kudha afur keessatti murtii ni kenna;

6) Akka barbaachisummaa isaatti namni iyyata dhiheesse yookiin abbaan imaanaa qabeenya kasaaruumurtiin kennamee booda guyyoota kudhan keessatti mana murtiitti ol'iyyannoo dhiyeessu ni danda'a;

7) Iyyanni qabeenya deebisuu fudhatama yoo argate, eegduun qabeenya kasaaruumirga, meeshaa yookiin qabeenya, kaffaltii fudhataa xiqqaa irraa argame kamiyyuu dabalatee, falmiin erga banamee booda battalumatti deebisuu qaba.

Kutaa Saddeet

Waa'ee Mirga Qabachuu

Keewwata 754 Waa'ee Mirga Qabachuu

- 1) Labsii kun keewwata 658 adeemsa kasaaruu irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Eegduun qabeenya nama kasaaree mirga qabuu ilaalchisee aangoo deebisanii gurmeessuu ni qabaata.

Boqonnaa Afur

Bu'aalee Murtii Kasaaruu Beeksifamuun Hordofsiisu

Kutaa Tokko

Bu'aalee Abbaa Idaa irratti Fidu

Keewwata 755 Dirqamoota Abbaa Idaa

Dirqama labsii kana keewwata 636 fi keewwata 637 jalatti tumame milkiin akka raawwatuuf; Abbaan idaa qabu maqaa, teessoo, mirgaa fi dirqama gareewwanii, kanneen sanada waliigaltee keessatti hin ibsamne, tarree maamiltootaa fi sanadoota biroo kanaan walqabatan dabalatee, daldalli itti fufuu fi dhiisuu isaa murteessuuf gargaaran abbaa imaanaa kasaaruuf ni dhiyeessa.

Keewwata 756 Waa'ee Sochii Nama Kasaaree Daangeessuu

Namni kasaare hayyama abbaa murtii to'ataa malee sababa kamiinuu bakka jireenyaa isaa irraa fagaachuu hin danda'u; Namni kasaaree kana yoo dabre tumaaleen seera yakkaa Itoophiyaa dhimmi ilaallatu irratti rawwatiinsa ni qabaatu; namni kasaare

biyyaa bahuu akka danda’u yookiin bakka jireenya isaa jijjiiruu akka danda’u sababoonni gahaan yoo jiraatan, abbaan murtii to’annoo kasaaruu bakka jireenyaa isaa yookiin teessoo hojii ijoo isaa irraa akka hin baane daangessuuf mana murtiitti iyyachuu ni danda’a.

Keewwata 757 Waa’ee Qaxarrii Nama Kasaaree

Adeemsa kasaaruu sirnaan raawwachuuf hayyama abbaa murtii too’ataatiin Abbaan idaa eegduu qabeenya qaxaruu ni danda’a.

Keewwata 758 Deeggarsa Nama Kasaaree Fi Maatii Isaaf Taasifamu

Namni kasaare nama uumamaa yoo ta’ee fi qabeenya kasaaraa irraa jiruun alatti galii ofii isaa fi maatii isaa jiraachisu kan hin qabne yoo ta’e, iyyata eegduun qabeenya nama kasaaree dhiyeesse irratti hundaa’uun, abbaan murtii to’annoo nama kasaaree fi maatii isaaf qabeenya kasaaraa irraa deeggarsi akka taasifamu ajajuu ni danda’a.

Keewwata 759 Waa’ee Abbaa Warraa Yookiin Haadha Manaa Nama Kasaaree

- 1) Bal’inni qabeenya dhuunfaa abbaa warraa yookiin haadha manaa kasaaree hanga kamitti akka ta’e seera maatii dhimmi ilaallatuun kan murtaa’u ta’a.
- 2) Qabeenyi sun maallaqa kasaaruun dhiyeesseen akka bitame koree abbootii liqaa Abbaan murtii to’ataa qabeenya abbaan warraa yookiin haadha manaa kasaaruubite qabeenya kasaaruukeessatti akka hammatu abbaan murtii gaafachuu ni danda’a;
- 3) Abbaan manaa yookiin haati manaa nama kasaaree tajaajila ogummaa, siviilii, daldalaa yookiin hojii harkaa tokko tokko yoo kenne, tajaajilli kun gaa’ela isaanii waggaa tokko keessatti yoo kenname, abbaan manaa yookiin haati manaa tajaajila isa kaaniif kennameen walqabatee himannaa dhiyeessu hin danda’u . .

Keewwata 760 Waa’ee Mirga Himachuu Yookiin Himatamuu Dhabuu

Bu’uura Labsii kana keewwata 673 keewwata xiqqaa (2) tiin falmiiwwan dhiyaatan akkuma jirutti ta’ee, guyyaa murtiin nama kasaaree akka banamu kenname booda namni himachuu yookiin himatamuu danda’u eegduu qabeenyaa abbaa kasaareeti. Manni murtichaa bu’uura gaaffii abbaan idaa dhiyeessun abbaan idaa falmii kamiyyuu keessa akka seenu hayyamuu ni danda’a.

Kutaa Lama

Bu'aa Gaafataa Mallaqaa Irratti Qabu

Keewwata 761

Waa'ee Falmiin Raawwii Kaffaltii Dhuunfaa Akka Waliigalaatti Addaan Kutuu

1) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 hanga 6 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, tumaaleen labsii kana keewwata 654 hanga keewwata 657tti falmii kasaaruurratti raawwatiinsa ni qabaatu.

2) Namoota uumamaa dabalatee, wabii kennitoonni adeemsa kasaaruu keessatti falmiiwwan dhuunfaa kafaltii raawwachuu akka adda kutamu gaafachuu hin danda'an.

3) Qabeenyich harka abbaa qabeenya gaafataa keessa yoo jiraate malee, gaafataan qabeenya nama kasaare qabeenyota wabii idaaf qabaman dabalatee qabeenya kamiyyuu gurguruuf aangoo qaba.

4) Qabeenyi idaaf wabii ta'e gaafataan wabummaan harkaa qabu mirga wabummaa isaa fayyadamuun qabeenyicha gurguruu yookiin eegduun qabeenya kasaaraa aangoo isaatiin qabeenya akka gurguru hayyamuu ni danda'a. Qabeenyi liqaa waliin walqabate abbaa idaa wabii qabuun gatii gaaffii kaffaltii caaluun yoo gurgurame, namni hin kaffalle abbaa imaanaa qabeenya kasaaruutiin ni sassaabama; Gatiin gurgurtaa gaaffii kaffaltii gadi yoo ta'e, abbaan idaa akka abbaa idaa wabii hin qabneetti gaaffii kaffaltii dhiyeessuu ni danda'a.

5) Eegduun qabeenya kasaaraa adeemsi kasaaruu akka banamu murtiin kennamee ji'oota jaha keessatti qabeenota idaaf wabummaan qabsiisuuf oolan gurguruuf tarkaanfii kan hin fudhanne yoo ta'e qabeen qabeenyummaa akkuma eegametti ta'ee gaafattoota waliigaltee gurgurtaa raawwatame qaban dabalatee qabeenya nama kasaaree irraa wabummaa kan qaban mirga wabummaa isaanii hojiira oolchuu ni danda'u.

6) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, abbootiin liqaa qabeenya kasaaruuirraa meeshaalee deebisuuf mirga qaban bu'uura labsii kana keewwata 751 fi keewwata 752tiin maallaqa deebisuu ni danda'u.

Keewwata 762 Waa'ee Wabiiwwan Qabeenyaqa Socho'aanii Deebisuu

Labsii kana keewwata 656 keewwata xiqqaa (2) falmii kasaaruu irratti raawwatiinsa ni qabaata. Keessattuu abbaan qabeenyaa kasaaruu aangoo irra deebiin gurmaa'uu ni qabaata.

Keewwata 763 Waa'ee Herrega Dhalaa Addaan Kutamuu

- 1) Liqii qabeenya hin sochooneen wabii ta'e irraa kan hafe, Maallaqin nama kasaare irraa barbaadamu dhala hunda irratti, yeroo murtiin kasaaruu kenname irraa eegalee lakkawamuu ni dhaabbata.
- 2) Qabeenya wabiidhaaf ramadame irraa maallaqa argamu irraa kan hafe dhala haadhoo liqii wabii qabu gaafachuun hin danda'amu.

Keewwata 764 Gaaffii Kaffaltii Kasaaruuduraa Yeroon Kaffaltii Gahuu

- 1) Guyyaa murtiin adeemsi kasaaruu akka banamu murtaa'e irraa jalqabae kafaltiin dursa kafalamuu gaafiin kafaltii dursaa hundi battalumatti yeroon kafaltii isaanii kan gahee fi kan kafalamu ta'a.
- 2) Gaaffii kaffaltii kasaaraa duraa maallaqa biyya alaatiin gaaftame guyyaa murtiin kasaru itti kenname sharafa seera qabeessa ta'een mallaqa biyyaatiin ni jijjiirama.

Keewwatni 765 Waa'ee Kireeffataadhaaf Dursi kan Kennamu Ta'uu

- 1) Bu'uura labsii kana keewwata 5953tiin kiraan kan addaan cite yoo ta'e, murtiin adeemsa banamuu ksaaraa kennamuun dura waggootan jiran lamaanii fi gaafiiwwan kafaltiiwwa waliigaltee irraa maddanii fi dhimoota walitti hidhaamsa qaban hunda irratti kireessaan dursa ni qabaata.
- 2) Daangaan dursa argachuu kireessaa qabeenyi socha'aa kan kireeffataa ta'us dhiisuus qabeenyi mana kireeffataa keessaatti argamuu fi qabeenya biiroo hunda ni dabalata.

Kutaa Sadaffaa

Waa'ee Hojiiwwan Shakkisiisaa Murtiwwan Kasaaruu Dura Raawwatamanii Fi Dirqamootaa

Keewwata 766 Waa'ee Hojiiwwan Diigaa Ta'uu Isaanii

Bu'uura tumaalee labsii kana keewwata 671 hanga keewwata 677tti, murtiin kasaaruu osoo hin kennamin dura yeroo shakkisiisaa ta'e keessatti, bu'uura hojimaata

gurmaa'insa irra deebiin gurmaa'uun hojiin idaa qabu irra deebiin gurmaa'ee jira, akkasumas namni itti gaafatamaan qulqullaa'uu baate yoo ta'e , eegduun qabeenya kasaaruhojiiwwan akka qulqullaa'an tarkaanfii ni fudhata; Eegduun qabeenya kasaaruhojii daldalaa irra deebiin gurmeessuuf aangoo ni qabaata.

Keewwata 767 Waa'ee Falmii Hojiiwwan Ni Diigamu Jedhu Kaasuu

Labsii kun keewwata 673 adeemsa kasaaruu irrattis haala walfakkaatuun raawwatiinsa ni qabaata. Keessattuu eegduun qabeenya kasaaruu akkaataa keewwata jedhame sanaan irra deebiin gurmeessuuf aangoo ni qabaata. Akkasumas, Koreen Liqaa Bu'uura Keewwata jedhametiin aangoo qulquulleessitoota wajjin walfakkaatu ni qabaatu.

Boqonnaa Shan

Gaafiiwwan Kaffaltii Kasaaruuduraa Dhiyeessuu Fi Qorachuu

Keewwata 768 Sirna Itti Dhiyaachuu Fi Qoratamu

Tumaaleen armaan gadii akkuma eegametti ta'ee labsii kana keewwata 649 (waa'ee Beeksisa gaafattoota mallaqaaf kennu) fi Labsii kana Keewwata 662 hanga 670 (waa'ee gaafii kafaltii duraa dhiyeessuu fi qorachuu) kan tumaman kutaa 5 gaafii kafaltii duraa dhiyeessuu fi qorachuu irrattis raawwatiinsa ni qabaatu. Keessattuu, eegduun qabeenya kasaaruu adeemsa kasaaruu keessatti aangoo itti gaafatamaa irra deebiin gurmeessuu qabu ni qabaata.

Keewwata 769 Adeemsa Kasaaruukeessatti Qaamolee Waliinii Fi Adda Addaa Itti Gaafatamummaa Qaban Irratti Gaafii Kaffaltii Dhiyeessuu

- 1) Abbaan idaa waldaa itti gaafatamummaa isaa hin murtoofne yoo ta'e, Liqaan abbootiin liqaa waldichaatiin dhiyaatan kanneen kasaruun waldichaatiin qoratamanii mirkanaa'an miseensonni kasaruun waldicha waliin walitti kan himame yoo ta'e liqiiwwan tokkoon tokkoo miseensa walidichaa kasaruun akka qoratameenii fi fudhatama argatetti lakkaawama.
- 2) Tokkoon tokkoon hiriya gaa'elaa maallaqa kaffaluu qabu caalaa kaffalaniif mirga kasaaraa hiriyoota biraa irratti himannaa dhiyeessu osoo hin tuqin, namni maallaqa waldicha irraa gaafatu hanga maallaqni guutuun ta'utti kaffaltii hunda irratti hirmaachuuf mirga qaba.

3) Namoonni dhuunfaa maallaqa dhuunfaa waldaalee irraa gaafatan mirga isaanii gaafachuu kan danda'an abbaa idaa waldaan liqaa qabu qofa keessatti.

4) Abbaan liqaa kamiyyuu mirga abbootii liqaa maallaqa isaa waliin qooddatan mormuu ni danda'a.

Keewwata 770 Waa'ee Himannaa Kaffaltii Qorachuu

Koreen gaafattoota maallaqaa duraan hundeeffamee kan ture yoo ta'e, koreen yookiin bakka bu'aan bakka argametti aakkasumas kaka'uumsa mataa isaatiin yoo argame abbaan idaa iddoo argametti yookiin xalayaa adaraatiin yookiin fudhataan fudhachuu kan ittiin mirkanaa'u danda'u mala elektirooniksii biroon qulqullaa'ee yoo hin dhiyaanne abbaan idaa iddoo hin jireetti eegduun maallaqaa nama kasaaree gaaffii kaffaltii dursa ni qorata.

Keewwata 771 Gaaffii Kaffaltii Kasaaruuduraa Addaan Kutuu Fi waa'ee Mormii Dabarsuu

1 yeroo Liqiin fudhatu falmi kan kaase yoo ta'e manni murtii mana murtii aangoo qabu yookiin yookiin Yaa'ichi hanga mormiin murtaa'utti gaaffii kaffaltii kasaaruuduraa fudhatama akka dhaabu yookiin mormichi akka tuffatu murteessa;

2) Manni murtii yookiin yaa'iin aangoo qabu mormii dhiyaate bira darbuuf kan murteesse yoo ta'e, eegduun qabeenya kasaaruugaaffii kaffaltii yeroof akka fudhatu ajaja kennuu ni danda'a.

3) Liqichi himannaa yakkaa kan hordoofsiisu yoo ta'e, manni murtii kasaaruu adeemsi kasaaruuakka addaan citu ajajuu ni danda'a; Haa ta'u malee, mormiin akka dhiifamu yoo murtaa'e, manni murtii hanga murtiin dhimmi yakkaa kennamutti gaaffiin kaffaltii kasaaruuduraa fudhatama akka argatu hayyamuu hin danda'u. gaafataan maallaqaas adeemsa falmii keessatti hirmaachuu hin danda'u.

Keewwata 772 Gaafattoota Maallaqaa Gaaffii Kaffaltii Kasaaruuduraa Yeroo Murtaa'e Keessatti Hin Dhiheessine

1) Gaafattoonni maallaqaa gaaffii kaffaltii kaasaaraa duraa yeroo murtaa'e keessatti hin dhiheessine kaffaltii kamiifuu ulaagaa hin guutan. Haa ta'u malee, hanga kaffaltiin dhumaa raawwatamutti mormii dhiyeessuu ni danda'u.

2) Mormiin isaanii kaffaltii abbaan murtii kasaaruu ajaje akka hin raawwatamne hin dhorku. Haa ta’u malee, kaffaltiin haaraan kan raawwatame yoo ta’e, yeroof hanga manni murtii murteesseen hirmaattota walqixa ta’anii, hanga murtiin isaan irratti kennamutti qoodni isaanii ni qabama.

Keewwata 773 Waa’ee Gaafattoota Maallaqaa Boodarra Mirgi Isaanii Beekamtii Argatee

Gaafattoonni maallaqaa mirgi isaanii booda beekamtii argatan kaffaltii abbaa murtii to’annoo adeemsa irra deebiin gurmaa’uu keessatti ajaje irratti himannaa kamiyyuu dhiyeessu hin danda’an. Haa ta’u malee, qooda kutaa jalqabaatiin argachuuf mirga qaban qabeenya hin qoodamin irraa fudhachuuf mirga qabu.

Keewwata 774 Gaaffii Kaffaltii Wabii Garee Fi Dhuunfaatiin Dhiyaachuu Ilaalchisee

- 1) Labsii kun keewwata 670 adeemsa kasaaruu irratti bifa walfakkaatuun raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Kaffaltiin dhumaa yeroo shallagu wabii kennaan gaafattoota mallaqaaf kaffaltiin raawwate kamiyyuu tilmaama keessa kan galu ta’a.
- 3) Gaafataan maallaqaa gaaffii kaffaltii wabii qabu wabiiwwan hedduu hojimaata kasaaruu ilaallatu waliin ta’anii fi adda addaatiin ba’e qabu, gaaffii kaffaltii kasaaruu duraa hojimaata hunda keessatti gatii gaaffii kaffaltii kasaaruuduraatiin dhiyeessuu fi hunda keessatti hirmaataa ta’u kaffaltii tokkoon tokkoon hojimaata keessatti raawwatamu hanga maallaqa hunda argatutti hirmaataa ta’uu danda’a.
- 4) Wabii kennaan abbaa idaa kaffalee fi akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin gaaffii kaffaltii kasaaruuduraa kan hin dhiyeessine yoo ta’e, maallaqni gaafataan argachuuf mirga qabu seera qabeessa yoo ta’e malee gaafataan kaffaltii argachuuf mirga hin qabu.

Boqonnaa Jaha

Qabeenyaa Qulqulleessuu Fi Gaaffii Kaffaltii Raawwachuu

Kutaa Tokko

Qabeenyaa Qulqulleessuu

Keewwata 775 Qabeenya Nama Kasaaree Qulqulleessuu

Bu'uura labsii kana keewwata 744tiin yeroo hojiin itti fufee xumuramutti qabeenya kasaaruu akka qulqulla'u fi gaafattoota mallaqaa kaffaltii argachuuf mirga qaban akkaataa tartiiba kaffaltii boqonnaa kana keessatti kaa'ameen akka kaffalamu manni murtichaa ajaja ni kenna.

Keewwata 776 Waa'ee Qulqulleessa Qabeenyaa

1) Tumaaleen addaa boqonnaa kanaa akkuma eegametti ta'ee, eegduun qabeenya abba idaa kasaaree bu'uura seera deemsa falmii siviiliitiin qabeenya abbaa idaa socho'aa fi hin sochoone ni gurgura. Galiin gurgurtaa irraa argamu bu'uura labsii kana keewwata 720 keewwata xiqqaa (1) (e)tiin kan kuufamu ta'a. Eegduun qabeenya kasaaruu nagahee maallaqni itti galfame hatattamaan abbaa murtii to'ataaf ni dhiyeessa.

2) Eegduun qabeenya nama kaasaaree Mirga abbaa idaa kamuu ilaalchisee akkaataa seera kana keewwata 746 tiin waliigaltee ni raawwata.

3) Qabeenya kan gurguramu liqaa qabatamaa kamiiraayyuu; haalduree kan qabus ta'ee idaa biroo, dhoorkaa, kafaltii fi itti gaafatamummaa akkasumas itti gaafatamummaa naannoo kamiyyuu irraa bilisa ta'ee ta'a.

Keewwata 777 Gurgurtaa Qabeenya Hin Sochoonee

1) Murtee adeemsa kasaaruu akka banamuu kennameen idaan kan haqame yoo ta'e eegduun qabeenya nama kasaaree gaafattoota maallaqaa dhaaltootaa bakka bu'ee akkaataa tumaalee boqonnaa kanaatiin qabeenya wabummaa ta'e ni gurgura. Adeemsi gurgurtaa qabeenya hin sochaanee abbaan murtii to'ataa adeemsa kasaaruu ajaja kennee guyyaa saddeet keessatti ni eegala.

2) Qabeenya hin sochoone dhuunfaan yoo gurgurame calbaasii waliin ogguu ilaalamu carraa gatiin isaa dabaluu kan qabu yoo ta'e eegduun qabeenya nama kasaaree qabeenya hin sochaane dhuunfaan akka gurguru too'ataan abbaa murtii hayyamuu ni danda'a.

3) Eegduun qabeenya kiisaa guyyaa murtiin falmii kiisaa banuuf kenname irraa eegalee ji'a jaha keessatti adeemsa gurgurtaa yoo hin jalqabne, gaaffii eegduu qabeenya kiisaatiin manni murtii yeroo dheeressuu yoo kenne malee, abbaan liqaa

wabii qabu liqaa sana fudhachuuf mirga isaa deebisee ni kennamaaf. Galiin gurgurtaa irraa argamu akkaataa tumaalee boqonnaa kanaatiin ni raabsama.

Keewwata 778 Waa'ee Gurgurtaa Qabeenya Daldalaa Idaa Qabuu

1) Adeemsi irra deebiin gurmaa'uu yookiin kasaaruuyoo jiraate, daldalli tokko akka dhaabbata itti fufiinsa qabuutti yoo hin gurguramne, eegduun qabeenya nama kasaaree qabeenya qabatamaa fi hin qabamne dabalatee qabeenya daldalaa sanaa ni gurgura.

2) Eegduun qabeenya nama kasaaree qabeenya daldalaa karaa caalbaasii yookiin gurgurtaa dhuunfaatiin gurguruuf murteessuu ni danda'a. Karaa gatii gurgurtaa guddisuuf carraa guddaa qabu keessaa tokkoon; Akkaataan gurgurtaa abbaa murtii to'ataa ta'een kan mirkanaa'u ta'a.

Keewwata 779 Hojiiwwan Qabeenyota Daldalaa Abbaa Idaa Gurguruu

Eegduun qabeenya nama kasaaree qabeenya idaa irraa hafe hunda caalbaasii yookiin gurgurtaa dhuunfaatiin haala gatii gurgurtaa ol kaasuuf carraa guddaa qabuun ni gurgura; Akkaataan gurgurtaa abbaa murtii to'ataa ta'een kan mirkanaa'u ta'a.

Kutaa Lama

Kaffaltiiwwan Yeroo Yeroon Kafalamanii

Keewwata 780 Qajeeltoowwan Waliigalaa

1) Qabeenyi ifatti ibsame akka wabii liqiitti gurguramee fi galiin gurgurtaa isaa irraa argamu kaffaltiin dhuma osoo hin raawwatamin dura akkaataa tumaalee labsii kanaa keewwata 785 hanga keewwata 793tti kan kaffalame yoo ta'e Keewwata 780 hanga keewwata 784tti tumaman raawwatiinsa ni qabaatu.

2) Qabeenyi sun socho'aa yookiin hin sochoone, jiraachuu guddaa qabaachuu fi dhiisuu isaatiin qabeenya ifatti ibsameen walqabatee mirga wabii qaban hunda irratti raawwatiinsa qaba.

3) Kaayyoo kutaa kanaatiif qabeenya abbaa idaa socho'uu yookiin hin sochoone kamiyyuu irratti mirga dursaa kan qaban kaffaltii yeroo yeroon raawwatamu irratti hirmaachuu ni danda'u. Haa ta'u malee kan keessumeeffaman akka gaafattoota maalaqaa wabii hin qabneetti.

Keewwata 781 Waa'ee Qabeenyota Idaa Qaban Gurgurtaa Fi Qooduu

- 1) Eegduun qabeenya nama kasaaree, qabeenya hin sochoone yookiin kan socho'u, kan jiruu fi kan hin jirre, qabeenya idaa qabu gurguree galii gurgurtaa isaanii irraa argamu akka qoodamu kan murteesse yoo ta'e baasiwwan qabeenya idaa qabu gurguruuf bahe erga hir'ifamee booda gaafattoonni maallaqaa qabeenyicha irratti wabummaa qaban gaafatootta maallaqaa biroo dursee ni kafalamaaf.

- 2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin galii gurgurtaa qabeenya irraa argame irraa gaafattoota maallaqaaf kafalamee Sana booda maallaqa hin kaffalamiin akka gaafattoota maallaqaa wabii hin qabneetti ni ilaalamu.

Keewwata 782 Gurgurtaa Qabeenya Idaa Hin Qabnee Fi Qooddaa Galii Gurgurtaa Irraa Argamu

Eegduun qabeenya nama kasaaree qabeenya nama kasaree idaa qabu osoo hin gurguramni dura qabeenya hin ba'amne gurguruu fi galii gurgurtaa irraa argamu qooduuf kan murteesse yoo ta'e, seera kana keewwata 783 keessatti hir'ifamtoonni taa'an akkuma eegametti ta'ee, wabiiwwan qoratamanii mirgi isaanii beekameefi mirga dursaa kan qaban kafaltii dursa kasaaraa gafattoonni qaban gaafattoota waliigalaa dursa kasaaraa waliin haala waligituun gafattootta mallaqaa wabii hin qabne waliin qoodachuu ni danda'u.

Keewwata 783 Waa'ee Hir'ifamtootaa

- 1) Qabeenya abbaa idaa qabu erga gurguramee booda akkasumas ajajni abbootii idaa wabii qaban, dursa qabaniifi wabii hin qabne akkaataa labsii kana keewwata 786tiin erga mirkanaa'ee booda abbootiin idaa wabii qabaniifi dursa qaban kanneen galii gurgurtaa irraa argamu irraa kaffaltii gaafachuuf mirga qaban qabeenya idaa qaban kaffaltii isaanii kan wabii qabu ni argatu. Wanti argattan galii gurgurtaa qabeenya idaa irraa bilisa ta'e irraa argamu erga hir'iftanii booda.
- 2) Maallaqni haala kanaan hir'ate qabeenya kasaaruu irratti dabalamee qaama galii gurgurtaa irraa argamu ta'a, kunis akkaataa hojimaata labsii kana keewwata 786 jalatti tumameen abbootii idatiif ni qoodama.

Keewwata 784 Gaafattoota Maallaqaa Wabii Qabaniif Kaffaltii Gartokkee Raawwachuu

Gaafattoonni maallaqaa wabii qaban galiin gurgurtaa qabeenya idaa irra jiru yeroo qoodamu kaffaltii gartokkee kan argatan yoo ta'e:

- 1) Gaafiiwwan isaanii kasaaruuduraa keessaa kutaan wabii hin qabne kan hafe qabeenya liqaa hin qabne dabalatee qabeenya biroo erga gurguramanii booda yeroo dhumaaf kan kaffalamu ta'a.
- 2) Gaafattoonni maallaqaa Kaffaltii isaanii hafe keessaa dursee yeroo kafaltiin raawwatametti maallaqin fudhatan kamiyyuu kafaltii wabummaa qabu irraa hir'ifamee qabeenya wabummaan hin qabamne irratti ni dabalama.

Kutaa Sadii

Kafaltiiwwaan Xumuraa

Keewwata 785 Mirga Addaa Gaafattootni Maallaqaa Wabummaa Qabaniif Qofaatti Qaban

- 1) Qabeenyaawwan socho'aanii fi hin sochoonee kanneen wabummaan qabaman dabalatee qabeenyaa ifaan kaa'ame irratti, gaafattootni mallaqa mirga wabummaa qabeenyaa qabaniif, qabeenyaa idaan irra jiru gurguruuf baasiiwwaan bahan erga hir'ifaman booda qabeenyaawwaan idaan irra jiru gurguramanii maallaqa argamu irratti addaatti mirga ni qabu.
- 2) Haala akkasitiin gatiin gurgurtaa qulqullaa'e kaffaltiiwwan kasaaraan duraa hin haguugamne kutaan hafe akka kafaltiiwwaan wabummaa hin qabneetti keessumma'uu.

Keewwata 786 Tartiiba Kafaltii

Qabeenyaawwaan idaaf qabsiifamaan erga gurguramaniin booda maallaqa gurgurtaa irraa argame irraa mallaqni hafu tartiiba armaan gadiitiin gaafattoota mallaqaa mirga addaa qabaniif fi wabii hin qabneef ni hirama:

- 1) Baasiiwwan sirnicha raawwachiisuuf bahan;
- 2) Maallaqa haaraa of eggannoof uwwisa idaa irradeebiingurmeessukeesatti dhiyaate;
- 3) Maallaqa haaraa uwwisa irradeebiingurmessu keessatti dhiyaate;

- 4) Maallaqa haaraa uwwisaa kasaaruu keessatti hayyamame dhiyaate;
- 5) Gaafattoota maallaqa waliigaltee haaraa fi waliigaltee adeemsa irra jiran dabalatee gaafattoota mallaqa kasaaraan booda;
- 6) Gaaffilee kafaltii hojjetootaa fi Abbaa Taayitaa Wabii Hawaasummaa;
- 7) Gibira fi ashuuraa Mootummaa hir'isee kanneen abbaa idaa qabattera gaafatamaniin ala, kafaltiiwwaan gibiraa fi ashuuraa qaamoolee Mootummaa federaala, naannoo fi abootii taayitaa naannootiif kaffallamuu qaban (garuu dhalaa fi adabbii osoo hin dabalatiin);
- 8) Mallaqoota qallaba nama kisaaree fi maatii isaaf akka oolan ajajaman;
- 9) Gaafattoota mallaqaa biroo mirga addaa qaban;
- 10) Gaafattoota mallaqaa wabii hin qabnee;
- 11) Addabbiiwwaan abbaa idiichaa irratti kennaman.

Keewwata 787 Waliigaltee Sadarkaa Irraa Gadi Bu'uun Kaffaluu

Tumaaleen waliigaltee sadarkaa irraa gadi buusuun kaffaluu, keesumaayyuu immoo waliigaltee liqqi keessatti kan hammataman yoo ta'e, sirna kisaaruu keessatti kan raawwataman ta'a; akkasumas seera kana keewwata 786 keessatti tartiiba taa'e keessatti tilmaama keessa ni galu.

Keewwata 788 Baasiwwan Sirnichaaf Bahan

Baasiwwan sirnichaaf bahan baasiwwaan sirna adeemsa kasaaruutiin wal qabatee bahan akkasumas baasiwwaan sirna irradeebiingurmeessu gara sirna kisaaruutti jijjirameen wal qabatee bahan qixa kan hammatu yoo ta'u, kunis kanneen armaan gadi ni haammata:

- 1) Itti gaafatamaa irradeebiin gurmeessu, eegduu qabeenya nama kisaaree fi hojjetoota isaan filataniif kafaltiiwwaan kaffalaman;
- 2) Irradeebiin gurmeessuu fi sirna adeemsaa kasaaruu raawwachuuf baasiwwan bahanii fi baasiwwaan Manni murtii ajaju danda'u kan biroo;
- 3) Itti gaafatamaan irradeebiin gurmeessu fi eegduu qabeenyaa nama kisaaree, bu'uura seerrii yookiin Manni murtii hayyameefetiin baasiwwaan dirqamoota isaanii bahuuf baasan.

Keewwata 789 Qajeeltoowwaan Kafaltiiwwan Ittiin Qoodaman

- 1) Hangi maallaqa waliigalaa kaffalamuu gaaffii kaffaltii maallaqa gaafattoota maallaqaa ramaddii tartiiba wal fakkaataa keessa jiran guutummaatti haguuguuf kan hin geenyee yoo ta'e, gaaffiiwwan mallaa beekkameefiin haala wal gituun gaafattoota maallaqaaf ni kaffalamaaf.
- 2) Maallaqni waliigalaa qoodamu gaaffii kaffaltii hunda haguuguuf kan hin geenyee yoo ta'e, bu'uura tartiibaatiin kanneen olitti argamaniif guutummaan guutuutti osoo hin kaffalamiin gaafattoota maallaqaa gara gadii jiraniif hin kaffalamu.

Keewwata 790 Gaaffiilee Kafaltii Kisaaraan Duraa Falmiin Irratti Ka'eef

Herrega Kuufamaa Taasifamu

- 1) Gaaffiilee kafaltii falmiin irratti ka'e fuudhachuun wal qabatee falmiilee ka'an irratti murtii kennamu irraa kan ka'e kafaltiin dhumaa hin turu.
- 2) Eegduun qabeenya nama kasaaree maallaqa gurgurtaa irraa argame irraa gaaffii kaffaltii falmiin irratti ka'ee gaafatan maallaqaa dhiyeessu gaaffiin kafaltii isaa fudhatama osoo argateera ta'ee hanga kaffaluu qabu ture maallaqa hir'isee herrega kuufamaa keessa ni ka'a; akkasumas barbaachisaa yeroo ta'eetti qoodinsa dhumaa irratti bu'uuruma kanaan sirreeffama ni taasisa.

Keewwata 791 Qoodiinsa Ilaalchisee Yaada Dhiyaate

- 1) Eegduun qabeenya nama kasaaree bu'uura seera kana keewwata 786tiin maallaqa akka kuufamu taasifame karaa itti qoodamu koree gaafattoota maallaqaaf yaada ni dhiyeessa.
- 2) Bu'uura yaada murtii koreen gaafattoota maallaqaa dhiyeesuun, yaada eegduun qabeenya nama kasaaree dhiyeesse irratti jijjirama barbaachisaa ta'e hunda taasisee, yaada qoodiinsa fooyya'e abbaan seeraa to'ataan akka mirkaneessu ni dhiyeessa.
- 3) Abbaan seeraa to'ataa yaada qoodiinsaa fooyya'e ni mirkanessa, itti gaafatama mana galmee Mana murtiitti galii akka ta'u ni ajaja.
- 4) Abbaan seeraa to'ataan yaada qoodiinsichaa kufa kan taasise yoo ta'e, fooyya'iinsawwan taasifamuu qaban jedhu eegduu qabeenya nama kasaaree ni

beeksiisa. Eegduun qabeenya nama kasaarees bu'uruma kanaan yaada qoodiinsaa foyyessee yaada qoodiinsa xumuraa itti gaafatamaa mana galmee mana murtiichaatiif galii ni taasisa.

- 5) Eegduun qabeenya nama kasaaree yaadni qoodiinsaa galii ta'uu xalayaa imaanaatiin yookiin karaa elekitiroonikaa kaminuu fudhataan fuudhachuu isaa mirkaneessa kennuu danda'uun tokkoo tokko gaafattoota maallaqaa ni beeksiisa.
- 6) Gaafattootni maallaqaa beeksiisni isaan dhaqqabee guyyoota kudhan keessatti abbaa seera to'ataatti mormii murtiin itti kennamu dhiyeessuu ni danda'u; murtii mormii irratti abbaan seeraa to'ataan kennu irratti ol'iiyannoon Mana murtiitti dhiyaachuu ni danda'a.

Keewwata 792 Karaa Kafaltiin Itti Raawwatamu

Eegduun qabeenya nama kisaaree gaaffiin kafaltii tokkoo, tokkoo gaafattoota maallaqa qoratamanii fi fudhatama argataniitiif kafaltii malu seera kana keewwata 791 keessatti ilaallatuun, bu'ura yaada xumura qoodiinsaatiin, tartiiba seera kana keewwata 786 tumameetiin maqaa qabeenya nama kasaareetiin heerreega baname irraa ni kaffala.

Keewwata 793 Hanga Mallaqa Abbootii Idaa Yookiin Abbootii Aksiiyoonootaaf Deebi'uu

Abbaan idaa idaawwaan irra jiranii fi baasiiwwan hunda bu'uura seeraatiin guutumaan guutuutti erga kaffalamaniin booda mallaqni hafu yoo jiraate, mallaqichi abbaa idaatiif ni deebi'a yookiin abbaan idichaa waldaa yoo ta'e bu'uura barreefama hundeeffamaa fi Danbii ittiin bulmaataa waldichaatiin haala wal gituun ta'een abbootii aksiiyoonootaatiif ni deebi'a.

Boqqonaa Torba

Waa'ee Sirna Kasaaruu Cufuu

Keewwata 794 Sababoota Sirni Kasaaruu Itti Cufamu

Kan seera kana keewwata 796 jalatti tumame akkuma eegameetti ta'ee, sirni kasaaruu sababoota armaan gadiitiin cufamuu ni danda'a:

- 1) Qulqulleessa qabeenyaa irraa Maqllaqa argame qooduun xumuruu;
- 2) Qabeenyi gahaa t a'e jiraachuu dhabuu;
- 3) Idaan qabeenyicha irraa barbaadamu dhibamuu.

Keewwata 795 Qabeenyi Gahaa Ta'e Dhabamuun Cufuu

- 1) Adeemsa sirna kasaaruu keessatti, yeroo kamiyyuu gaaffatoota maallaqaa wabii qaban kamiifiyyuu qoodiinsii taasifame qulqulla'ee maallaqa gurgurtaa qabeenyoota irraa argamurraa, baasiiwwaan sirnichaa haguuguuf gahaa akka hin taane kan beekame yoo ta'e, bu'uura gaaffii eedguun qabeenya nama kasaaree dhiyeessuun Manni Murtichaa sirni adeemsa kasaaruu akka cufamu ajajuu ni danda'a.
- 2) Yeroo sirna kasaaruu keessatti, yeroo kamiyyuu qabeenyi hafu bu'uura tartiiba seera kana keewwata 786 jalatti ibsameen ramaddii gaafatoota maallaqaa wabii hin qabne yookiin gaafatoota maallaqaa mirga addaa qabaniif haguuguuf gahaa ta'uu dhabuun ifa kan ta'e yoo ta'e, bu'uura gaaffii eegduun qabeenya nama kasaaree dhiyeessuutiin manni murtichaa carraan kaffaluu dhiphaa ta'uu gaaffii sirna kasaaraan duraa qorachuun fi simachuun sirnichi akka dhaabbatu ajajuu fi sirni kasaaruu akka cufamu ajajuu ni danda'a.
- 3) Sirna kasaaruu keessatti, yeroo kamiyyuu qabeenyaawwan gurguramanii maallaqni qulqullaa'aa hafu kamiyyuu akka hin jiraanne ifa kan ta'u yoo ta'e, bu'uura gaaffii eegduun qabeenya nama kasaaree dhiyeessuun manni murtichaa sirni kasaaruu akka cufamu ajaja kennuu ni danda'a.
- 4) Cufamuun sirna kasaaruu mirga gaaffatootni maallaqa gaaffii kafaltii isaani keessaa kan hin kaffalamneef, wabiwwaan dhuunfaa idaa abbaa idichaaf wabummaan kennan mirga gaafachuu hin tuqu.

Keewwata 796 Sirna Kasaaruu Deebisanii Banuu

- 1) Abbaan idichaa yookiin abbaan dhimmaa biroo kamiyyuu yeroo kamittiyyuu qabeenyi baasii sirnichaa haguuguuf gahaa ta'e jiraachuu agarsiisuudhaan yookiin mallaqa baasiiwwaan haguuguuf gahaa ta'e eegduu qabeenya nama kasaare bira kaa'uudhaan sirna kasaaruu cufame mormuudhaan irra deebiin akka eegalu Mana murtichaatti iyyachuu ni danda'a.

- 2) Abbaan idichaa jalqaba bu'ura seera kana keewwata 795 tiin baasiwwaan sirnicharraa maddan kaffaluu qaba.

Keewwata 797 Cufiinsa Qabeenyicha Irraa Idaan Barbaadamu dhabamuutiin Taasifamu

- 1) Barreefamni tarreeffama sanadoota gaaffii gaafattoota maallaqaa itti gaafatamaa mana galmee mana murtiitti erga kennameen booda abbaan idichaa kafaltiiwwaan eegduu qabeenya nama kasaareef kaffalaman dabalatee gaaffiiwwan kafaltii hunda kaffaluu yookiin baasiwwan caqasaman guutummaan haguuguuf maallaqa gahaa ta'e eegduu qabeenya nama kasaaree bira kaa'uu isaa kan hubachiise yoo ta'e, bu'uura gaaffii abbaan idaa dhiyeeseen Manni murtichaa sirni kasaaruu akka cufamu ajaja kennuu ni danda'a.
- 2) Manni murtichaa murtii kan kennu haaloota keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin ibsaman abbaan idichaa guutuu isaa kan agarsiisu ibsa abbaa seeraa to'ataan dhiyaatu irratti hundaa'uudhan dha.
- 3) Murtichi abbaa idichaaf irra deebiin mirgoota kan kennuu fi haaloota mirgoota isa dhabsiisan irraa bilisa gochuun sirna kasaaruu xumuree ni cufa.

Keewwata 798 Wa'ee Galmee Daldalaatti Galmeessuu

Bu'uura tumaalee boqqonnaa kanaatiin himannaan waa'ee kasaaruu akka cufamuuf murtii murtaa'e bu'ura seera kana keewwata 710 tiin itti gaafatamaan mana galmee Mana murtichaa galmee daldalatti galmeessisuu fi beeksiisu qaba.

Mata Duree Shan

Nama Kasaaree Idaa Irraa Bilisa Taasisuu

Keewwata 799 Idaa Irraa Bilisa Tasisuu

- 1) Namni nama uumamaa ta'ee kasaare tokko idaan hin kaffalamne yoo jiraatelleen guyyaa murtiin sirna kasaaruu akka banamu kennamee irraa egalee waggaa sadii booda idaawwaan isaa hunda irraa bilisa ni ta'a.
- 2) Daldaltootni itti aanan bu'uura keewwata xiqqaa (1) ibsameen idaa irraa bilisa hin ta'an:
 - (a) Daldalaa kasaaruu isaatiin wal qabate balleessuumaan yakkaa mirkanaa'e;

- (b) Daldalaa qabeenyaa dhoksuun yookiin maksuun isaa mirkanaa'e;
 - (c) Daldalaa adeemsa sirna kasaaruu keessatti hin atoomiin yookiin sammuu qajeelaan dirqama isaa hin bahiin;
 - (d) Daldalaa sirni kisaaruu akka banamu ajajni osoo hin kennamiin dura waggaata shan waliiti aansanii jiran keessatti kasaaruun isaa himame;
- 3) Idaawwaan itti anaan bilisa hin taasifaman:
- (a) Kan seeroota birootiin taaksiiwwaan, qaraxootni fi adabbiiwwaan akka hafan hayyaman akkuma eeggametti ta'ee idaawwaan taaksiiwwaan fi qaraxoota waliin walitti dhuufeenya qaban;
 - (b) Idaawwaan diiggamuu gaa'eelaa irraa maddan, qallabbaa fi
 - (c) Adabbiiwwaan yakkaa

Keewwata 800 Sirna Iyyatni Idaa Irraa Bilisa Taasifamuuf Dhiyaatu

Namni kasaare, Mana murtii sirni kasaaruu akka banamu murtii kennetti nagaheewwanii fi sanadootaa idaa irraa bilisa taasifamuu gargaaruuf rogummaa qaban qabsiisuudhaan iyyata dhiyeefachuu ni danda'a.

- 1) Manni murtiicha iyyata sanadootaa iyyata deggaran waliin dhiyaateef abbaa alangaa naannoo abbaan idichaa jiraatutti argamuuf ni dabarsa. Eegduun qabeenya nama kisaarees iyyatichii fi sanadootni akka isa dhaqqaban ni taasifama
- 2) Manni murtiichaa fi abbaan alangichaa iyyatni abbaa idichaa sirrii ta'uu mirkaneessuuf ragaalee barbaachisan hund ni sassaabu.
- 3) Eegduun qabeenya nama kisaaree fi abbaan alangichaa iyyatichii fi sanadootni erga dhaqqabeen guyyoota soddomma keessatti iyyaticha irratti ibsa isaani Mana murtichaaf ni dhiyeessu.

Keewwata 801 Gaafattoota Mallaqaaf Beeksisuu Fi Wa'ee Mormii

- 1) Manni murtichaa beeksiisa gaaffii idaa irraa bilisa ta'uu yeroo sirna kasaaraa abbaa idichaatti gaafattoota mallaqaa mirgi isaanii beekkameefi yookiin gaafattoota mallaqaa tartiiba eegduun qabeenya nama kisaareetiin qophaa'e irratti ibsame hundaaf akka ergamu ajaja ni kenna; beeksiisichi xalayaa

imaanaa yookiin elektirooniksii fudhataan fudhachuu isaaf mirkaneessuu danda'uu kamiinuu ni erga.

- 2) Bu'uura sirna kasaaruutiin gaafattoota maallaqaa, maallaqni guutummaatti hin kaffalamiiniifi beeksiisni isaan dhaqqabee guyyoota kudha shan keessatti namni kasaaree maaliif bilisa taasifamuu akka hin qabne argisiisan sanadoota rogummaa qaban dhiyeessuudhaan namni kasaaree idaa irraa bilisa akka hin taasifamne mormii dhiyeessuu ni danda'u.
- 3) Manni murtichaa mormii gaafattoota maallaqaatiin dhiyaat namni kasaaree idaa irraa bilisa taasifamuu ilaalchisee ibsa eegduun qabeenya nama kasaaree waliin abbaa alangichaaf ni erga.
- 4) Manni murtichaa barbaachisaa yeroo ta'utti namni kisaaree fi abbootii dhimmaa mormii dhiyeessan waamee cufadhaan dhimma isaanii dhagahuu ni danda'a.
- 5) Iyyatootni idaa irraa bilisa ta'uuf dhiyaatan kafaltiiwwaan,qaraxaa teempiraa fi kan galmeessuu akkasumas kafaltiiwwaan taaksii biroo fi kanneen biroo kamiyyuu itti hin kaffalamu.

Keewwata 802 Murtiiwwaan Idaa Irraa Bilisa Ta’u Itti Ajajamaan Yookiin Kufa Taasifamaan

- 1) Haaloota idaa irraa bilisa taasifamuu seera kana keewwata 799 jalatti kaa’aman, namni kasaare kan guutu yoo ta’u Manni murtichaa namni kasaaree idaa irraa bilisa akka ta’u murtii ni kenna.
- 2) Manni murtichaa iyyata idaa irraa bilisa taasifamuu kufaa kan godhe yoo ta’e, namni kasaare iyyata idaa irraa bilisa taasifamuu dhiyeessuu kan danda’u guyyaa Manni murtii idaa irraa bilisa ta’uu isaa kufaa godhee eegalee waggaa tokko booda dha.
- 3) Manni murtiichaa abbaan idichaa idaa irraa bilisa kan murteessu yoo ta’e, akka ta’u kan murteessu yoo ta’e, murtichi galmee daldalaa keessatti galmaa’u qaba. Idaa irraa bilisa taasifamuun karaa kamiinuu galmee daldalaa irraa haqamu abbaa idichaa hin hordofsiisu.
- 4) Abbaan idichaa idaa irraa bilisa taasifamuun gaazexaa Itiyoophiyaa keessatti rabsaa bal’aa qabuun maxxansiisuun ni hayyamamaaf.

Mata Duree Jaha

Itti gaafatamummaa Hariiroo Hawaasaa, Dhorkaa, Yakkoota fi Dhuunfaan

Kasaaruu

Boqonnaa Tokko

Itti gaafatamummaa Hariiroo Hawaasaa Hojii Adeemsistootaa fi Qaama

Sadaffaa

Keewwata 803 Itti Gaafatamummaa Hojii Adeemsistoota

- 1) Hojii Adeemsisaan:
 - (a) Kaffaltiin erga dhaabbatee guyyoota afurtamii shan keessatti iyyata kasaaruu dagannoo cima irraa kan ka’e dhiyeessuu dhabuu, yookiin
 - (b) Sochiiwwan kisaaraa maallaqaa hordofsiisan dagannoo cimaan itti fufuu;
 - (c) Sochii hojii daldalaa ofii isaa bakka bu’ee raawwachuu fi qabeenya dhaabbatichaa akka kan isaatti gurguruu fi dhimma dhuunfaa isaa dhoksuuf dhimma dhaabbatichaa akka haguuggiitti fayyadamuun;

- (d) Balleessa kan raawwatee fi waldichi qabeenya gahaa akka hin horanneef shoora kan taphate yoo ta'e manni murtichi adeemsa sirna kaasaaruu keessatti hojii adeemsiistootaa waldichaa tokko yookiin tokko ol ta'an qabatamaan yookiin seera waldichaatiin hojii gaggeessitootaa ida'ama qabeenya waldichaa hir'isan fi hanga itti gafatamummaa dabalaniif idaawwan waldichaa gutuummaan yookiin gar-tokkeen akka kaffalaniif ajaja kennuu ni danda'a.
- 2) Waldichi qabeenya gahaa akka hin horanneef shoora kan taphatan balleessa gaggeessumaa hojii kan raawwatan hojii gaggeessitootaa tokkoo ol kan ta'an yoo ta'e manni murtii hojii adeemsiistootaa kana tokkummaa fi qeenxeen ittii akka gafataman taasisuu ni danda'a.
- 3) Akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin falmii dhiyaateen maallaqni deebii ta'e tartiiba bu'uura labsii kana keewwata 786 keessatti taa'een maallaqa gaafattootaa waldaa kasaareef ni kaffalama.

Keewwata 804 Itti gafatamummaa Gaafattoota Maallaqa

- 1) Gaafattoonni maallaqa tajaajila liqaa kennuudhan karaa abbaa idaa miidhuun kan deeggaran kan itti gaafatamaan:
- (a) Yakka goowwomsuu kan raawwatan, yookiin
 - (b) Qabatamaan akka hojii adeemsisaa abbaa idaatti kan hojjetan, yookiin
 - (c) Liqaawwan dhiyeessan waliin qabeenya wal hin simne wabuummaan qabeenyaa abbaa idaa irraa kan qabatan;
- 2) Halaawwan keewwata kana keewwata xiqqaa(1)tiin tumaman irratti dabalataan gaafattooni maallaqa itti gafatamuu kan danda'an:
- (a) Haalawwan fi dambiin liqicha abbaa idaa kan miidhaan yoo turaniif;
 - (b) Abbaan idaa kaffaltiiwwan addaan kan kute ta'uu fi deebisuu kan hin dandeenye ta'uu kan beekan yookiin beekuu kan qaban yoo ta'e qofaa dha.
- 3) Hangi beenyaa miidhaa qaqqabee yeroo liqaan kenname irraa eegalee ida'amaan, gatii qabeenya nama kasaaree irraa hir'ifame fi hanga itti gafatamummaa itti dabalee waliin wal fakkaata ta'a.

Keewwata 805 Waa'ee Itti Gaafatamummaa Abbootii Aksiyoona

Namoonni qabatamaan hojii gaggeessa ta'an bu'uura Labsii kana keewwata 803tiin itti gaafatamummaan qaban akkuma eegameetti ta'ee abbaan idaa abbootii aksiyoona fudhataan abbaa idaa gafattoota mallaqaaf abbootiin aksiyoona kan itti gaafatamuu qaban:

- 1) Kanneen yakka gowwomsuu raawwatan, yookiin
- 2) Faayidaa dhuunfa isaanii kabachiifachuuf jecha qajeelfama hojii hoggansa abbaa idaaf kennamee, abbaan idaa kaffaltiiwwan akka addaan kutu kan taasise yoo ta'e qofaa dha

Keewwata 806 Waa'ee Himannaa Dhiyeessitootaa

- 1) Himannaaleen boqonnaa kana keessatti ibsaman mana murtiif dhiyaachuu kan danda'an eegduu qabeenya nama kasaareen qofaa dha.
- 2) Eegduun qabeenya nama kasaaree himannaa akka hin dhiyeessine kan murteesse yoo ta'e , namni maallaqa gaafatu kamiyyuu eegduu qabeenyaa nama kasaareef himannaa kan dhiyeessu ta'u erga beeksiseen booda beeksisni kennamee guyyoota walitti aanaan soddoma keessatti deebi homaayyuu kan hin arganne yookiin deebii miidhaa qabu kan argate yoo ta'e mallaqa kan gaafatu dhuunfadhaan nama kaasareef himanna dhiyeessu ni danda'a.
- 3) Namni Maallaqa gaafatu himannicha kan mo'ate yoo ta'e, himannicha irraa kan ka'e baasiiwwan baasee qabeenyaa nama kasaaree irraa haguugama.
- 4) Namni himannicha dhiyeesse dirqama hubachiisu ni qaba.

Boqonnaa Lama

Adabbii Yakkaa Fi Dhorkaawwan Kasaaruu Irraa Maddan

Keewwata 807 Waa'ee Dagannoon Kasaaruu

Seerri yakkaa Itoophiyaa adabbii ulfaataa ta'e yoo kan tumu ta'e malee:

- 1) Yakkoota waliigaltee qaama biraatiif faayidaa hin malle kennu itti yaadee kan seene yoo ta'e;
- 2) Kaffaltiiwwaan addaan kutuun tursiisuuf yaadamee gatii bittaa raawwatee haala hin malleen gatii gadi aanaadhaan irra deebi'ee kan gurgure yookiin

kaffaltiiwwan addaan kutuun tursiisuuf yaadamee maallaqa argachuuf mala miidhaa geessisu kan fayyadamee;

- 3) Bu'uura Labsii kana keewwata 705 tiin kaffaltiin erga addaan citee guyyoota afurtamii shan keessatti kaffaltiiwwaan addaan cituu isaanii mana murtiif kan hin beeksisne yoo ta'e;
- 4) Itti yaadee ibsituuwwan herregaa guutuu akka hin taane kan taasise yookiin galmee herregaa dhaabbiidhaan yeroo yerootti kan hin qabanne yookiin dandeettii waldichaatiin yoo ilalamu haalli ibsituu herregaa istandardii itti dhiyeenya qaban ifatti kan hin guunne ibsituu herregaa kan qabate;
Abbaan idaa kasaaruun labsamee yookiin hojii gaggeessan abbaa idaa balleessa ta'ee yoo argame adabbii hidhaa salphaa ji'a jahaa hin caalle fi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan gahuun adabama.

Keewwata 808 Waa'ee Dharaan Kasaaruu

Seerri yakkaa Itoophiyaa caalmaatti adabbii cimsee kan tumu yoo ta'e malee abbaan idaa tokkoo fi kallattiidhaan yookiin al-kallattiin qabatamaan yookiin seeraan hojii gaggeessaa waldaa daldalaa tokko ta'ee namni hoogganee fi bakka bu'aa seeraa hojii gaggeessaa ta'ee namni tajaajile kamiyyuu:

- 1) Qabeenya waldaa daldalaa tokkoo kan saamee yookiin guutummaatti yookiin gartokkoon kan dhoksee;
- 2) Galmee herregaa isaa keessatti yookiin bu'uura seeraatiin yookiin karaa seera qabeessa ta'een bu'uura dirqamoota seenaniin idaa maallaqaa irra hin jirre jall'inaan qaba jedhee kan dubbate;
- 3) Itti gaafatamummaa nama kasaaree dabaan akka dabaluu kan taasise;
- 4) Galmee herregaa sobaa kan qabate yookiin sanadoota herregaa nama kaasaaree fi galmeelee kan balleesse;
- 5) Herrega ifatti guutuu hin taane yookiin haala idileetiin kan hin qabamne of keessaa kan qabu yoo ta'e hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa sadii gahuu fi adabbii maallaqaa qarshii kuma shanii hanga kuma shantamaa(5000 - 50,000)gahuun adabama;

Keewwata 809 Dhorkaa Kaasaaruu Irraa Maddu

1) Akkaataa yakka (dabaan kasaaruu) labsii kana keewwata 808 jalatti tumameen abbaan idaa balleessaa ta'ee argame kamiyyuu yookiin hojii gaggeessan adabbii irratti gatame irratti dabalataan yookiin bakka adabbii kanneen armaan gadii keessaa dhorkiin tokkoo yookiin isaa olii irratti gatamuu danda'a.

(a) Daldaala dhuunfaa yookiin waldaan seera qabeessi hojii daldalaa kamiyyuu irratti bobba'e hojii gaggeessuun; bulchuun yookiin to'achuu dabalatee hojii daldalaa kamirattuu akka hin hirmaanne;

(b) Akkaata seera yakkaa Itoophiyaatiin dhaddachawwan yakkaan murtaa'uu kan danda'an bu'uura adabbiilee sadarkaa lammaaffaan siviiliin; hariiroo hawaasaan fi mirga maatiitti akka hin fayyadamne dhorkuu;

(c) Aangoo mootummaa akka hin qabanne yookiin waldaa ogummaa yookiin daldaa kallattiidhaan yookiin al kallattiin akka hin hoogganne dhorku;

(d) Waliigalteewwan bittaa mootummaa irratti akka hin hirmaanne

(e) Namni barresse baankii maallaqni irraa ba'u irraa maallaqni akka ba'uuf hayyamuun cheekii yookiin sanada maallaqaan ala cheekoota yookiin sanada maallaqootaa akka hin barreessine yookiin cheekoota baankiin mirkana'an akka hin barreessine dhorkuu;

2) Manni murtii dhorkaawwanii fi daangeffamawwan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman kaa'u yeroo dhorkaawwan itti turu ni murteessa; haa ta'u malee, haala kamiinuu ji'a jahaa gadi seerotni dirqisisoon biroo yeroo dheeraa akka turu yoo dhorkaa kaa'an malee waggaa shan caaluu hin qabu.

Keewwata 810 waa'ee yakka qaamolee mirgi namummaa seeran kennameefiin raawwatamu

1) Seera yakkaa Itoophiyaa keewwata 34 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, waldaan daldalaa tokko yakkoota labsii kana keewwata 808 jalatti tumamaniin balleessaa ta'uu danda'a;

2) Adabbiin waldaan daldalaa irratti kennamu seera yakkaa Itoophiyaa keewwata 90tiin bu'uura dambiiwwaan fi haalootatiin adabbii qarshii gatamu ta'a.

Keewwata 811 Waa'ee Faayidaa Kennuu

- 1) Yeroo irra deebiin gurmeessuu yookiin sirna kaasaaruutti:
 - (a) Qabeenya hin sochoone yookiin socho'aa akka wabummaatti kan kenne, yookiin akkaata Labsii kana Keewwata 653 Keewwata Xiqqaa (3) jalatti tumameen alatti hojii dabarsuu kan hojjete yookiin akkata labsii kana keewwata 656 keewwata xiqqaa (1)jalatti dhorkaa adda ba'e irra darbuun idaa tokko gutummaan yookiin gartokkeen kan kaffale;
 - (b) Akkaata Labsii kana keewwata 687 keewwata xiqqaa (1) waa'ee itti gafatamummaa karoora deebisanii qindeessuu kaffaluu dambiilee fi haalawwan irra darbuun kaffaltii kan raawwate abbaan idaa kamiyyuu yookiin qabatamaan yookiin seeraan hojii gaggeessa hojii daldalaa abbaa idaa namni ta'e;
- 2) Yeroo waqtii egumsaa yookiin karoorri of eeggannoof idaa deebisanii dhaabuu yookiin karoora deebisanii dhaabuu hojii irra olfamaa osoo jiruu haala abbaan idaa irra jiru osoo beekuu akkaata labsii kana keewwata 655 keewwata xiqqaa (5) fi keewwata 687 keewwata xiqqaa (2)tiin kaffaltii idileen ala ta'e kan gaafate yookiin kan fudhate maallaqa abbaa idaa kan gaafatu kamiyyuu;
- 3) Akkaata keewwata kana keewwata 694 keewwata xiqqaa (3)tiin dirqama qabeenyawwan akka hin dabarre mo'ataan Caalbaasii cabse balleessa ta'ee kan argame yoo ta'e adabbii hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle fi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan (10,000) ni adabama.

Keewwata 812 Waa'ee Namoota Firoomaa Qabaniin Yakkoota Raawwataman

Qaama qabeenya nama kasaare qabeenyawwaan ta'u qaban saamuun,dhoksuun yookiin karaa seeran ala ta'een abbaan idaa qabate abbaa warraa yookiin hadhaa warraa ,sadarkaa arfaffaan dabalatee hanga sadarkaa arfaffaatti firri lakka'amu yookiin firummaa fuudhaa fi heerumaa namni qabu balleessa ta'ee kan argame yoo ta'e adabbii hidhaa salphaa ji'a jaha kan hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhanii(10,000)tiin adabama.

Keewwata 813 Yakkoota Abbaa Murtii To'ataa, Ittigafatamaa Irra Deebiin
Gurmeessu Yookiin Eegduu Qabeenya Nama Kasaareetiin Raawwatamu

Abbaan murtii to'ataa, itti gaafatamaan irra deebiin gurmeessuu yookiin namni kasaaree kamiyyuu:

- 1) Akkaataa Sirna kitaaba kana keessatti ibsameen bu'uureeffachuun hojii isaa yeroo raawwatukaffaltiiwwan fudhate faayida dhunfaa isaaf olchuun yookiin akka isaaf hin malle osoo beekuu namoonni biraan kaffaltiiwwan akka raawwataniif taasisuun fedhiisaatiin mallaqa gafattoonni n yookiin faayidaa abbootii idaa irratti miidhaa kan geessise yookiin;
- 2) Kaayyoon isaa warreen mallaqa gaafatan yookiin faayidaa abbootii idaa waliin akka walitti bu'u osoo beekuu aangoo isaa kaayyoo mataa isaatiif hojii irra kan oolche yoo ta'e hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa sadii fi adabbii maallaqaa qarshii kuma shanii hanga kuma shantama (5000-50,000) ga'uun ni adabama.

Keewwata 814 Yakkoota Murtiidhaaf Dhiyeessu

- 1) Abbaan alangaa yookiin eegduun qabeenya nama kaasaree yakkoota boqonnaa kana keessatti ibsaman mana murtii yakkaatiif dhiyeessuu qaba;
- 2) Eegduun qabeenya nama kasaaree yakkoonni karaa bu'a qabeessa ta'een murtiif akka dhiyaataniif kan dandeessisu sanadoota deeggaran, fi nagaheewwan akka dhiyaataniif yeroo ajajamutti muudama mana galmee mana murtii bira taa'a.
- 3) Karaa jal'inaa kasaaruu fi yakkoota biroo walitti hidhataminsa qabaniin balleessaa ta'ee argamuun abba idaa bu'uura mata duree arfaffaatiin murtiin kasaaruu kan itti hin murtoofne ta'us adabamuu ni danda'a.

Keewwata 815 Waa'ee Dhuunfaan Kasaaruu

- 1) Namootni qabatamaatti yookiin seeraan hogganaa waldaa tokkoo ta'an gochaalee armaan gadii kan raawwatan yoo ta'e manni murtichaa adeemsa sirna kasaaruu keessatti dhuunfaan kaasaruu isaanii akka dubbatanii fi idaa waldichaa hunda yookiin gar-tokkeen akka kaffalaniif ajaja kennu ni danda'a:
(a) Qabeenya waldichaa akka qabeenya dhuunfaatti gurguruu;

- (b) Waldicha akka haguuggiitti fayyadamuun bu'aa dhuunfaa argachuuf daldala waldichaa raawwachuu;
 - (c) Qabeenya yookiin maallaqa waldichaa kaayyoo dhuunfaaf yookiin namni dhuunfaan kallattidhaanis ta'u karaa naannawaa (al-kallattiin) keessa isaatti walitti dhufeenya faayidaa kan qabu waldaa biraaf akkaata fayyaduun fayyadamuu;
 - (d) Waldicha akka haguuggiitti fayyadamuun faayidaa dhuunfaa argachuuf jecha hojii ifatti bu'aa hin qabne irratti hirmaachuu;
 - (e) Qabeenya waldichaa saamuun yookiin guutummaatti yookiin gartokkeen dhoksuu yookiin jal'inaan idawwanicha ol- dabaluu;
- 2) Akkaata armaan olitti ibsameen himanna dhiyeessuun maallaqa argame bu'uura labsii kana keewwata 786 keessatti tartiiba ibsameen waldaa kasaareef kannen mallaqa gaafataniif kaffaltii raawwachuuf hojii irra oola.

Mata Duree Torba

Sirna Kasaaruu Salphaa Dhaabbilee Maayikiroo Xixiqqaa Fi Giddu Galeessaa Keewwata 816 Daangaa Raawwatinsa

- 1) Sirni kasaaruu salphaa boqonna kana keessatti ilalamee kaffaltiin addan cituun dura ji'oottan 12 balaansii herrega waliigalaa hanga qabeenyaa qarshii miliyoona digdama (20,000,000) gadi yoo ta'ee yookiin ji'oottan 12 darbaniif gurgurtaan galii waggaa qarshii miliyoona 5(5,000,000) gadi yoo ta'e(yeroo yeroon sirreeffamni gatii qala'insaa taasifame) yookiin hojjettootaa 10 gadi kan qabu kaffaltii kanneen addan kutan interpirayizii xixiqqaa yookiin giddugaleessa irratti ni raawwatama.
- 2) Abbaan idaa amanamumman kan itti hir'ate yoo ta'ee fi keessumma immoo qabeenya isaa keessa walakkaa kan dhokse; kanneen maallaqa gaafatan tokko tokko dabaan osoo hin ibsiin kan hafe;itti gafatamummaa isaa kan ol kaasee yookiin gochaawwaan gowwomsuu biroo kamiyyuu kan raawwate yoo ta'e manni murticha sirna kaasaaruu salphaa hin banu
- 3) Abbaan idaa sirni kasaaruu salphaa isaa ilaallatu akkaata keewwata kana keewwata xiqqaan(2)tiin gochaa amanamummaa hir'isuu kan raawwate ta'uu

isaa manni murtii kan murteesse yoo ta'e sirna kasaaruu salphaa battalumatti gara sirna kasaaruutti jijjira.

Keewwata 817 Waa'ee Sirna Baniinsaa

- 1) Abbaan idaa guyyaa kaffaltiin dhaabbate irraa eegalee guyyoota afurtamii shan keessatti sirni kasaaruu salphaan akka banamuuf iyyata dhiyeessuu qaba.
- 2) Namni Maallaqa gaafatu kamiyyuu yookiin abbaa alangaa abbaan idaa kaffaltiiwwan addan kutuu isaa kan beeke yoo ta'e addaan citinsa guyyaa beeketti aansee guyyoota afurtami shan keessatti sirni kasaaruu salphaan akka banamuuf mana murtiif iyyata dhiyeessuu danda'a.

Keewwata 818 Waa'ee Sanadoota Galchuu

- 1) Abbaan idaa iyyata sirni kaasaaruu salphaan akka banamuuf dhiyeessu waliin sanadoota armaan gaadii miiltoo tasisuun dhiyeessu qabu:
 - (a) Waraqaa herrega baalansii xumuura; ibsawwan herregaa yookiin herrega waldaa daldalichaa;
 - (b) Tarreeffama gaafattoota maallaqaa fi maqaa abbootii idaa fi teessoo isaanii kan qabate galii daldalaan wal qabatu fi teerraffama idaawwanii;
 - (c) Tarree waliigalteewwan dhiyeessii; Waliigaltee hayyamaa fi kiraa dabalatee tarreeffama waliigalteewwan gurguddaa adeemsa irra jiran;
- 2) Baankotaa fi abbootii aangoo mootummaa dabalatee abbaan idaa yookiin qaamni sadaffaan kamiyyuu sanadoota dabalataa rogummaa qaban kamiyyuu akka dhiyeessaniif Manni murtii ajaja kennuu danda'a.

Keewwata 819 Eegduu Qabeenya Nama Kasaaree

- 1) Manni murtichaa yeroo sirni kasaaruu salphaa turuuf eegduu qabeenya nama kasaaree ni muuda.
- 2) Eegduun qabeenya nama kasaaree of danda'ee hojiiwwan biroo hojiichaaf barbaachisaa ta'an dabalatee hojiiwwan armaan gadii ni raawwata:-
 - (a) Sirni kasaaruu salphaan banamuusaa abbootii mirgaa beeksisuu;

- (b) Odeeffannoowwan abbaan idaa mana murtiif dhiyeesse guutuu fi dhugaa ta'uu isaa mirkaneessuu fi gocha amanamummaa dhabuu abbaan idaa raawwate kamiyyuu mana murtiif ibsuu;
- (c) Qabeenya abbaa idaa hunda karaa bu'a qabeessa ta'een gurgurtaa caalbaasii yookiin gurgurtaa dhuunfaatiin gatii gurgugurtaa ol-guddisuun irra caalaan karaa ariitii qabuu tokkoon qabeenyawwan abbaa idaa hunda gurguruun;
- (d) Warreen maallaqa gaafatan gaaffiin kaffaltii isaanii fudhatama kanneen argate Tarreeffama isaa muudamaa mana galmee mana murtiif akka kennamuuf qopheessuu;
- (e) Maallaqa gurgurtaa irraa argamu bu'uura tartiibaa labsii kana keewwata 786tiin warreen gaaffii mallaqaa dhiyeessaniif qoqqooduu;
- (f) Warreen Maallaqa gaafatan tarreeffama isaa; qabeenya gurguramee fi galii gurgurtaa irraa argame kaffalame gabaabbinaan kan ibsu, ibsa xumuura mana murtiif qopheessuu;

3) Egduun qabeenya nama kaasaaree sirnichi banamee yeroo waggaa tokkoo keessatti qabeenyawwan hunda gurguruun maallaqa gurgurtaa irraa argame qoqqooduun hojii isaa ni xumuura.

4) Labsii kana keewwata 614 keessatti waa'ee itti gafatamummaa tumame irratti dabalataan eegduun qabeenya nama kaasaaree sirnichi banamee waggaa tokko keessatti qabeenyawwan nama hundaa gurguruu fi maallaqa gurgurtaa irraa argame qoqqooduun hojii isaa kan hin xumuurre yoo ta'e itti gafatamummaa dhuunfaa qabaachuu ni danda'a.

Keewwata 820 Yeroo Turtii Sirna Kasaaruu Salphaa

Yeroon Turtii sirna Kasaaruu Salphaa yeroo waggaa tokko caalu hin danda'u.

Keewwata 821 Cufiinsa Adeemsa Kasaaruu Salphaa

Waggaan tokko erga darbeen booda manni murti sirna kasaaruu salphaa ni cufa.

Keewwata 822 waa'ee Idaa Irraa bilisa ta'uu

Sirni kasaaruu salphaan yeroo cufamutti namni uumamaa abbaa idaa ta'e:

- 1) Amanamummaan kan itti hir'ate ta'ee yoo hin argamne;

2) Waggoottan sadan darban keessatti kasaaruu yookiin sirna kasaaruu salphaa banuuf iyyata kan hin dhiyeessine yoo ta'e;

Liqa hin beekamiin hafe dabalatee liqa isaa hunda irraa bilisa ni ta'a.

Keewwata 823 Namoota Mirgi Qaamaa Seerummaa Kennameef Galmee Daldalaa Irraa Haquu

Sirni kasaaruu salphaan akkuma cufameen abbaan idaa mirgi namummaa seeran kennameef Hojimaanni kiisaa salphaa akkuma cufameen galmee daldalaa keessatti galmeen idaa qabu ni haqama.

Keewwata 824 Sirna Kasaaruu Salphaa Irradeebiin Banuu

Sirni kasaaruu Salphaan erga cufameen booda abbaan idaa qabeenyawwan hafan kamiyyuu yoo jiraatan qabeenyawwan gurguruu fi maallaqa gurgurtaa irra argamu qoqqooduu akka danda'uuf sirnichi cufamee waggoottan lama keessatti warreen qarshii gaafatan yookiin abbootiin mirgaa Sirni Kasaaruu salphaan irra deebiin akka banamuuf gaaffii dhiyeessuuf mirga ni qabu.

Keewwata 825 Adeemsa Kasaaruu Irradeebiin Banamu Ilaalchisee

Sirni hojimaata Kasaaruu salphaa kan cufame ta'us abbaan mirgaa, abbaan idaa gochaa amanamummaa hir'isu raawwachuu isaa hubachiisuun yoo danda'e sirnichi erga cufamee yeroo waggaa lama keessatti sirni kasaaruu irraa deebiin akka banamuuf gaaffii dhiyeessuu ni danda'a.